

Ihsa



**Maqaalee fi Sifaata
Rabbii**

(subhaanahu wa ta'aalaa)



Sammubani.com

Jiildi 1ffaa

Ibsa

Maqaalee fi Sifaata

Rabbii

(Subhaanahu wata'aalaa)

Qophii: sammubani.com (Jibriil Abdalla)

Qabiyyee

Seensa.....	4
Hiika Asmaa'a fi Sifaata.....	5
Faaydalee Maqaalee fi Sifaata Rabbii (Subhaanahu) Beeku keessa jiru-kutaa 1ffaa ..	10
Faaydaalee Maqaalee fi Sifaata Rabbii (Subhaanahu) beeku keessa jiran-kutaa 2ffaa ..	15
Maqaalee fi Sifaata Rabbii (Subhaanahu wa ta'aalaa).....	22
Allaah (الله)	23
Ar-Rabb	35
Ar-Rahmaan, Ar-Rahiim	47
Karaalee Rahmata Rabbii itti Argatan	65
Al-Hayy, Al-Qayyuum.....	72
Al-Khaaliq, Al-Khallaaq	86
Al-Baari, Al-Musawwir.....	100
Al-Maalik, Al-Malik, Al-Maliik.....	105
Ar-Razzaaq, Ar-Raaziq.....	128
Sababoota rizqii argachuuf nama gargaaran	142
Al-Ahad, Al-Wahid.....	148
Al-Awwal, Al-Aakhir, Az-Zaahir, Al-Baixin	160
As-Samad	162
Al-Haadi.....	163
Uumamtoota irraa Qajeelcha Rabbii olta'aa ifatti kan mul'isan	169

Seensa

Bismillah Rahmaani Rahiim

Faaruu fi galanni Rabbii Guddaa maqaalee babbareedoон waamamuу fi amaloota gugguutuuun ibsamuuf haa ta'uu. Dhugumatti Faaruun hundi kan Rabbiiti. Isa ni faarsina, ni gargaarsifanna, araarama Isa kadhanna. Sharriwwan nafsee teenyaa fi hamtuwwan hojiwwan keenyaa irraa Rabbiin eeggamna. Nama Rabbiin qajeelche kan isa jallisu hin jiru. Nama Rabbiin jallise kan isa qajeelchu hin jiru. Rabbii Tokkicha shariika hin qabne malee dhugaan gabbaramaan akka hin jirre ragaa nan baha. Akkasumas, Muhammad gabrichaa fi Ergamaa Isaa ta'uu ragaa nan baha.

Amaloonni guutuuun hanquu hin qabne hundi kan Isaati. Amaloota hanquu hunda irraa qulqulluudha. Namni Gooftaa ofii maqaalee fi amaloota Isaatiin beeke, gammachuу fi nageenya dhiyootti hixatee argata. Rabbii Guddaa waan hundaa irratti Danda'a ta'e gargaarsifachuun beekumsa beekumsa caalu ibsuuf kunoo imalatti seenne. Laa hawla walaa quwwata illa billah. "Dhugumatti kabajni fi gatiin beekumsaa wanta beekkamu irratti hundaa'a. Shakkii hin qabu, hunda caalaa beekkamaa fi guddaa Kan ta'ee Rabbii Isa malee haqaan gabbaramaan hin jirre, Kan samii fi dachii dhaabe, Mootii Haqaa ifa ta'eedha. Amaloota guutuu hundaan kan ibsamu, hanqinnaa hunda irraa kan qulqullefamee fi guutummaa Isaa keessatti fakkaata qabachuu irraa kan fagaatedha.

Shakkii hin qabu, beekumsi maqaalee, amalootaa fi hojii Isaa beekumsa hundaa kan caaluu fi garmalee guddaa ta'eedha. Akkuma maqaalee, amaloota fi hojiwwan Rabbii beekuuun beekumsa hundarra caaluu fi guddaa ta'e, beekumsa birootifis hundeedha. Beekumsi hundi beekumsa kana hordofa. Rabbiin beekun hundee fi madda beekumsa hundaati. *Namni Rabbiin beeke, wanta Isaan ala jiran beeke. Namni Rabbii isaa wallaale, wantoota Isaan ala jiran caalatti wallaala. Iimaanni sirrii fi tawhiinni qulqulluun waa'ee Rabbii, maqaalee fi amaloota Isaa ilaalchisee beekumsa sirrii qabaachu irratti hundaa'a.* Qalbiif jireenyi, qananiin, gammachuun, nageenyi fi tasgabbiin hin jiru yoo Gooftaa, Gabbaramaa fi Uumaa ishii beektee fi wanta Isaan ala jiran caalaa jaallatama ishii yoo ta'e malee. Namni osoo Rabbitti hin amaniin, beekumsaa fi qajeelcha argachuu hin danda'u. Yoo gara Rabbii isaa hin qajeelin immoo kan dararamuu fi azzabamu (adabamu) ta'a. Akkuma haala kaafiroota."¹

¹ [Sifaatu ilaahiyati-fuula 3-4](#)

Kitaaba kana dubbisuun dura Kitaaba “Qajeelfamoota bu’aaraa maqaalee fi sifaata Rabbii (subhaanahu wa ta’alaa)” jedhu dubbisuun karaa laaffisa. Kitaabicha buusuf liinki tana tuquun ni danda’ama:

<https://islaama.files.wordpress.com/2020/01/qajeelfamoota-buuuraa-maqaalee-fi-sifaata-rabbii.pdf>

Hiika Asmaa'a fi Sifaata

Asmaa'a jechuun maqaalee jechuudha. Maqaa jechuun kan wanti tokko ittiin waamamuudha. Amma mee caalatti waa'ee sifaata haa ilaallu. Hayyooni sifaata (amaloota) Rabbii ilaachise akkana jechuun hiiku:

ضابط الصفات : هي ما قام بالذات الإلهية مما يميزها عن غيرها ، ووردت به
نصوص الكتاب والسنة .

“Sifaata jechuun Zaata Rabbitiin kan dhaabbatee fi wanta biraa irraa Isa kan adda baasudha. [Sifaanni kunniinis] Qur'aanaa fi hadiisa keessatti kan dhufaniidha.”[\[1\]](#)

Zaata jechuun haqiqaa wanta tokkoo fi nafsee isaa[\[2\]](#). Ingliffaan “Self” jechuun hiika[\[3\]](#). Zaata namaa yommuu jennu qaama isaa guutuu fi nafsee isaati. Zaata Rabbii immoo ibsuu hin dandeenyu. Sababni isaas, nuti Rabbiin subhaanahu wa ta'aala addunyaa tana keessatti hin arginu. Zaatni Isaa akkana jenne gonkumaa dubbachuu hin dandeenyu. Qur'aana keessatti, “**Wanti Isa fakkaatu tokkollee hin jiru. Inni Dhagahaa, Argaadha.**” (Suuratu Ash-Shuura 42:11) “Kana jechuun uumamtoota Isaa irraa wanti Rabbii olta'aa fakkaatu tokkollee hin jiru. Zaata Isaatiin, amaloota Isaatiinii fi hojji Isaatiin wanti Isaan wal fakkaatu tokkollee hin jiru.”

“Sifaata jechuun Zaata Rabbitiin kan dhaabbatee...” kana jechuun Rabbiin sifaata Isaatiin wassafama (ibsama); sifaanni Isaa Isarraa adda bahuun kophaa hin dhaabbatan.

“wanta biraa irraa Isa kan adda baasudha.”

As keessatti hojji sifaata akeeka. Rabbiin guddaan olta'e sifaata baay'een of ibsuun gabroota biratti of beeksisee jira. Sifaanni kunniin Khaaliqa wantoota Isaan ala jiran irraa adda kan baasanii fi guutummaa Rabbii ifa godhaniidha. Gabroonni sifaata (amaloota) Isaatiin Rabbin beeku.

“[Sifaanni kunniinis] Qur'aanaa fi hadiisa keessatti kan dhufaniidha.”

Waa'ee sifaataa Rabbii ilaachisee Qur'aanaa fi hadiisota sahiih ta'an keessatti wanta dhufe qofarratti dhaabbachu qabna. Sifaata Rabbii irraa wanta Qur'aanaa fi hadiisni mirkaneesse qofa mirkaneessina. Imaamu Ahmad akkana jedha:

“Eenyullee Rabbiin ibsuu hin danda'u wanta Inni ittiin of ibsee ykn Ergamaan Isaa ittiin Isa ibse malee. Qur'aanaa fi hadiisni irra hin darbaman.”

Kana jechuun Rabbiin kan itti ibsan (wassafan) sifaata Inni ittiin of ibseen ykn Ergamaan Isaa ittiin Isa ibse qofaani. Sifaanni kunniin Qur'aanaa fi hadiisa keessatti dhufanii jiru. Qur'aanaa fi hadiisan ala bahuun hin danda'amu.

Qur'aanaa fi hadiisni karaalee sadiiin sifaata Rabbii mirkaneessu:

Karaa 1ffaa-Sifaata ifatti dubbachuun

Qur'aana irraa:

﴿فَلِلَّهِ الْعَزَّةُ جَمِيعًا﴾

“Jabeenyi hundi kan Rabbiiti.” Suuratu Faaxir 35:10

Asitti **jabeenyi** sifaata (amaloota) Rabbii keessaa tokko.

﴿أَنَّ الْقُوَّةَ لِلَّهِ جَمِيعًا﴾

“Humni hundi kan Rabbiiti.” Suuratu Al-Baqarah 2:165

Asitti **humni** sifaata Rabbii keessaa tokko

﴿وَرَبُّكَ الْغَنِيُّ ذُو الْرَّحْمَةِ﴾

“Gooftaan kee Dureessa Abbaa rahmataati.” Suuratu Al-An'aam 6:133

Asitti **rahmanni** sifaata Rabbii keessaa tokko

Qur'aana keessa aayata akkanaa baay'ee arganna. Akkasumas, hadiisota keesssattis ni arganna.

Karaa 2ffaa- Maqaaleen sifaata of keessatti hammachuun

Aqidaah Ahli Sunnah wal Jama'aa keessatti dhimmoota mirkanaa'an keessaa tokko maqaaleen Rabbii gaggaariin sifaata of keessatti hammachuudha. Maqaaleen hundi amaloota Rabbii of keessaa qabu:

Fakkeenyaf Rabbiin Qur'aana keessatti, Al-Aziz, Al-Khaaliq, Ar-Rahiim jechuun Of waame jira.

Asitti: Maqaan Al-Aziz (Injifataa) jedhu amala **jabeenya** of keessaa qaba.

Al-Khaaliq (Uumaan) amala **uumu** of keessaa qaba. Rabbiin Uumaa wanta hundaa waan ta'eef uumun amala Isaati.

Ar-Rahiim amala (sifata) **rahmataa** of keessaa qaba. Rabbiin ar-Rahiim waan ta'eef rahmata namaaf gochuun amala Isaati.

Gabaabumatti: Maqaaleen Rabbii sifaata Isaa irraa kan bahaniidha.

Karaa 3ffaa- Hojii yookiin sifaata san wanta agarsiisu ifatti dubbachuu

Qur'aana keessatti akkana jedha:

﴿وَكَلَمُ اللَّهِ مُوسَى تَكْلِيمًا﴾

“Rabbiin haasofsiisa [kallatti] Muusaa haasofsiise” Suuratu An-Nisaa 4:164
Asitti Rabbiin haasawuu ykn dubbachuu agarsiisa. Kanaafu, haasofti ykn dubbiin sifaata (amaloota) Isaa keessaa tokko.

“Dhugumatti Rabbiin waan fedhe murteessa.” Suuratu Al-Maa’ida 5:1
Asitti **fedhiin** sifaata Isaa keessaa tokko.

﴿وَمَن يَقْتُلُ مُؤْمِنًا مُّتَعَمِّدًا فَجَزَاؤُهُ جَهَنَّمُ خَلِدًا فِيهَا وَغَضِبَ اللَّهُ عَلَيْهِ وَلَعْنَهُ وَأَعَدَ لَهُ وَعْدًا بَعِظِيمًا﴾^{٩٣}

“Namni osoo beeku mu’mina ajjeese, jazaan isaa achi keessatti kan hafu ta’e Jahannami. Rabbiinis isa irratti dallanee isas abaare jira. Adabbi guddaas isaaq qopheesse.” Suuratu An-Nisaa 4:93

Asitti **dallansun** sifaata Rabbii keessaa tokko.

﴿قَالَ اللَّهُ هَذَا يَوْمٌ يَنْفَعُ الصَّدِيقِينَ صِدْقُهُمْ لَهُمْ جَنَّتُ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا أَلَّا نَهُرُ خَلِدِينَ فِيهَا أَبَدًا رَّضِيَ اللَّهُ عَنْهُمْ وَرَضُوا عَنْهُ ذَلِكَ الْفَوْزُ الْعَظِيمُ﴾^{١١٩}

"Rabbiin ni jedha, "Kuni Guyyaa warra dhugaa (saadiqiin) dhugaan isaanii [isaan] fayyaduudha. Isaaniif Jannattoota jala isaanii laggeen yaa'antu jira, yeroo hundaa achi keessa jiraatu. Rabbiin isaan irraa jaallateera. Isaaniis Isarrraa jaallataniiru. Suni Milkaa'inna guddaadha." Suuratu Al-Maa’ida 5:119
Asitti **jaallachun** sifaata Rabbii keessaa tokko.

“Dhugumatti, Gooftaan keessan Rabbiidha, Kan samii fi dachii guyyoota jaha keessatti uumee ergasii Arshii irratti [olta'iinsa Isaaf maluu] ol ta'eetha.”
Suuratu Al-A’araaf 7:54
Asitti Arshii ol olta’uun (Istiwaan) sifaata Rabbii keessaa tokko.

Guduunfaa

﴿Sifaanni Rabbii kan Inni ittiin of wassafe (ibsee) fi Isarraa adda bahuun kophaa dhaabbachuu kan hin dandeenyedha. Fkn, Beekumsi, dandeettin, jabeenyi, jaallachuun, dallansuun, dubbachuun, arguun, dhagahuun, rahmanni, uumun, fedhuun, araaramuun fi kan biroo Qur'aana fi hadiisa keessatti dhufan sifaata Rabbiiti.

﴿Qur'aana fi hadiisa keessatti karaalee sadiin sifaanni (amalooni) mirkanaa'anii jiru:

Karaa 1ffaa-Sifaata ifatti dubbachuun

Karaa 2ffaa- Maqaaleen sifaata of keessatti hammachuu

Karaa 3ffaa- Hojii yookiin sifaata san wanta agarsiisu ifatti dubbachuun

Kitaabban wabii

[1] [Sifaatu ilaahiyati](#)-fuula 12-18, 25-29

[2] [Sharihu Risaalat Tadmuriyyah](#)-fuula 153,

[3] <https://www.almaany.com/ar/dict/ar-en/%D8%B0%D8%A7%D8%AA/>

Faaydalee Maqaalee fi Sifaata Rabbii (Subhaanahu) Beeku keessa jiru-kutaa 1ffaa²

Rabbii maqaalee babbareedoo fi sifaata gugguuutu qabuuf faaruu fi galanni daangaa hin qabne haa ta'u. Yoo nuti Isa faarsine fi galateefanne, faarsine fi galateefanne fixuu hin dandeenyu. Sababni isaas, Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa sifaata gugguuutuu ittiin faarfamu kan ilmi namaa dhaqqabu hin dandeeny'e qaba. Ammas, hojiwwan Isaa hundi hojiwwan faarfamaniidha. Qananii keessaa fi alaa ilma namaa irratti halkanii guyyaa dhangalaasu Isa waan ta'eef hunda caalaa kan galateefatamuu fi faarfamu qabuudha. Namni Rabbiin faarsu fi galateefachu kan danda'u yoo Isa beekedha. Namni "Eenyutu akka isa uume, nyaachisu, obaasu fi qananii adda addaa isarratti dhangaalasu" hin beekne, akkamitti Gootaa isaa galateefachuu fi faarsu danda'aa? Karaan guddaan Rabbiin itti beekan, faarsan, galateefatanii fi jaallatan, maqaalee fi sifaata Isaa beekudha. Kutaa darbe keessatti qajeelfamoota bu'uuraa maqaalee fi sifaata Rabbii ilaalle turre. In sha Allah qajeelfamoota bu'uura sanniin irratti hundoofne, gargaarsa fi eeggumsa Mawlaatin maqaalee fi sifaata Isaa ni ilaalla. Maqaalee fi sifaata kanniin tokkoon tokkoon ilaalun dura mee faayda maqaalee fi sifaata Rabbii beeku keessa jiru ilaachise wanta hayyooni jedhan muraasa isaanii haa ilaallu.

Maqaalee Rabbii beeku fi hubachun beekumsa keessaa boqonnaa kabajamaa ta'eedha. Inumaa, beekumsa fi hubannaa (fiqh) hundarra caaludha. Jecha Ergamaa Rabbii (SAW), "**Nama Rabbiin waan gaarii fedheef amanti akka hubatu isa taasisa**"³ jedhu keessa seensa jalqabaa fi dursaa seena. Beekumsi maqaalee fi sifaata Rabbii beekumsa hafuurri baay'een itti citeedha, wanta gaarii hundarra argatanii fi gahuumsa warra sammuu qabaniitii fi qajeelaniiti. Inumaa, kaayyoo ol'aanaa dursitoonni itti wal dursaniidha, gahuumsa dhumaadorgomtoonni itti wal dorgomaniidha. Beekumsi kuni seensa cimaa jaalala Isaa itti argatanidha, nama Rabbiin jaallatee fi filateef karaa qajeeladha.

Akkuma ijaarsi hunduu bu'uura qabu, bu'urri amantii, Rabbitti fi maqaaleef sifaata Isaatti amanuudha. Akkuma bu'urri kuni garmalee cimuu fi [qalbii keessatti] hidda qabatuun, ijaarsa gubbaa isaa jiru humnaa fi gadi dhaabbannaan baadhata, diigamuu fi kufuu irraa nagaha ta'a.

² [Fiqhu Al-Asmaa'il Husnaa](#)- fula 7-10, Abdurazzaaq bin AbdulMuhsin Badri

³ [Sahih Al-Bukhaari 3116](#), Sahih Muslim 1037

Ibn Al-Qayyim (rahimahullahu) akkana jedha: "Namni ijaarsi isaa akka olfagaatu barbaade, bu'uura isaa jabeessun, sirreessu fi garmalee bu'uura kanatti xiyyefachuun isarratti haa ta'u. Dhugumatti olfageenyi ijaarsaa bu'uura jabeessu fi sirreessu irratti hundaa'a. Hojiwwanii fi sadarkaaleen akka ijaarsati, bu'urri isaa immoo iimaana. Yeroma bu'urri cimaa ta'u ijaarsa ofirratti baadhata. Ijaarsis isa gubbatti baha. Yommuu ijaarsa irraa waa diigaman, isa dhaqqabuun ni salphata. Garuu yoo bu'urri cimaa hin ta'in, ijaarsi ol hin bahu, gadis hin dhaabbatu. Bu'uura irraa yoo waa diigaman, ijaarsi gubbaa ni kufa yookiin kufutti dhiyaata.

Namni Rabbiin beeku yaanni isaa guddaan bu'uura sirreessu fi jabeessudha. Namni wallaalan immoo bu'uura malee ijaarsa olkaasa. Ijaarsi isaas kufaati irraa homaa hin turu (yoosu kufa). Rabbiin olta'aan ni jedha:

﴿أَفَمَنْ أَسْسَ بُنْيَنَهُ وَعَلَى تَقْوَىٰ مِنَ اللَّهِ وَرِضْوَانٍ خَيْرٌ أَمْ مَنْ أَسَسَ
بُنْيَنَهُ وَعَلَى شَفَا جُرْفٍ هَارِ فَانْهَارَ بِهِ فِي نَارِ جَهَنَّمَ﴾

"Sila nama bu'uura ijaarsa isaa sodaa Rabbii irraa ta'ee fi Jaalala [Isaa] irratti hundeesse caala moo, nama bu'uura ijaarsa isaa afaan qilee kan cituu dhiyaate irratti hundeessee ergasii ibidda Jahannam keessatti isaan kufetu caalaa?" (Suuratu at-Tawbaa 9:109)

Ijaarsa hojitiif bu'urri akka humna qaama namaati. Yoo humni cimaa ta'e, humni kuni qaama baadhata, badii baay'ee isarrraa ittisa. Yoo humni dadhabaa ta'e immoo qaamni ni dadhaba, gara qaamatti badiin wanta garmalee ariifatuudha.

Ijaarsa kee ciminna bu'uura iimaanaa irratti baadhadhu. Gubbaa ijaarsatii fi xaaraa isaa irraa wanti tokko yoo bade, bu'urri baduu irra isa dhaqqabuun siif salphata. Bu'urri kuni lama:

1ffaa-Haala sirrii ta'een Rabbiin, ajaja Isaatiif fi maqaaleef sifaata Isaa beeku.

2ffaa-Isaa fi Ergamaa Isaatiif masakamuu (ajajamuu).

Kuni bu'uura cimaa hundarra caalu gabrichi ijaarsa isaa irratti hundeessudha. Bu'uura kana irratti hundaa'e ijaarsi hanga fedhe ol fagaata." (Al-Fawaa'id-fuula 175)

Kanaafi, ragaaleen bu'uura kana jabeessanii fi hidda qabsiisan Qur'aana Kabajamaa keessatti baay'atan. Wanta barbaachisummaa beekumsa kanaa agarsiisan keessaa

tokko aayan Qur'aana baay'een isaanii maqaalee fi sifaata Rabbii osoo hin dubbatin bira hin darban.

Qur'aana keessatti aayatoonni baay'een beekumsa kabajama kana barachuu fi hundee guddaa kanatti xiyyefannoo akka itti kennan ajajan dhufanii jiru. (Kana jechuun Qur'aanni maqaalee fi sifaata Rabbii akka beekanii fi baratan ajaja.)

Rabbiin olta'aan ni jedha: "**Rabbiin Injifataa, Ogeessa akka ta'e beekaa.**" (Suuratu Al-Baqara 2:209) Ammas ni jedha: "**Rabbiin Beekaa waan hundaa akka ta'e beekaa.**" (Suuratu Al-Baqara 2:231), Ammas ni jedha: "**Rabbiin wanta isin hojjattan Argaa akka ta'e beekaa**"(Suuratu Al-Baqara 2:233) (Kana jechuun Rabbiin wanta isin dalagdan hunda akka arguu beekaa.) Ammas ni jedha: "**Rabbiin Araaramaa, Obsaa akka ta'e beekaa.**" (Suuratu Al-Baqara 2:235), "**Rabbiin Dhagahaa, Beekaa akka ta'e beekaa.**" (Suuratu Al-Baqara 2:244) "**Rabbiin Dureessa Faarfamaa akka ta'e beekaa.**" (Suuratu Al-Baqara 2:267) "**Rabbiin adabbiin cimaa, ammas Rabbiin Araaramaa, Rahmata Godhaa akka ta'e beekaa.**" (Suuratu Al-Maa'idah 5:98) (Kana jechuun nama Isa faalleesse fi daangaa Isaa darbe adabbiin cimaa akka adabuu fi nama gara Isaatti deebi'ee fi Isaaf ajajameef akka araaramu fi rahmatu godhu beekaa. Beekumsi kuni adabbiin Isaa akka sodaattan, araarama fi sawaaba (mindaa) Isaa akka kajeeltan isin taasisa.) Ammas ni jedha, "**Rabbiin Mawlaa (Gargaaraa fi Tiksaa) keessan akka ta'e beeka; Tiksaan [Isa ta'uun] waa tole, Tumsaanis [Isa ta'uun] waa tole!**" (Suuratu Al-Anfaal 8:40) "**Rabbiin wanta nafsee teessan keessa jiru akka beeku beekaa, kanaafu Isa sodaadhaa.**" (Suuratu Al-Baqara 2:235) Ammas ni jedha: "**Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan biraakka hin jirre beeki!**" Suuratu Muhammad 47:19 Aayanni haala kanaan dubbatan gara aayah soddomaatti dhiyaatu.

Rabbiin Qur'aana keessatti maqaalee fi sifaata Isaa wanta biraan caalaa baay'isee dubbate. Sheykhul Islaam Ibn Taymiyaan (rahimahullahu) ni jedha: "Qur'aanni waa'ee wanta Jannata keessatti nyaatamu, dhugamu fi nikaah dubbachuu caalaa waa'ee maqaalee, sifaataa fi hojiwwan Rabbii baay'isee dubbata. Aayatonni maqaalee Rabbii fi sifaata Isaa of keessaa qaban gatiin isaanii aayatoota waa'ee Aakhirah dubbatan caala. Qur'aana keessatti aayanni hundarra guddoon Aayata Al-Kursiyih dha. [Sababni isaas, Aayat al-Kursiyyin maqaalee fi sifaata Rabbii of keessatti qabatte.] Hadiisa sahiih ta'e kan Muslim gabaase keessatti Ergamaan Rabbii (SAW) Ubayy ibn Ka'abin akkana jedhan: "Kitaaba Rabbii keessatti aayan hundarra guddoo taate tamiin akka taatee beektaa?" Ubayyis ni jedhe, "**Allahu laa ilaah illaa huwa-l-hayyu-l-qayyuum...**" (Suuratu Al-Baqarah 2:255) Ergasii Ergamaan Rabbii (SAW) harka isaanitiin laphee isaa keessa rukutuun "Beekumsi

sitti haa mi'aawu yaa Abbaa Munzir." Jedhan." Sahih Muslim 810
(Aayan suuratu Al-Baqarah lakkoofsa 255 irratti argamtu tuni Aayatu Al-Kursiyyi dha. Maqaalee fi sifaata Rabbii waan of keessaa qabduuf aayatota Qur'aana hunda caalти.)

Ammas, Qur'aana keessatti suuraalee (boqonnaalee) Qur'aanaa keessaa suuraan (boqonnaan) hundarra guddoo taate suuratu Al-Faatihadha. Sahih al-Bukhaari keessatti, Abu Sa'iid bin Al-Mu'alla akkana jechuun gabaase: Ani osoo masjiida keessatti salaataa jiru Ergamaan Rabbii (SAW) na waaman, garuu ani hin awwaannef. Anis ni jedheen, "Yaa Ergamaa Rabbii! Ani salaataa ture." Ergamaan Rabbis ni jedhan, "Rabbiin akkana hin jenne, "**Yoo isin waame Rabbi fi Ergamaaf awwaadhaa.**" (8:24) Ergasi akkana naan jedhan, "Masjiida keessaa bahuun dura Qur'aana keessatti suurah (boqonnaa) hundarra guddoo taate dhugumatti si barsiisa." Ergasi harka kiyya ni qaban. Yommuu bahuu hedan, ni jedheen, "Qur'aana keessatti suurah hundarra guddoo taate si barsiisa hin jenne?" Ergamaan Rabbis ni jedhan, "Alhamdulillahi Rabbil aalamiin..." ishiin aayata torba irra deddeebi'uun dubbisamtu fi Qur'aana guddaa naaf kennameedha." Sahih Al-Bukhaari 4474

(Aayan torban irra deddeebi'uun dubbisamtu suuratu Al-Faatihadha. Namni salaatu hundi osoo suurah tana hin qara'in hin darbu. Suurah tana keessa waa'ee Aakhirah caalaa maqaalee fi sifaata Rabbiitu jira.)

Ammas Ergamaan Rabbii (SAW) hadiisa sahih ta'e keessatti "Qul huwallahu ahad" tokko sadaffaa Qur'aanatiin akka wal qixxa'u dubbatanii jiru.⁴ (Qul huwallahu ahad maqaalee fi sifaata Rabbii of keessatti hammata). Sadarkaa Qul huwallahu ahad" (Suuratu Al-Ikhlaas) qabdu ilaachise Haati manaa Ergamaan Rabbii (SAW) Aa'ishaan akkana jechuun gabaaste, "Ergamaan Rabbii (SAW) namticha tokko hoggonaa gochuun gara duulaa ergan. Yeroo salaataa hiriyyoota isaatiif [Qur'aana irraa] qara'uun dhumarratti, "Qul huwallahu ahad" in xumura. Yommuu duula irraa deebi'an, gochi isaa kuni Rasuulatti (SAW) himame. Rasuullis ni jedhan, "sababa maaliif akkas akka hojjatu gaafadhaa." Isaanis ni gaafatan. Namtichis ni jedhe, "Sababni isaas, "Qul huwallahu ahad" sifaata Rahmaani. Kanaaf ani suurah tana qara'uu nan jaalladha." Ergamaan Rabbis (SAW) ni jedhan, "Rabbiin akka isa jaallatu isatti himaa." Sahih Muslim 813 Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa nama sifaata Isaa yaadatu fi faarsu akka jaallatu

⁴ <https://sunnah.com/muslim/6/317>

ifa godhe. Kuni boqonnaa bal'aadha." (Dara'u Ta'aarudi- 5/310-312, Ibn Taymiyyah)

Kuni hundi ragaa ifaa barbaachisummaa beekumsi kabajamaan kuni qabu, guddinna dhimma isaatii fi baay'inna kheeyri isaa agarsiisuudha. Beekumsi maqaalee Rabbii fi sifaata Isaa hundeeawan iiamaanaa keessaa hundee guddaadha, utubaalee (arkaana) amanti keessaa utubaa tokko. Bu'uura amanti Islaamati. Dhaabbanni amanti ol fagoo fi sadarkaa ol'aanaa beekumsa kana irratti ijaarrama. Uumaa, Argamsiisa fi Gooftaa isaan sooru osoo hin beekin, ammas maqaalee fi sifataa isaa osoo hin barin akkamitti dhimmi dhala namaa qajeelaa, haalli namootaa tolaa? Garuu namoota baay'ee wanta uumamaniiif irraa wanti isaaniif uumame isaan ko'oomse (biizi godhee) jira. Rabbiin jecha Isaa kanaan gocha akkanaa irraa gabroota Isaa akeekachiisa:

﴿يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا لَا تُلْهِكُمْ أَمْوَالُكُمْ وَلَا أَوْلَادُكُمْ عَن ذِكْرِ
الَّلَّهِ وَمَن يَفْعَلُ ذَلِكَ فَأُولَئِكَ هُم الْخَسِيرُونَ﴾

"Yaa warra amantan! Qabeenyi keessanii fi ilmaan keessan zikrii Rabbii irraa isin hin dagin (hin garagalchin). Namoonni kana dalagan isaanumatu hoonga'oota (kasaartota)." Suuratu Al-Munaafiqun 63:9

Zikriin qalbiidhaan Rabbiin yaadachuu fi arrabaan faarsu of keessaa qaba. Rabbiin yaadachuu fi faarsu kan danda'an, maqaalee fi sifaata Isaa yoo beekaniidha. Maddi beekumsa kanaa Qur'aanaa fi hadiisota sahiih ta'aniidha.

Faaydaalee Maqaalee fi Sifaata Rabbii (Subhaanahu) beeku keessa jiran-kutaa 2ffaa

Shakkii hin qabu, beekumsi maqaalee fi sifaata (amaloota) Rabbii olta'aa beekumsa shari'aa hundarra kabajamaa ta'e, kaayyoo hundarra qulqulluu fi ol'aanaa ta'eedha. Sababni isaas, wanta beekkamu hundarra kabajamaa ta'een waan wal qabatuuf. Kan hundarra kabajamaa ta'e Allah (Azza wa jalla). Isa beekun, maqaalee fi sifaataa Isaa beekun beekumsa hundarra guddaa amantiiti. Fuula Isaa barbaadun kaayyoo hundarra guddaa ta'eedha. Isa gabbaruun (ibaadan) hojii hundarra kabajamaadha. Maqaalee fi sifaata Isaatiin Isa faarsun dubbii hundarra kabajamaa ta'eedha. Kuni hundee amantii Ibraahim haniifiyah ta'eedha. (Haniifiyah jechuun shirkii dhiisun Rabbiin qofa gabbaruudha. Kuni jecha biraatin Islaama) Shirkii dhiisun Rabbiin qofa gabbaruun (haniifiyyaan ykn Islaamni) amantii Ergamtoonni Rabbii hundi irratti walii galanii fi jechoonni isaanii wal fakkaataniidha. Gorsi fi ibsi ummata isaniitif godhanis kanuma ture. Inumaa wiirtuu amantiin isaanii irratti hundeefameedha.

Ergamtoonni gara Rabbii (Azza wa jalla) waamuun, karaa Isatti nama geessu ibsuun, Isa bira erga gahanii booda haala isaanii ifa gochuun ergaman. Kana ilaachise Ibn Al-Qayyim ni jedha: "Daaw'aan (waamichi) ergamtoota dhimmoota sadii irra naanna'a: 1ffaa- maqaalee, sifaataa fi hojiwwan Isaatiin Rabbiin ummati beeksiisu, 2ffaa-karaa Isatti nama geessu beeku. Karaan kunis, zikrii Isaa, Isa galateefachuu, Isa gabbaruu (ibaada) jaalala guutuu fi Isaaf of gadi xiqqeessu guutuu of keessatti hammateedha. 3ffaa-Erga Isa bira gahanii booda wanta isaaniiif jiru isaanitti beeksisu. Qananiin guddaan isaan ganda kabajaa (Jannataatti) argatan Rabbiin isaan irraa jaallachuu, Inni isaanitti mul'achuun isaaniis Isa arguudha..." (As-Sawaa'iqu al-Mursilati 4/1489)

Haala Ergamaan Xumuraa (SAW) wanta garmalee guddaa barbaadamu kana ibse ilaachise Ibn al-Qayyim itti fufuun ni jedha: "Ergamaan Rabbii (SAW) fiixe beekumsaa irra hanga humni isaanii gahuu danda'uun Gooftaa fi Gabbaramaa isaanii namoota barsiissee jira. Hangi Rabbiin beekuun qalbii warra amananiif keessatti ifa ta'utti irra deddeebi'uun, gabaabsu fi dheeressuun maqaalee, sifaataa fi hojiwwan Isaa barsiissee jira. Akkuma ji'a (addeessa) guutuu ta'e irraa duumessi deemu, duumessi shakkii qalbii isaanii irraa hanga deemutti, [waa'ee Gooftaa isaanii isaan barsiise]. Beekumsa kana ilaachise ummata isaatiif wanta biraatti akka hajaman bakka duwwaa hin dhiifnef. Wantu isa duras ta'i wantu isa boodatti akka hajaman hin taasisne. (Kana jechuun Ergamaan Rabbii (SAW) waa'ee Rabbii ilaachise haala guutuu fi ifa ta'een ummata isaatiif ibse jira. Waa'ee maqaalee fi

sifaata Rabbii beekuuf kitaabban Kiristaanaa fi Yahuudaa bira deemun hin barbaachisu. Ammas, falaasfa bira deemun hin barbaachisu. Kanaafu, Rabbiin haala sirrii ta'een beekuf Qur'aanaa fi hadiisni ni gaha.) Rabbiin subhaanahu wa ta'aala ni jedha:

﴿أَوْ لَمْ يَكُفِّهِمْ أَنَّا أَنْزَلْنَا عَلَيْكَ الْكِتَابَ يُتَلَقَّى عَلَيْهِمْ إِنَّ فِي ذَلِكَ رَحْمَةً وَذُكْرًا لِقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ﴾

“Kitaaba isaan irratti dubbifamu si irratti buusun Keena isaan hin gahuu? Dhugumatti kana keessa ummata amananiif rahmataa fi yaadannootu jira.”
Suuratu Al-Ankabuut 29:51” (Jalaa'ul Afhaami- 285-286)

Kuni maaliif hin taane, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhanii osoo jiranu:
فَتَرَكْتُمْ عَلَى الْبَيْضَاءِ أَيْلَهَا كَنْهَارَهَا لَا يَرْبِعُ عَنْهَا بَعْدِ إِلَّا هَالِكٌ

“[Daandii] ifaa halkan isaa akka guyyaa ta'e irratti isin dhiisee jira. Ana booda nama badu malee eenyullee karaa kanarraa hin jallatu.” Sunan Ibn Maajah 45

Ammas akkana jedha: “**Ana dura nabiyyiin tokkoyyuu hin turre, ummata isaa gara kheeyri isaaniif beekutti kan qajeelchuu fi sharrii isaaniif beeku irraa kan isaan akeekachisu yoo ta'e malee.** (Sahih Muslim 1844) (Kana jechuun nabiyooni hundu na dura dhufan, ummata isaanii gara wanta gaaritti ni qajeelchu, wanta badaa irraas ni dhoowwu. Kuni itti gaafatamummaa Nabiyyootati.)

Ummata isaa bal'innaan adaba (naamusa) nyaata fi dhugaati, naamusa mana fincaanii, manaa bahuu fi seenu barsiisee, waa'ee Gooftaa isaanii ilaachise wanta arrabaan dubbatanii fi qalbiin amanan osoo hin barsiisin isaan dhiisun wanta hin danda'amneedha. Dhugumatti, Nabiyyiin waa'ee Rabbii haala ifa ta'ee fi bal'innaan ummata isaa barsiisee jira. Sababni isaas, Rabbiin beekun beekumsa hunda caaleedha, Isa bira gahuun wanta garmalee barbaadamudha. Namootaaf gammachuun, boqonnaan sammuu, tasgabbiin qalbii hin jiru yoo Rabbii isaanii beekanii fi Isa qofa gabbaran malee. Haala kanaan, kaayyoon guddaan barbaadan Isa ta'a. Zikriin Isaatii fi hojji gaggaarii hojjachuun gara Isatti dhiyaachun gammachuu ija isaaniiti, jirenya qalbii isaaniiti. Yeroma kana dhaban, haalli isaanii haala horii caalaa baay'ee badaa ta'a.

Haala kanaan, Muslimni kabajaa fi sadarkaa beekumsi kuni qabu beeka. Beekumsi maqaalee fi sifaataa hundee gurguddaa keessaa hundee daaw'an (waamichi) Ergamtootaa irratti hundefamedha. Addunyaa fi Aakhiratti karaa tokkicha namni ittiin jabeefamu, fooyyefamu fi sadarkaan isaa itti olka'uudha. Namni qalbii isaa keessatti jirenya xiqqoo yookiin Gooftaa isaatiif jaalala qabu, Fuula Isa barbaadu fi Isa qunnamuuq yaaddawu, beekumsa kana argachuuf garmalee fedha, hubachuu fi dabalachuu siritti carraaqa.

Rabbiin beekun wiirtuu gammachuun irra naanna'u, fiixee ol'aanaa namni itti guuttamu, sadarkaa namni ittiin olkaafamu, qananii addunyaa fi Aakhirah itti argataniidha. Namni yeroo Rabbii isaa beekee Isa gabbaru, wanta Inni itti ajaje hojjatu fi wanta Inni irraa dhoowwe dhiisu, wantoota lamaan kanaan guutummaan isaa isaaaf mirkanaa'a. Wantoonni lamaan kunniin: Rabbiin beekuu fi Isa qofa gabbaruudha. Namni wantoota lamaan kana yoo galmaan gahe, aklaaqni isaa ni guuttama, sadarkaa ol'aana irra gaha. "Gooftaa ishii uumee beeku, Isa jaallachu, Isa yaadachuu fi faarsu, karaa Isatti dhiyaatan barbaadu caalaa wanti garmalee ruuhin (nafseen) itti hajamtu hin jiru. Karaan kana itti argatan hin jiru maqaalee fi sifaata Isaa yoo beekan malee. Akkuma gabrichi maqaalee fi sifaata Isaa siritti beekun, Rabbiinis daran bara, ni barbaada, gara Isaatti dhiyaata. Faallaa kanaa immoo, akkuma inni maqaalee fi sifaata Rabbii jibbuu fi fudhachuu diduun, waa'ee Rabbii daran wallaala, Isa biratti jibbamaa fi Isa irraa fagoo ta'a." Jecha Rabbii olta'aa:

﴿إِنَّمَا يَخْشَىُ اللَّهَ مِنْ عِبَادِهِ الْعُلَمَوْا إِنَّ اللَّهَ عَزِيزٌ غَفُورٌ﴾

"Gabroota Isaa keessaa beektota qofatu Rabbiin sodaata. Dhugumatti, Rabbiin Injifataa, Araaramaadha." (Suuratu Faaxir 35:28) ilaalchise ibn Kasiir akkana jedha: "Kana jechuun sodaa dhugaa kan sodaatan beektota Isa beekaniidha. Sababni isas, akkuma Rabbii guddaa, beekaa ta'ee fi sifaata guutuun ibsamu beekaniin Isa sodaatu. Akkuma Isa beekun guuttamuun, akkasuma Isa sodaachuun guddaa fi baay'ee ta'a." (Tafsiir ibn Kasiir 3/355)

Rabbiin beekun, Isa sodaachu, wanta badaa irraa of eegu jabeessa. Ammas, qalbii keessatti Isa irraa waan gaarii kajeelu fi abdachuu guddisa, iimaana gabricha dabala. Gosoota ibaadaa baay'ee akka hojjatan nama kakaasa. Beekumsa kanaan qalbii isaatiin gara Gooftaa isaa adeema, jaalala Isaa argachuuf bubbee caalaa fiiga. Bitaa fi mirga hin goru, jaalala Gooftaa argachuuf fiigu malee. Milkeessuun harka Rabbii jira. Rabbiin gargaarsifatan malee tooftaa fi humni namaaf hin jiru.

Guduunfaa

Barreefama armaan olii irraa faaydalee maqaalee fi sifaata Rabbii beeku haala kanaan guduunfun ni danda'ama:

1ffaa- Maqaalee fi sifaata Rabbii beekun karaa tokkicha Isatti nama geessudha-Qur'aana keessatti ni jedha: **“Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan biraan akka hin jirre beeki!”** (Suuratu Muhammad 47:19)

Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan akka hin jirre beekuuf maqaalee fi sifaata Isaa beeku barbaachisa. Mushrikooni fi kaafironni dhugaadhaan maqaalee fi sifaata Rabbii osoo beekanii silaa wanta isaan hin fayyannee fi hin miine ni gabbaruu?

2ffaa- Maqaalee fi sifaata Isaa beekun hundee amantii fi jirenyaati- Arkaana (hundee) iimaanaa jahan keessaa inni guddaan Rabbitti amanuudha. Osso waa'ee Rabbiin hin beekin arrabaan “Ani Rabbitti amane” jechuu qofaan iimaanni hin ta'u. Kana irra, haqiqaan iimaanaa Rabbiin itti amanan beeku, hanga sadarkaa yaqiina (mirkaneefannaa guutuu) irra gahuutti maqaalee fi sifaata Isaa beekuuf carraaqudha. Hangi iimaanaa isaa hanga Rabbiin isaa beeku irratti hundaa'a. Dhawaatuma maqaalee fi sifaata Isaa caalatti beekun, Rabbiin isaa beekun dabalamaaaf, akkasumas iimaannis ni dabala. Dhawaatuma beekumsi kuni hir'atuun iimaannis ni hir'ata. Namni Rabbiin beeke wanta isaan ala jiru ni beeka. Namni Rabbiin wallaale, wanta Isaan ala jiru daran wallaala. Rabbiin subhaanahu wa ta'aala ni jedha:

“Akka warra Rabbiin dagannaan lubbuu isaanii isaan dagachiise hin ta'inaa. Isaan warra fincilootadha.” Suurat Al-Hashr 59:19

Yommuu namoonni kунии Rabbiin dagatan, Rabbiinis akka lubbuu ofii dagatan isaan taasise. Lubbuu ofii dagachuu jechuun of fooyyessuu dagachuu, jirenya addunyaa tanaa fi Aakhiratti sababa adabbi jalaa nagaha isaan baasu dagachuu fi hojjachuu dhiisudha.

3ffaa- Beekumsi kuni qalbiif gammachuu, sammuuf boqonnaa, qaamaf fayyaa, jirenyaaf qananiidha- wanti guddaan namni jirenya tana keessatti barbaadu: gammachuu, boqonnaa sammuu, fayyaa fi qananiidha. Dhugumatti, karaan guddaan kanatti nama geessu Rabbiin beekuu fi Isaaf ajajamuudha. Qur'aana keessatti:

﴿مَنْ عَمِلَ صَالِحًا مِّنْ ذَكَرٍ أَوْ أُنْثَى وَهُوَ مُؤْمِنٌ فَلَنُحْيِيهِنَّهُ وَحَيَاةً طَيِّبَةً وَلَنَجْزِيَنَّهُمْ أَجْرَهُمْ بِأَحْسَنِ مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ﴾

“Dhiiras ta’ii dubartii irraa nama mu’mina (dhugaan kan amane) ta’ee dalagaa gaarii hojjate, dhugumatti jirenyaa gaarii isa jiraachifna. Mindaa isaaniis irra gaarii waan isaan dalagaa turanitiin isaan mindeessina.” (suuratu An-Nahl 16:97)

Namni mu’mina ta'u (dhugaan amanuu) fi dalagaa gaarii hojjatu kan danda'u, yoo maqaalee fi sifaata Rabbii beekedha. Ergasii, wanta itti ajajame yoo beekedha. Yoo inni/ishiin Rabbiin beekee amanee fi hojii gaggaarii hojjate/tte, jirenyaa gaarii isa/ishii jiraachisa. Jireenyi gaariin qabeenya baay'een kan madaallamu osoo ta'in qalbii keessatti gammachu fi tasgabbii, boqonnaa sammuu argachuudha. Nama meeqatu qabeenya qaba, garuu gammachu, tasgabbii fi boqonnaa sammuu hin qabu. Qalbiin yoo Gooftaa ishii beekte, yaadattee fi faarsite tasgabboofti. Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿الَّذِينَ ءَامَنُوا وَتَطْمَئِنُ قُلُوبُهُمْ بِذِكْرِ اللَّهِ أَلَا بِذِكْرِ اللَّهِ تَطْمَئِنُ الْأُفْوَقُ﴾

“Isaan warra amananii qalbiin isaani zikrii Rabbiitin tasgabbooftudha. Dhaga’aa! Zikrii Rabbiitin qalbiin tasgabboofti.”(Suuratu Ar-Ra’ad 13:28)

Namoonni baay'een zikrii ni godhu garuu tasgabbii waadaa galame hin argatan. Sababni kanaa maaliidhaa? Sababa kanaa bakka lamatti quodun ni danda'ama:
1ffaa- Hanqinna iimaanaa- Aayah armaan olii keessa yommuu ilaallu, "Isaan warra amananii.." jechuun jalqaba. Kanaafu, qalbiin kan tasgabbooftu dhugaan yoo Rabbii fi arkaana iimaana hafanitti amananiidha. Kunis kan ta'uu maqaalee fi sifaata Isaa yoo beekaniidha.

2ffaa- Gaflaa- namni zikrii jedhu yoo itti hin xinxallin, zikriin hangas mara bu'uu isaaf hin buusu. Garuu dammaqinnaa fi itti yaadun zikrii yoo godhe, tasgabbii ni argata. Kanaafu bu'aan zikrii iimaana, dammaqinnaa fi itti yaadu irratti hundaa'a.

4ffaa- Maqaalee fi sifaata Isaa beekun karaa Rabbiin itti sodaataniidha-Akkuma aayah darbe keessatti argine, namoonni hundarra Rabbiin sodaatan beektota Isa beekaniidha. Rabbiin beekun gara Isa jaallachuutti, Isa kabajuutti, sodaachuutti, Isarraa kajeelu fi hojii Isaaf qulqulleessutti (ikhlaasatti) nama waama. Akkuma beekumsi kuni cimuun gabrichi Rabbiif harka kenna, Isaaf ajajama, wanta Inni dhoowwe irraa fagaata. Namoonni yeroo baay'ee badatti kan kufaniif sifaata Rabbii

waan wallaalaniif mitii? Qur'aana keessatti, Yahuudota jecha Rabbii micciranii fi namoota karaa sirrii irraa jallisanakkana jechuun waqqase:

﴿أَوْ لَا يَعْلَمُونَ أَنَّ اللَّهَ يَعْلَمُ مَا يُسِرُّونَ وَمَا يُعْلِنُونَ﴾^{٧٧}

“Rabbiin wanta isaan dhoksanii fi wanta ifa baasan akka beeku sila hin beekanii?” Suuratu Al-Baqarah 2:77

5ffaa- Maqaalee fi sifaata Isaa beekun karaa adabbii addunyaa fi Aakhirah jalaa nagaha itti bahaniidha- Jalqaba adabbiin namni addunyaa tana keessatti dhandhamu maalidha jennee yoo of gaafanne, adabbii keessaa fi adabbii alaa jennee bakka lamatti hiruu dandeenya. Adabbiin keessaa adabbii qalbii fi sammuu namaatin wal qabatuudha. Qalbiin garmalee dhiphachuun, sodaachun, tasgabbii dhabuun, hirriba dhabuun, jeeqamu fi kkf adabbii keessaati. Adabbiin alaa immoo adabbii qaamaa fi qabeenyaa wal qabataniidha. Dhibee qaamaa, reebamu, qabeenyi barbada'uu fi baduu fi kkf adabbii alaati. Asitti wanti hubatamu qabu, wantoonni armaan olitti eerre kunniin hundi yeroo hundaa akka adabbiiti ilaallamu hin qaban. Eeti, yeroo garii qoruu fi barsiisuf wantoonni jibbaman armaan olii namatti bu'u. Nama badii hojatuuf wantoonni armaan olii yoo itti bu'an isaaf adabbiidha. Nama hojii gaarii hojatuuf wantoonni armaan olii yoo itti bu'an isaaf qormaata fi barsiisudha. Yoo obse sadarkaan isa olka'a. Kuni immoo isaaf adabbii osoo hin ta'in qananiidha. (Ilaali suuratu Al-Baqarah 2:155-157)

Adabbiin Aakhirah immoo garmalee cimaa kan ta'eedha. Innis ibidda. Kanaafu, adabbii addunyaa kan akka dhiphinnaa, sodaa, jeeqamu, dhibee fi kkf jalaa nagaha bahuu fi adabbi Aakhirah irraa baraaramuuf karaan guddaan maqaalee fi sifaata Rabbii beekuu fi Isatti amanuudha. Sababni isaas, namni yoo Rabbiin maqaalee fi sifaata Isaatiin beekee fi amane, wanta Inni itti ajaje ni hojjata, wanta Inni irraa dhoowwe ni dhiisa. Haala kanaan, adabbii Isaa jalaa nagaha baha. Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa ni jedha:

﴿مَا يَفْعُلُ اللَّهُ بَعْدَ إِبْكَمْ إِنْ شَكَرْتُمْ وَكَانَ اللَّهُ شَاكِرًا عَلَيْمًا﴾^{١٥}

“Yoo isin [Isa] galateefattanii fi amantan, Rabbiin isin adabuu irraa maal godhaa? Rabbiin Galateefataa Beekaa ta'eera.” (Suuratu An-Nisaa 4:147)
Shukr (galateefachuu) jechuun qalbiin of gadi qabuu fi qananiin Rabbiin irraa akka

dhufe amanuu, arrabaan Isa faarsu, qaaman wanta Inni itti ajaje hojjachuu fi qananii Isaa badii ittiin hojjachuuf itti fayyadamuu dhiisudhaa.

Faaydaaleen maqaalee fi sifaata Rabbii keenyaa beekun tarreefame hin dhumu. Faaydalee isaa hanga kana erga beekne, barachuu fi wal barsiisuuf qophiidhaa miti ree?

Kitaaba Wabii:

Fiqhu Al-Asmaa'il Husnaa– fuula 11-20, Abdurazzaaq bin AbdulMuhsin Badri

Maqaalee fi Sifaata Rabbii (Subhaanahu wa ta'aalaa)

Bismillahi Rahmaani Rahiim, Alhamdulillahi Rabbil alamiin.

Dhugumatti Faaruun hundi kan Rabbiiti. Isa ni faarsina, ni gargaarsifanna, araarama Isa kadhanna. Sharriwwan nafsee teenyaa fi hamtuwwan hojiiwwan keenyaa irraa Rabbiin eeggamna. Nama Rabbiin qajeelche kan isa jallisu hin jiru. Nama Rabbiin jallinna keessatti dhiise kan isa qajeelchu hin jiru. Rabbii Tokkicha shariika hin qabne malee dhugaan gabbaramaan akka hin jirre ragaa nan baha. Akkasumas, Muhammad gabrichaa fi Ergamaa Isaa ta'uu ragaa nan baha.

Maqaaleen Rabbii keenya hundi babbareedoo fi amaloonni (sifaanni) Isaa hundii sifaata gugguutu ta'aniidha. Namni kanniin hunda hubachu kan danda'u, maqaalee fi sifaata barachuuf yoo tattaafateedha. Imaamu ibn Al-Qayyim (rahimahullahu) ni jedha: "Karaa maqaalee fi sifaatatin gara Rabbii deemun dhimma ajaa'iba ta'eedha. Namni maqaalee fi sifaata Rabbii beeke, warroota garmalee ifaajan baay'ee dursa. Rakkoo guddaa osoo hin arginii fi biyya isaa keessaa osoo hin bahini fi hin raata'in [gammachuu barbaadu] argata. Wanti nama ajaa'ibsiisu halkanii guyyaa deemuu fi mallattoon adeemsaa namarratti mul'achuu osoo hin ta'in, nama tasgabbaa'e fi mallattoon adeemsaa (imalaa) irratti hin mul'anneedha. Garuu inni marsaalee adeemsaa (imalaa) baay'ee darbee jira. Namni kuni nama nafseen isaa isa yaabbattee fi inni ishii baadhatuun kan deemudha. Inni nafsee ofiitti qabsaa'un takkaa gara fuunduraatti deema, takkaa immoo nafseen duubatti isa butti."⁵

Dhugumatti, nafsee ofiitti qabsaa'un qabssoo (jihaada) guddaadha. Karaan guddaan nafsee ofii itti injifatan maqaalee fi sifaata Rabbii guddaa beeku fi itti amanuudha. Namni akkuma Rabbiin beekun nafsee ofii haala salphaan too'ata. Fedhii ofitiif hin harkifamu. Kutaa darbe keessatti faaydalee maqaalee fi sifaata Rabbii beeku waan ilaallef amma irra hin deebinu. Amma hojiin keenya maqaalee fi sifaata kanniin baruu fi wal barsiisudha. Haala salphaan akka hubatamu fi hojiitti jijiramuuf barnoota maqaalee Rabbii (subhaanahu wa ta'aalaa) haala afur armaan gadiitiin ilaalla:

A-Ta'ariif (hiikkaa) maqaa

B-Sifaata (Amaloota) maqaan kuni of keessaa qabu

C-Ibsa Aayatoota (keeyyatoota) Qur'aanaa muraasa maqaa kana of keessaa qabanii

D-Maqaa fi Sifaata kana beekuu fi itti amanuun bu'aa namni argatu

⁵ Xariiqul Hijrateyn-fuula 470

Bismillah jechuun Maqaa Rabbii “Allaah” jedhu irraa haa jalqabnu.

Allaah (الله)

A. Hiika “Allaah”

“Maqaan garmalee kabajamaa fi bareedaan kuni maqaa hundarra guddaa ta’eedha. Kanaafi, maqaaleen Rabbii biroo maqaa kanatti maxxanfamu. Ar-Rahmaan, Ar-Rahiim, Al-Khaaliq, Ar-Raaziq, Al-Aziiz, Al-Hakim fi kan biroo maqaa Allaah ti jedhamu. Qur'aana keessatti maqaan “Allaah” jedhu si'a 2724 dubbatame jira. Maqaa kanaan Isa malee eenyullee ittiin hin waamamu.

(Hiika jecha ijoo: **Gabbaru** jechuun wanta tokko garmalee jaallachuu, ol-guddisuu fi wanta saniif of gadi qabuudha. Ammas, hiikni bira 'Gabbaruu' Jaalala fi of gadi qabuun, sodaa fi kajeellaan wanta Gooftaan itti ajaje hojjachuu fi wanta Inni dhoowwe dhiisudha. Gabrichi gabricha kan jedhameef wanta bulchaan isaa itti ajaju waan hojjatuuf, ammas wanta inni dhoowwe waan dhiisufi.)

Hiikni "Allaah" jedhu hundeen isaa "Ilaah" dha.⁶ Ilaah jechuun gabbaramaa jechuudha. Sheykhul Islaama ibn Taymiyyah hiika "Ilaah" (Gabbaramaa) akkana jechuun ibsa: "Ilaah gabbaramaa gabbarri haqa godhatuudha. Rabbii Tokkicha malee homtu gabbaramu hin qabu. Isaan ala wantoonni gabbaraman (waaqefataman) hundi baaxila (soba). Allaah Ilaah (Gabbaramaa) haqaati, Isaan ala gabbaramaan biraan hin jiru. Namni Rabbiin waliin gabbaramaa biraan osoo hin godhin yoo Isa qofa gabbare, Isa tokkichoombse jira. Allaah ni jedha:

﴿فَلَا تَدْعُ مَعَ اللَّهِ إِلَهًاٰءَ اخْرَ فَتَكُونَ مِنَ الْمُعَذِّبِينَ﴾^{١٢٣}

"Gabbaramaa biraan Allaah waliin hin kadhatin, [yoo akkas goote] warra azzabaman (adabaman) keessaa taatati." Suuratu Shu'uraa 26:213

(Du'aayin (kadhaan) hiika ibaada (gabbari) of keessatti qabata. Kanaafu, hiikni aayah: "Rabbitiin waliin gabbaramaa biraan hin gabbarin. Yoo akkana goote, warroota azzabaman keessaa taataa."⁷ Rabbitiin waliin waan biraan gabbaruun shirkii waan ta'eef azaaba (adabbi) guddaatti nama geessa. Fkn, warroota du'an kanneen akka nabiyyoota, awliyaa'otaa, warroota fagoo namarria jiran kanneen akka Malaykoota,

⁶ [Fiqhu Al-Asmaa'iil Husnaa](#) – fuula 76, Abdurazzaaq bin AbdulMuhsin Badri

⁷ [Ma'aariju tafakkur wa daqaa'iqu tadabbur](#) -8/717, Abdurahmaan Habanka

Jinnoota fi uumamtoota biroo nama fayyaduu fi miidhaa namarraa deebisuu hin dandeenye kadhachuun shirkiidha.) Ammas Rabbiin ni jedha:

﴿لَا تَجْعَلْ مَعَ اللَّهِ إِلَهًاٰءًاٰخَرَ فَتَقْعُدَ مَذْمُومًاٰ مَّخْذُولًاٰ﴾

“Rabbiin waliin gabbaramaa biraan hin godhin. [Yoo akkas goote] balaaleffatamaa fi gargaaraa kan hin qabne taatee teessati.” (Suuratu Al-Israa 17:22)

(Rabbiin waliin wanta biraan hin gabbarin. Rabbiin alatti wanta biraan yoo gabbarite, Rabbiin biratti, Malaykoota fi namoota gaggaarii biratti balaaleffatamaa (waqqafamaa fi jibbamaa) akkasumas, makhzuul taate teetta. Makhzuul jechuun yeroo haajaa isaa nama isa gargaaru kan dhabeedha. Namni Rabbiin waliin waan biraan gabbaru addunyaa fi Aakhiratti gargaarsa hin qabu. Salphataa ta'ee hafa. Jechi "teetta" jedhu dadhabbinnaa fi gadi aantummaa bakka nama kanaa agarsiisa.⁸ Gargaarsa irraa abdi kutee fi salphatee taa'a.) Ammas ni jedha:

﴿وَإِذْ قَالَ إِبْرَاهِيمُ لِأَبِيهِ إِذْ أَزَرَ رَأَيْتَ أَنْتَ تَشْرُدُ أَصْنَامًاٰ إِلَهًاٰءًاٰخَرَ وَقَوْمَكَ فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ﴾

“Yommuu Ibraahim abbaa isaa Aazarin [akkana] jedhe [yaadadhu]: ‘Sila ati sanamotoa gabbaramtoota godhattaa? Ani dhugumatti, sii fi ummata kee jallinna ifaa bahaa keessatti argaa jira.’” Suuratu Al-An'aam 6:74 (Sanamotoa jechuun siidaa namoonni harkaan bocanii gabbaraniidha (waaqefataniidha).)

Wanti uumame (makhluuqni) mataa isaatin gabbaramaa (ilaah) miti. Garuu namni isa gabbaru akka gabbaramaatti ilaalun gabbarama godhe, gabbaramaa (ilaah) jechuunis moggaase. Kuni soba (baaxila). Nama kana hojjatu ni miidhaa malee hin fayyadu. Wanti Rabbiin ala jiru gabbaramaa gabbaramu fi kadhatamu ta'uu hin danda'u. Sababni isaas, wanti kuni homaa umuu fi soorata (rizqii) namaaf kennuu hin danda'u... Wantoonni Rabbiin ala jiran akkuma Uumaa fi Raaziqa (kan sooru) ta'uu hin dandeenye, gooftaa gabbaramus ta'uu hin danda'an. Rabbiin Uumaa, Raaziq, Jiraachisaa wantoota hundaa waan ta'eef haqaan gabbaramu kan qabu Isa malee hin jiru. Inni shariika hin qabu, mootummaan kan Isaati, faaruunis kan Isaati, Inni waan hundaa irratti danda'aadha.”⁹ (Majmuu'u Al-Fataawaa 13/202-205)

⁸ Ma'aariju tafakkur wa daqaa'iqu tadabburi-9/596

⁹ [Walillahi asmaa'uul Husnaa fud'uuhu bihaa](#)- AbdulAziz bin Naasir Jaliil,

Ibn Al-Qayyiim ni jedha: “Ilaah (gabbaramaa) jechuun jaalalaan, garmalee kabajuun, gara Isaatti deebi’uun, ol-guddisuun, gadi of xiqqeessun, gadi of qabuun, sodaan, kajeellaani fi irratti hirkachuun kan qalbiin gabbartuudha.”¹⁰ Kanaafu, ilaahni (gabbaramaan) kan garmalee jaallatamu, kabajamu, olguddifamu, kan isaaf of gadi xiqqeessanii fi of gadi qaban, sodaatan, waan hundaa irraa kajeelanii fi irratti hirkataniidha.

Sheyku Abdurahmaan Sa’dii ni jedha, “Allaah: Gabbaramaa umamtoonni hundii gabbaruu qabaniidha. Sababani isaas, Sifaata guutuu ta’aniin waan ibsameef.” (Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa sifaata guutuu waan qabuuf haqaan gabbaramu kan qabu Isa qofa. Wantoonni Isaan ala jiran sifaata guutuu waan hin qabneef isaan gabbaruun gonkumaa hin ta’u. Sifaata (amaloota) gugguutuu ta’an keessaa: Waan hundaa beeku, arguu, dhagahuu, waan hundaa irratti dandeetti qabaachu, rahmata gochuu, guutumaan guututti dureessa ta’uu, uumamtoota hundaa jiraachisuu, eeguu fi kan biroo. Sifaata gugguutu kanniin kan qabu Allaah dha. Wantoonni Isaan ala jiran sifaata kanniin hin qaban. Kanaafu, garmalee kan sodaatan, gadi jedhaniif, jaallatan, irratti hirkatan, sagadaniif, waan hundaa irraa kajeelanii fi kadhatan Allaah qofa.)

B.Sifaata maqaan “Allaah” of keessaa qabu

Maqaan kuni sifaata guutuu ta’an hunda kan of keessatti qabateedha. "Maqaan Allaah jedhu [Rabbiin] Gabbaramaa ta’uu fi uumamtoonni hundi jaalalaan, ol-guddisuun, of gadi xiqeessuun, yeroo rakkoo fi balaa gara Isaatti dheeessun kan Isa gabbaran ta’uu agarsiisa."

Rabbiin sababa sifaata guutuu qabuuf Gabbaramaadha. Amaloota guddinnaa waan qabuuf ni gabbarama. Ammas, uumamtoota kan uumuu, jiraachisuu, bulchu, dhimma isaanii qindeessu fi too’atu Isa qofa waan ta’eef kan gabbaramu Isa qofa. Ammas, umamtoota hundaaf rahmata kan godhu, qananii keessaa fi alaa isaaniif kan kenuu Isa Tokkicha waan ta’eef ni gabbarama. Ammas Rabbiin ni gabbarama sababni isaas, beekumsaan, murtiin, ogummaan, tolaan, rahmataan, dandeettin, jabeenyaanii fi injifannoон wantoota hundaa waan marseef. Inni gabbaramadha sababni isaas, gama hundaanu durummaa daangaa hin qabneen waan Tokkicha ta’eef (Gara hundaan Dureessa homattu hin hajamne waan ta’eef kan gabbaramu Isa qofa). *Wantoonni Isaan ala jiran immoo yeroo hundaa jiraachuu fi turuuf Isatti hajamu. Haajaa xiqqaa fi guddaaf, wantoota isaan barbaachisan hundaaf Rabbitti hajamu.*¹¹ Kuni akka Isa gabbaranii fi Isaaf of gadi qaban isaan taasisa.

¹⁰ Ash-Shirku fiil qadiimi wal hadiisi-fuula 54, Abu Bakr Muhammad Zakariya

¹¹ Walillahi asmaa’ul Husnaa fud’uuhu bihaa- AbdulAziz bin Naasir Jaliil,

Kanaafu, Rabbiin dureessa wayittu hin hajamne, waan hundaa kan beeku, uumuu, jiraachisu, waan hundaa irratti dandeetti kan qabuu fi sifaata gugguutuu biroon kan ibsamu Isa qofa erga ta'e, Gabbaramaan haqaa Isa qofa jechuudha. Wantoonni Isaan ala jiran immoo hiyyeeyi waan ta'aniif Isatti hajamu. Kanaafu, isaan gabroota Isaati. Amaloota (sifaata) guutuu waan hin qabneef gooftaa gabbaramu ta'uun hin danda'an. Kana siritti itti xinxalli!!! *Gooftaa haqaan gabbaramu fi gooftaa sobaan gabbaramu kan addaan baasu sifaata guutuu qabaachu fi dhiisudha.* Gooftaan haqaan gabbaramu sifaata gugguutu qaba. Rabbii gaditti wantoonni namoonni gooftaa jedhani gabbaran (waaqefatan) immoo sifaata (amaloota) guutuu waan hin qabneef sobaan kan gabbaraman(waaqefatamanii) dha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿ذَلِكَ بِأَنَّ اللَّهَ هُوَ الْحُقُّ وَأَنَّ مَا يَدْعُونَ مِنْ دُونِهِ هُوَ الْبَطِلُ وَأَنَّ اللَّهَ هُوَ أَعْلَى الْكَبِيرُ﴾

"Suni waan Rabbiin [Gabbaramaa] haqaa ta'ee fi wantoonni isaan Isaa gaditti gabbaran soba (baaxila) waan ta'eefi, Ammas Rabbiin Isatu olta'aa, Guddaa ta'eefi." Suuratu Al-Hajj 22:62

Aayah tana dura Rabbiin halkan guyyaa keessa, guyyaas halkan keessa akka seensisu dubbata. Naannawa addunyaa garagaraatti bonaa fi ganna dheerinni guyyaa fi halkanii garagara. Yeroo bonaa guyyaa dheerrassa, yeroo gannaam immoo halkan dheeressa. Haala kanaan halkanii fi guyyaa wal keessa seensisa. Imaamu Ibnu Jariir Xabari aayah armaan olii haala kanaan ibsa: Rabbiin olta'aan ni jedha: " **Suni** " kana jechuun, hojjin Ani hojjadhe kuni- halkan guyyaa keessa seensisu, guyyaas halkan keessa seensisun-[kan raawwatame] sababa Ani Haqa fakkaataan, shariikni fi dorgomaan Naaf hin jirre ta'eefi. Wanti mushrikoonni kunniin Rabbii gaditti gabbaramaa (ilaah) godhachuun kadhatanii fi gabbaran, baaxila (soba) homaa hojjachuu hin dandeenyedha. Rabbiin olta'aan warroota Isaa gaditti gabbaraniin akkana jedha: "Yaa warra beekumsa hin qabne! Fayyaduu fi miidhun harka Isaa kan jiru, wanta hundaa irratti Danda'aa gabbaruu dhiistanii wanta sobaa gabbarrin isaa isin hin fayyanne gabbartanii? **"Rabbitin Isatu olta'aa"** - Ol'aantummaan kan Isaati. Inni wantoota hundaa oli, wantoonni hundi Isaa gadi. **"Guddaa"** Inni wantoota hunda caalaa Guddaadha, wanti Isa caalaa guddaa ta'e hin jiru." Tafsiiru Xabari 16/622

Haqa jechuun yeroo hundaa turaa gonkumaa kan hin banneedha. Rabbiin gabbaramaa haqaati. Sababni isaas, Inni haqa waan ta'eef yeroo hundaa turaa fi jiraataa gonkumaa hin duunee fi hin banneedha. Wantoonni Isaa gaditti gabbaraman kanneen akka sanamaa, taabota fi uumamtoota biroo waan badaniif ibaadan (gabbarrin) isaaniif godhamu baaxila (soba). Baaxila jechuun hundee kan qabnee, hin turree fi kan baduudha. Wanti kaafironni gabbaran wanta baduudha. Ibaadan isaaniis hojii baduudha. Kanaafu, hojiin isaanii hundi baaxila (soba).

﴿وَقُلْ جَاءَ الْحُقْقَ وَزَهَقَ الْبَطِلُ إِنَّ الْبَطِلَ كَانَ رَهْوًا﴾

“Jedhi, ‘Haqni dhufe, baaxilli dhabame. Dhugumatti baaxilli dhabamaa ta’era.” Suuratu Al-Israa 17:81

Allahu Akbar!!!

C.Ibsa Aayatoota (keeyyattoota) Qur'aanaa muraasa maqaa kana of keessaa qabanii

Ibsa Aayatul Kursiyyi

﴿اللهُ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ الْحَيُّ الْقَيُّومُ لَا تَأْخُذُهُ سِنَةٌ وَلَا نَوْمٌ لَهُ وَمَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ مَنْ ذَا الَّذِي يَشْفَعُ عِنْدَهُ إِلَّا بِإِذْنِهِ يَعْلَمُ مَا بَيْنَ أَيْدِيهِمْ وَمَا خَلْفَهُمْ وَلَا يُحِيطُونَ بِشَيْءٍ مِنْ عِلْمِهِ إِلَّا بِمَا شَاءَ وَسَعَ كُرْسِيُّهُ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضَ وَلَا يَئُودُهُ حِفْظُهُمَا وَهُوَ عَلَىٰ الْعَظِيمِ﴾

“Allaah, Isa malee haqaan gabbaramaan hin jiru, [Inni] al-Hayyul-Qayyuum. Mugaatinis ta’e hirribni Isa hin qabu. Wantoonni samiiwan keessa jiranii fi wantoonni dachii keessa jiran kan Isaati. Hayyama Isaatin ala Isa biratti kan shafa'aa ta'u eenyumaa? Waan fuundura isaaniitii fi waan duuba isaanii ni beeka. Beekumsa Isaa irraas waan Inni fedhe malee hin marsan. Kursiin Isaa samiiwwanii fi dachii irra bal’ateera. Isaan lamaan tiksun Isa hin dadhabsiisu. Innis Olta’aa Guddaadha.” Suuratu Al-Baqarah 2:255

Aayan tuni aayah guddoo maqaalee fi sifaata Rabbal aalamiina of keessatti qabatheedha. Sadarkaa guddaa Aayan tuni qabdu hadiisota keessatti dhufee jira.

Hadiisota sanniin asitti dhiyeessun barreefama waan dheeressuuf gara tafsiira (ibsa) aayatti haa seennu. Aayan tuni dhimmoota kudhan of keessaa qabdi.

“Allaah, Isa malee haqaan gabbaramaan hin jiru”

Aayah tana Allah jechuun jalqaba. Ergasii sifaata (amaloota) fi maqaalee ofii tarreessun Of ibsa. Akka waan gaafi “Sifaanni (amaloonni) Allaah maalidhaa?” jedhuuf deebii quubsaa ta’eeti. Sifaata Isaa baruu yoo barbaadan kunoo kana: **Isa malee haqaan gabbaramaan hin jiru**. Kana jechuun garmalee jaallachuu fi ol-guddisuu kan gabbaran Isa malee hin jiru.¹² **Gabbaru** jechuun wanta tokko garmalee jaallachuu, ol-guddisuu fi wanta saniif of gadi qabuudha. Ammas, hiikni biraan ‘**Gabbaruu**’: Jaalala fi of gadi qabuun, sodaa fi kajeellaan wanta Goofaan itti ajaje hojjachuun fi wanta Inni dhoowwe dhiisudha. Gabbaruun (ibaadan) kuni Rabbiif malee eenyufillee hin ta’u. Garmalee jaallachuun, of gadi qabuu fi xiqqeessun, garmalee ol-guddisuu, sodaachuun, irratti hirkachuun, waan hundaa irraa kajeelu fi kadhachuu Rabbii Tokkichaaf malee hin ta’u. Qur'aana keessatti:

﴿وَعَلَى اللَّهِ فَتَوَكُّلُوا إِنْ كُنْتُمْ مُّؤْمِنِينَ﴾

“Yoo mu’mintoota (warra dhugaan amantan) taatan Rabbiin qofarratti hirkadhaa.” (Suuratu Al-Maa’idah 5:23)

﴿فَلَا تَخْشُوْا النَّاسَ وَأَخْشُوْنِ وَلَا تَشْتَرُوا بِغَایٰتِي ثَمَنًا قَلِيلًا﴾

“Namoota hin sodaatinaa, Ana sodaadhaa. Aayata (keeyyatoota) Kiyyas gatii xiqaan hin gurguratinaa” (Suuratu Maa’ida 5:44)

Kanneen armaan olii ibaada (gabbarii) qalbiiti. Kana jechuun jaalalli, sodaan, kajeellan, gadi of xiqqeessu, ol-guddisuu fi kkf hojji qalbiiti. Kunniin ibaadaf hundeedha. Ibaadan biroo immoo ibaada arrabaa, qaama fi qabeenyaati. Ibaadan qaama kanneen akka salaata, sooma, fi kkf. Ibaadan qabeenya immoo kanneen akka sadaqaa, zakaa, qalma (wareega). Ibaadan qaama fi qabeenya of keessatti qabate immoo kanneen akka Hajjii, Jihaada fi kkf. Kunniin hundi Rabbiif malee eenyufillee hin ta’u.

“Inni al-Hayyul-Qayyuum” Al-Hayy jechuun "Jiraataa" jechuudha. Rabbiin yeroo hundaa Jiraataa gonkumaa hin duunedha. Jecha al-Qayyuum jedhu ibsa mufasiroonni kennan bakka lama jalatti guduunfuun ni danda’ama:

1ffaa- Al-Qayyuum jechuun Ofiin dhaabbataa fi Of-Danda’aa homattu hin

¹² [Tafsiiru Qur'aanil Kariim](#)-Faatiha wa Baqarah-3/251 ibn Usyemiin

hajamne.¹³

2ffaa- Al-Qayyuum jechuun uumamtoota hundaa Kan dhaabe. Kana jechuun uumamtoota hundaa kan argamsisee, dhaabu, jiraachisu fi eegu Rabbiidha. Uumamtooni hundi Isatti hajamu. Isa malee gonkumaa of danda'ani dhaabbachuu fi jiraachu hin danda'an.¹⁴ Argamsiisu irraa jalqabee hanga badanitti kan dhaabu, jiraachisuu fi eegu Rabbiidha. Dachii fi samii Kan dhaabe Isa. Ni jedha:

وَمِنْ عَائِتِهِ أَنْ تَقُومَ السَّمَاوَاتُ وَالْأَرْضُ بِأَمْرِهِ ثُمَّ إِذَا دَعَاكُمْ دَعْوَةً
مِنَ الْأَرْضِ إِذَا أَنْتُمْ تَخْرُجُونَ ﴿٢٠﴾

“Mallattoolee Isaa irraa samii fi dachiin ajaja Isaatiin dhaabbachuudha. Ergasii yeroo Inni waamicha tokko isin waame dachii keessaa yeroma san isin ol baatu.” Suuratu Ar-Ruum 30:25

Samii fi dachii osoo Inni dhaabu fi eegu baate silaa samiin dachii irratti kufuun, dachiinis kirkiruun baduu turan. Wanti Isaan lamaan keessa jiranis ni badu. Kanaafu, samii, dachii fi wantoota isaan keessa jiran kan dhaabu, jiraachisuu fi eegu Rabbii Tokkicha. Kanaafi itti aanse ni jedha: **“Mugaatinis ta'e hirribni Isa hin qabu.”** Mugaati fi hirribni amala dhaabu, eegu fi jiraachisu hir'isa. Namni yoo muggee fi rafe waan tokko hojjachuu fi eegu hin danda'u. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa osoo muggee fi rafee silaa samiin, dachii fi wantoonni isaan keessa jiran hundi ni badu turan. Sababni isaas, Kan isaan dhaabu, eegu fi qabu Isa.

Ilmaan Israa'el Nabii Muusaan (aleyh salaam) akkana jedhan: Yaa Muusaa! Sila Gooftaan kee ni rafaa? Innis ni jedhe, “Rabbitin sodaadhaa.” Ergasii Gooftaan isaa akkana jechuun isa waame: “Yaa Muusaa! Rabbitin kee ni rafaa jechuun si gaafatan. Qaruuraa (birciqoo) lama harka kee lamaan irratti qabachuun halkan dhaabbadhu.” Muusaanis kana ni godhe. Yommuu tokko sadaffaan halkanii darbuu Nabii Muusaan ni muge, ni jilbifates. Ergasi dammaqee birciqoo lamaan sirreesse. Yommuu halkan xumuraa irra gahu, Nabii Muusaan muguun birciqoon lamaan harkaa kufanii caccaban. Rabbinis ni jedheen, “Yaa Muusaa! Osoo Ani kan rafu ta'e, akkuma

¹³ Madda olii-fuula 251

¹⁴ [Fataawa Ibn Baaz](#)

birciqoon lamaan harka kee irraa [kufuun caccabanii] badan silaa samii fi dachiinis kufuun baduu turan.”¹⁵

“Wantoonni samiiwwan keessa jiranii fi wantoonni dachii keessa jiran hundi kan Isaati.” Wantoonni samii torban keessa jiranii fi wantoonni dachii keessa jiran hundi kan Isaati. Sababni isaas, dhabama irraa isaan kan argamsiise Isa waan ta’eef. Namoonni, Malaykonni fi Jinnooni gabroota Isaati. Qananiin namoonni qaban hundi kan Isaati. Ni jedha:

﴿وَمَا بِكُمْ مِنْ نِعْمَةٍ فَمِنْ أَلَّهِ ثُمَّ إِذَا مَسَكُمُ الظُّرُفُرَ فَإِلَيْهِ تَجْرُونَ﴾

“Qananii (ni’imaa) irraa wanti isin bira jiru Rabbuma irraayi. Ergasii yeroo miidhaan isin tuqe garuma Isaatti warwaattu.” Suuratu Nahl 16:53

Kana jechuun qananiin keessaa fi alaa kanneen akka fayyaa, beekumsaa, iiamaanaa, qabeenyaa, ijoolee fi kfk isin qabdan hundi kan Rabbiin isiniif kenneedha.

Dhibeen,hiyyummaa fi rakkoleen biroo yoo isin tuqan garmalee Rabbiin kadhattu.

Wantoonni hundi kan Isaa erga ta’anii, Rabbiin wanta fedhee hojjachuu fi murteessu danda’a. Namni kana yoo beeke, qananiin inni harkaa qabu kan Rabbii akka ta’e beekun wanta Isa dallansiisu ittiin hojjachuu irraa of eega. Wanta Isa gammachiisu qofa ittiin hojjata. Qabeenyi kiyya jechuun akkuma arge hin qisaasesu, ittiin of hin tuulu. Ammas, namni gabricha Rabbii akka ta’e yoo beeke, wanta Inni irratti murteesse gammachuu fi obsaan fudhata. Kanaafi, yommuu Nabiyyiin (SAW) intala isaanii daa’imni jalaa du’eeftaaziya godhan akkana jedhan: **“Dhugumatti, wanti Rabbiin fudhate kan Isaati, wanti Inni kenes kan Isaati, wanti hundi Isa biratti yeroo murtaa’ a qaba. Kanaafu, haa obsitu, ajriis haa abdattu.”** [Sahih Al-Bukhaari 1284](#)

“Hayyama Isaatin ala Isa biratti kan shafa’aa ta’u eenyumaa?” Shafa’aa jechuun wanta faayda qabuu fiduu fi wanta miidhaa qabu deebisuuf nama tokkoof jiddu-gala (**jaarsummaa**) ta’uudha. Jecha biraatin, “Yaa ebalu nama kanaaf kana godhi, yookiin hin adabin” jechuun abbaa aangoo fi sadarkaa qabu kadhachuudha. Guyyaa Qiyaama namoota dirree wal-gahii irra dhaabbataniif shafa’aan nabiyyii (SAW) Rabbiin akka isaan jidduutti murteessu Isa kadhachuudha. Kuni shafa’aa miidhaa deebisuufi godhamuudha. Ammas, warroonni Jannataa akka Jannata

¹⁵ Tafsiiru Ibn Kasiir 2/247

seenaniif Nabiyyiin (SAW) shafa'aa ta'uu. Kuni shafa'aa waan faayda qabu fiduuf godhamuudha.¹⁶

Guyyaa Qiyaamaa eenyullee shafa'aaf (jaarsummaaf) gara fuunduraatti bahuu hin danda'u hayyama Rabbiit malee. Guddinna sadarkaa fi Aangoo Isaatirraa kan ka'e eenyullee hayyama Isaatin ala shafa'aa ta'uu hin danda'a. Akkuma aangoon (sulxaanni) guddaa ta'uun Mootiin ni sodaatama. Eenyullee isa dursee hayyama isaa malee dubbachuu hin danda'u. Rabbiin (subhaanahu wa ta'alaa) aangoon Isaa guutuu waan ta'eef Isa sodaachuu irraa kan ka'e eenyullee hayyama Isaa malee dursee dubbachuu hin danda'u.

Guyyaa Qiyaamaa hayyamni shafa'aa sharxii qaba. Innis: Nama shafa'aa ta'uu fi shafa'aan godhamuuf irraa dubbii fi hojii isaa Rabbiin jaallachuu. Ragaan kanaa:

﴿وَكُم مِّنْ مَلَكٍ فِي السَّمَاوَاتِ لَا تُغْنِي شَفَاعَتُهُمْ شَيْئًا إِلَّا مِنْ بَعْدِ أَنْ يَأْذَنَ اللَّهُ لِمَنْ يَشَاءُ وَيَرْضَى﴾^{٢٦}

“Malaykoota meeqatu samiwwan keessa jiraa kan shafa'aan (jaarsummaan) isaanii homaa hin fayyanne nama Rabbiin fedhee fi jaallateef erga hayyamee booda malee.” Suuratu An-Najm 53:26

Bakka biraatti, “[Malaykoonni] nama Inni jaallateef malee shafa'aa hin ta'an.” (Suuratu Al-Anbiyah 28)

Shafa'aan nama Rabbiin subhaanahu wa ta'aala dubbii fi hojii isaa jaallateef malee hin ta'u. Dubbii fi hojii isaa kan jaallatu immoo nama iimaana fi tawhiida qabuudha.

Namoonni shirkii hojjatan dubbii fi hojiin isaanii badaa waan ta'eef shafa'aan isaaniif hin jiru. Qur'aana keessatti, “**Shafa'aan warra shafa'aa ta'anii isaan hin fayyaddu.**” (Muddasir 74:48) (Ibidda erga seenanii booda namni shafa'aa (jaarsummaa) isaaniif ta'ee ibidda keessaa isaan baasu hin jiru.)

“Waan fuundura isaaniitii fi waan duuba isaanii ni beeka.” Kana jechuun Rabbiin haala gabroota Isaa hunda kan beekudha. Wanti dhokatu tokkollee Isarraa hin dhokatu. **“Waan fuundura isaaniitii”** jechuun wanta gara fuunduraatti dhufu,

¹⁶ Tafsiiru Qur'aanil kariim-Ibn Useymiin 252

“waan duuba isaanii” jechuun wanta darbe. Rabbiin wanta darbe, ammaa fi gara fuunduraatti dhufu hunda beeka. Wanti beekumsa Isaa jalaa miliqoo fi dhokatu tokkollee hin jiru. Namni kana yoo beeke dhoksaa fi ifatti badii fi wanta fokkuu hojjachuu irraa of eega. Sababni isaas, wanta inni hojjatu Rabbiin waan beekuf isa qaba. **“Rabbiin wanta nafsee teessan keessa jiru akka beeku beekaa, kanaafu Isa sodaadhaa.”** (Suuratu Al-Baqara 2:235)

“Beekumsa Isaa irraas waan Inni fedhe malee hin marsan.” Kuni hiika lama qaba: 1ffaa- Waa’ee maqaalee, sifaata fi hojiwwan Rabbii ilaachise wanta Inni fedhee isaan barsiise malee uumamtoonni beeku hin danda’an. Yoo Inni isaan barsiise ni beeku. 2ffaa- uumamtoonni wanta Rabbiin fedhe malee wanta beekkamu guutuu beeku hin danda’an. Wanta Rabbiin isaan barsiisee fi akka beekan haala isaaniif laaffise qofa beeku.¹⁷ Qur'aana keessatti,

﴿عَلَمَ الْإِنْسَنَ مَا لَمْ يَعْلَمْ﴾

“Nama waan inni hin beekne barsiise” Suuratu Al-Alaqa 96:5

Namoonni wanta Rabbiin subhaanahu wa ta’ala isaan barsiise malee beeku hin danda’an. Yeroo teknolojii kanatti dhugaan kuni daran ifa baha. Yeroo durii namoonni teknolojii ammayyaa kanarra gahuu maaliif dadhabanii? Sababni kanaa, hanga Rabbiin subhaanahu wa ta’ala fedhutti waa beeku hin danda’an. Namoonni yeroo ammaas hanga fedhan beekumsa qabna haa jedhan. Beekumsi isaan irraa dhokfamee galaana guddaa caala. Wanti isaan beekan akka copha bishaaniti. Qur'aana keessatti, **“Beekumsa irraa waan xiqqoo malee isiniif hin kennamne.”** (Suuratu Al-Israa 17:85) (Wanti asirraa baratamu, namni, "Ani beekumsa qaba" jedhee of tuulu hin qabu. Wanti inni wallaale wanta inni beeke caala.)

“Kursiin Isaa samii fi dachii irra bal’ateera.” Kursiin uumama guddaa samii olii fi Arshii gadi jiruudha.¹⁸ Arshiiin uumama garmalee guddaa fi garmalee bal’aa samii torbanii ol jiruudha. Arshiiin xaaraa uumamtootati (Saqaful makhluuqaati).

“Isaan lamaan tiiksun Isa hin dadhabsiisu.” Kana jechuun samii fi dachii eegun homaa Isarratti hin ulfaatu. Kuni kan agarsiisu Dandeettin Rabbii guutuu ta’uudha.

¹⁷ Madda olii 254, Bidaa'u Tafsiir 1/190-Ibn Al-Qayyim

¹⁸ Zaadul Masiir-fuula 156,Ibn Al-Jawzi, Islamway.net

Samii garmalee bal'attu tana, dachii fi wantoota isaan keessa jiran hunda eeguun Dandeetti fi Beekumsi Isaa guutuu akka ta'e agarsiisa.

"Innis Olta'aa Guddaadha." Rabbiin waan hundaa ol kan olta'eedha. Sifaanni Isaa sifaataa ol'aanoo fi guutuu ta'aniidha. Dandeettiin, injifannoo fi aangoon hundaa olii. Ol'aantummaan kan Isaati. Zaatanis Inni hundaa oli. Arshii ol olta'iinsa Isaaf malu olta'e; uumamtoonni hundi Isaa gadii. **"Guddaa"** Inni wantoota hunda caalaa Guddaadha, wanti Isa caalaa guddaa ta'e hin jiru.¹⁹ Faaydan namni kana beekun argatu maaliidhaa? Namni kana yoo beeke, namoota irratti daangaa darbuu fi of tuulu irraa of eega. Kanaafi, suuratu An-Nisaa keessatti Rabbiin subhaanahuakkana jedhe: **"Yoo isaan (nitiwwan keessan) isiniif ajajaman isaan irratti karaa hin barbaadinaa. Dhugumatti Rabbiin Olta'aa Guddaadha."** Suuratu An-Nisaa 4:34

Nafsee tee keessatti ol'aantummaan yoo sitti dhagahame, ol'aantummaa Rabbii (Azza wa Jalla) yaadadhu. Nafsee tee keessatti guddaa yoo taatee, guddinna Rabbii yaadadhu.²⁰

Guduunfaa

¶ **Gabbaramaa** jechuun kan garmalee jaallatamu, kabajamu, olguddifamu, kan isaaf of gadi xiqqeessanii fi of gadi qaban, sagadaniif, sodaatan, waan hundaa irraa kajeelan, kadhatanii fi irratti hirkataniidha.

¶ Rabbiin malee haqaan gabbaramaan hin jiru. *Sababni isaas, Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa sifaataa guutuu qaba. Wantoonni Isaan ala jiran immoo sifaata guutuu hin qaban.* fkn, Inni yeroo hundaa jiraatadha, waan hundaa kan dhaabu, eegu fi jiraachisuudha (Al-Hayyul Qayyuum). Garuu wantoonni Isaan ala jiran yeroo hundaa kan jiraatanii miti. Jireenyi isaanii dhabamaan kan durfamte fi baduunis kan qunnamuudha. Kana jechuun duraan kan hin jirre turan ergasii ni argaman. Yeroo muraasan booda ni baduu ykn ni du'u. Ammas, wantoota hundaa eegu fi jiraachisu hin danda'an. Kanaafu, wanti du'uu fi wantoota hundaa eegu fi jiraachisu hin dandeenye akkamitti gooftaa gabbaramu (waaqefatamuu) ta'aa?

¶ Ammas, Rabbiin subhaanahu wa ta'aala hin mugu, hin rafu. Kuni jireenyi Isaa guutuu akka ta'ee agarsiisa. Uumamtoonni garuu takkaa kan muganii fi rafan takkaa immoo jirenya ykn lubbuu kan hin qabneedha.

¶ Rabbiin wanta darbe, ammaa fi gara fuunduraatti dhufu hunda beeka. Wanta namoonni hojjatanii fi dubbatan hunda takka takkaan beeka. Garuu uumamtoonni waa hunda beeku hin danda'an. Kanaafu, namni akkamitti Rabbii haala fi rakkoo

¹⁹ [Fatawa Ibn Baaz](#)

²⁰ Tafsiiru Qur'aanil Kariim-Ibn Useymiin 263

isaa hunda beeku dhiisee uumama (makhluuqa) dadhabaa waa'ee isaa hin beekne kadhataa ykn gabbaraa?

Ar-Rabb

Namni jirenya keessatti gammachuu fi milkaa' inna argachuuf wantoota sadii beeku qaba: **1ffaa-**wanta gammachuu fi milkaa' inna isaaf argamsiisu beeku. **2ffaa-**Karaa wanta sanitti nama geessu beeku, **3ffaa-**Karaa kana keessa deemudha.²¹ Wanti hundarra guddaan gammachuu fi milkaa' inna argamsiisu Rabbiin (subhaanahu wa ta'aalaa) beekuu fi itti amanuudha. Karaan Isatti nama geessu immoo Ibaadadha. Waa'ee ibaadaa beekanii fi karaa kanarra deemun dhugumatti gammachuu fi milkaa' inna addaan hin cinnetti nama geessa. Kanaafi, Qur'aana keesssatti, Rabbiin ni jedha "**Ana gabbaraa, kanatu karaa qajeeladha.**" (36:61). Isa qofa gabbaruun karaa qajeelaa Rabbitti nama geessudha. Ergasii gahuumsa isaanii yoo gahan, gammachuu fi milkaa' inna argatan ni hima: "**Namni Rabbitti amanee fi hojji gaggaarii hojjate, [Rabbit] hamtuwwan isaa isarrraa harcaasee Jannata jala ishii laggeen yaa'an isa seensisa; isaan abadii achi keessa jiraatu. Suni Milkaa' inna Guddaadha.**" (64:9)

Rabbitti amanuu fi hojji gaggaarii hojjachuuf tarkaanfin jalqaba namni fudhatu qabuu, Rabbii ofii beekudha. Karaan Rabbii ofii itti beekan maqaalee fi sifaata Isaa qo'achuudha.

A.Hiika "Ar-Rabb (Gooftaa)"

Jechi Rabb jedhu galmeed afaanii keessatti hiika baay'ee qaba. Garuu yeroo sirritti qoratame hiikni **Ar-Rabb (Gooftaa)** jedhu hundee sadiitti deebi'a. Hiikoni biroo hiikota sadan kanniin jalatti ramadamu danda'u.

1ffaa- Jechi **Rabb** jedhu hiika Maalik jedhu qaba. **Maalik** jechuun wanta tokko qabaachu, abbaa itti ta'uu fi too'achudha. "Fulaanu Rabbud-daari" yommuu jedhamu, "ebalu abbaa manaati" jechuu isaati. Haaluma kanaan Rabbu daabbati-jechuun abbaa beelladaa. Namni waa qabu hundi wanta saniif rabb ta'a. Kana jechuun mirga abbummaa irratti qabaata. Wanti suni kan isaa ta'a. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa wantoota hundaa waan uumef **Rabb (Gooftaa)** wantoota hundaati. Wantoonni uumaman hundi kan Isaati.

2ffaa- Jechi **Rabb** jedhu hiika Bulchaa ajaja isaatiiif bulan (As-Sayyidul Muxaa'a) qaba-

Hayyuu lugaa Arabiffaa ibn Munzir ni jedha: Rabbeytul qawma (ummata bulche)-kana jechuun ani isaanii ol ta'e. Ni jedhama: Rabba fulaan qawmahu- ebalu ummata isaa bulche, isaaf kan masakaman (ajajaman) taasise.

3ffaa- Jechi **Rabb** jedhu hiika "waa kan fooyyessu, qindeessu, guddinnaa fi

²¹ Risaalatu Ibni Al-Qayyim ilaa ahadi ikhwaanihi-fuula 28

kunuunsa isaatiif kan dhaabbatu” qaba. Inumaa, beektonni gariin jechi rabb jedhu jecha tarbiyah jedhu irraa kan dhufeedha jedhu. Sababni isaas Rabbiin subhaanahu haala uumamtootaa kan sirreessu, qindeessu, isaan guddisuu fi kunuunsudha. Tarbiyah jechuun guddisuu, kunuunsu, barsiisuu fi wanta guddinnaf barbaachisu biroo dhiyeessudha.²²

Wanta armaan oliitti kaasne Ibn Jariir Xabari (rahimahullahu) akkana jechuun guduunfa: “Haasawa Arabaa keessatti **Ar-Rabb** hiika baay’ee qaba. Sayyid (bulchaan) isaan keessatti ajaja isaatiif bulan “Rabb” jedhama. Namni wanta tokko fooyyessuu fi tolchu, “Rabb” jedhama. Namni wanta tokko qabu, “Rabbahu” jedhama. Kanaan alatti hiika biraatiifis itti fayyadaman. Garuu hiika sadan kanniin jalatti deebi’u. Rabbiin keenya faarun Isaa olta’e, Sayyidi (Bulchaa) fakkaataa homaatu hin qabnee fi bulchiinsa Isaa keessattis fakkaataan homaatu kan Isaaf hin jirreedha. Qananii isaan irratti dhangalaasun dhimma uumamtoota Isaa Kan fooyyessuudha. Inni Maalika uumuu fi ajajuun kan Isaa ta’eedha.”²³

Ammas, Ibn Al-Qayyim ni jedha: “Ar-Rabb bulchaa, Maalika (Qabaataa), uumamtoota Kan qananiisu, Kan guddisuu fi Kunuunsu, Kan fooyyessudha. Haala hunda kana keessatti Allaah “Ar-Rabb”(Gooftaa) dha.

Asitti wanti hubatamuu qabu: Maxxansuun alif fi laam jecha Rabb jedhu irratti yoo maxxanan, maqaan kuni Rabbiif malee eenyufillee hin ta’u. Maxxansuun الْ (al) jettuu jecha, “رَبْ” (rabb) jedhu irratti yoo maxxanfamte, “الرَّبُّ” ta’a. Qubeen raa fi laam qubeeawan shamsiyya keessaa waan ta’aniif yommuu dubbisnu “Ar-Rabb” jenna. Ar-Rabb hiika “Gooftaa wantoota hundaa” waan qabuuf, kuni Rabbiif malee homaafu hin ta’u.²⁴

Hiika Ar-Rabb ilaachisee Abdurahmaan Sa’dii ni jedha: Ar-Rabb (Gooftaan) uumamtoota hundaa qananii Isaatiin kan guddisuu fi kunuunsu, kan argamsiisee fi wanta guutummaa isaaniitif maluuf kan qopheesse, wanta isaan barbaadan kan isaaniif dhiyeesse, wanta hundaa uumama (boca) isaaf maluu kan kenneef, ergasii uumama hundaa gara wanta uumameefitti kan qajeelchudha. Gabroota Isaa irratti qananii dhangalaasa. Isaan ni guddisa, ni soora, guddinnaa fi kunuunsa guutuun isaan guddisa, kunuunsa.

²² [Ash-Shirku fiil qadiimi wal hadiisi](#)-fuula 56, Abu Bakr Muhammad Zakariya

²³ Fiqhu Asmaa’il Husnaa-79, Tafsiira Xabarii-1/142-143

²⁴ [Ash-Shirku fiil qadiimi wal hadiisi](#)-fuula 59, Abu Bakr Muhammad Zakariya

Tarbiyyaa fi Gooftummaan Isaa gosa lama:

1ffaa-Gooftummaa waligalaa uumama gaariis ta'i badaa, mu'minas ta'i kaafira hundaaf ta'eedha- Kuni uumuu, rizqii (soorata) isaaniif kennu, haala isaanii qindeessuu, sirreessu fi too'achuu, qananii hundaan isaan qananiisudha. Kana keessatti Isa waliin qooda kan fudhatu (shariikni) hin jiru. (Kan wanta hundaa uumuu, razzaqu, too'atu fi waa hundaa qananiisu Rabbiin malee hin jiru.)

﴿يَسْأَلُهُ وَمَنِ فِي السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ كُلَّ يَوْمٍ هُوَ فِي شَأنٍ ﴾ ٦٩
﴿رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴾ ٧٠

“Kan samiiwanii fi dachii keessa jiru hundi Isa kadhata. Guyyaa hundaa Inni hojiitti jira. Tola Gooftaa keessanii keessaa kamiin kijibsiiftuu?” Suuratu Ar-Rahmaan 55:29-30

(“Guyyaa hundaa Inni hojiitti jira.” garii ni duroomsa garii immoo ni hiyyoomsa, garii ni jiraachisa garii immoo ni ajjeesa, garii sadarkaa isaanii olkaasa garii immoo gadi buusa, dhibama ni fayyisa, rakkataa rakkoodhaa baasa, fi hojiwwan biroo ni hojjata. Inni wanta barbaadu hunda Kan hojjatuudha. Hojiwwan hanga fedhan haa baay'atan gonkumaa Isa hin ko'oomsan (bijzi hin godhan).)

2ffaa-Tarbiyat Khaassatu (Guddinnaa fi kunuunsa addaa ta'ee)- kuni guddinna, barsiisaa fi kunuunsa warroota Isatti amananii fi Isa sodaataniif godhuudha. Inni warroota amananii fi Isa sodaatan ni guddisa, ni barsiisa, ni kunuunsa, Isatti akka amananii fi hojii gaggaarii akka hojjatan isaan waffaqa (milkeessa). Dukkana wallaalummaa, badii fi kan biroo keessaa gara ifa beekumsaa fi iimaanatti isaan baasa, rakkina keessaa gara laaffinnaatti isaan ceesisa, kheeyri hunda isaaniif laaffisa, sharrii hundarraa isaan eega. Kanaafi, du'aayin nabiyyoota, warroota sammuu qabanii fi qulqulluu ta'anii Qur'aana keessatti dhufan maqaa “Rabb” jedhuun jalqabu. (Wanta barbaadamu armaan olii sammuu keessatti galchuun, “Yaa Rabb, Rabbi, Rabbanaa” jechuun kadhatu. Guddinnaa fi kunuunsa addaa kana barbaadun maqaa kanaan Isa kadhatu.)²⁵

Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa Inni Gooftaa namootaa akka ta'ee nutti beeksiise jira:

﴿قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ الْتَّابِعِ﴾

“Jedhi, “Gooftaa namootaattiin maganfadha.” Suuratu An-Naas 114:1

²⁵ [Fathu Rahiimil Maliikil Allaam](#)-fuula 64, Fiqhu Asmaa'ul Husnaa fuula 80-81

Gooftaa namootaa ta'uun wantoota kanniin of keessatti qabata: Isaan uumuu, isaan too'achuu, isaan guddisuu fi kunuunsu, isaan fooyyessuu, wanta isaan fayyaduu fi isaan itti hajaman isaaniif fidu, sharri isaan irraa ittisu, wanta isaan balleessu irraa isaan eegu. Kuni hiika Gooftaa namootaa ta'uuti. Kuni Dandeetti Isaa guutuu, rahmata Isaa bal'aa, tola Isaa, haala isaanii tokkoon tokkoon beeku, kadhaa isaaniitiif deebii kenu fi rakkinnisaan irraa oofu of keessatti hammata.”²⁶

Kanaafu, Rabbiin Gooftaa namootaati yommuu jennu “Kan isaan uume, too'atu, guddisuu fi kunuunsu, isaan fooyyesuu, qananiisu, wanta isaan barbaadan hunda isaaniif fidu fi wanta isaan miidhu hunda isaan irraa deebisuu Rabbiidha.” jechuu keenya.

B.Sifaata Maqaan kuni of keessatti qabate

Sifaanni (amalooni) maqaan Ar-Rabb (Gooftaan) of keessatti qabate: uumuu, argamsiisu, too'achuu fi hojiwwan [biroo hojjachuu]dha.²⁷ Gooftaan waan hundaa uumu, dhabama irraa argamsiisu, too'atu, qananiisu, ajjeesu fi yeroo fedhetti kaasu Allaah dha.

C.Ibsa Aayaata (keeyyattoota) Qur'aanaa muraasa maqaa kana of keessaa qabanii

﴿يَا أَيُّهَا النَّاسُ أَعْبُدُوا رَبَّكُمُ الَّذِي خَلَقَكُمْ وَالَّذِينَ مِنْ قَبْلِكُمْ لَعَلَّكُمْ تَتَّقُونَ ⑪ الَّذِي جَعَلَ لَكُمُ الْأَرْضَ فِرَاشًا وَالسَّمَاءَ بِنَاءً وَأَنْزَلَ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً فَأَخْرَجَ بِهِ مِنَ الشَّمَرَاتِ رِزْقًا لَكُمْ فَلَا تَجْعَلُوا لِلَّهِ أَنْدَادًا وَأَنْتُمْ تَعْلَمُونَ ⑫﴾

“Yaa namoota! Akka mutaqqoota (warroota Rabbiin sodaatan) taataniif Gooftaa keessan Kan isinii fi warroota isiniin duraa uume gabbaraa. [Rabbitiin] Kan dachii afaa, samii immoo ijaarsa gubbaa (xaaraa) isiniif taasissee fi samii irraa bishaan buusee ergasii isaan (bishaan kanaan) soorata akka isiniif ta'u samaraata (fuduraaf kuduraa, midhaan) baasedha. Kanaafu, osoo beektanuu Rabbitiif shariikota hin godhinaa.” Suuratu Al-Baqarah 2:21-22

Kuni ragaa cimaa Gooftummaa fi Uluhiyyah Rabbii itti mirkaneessuuf dhiyaatedha. Aayaanni (keeyyattoonni) kunniin haala hundarra bareedaa ta'een hundeeawan

²⁶ Sharih Ibn Al-Qayyim li Asmaa'il Husna-fuula 43-44, Umar Ashqaar

²⁷ Mada olii

amantii mirkanneessanii jiru. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa, “**Yaa Namoota!**” jechuun jalqabe. Kuni ilmaan Aadam hunda kan dubbisuudha. Ergasii ni jedhe, “**Gooftaa keessan gabbaraa**” Gooftaa isaanii akka gabbaran ni ajaje. Qabiyyee jecha kanaa keessa ragaan ifaa “Isa gabbaruuun dirqama” akka ta'e agarsiisutu jira. *Sababni isaas, qananii fi tola Isaatin Kan nu guddisuu fi kunuunsu Isa erga ta'ee fi qaamni keenya guutuun, nafseen teenya fi wanti qabnu hundi qabeenya Isaa erga ta'anii, Isa gabbaruu fi galata Isaaf galchuun dirqama.* Kanaafi, “**Gooftaa keessan gabbaraa**” jedhe. “Gabbaramaa (ilaah) keessan” hin jenne. **Ar-Rabb (Gooftaan)**- Bulchaa, Maalik (Qabaataa), Kan qananiisu, kan guddisuu fi kunuunsu, Kan fooyyessuudha. Allaah haala kana hunda keessatti Ar-Rabb (Gooftaa) dha. Dhimmi Isaa kanakkana ta'e gabbaruu caalaa sammuu fi uumama keessatti wanti hundarra dirqama ta'e hin jiru. (Kana jechuun dirqamni dirqamoota hunda caalu Rabbii Tokkicha gabbaruudha.)

Ergasii ni jedhe, “**Kan isin uume**” kanaanis Isa qofa gabbaruuun dirqama akka ta'e ni beeksiise. Sababni isaas, dhabama irraa jireenyatti Kan isin baase, shariika tokko malee Kan isin argamsiise Isa. Akkuma isinu mirkaneessitan Kan isin uumee fi argamsiise Isa. Qur'aana keessatti, “**Eenyu akka isaan uumee osoo gaafatte, dhugumatti “Allaah” dha jedhu. Kanaafu akkamitti garagalfamuu?**” (43:87). Inni Tokkichi Uumaa erga ta'e, akkamitti Inni Tokkichi Gabbaramaa hin taanee? Uumuu keessatti Inni shariika akka hin qabne mirkaneessitanii osoo jirtanu akkamitti gabbarri (ibaada) keessatti Isa waliin shariika gootuu? Kuni karaa Qur'aanni tawhiida uluuhiyyah mirkaneessuf akka ragaatti tawhiidu rubuubiyyah itti dhiyeessudha.

Ergasii ni jedhe, “**warroota isinin duraas [kan uumee]**” Isinii fi abboota keessan darban hunda kan uumee Isa tokkicha akka ta'e ni beeksiise. Warra darbe uumuu fi isin uumuu keessatti eenyullee Isa waliin qooda hin fudhanne (hin hirmaanne). Rabbiin Olta'aan isaan uumuun dandeettin, fedhiin, beekumsi, ogummaa fi jireenyi Isaa guutuu ta'uu agarsiisa. Kunis hojiwwanii fi sifaata Isaa keessatti Tokkicha ta'uu of keessatti qabata. Sifaata Isaa keessatti fakkaataa hin qabu, hojiwwan Isaa keessattis shariika (Isa waliin kan hirmaatu) hin qabu.²⁸

“**la'allakum tattaquun (Akka muttaqqota taataniif)**” jedhu hiika lama qaba: **1ffaa-** yoo Rabbiin qofa gabbartan, dallansuu fi azaaba (adabbii) Isaa irraa of eegdu. Sababni isaas, dallansuu fi azaabni Isaa akka namarrraa deebi'uuf wanta sababa ta'uu waan hojjattaniif. Dallansuu fi azaabni Isaa akka namarrraa deebi'uuf wanti sababa ta'u “Rabbitiin qofa gabbaruudha”. **2ffaa-** Yoo isin Rabbiin qofa

²⁸ Bidaa'u Tafsiir-1/106, Ibn Al-Qayyim

gabbartan, warroota Rabbiin sodaatan (muttaqoota) amaloota taqwaatiin ibsaman keessaa taatu. Hiikni kunniin lamaan sirrii fi kanneen wal qabataniidha. Namni ibaadaa haala guutuu ta'een hojjate, warroota Rabbiin sodaatan (muttaqoota) irraa ta'a. Namni warroota Rabbiin sodaatan irraa ta'e immoo azaaba fi dallansuu Rabbii jalaan nagaha baha.²⁹

Itti aanse ni jedhe, "[**Rabbitin**] Kan dachii afaa, samii immoo ijaarsa gubbaa (**xaaraa**) isiniif taasisee fi samii irraa bishaan buusee ergasii isaan (bishaan kanaan) soorata akka isiniif ta'u samaraata (**fuduraaf kuduraa, midhaan baasedha**)." Ragaa biraan ogummaa Isaa uumamtoota keessa jiru agarsiisuuuf ni dhiyeesse. Ragaan jalqabaa hundee uumuu fi argamsiisu of keessaa qaba. Kunis ragaa argamsiisu (Daliilul Ikhtiraa'i wal Inshaa'i)" jedhamuun waamama. Ragaan 2ffaa immoo bulchiisaa fi too'annaa uumamtoota Isaa keessatti mul'atu of keessatti qabata. Kunis Ragaa xiyyeffannoo itti kennuu (kunuunsu) fi ogummaa (Daliilul Inaayati wal hikmati)" jedhama. (Jalqaba, Kan namoota ammaa fi durii umee Isa akka ta'e ni beeksiisa. Kuni Ragaa Argamsiisuti. Ilma namaa Rabbiin malee eenyullee uumuu hin danda'u. Dachii afaa, samii immoo xaaraa gochuun bishaan samii irraa buusee lafa keessaa firaafiree fi midhaan baasun isaan nyaachisa. Kuni ragaa xiyyeffannoo itti kennu, isaan kunuunsu fi eeguti. Rabbiin malee bishaan kan samii irraa buusu ni jiraa?)

Rabbitin subhaanahu ragaalee lamaan kanniin Qur'aana keessatti irra deddeebi'uun dhiyeessa. Suurah Baqarah keessatti tasgabbii uumamtootaa tan taate dachii ni dubbata. Xaaraan immoo samiidha. Bu'uura faayda uumamtoota kan ta'e bishaan samii irraa buusus ni dubbata. Iddoo jirenyaa fi jiraattoota, wantoota faayda qaban irraa wanta itti hajaman ni kaasa. Ogummaa guutuu Isaatiin dachii afaa akka godhe ni beeksiisa. Xaaraa ishii (samii) immoo ijaarsa wal-qabatee fi wal-qixxaate kan baqaqiinsi fi wal darbuun homaatu keessa hin jirre godhe.

Itti aanse ni jedhe, "**Kanaafu, osoo beektanuu Rabbitiif shariikota hin godhinaa.**" Kana jechuun hojiwwan kana hunda kan hojjate Rabbii Tokkicha erga ta'e, hojii Isaa keessatti shariika Isa waliin hirmaatu akka hin jirre beektanii osoo jirtanuu, akkamitti Isaaf shariikota gootuu? Tawhiida keessatti ragaan ifaa nama quubsu fi fayyisu irraa wanta jechoota kana jala jiru sirritti itti xinxalli.³⁰ (Kan isinii fi namoota isiniin duraa uume, dachii akka irra jiraattaniif isiniif mijeesse, samii akka xaaraa gochuun ifaa isin tajaajilu keessa godhee fi rooba roobsun biqiltoota isiniif biqilchu

²⁹ [Tafsiir Sa'diyy](#) fuula 34

³⁰ Bida'u Tafsiir-1/107

Rabbii Tokkicha ta'uu osoo beektanu, sanama, taabotaa fi uumamtoota biroo hin gabbarinaa.)

D-Bu'aa namni Maqaa "Ar-Rabb" beeku fi itti amanuun argatuu³¹

Namni akkuma hiika maqaalee Rabbii (Subhaanahu) sirritti beeku fi itti amanuun jirenya isaa keessatti jijiiramni dhufaa adeema. Irranatti hiikni Ar-Rabb (Gooftaa) jedhu maal akka ta'e ilaalle turre. Namni san hubatee hojii irra yoo oolche, bu'aa inni argatu muraasa isaa mee asitti haa eerru:

1-Kaayyoo uumamaniif beekuu- maqaan Ar-Rabb jedhu fi sifaanni inni of keessatti qabate namoonni kaayyoo maaliif akka uumaman isaanitti beeksiisa. Akkasumas, wanta isaan fayyaduu fi wanta isaan miidhu isaan barsiisa. Rabbiin Gooftaa uumamtoota hundaa waan ta'eef, gabroota Isaa akkanumatti isaan dhiisun, isaanitti Of beeksiisu dhiisun, wanta isaan fayyadu fi miidhu osoo hin barsiisin dhiisun gonkumaa Isaaf hin malu.

﴿أَفَحَسِبْتُمْ أَنَّمَا خَلَقْنَاكُمْ عَبَثًا وَأَنَّكُمْ إِلَيْنَا لَا تُرْجَعُونَ﴾^{١١٥}

"Sila Nuti taphumaaf waan isin uumnee fi gara Keenyatti kan hin deebifamne ta'uu ni yaaddu?" (Suuraa Al-Mu'minuun 23:115)

(Namni piroojekti guddaa tokko yommuu hojjatu kaayyoo itti hojjatuuf beekaa miti ree? Fkn, Piroojekti manaa yommuu hojjatu, manni dheerinni fi bal'inni isaa, kutaa hangam akka qabu, eessatti ijaarramu akka qabu, maaliif akka ijaarramu ni murteessa. Akkanumatti lafaa olka'e mana kaayyoo tokko malee ni ijaaraa? Rabbiin subhaanahu wa ta'aala Tokkicha fakkaata hin qabne fi ogeessota hundarra ogeessa ta'e, samii, dachii fi wantoota isaan keessa jiran kaayyoo malee ni uumaa? Inni Gooftaa ilma namaati. Kana jechuun kan isaan uume, jiraachisu, qananiisu, eegu fi too'atu Isa. Kanaafu, ilma namaa kan uume, jiraachisu, qananiisu fi bulchu Isa erga ta'e, Isa qofa akka gabbaran ni ajaja, wanta isaan miidhuu irraa ni dhoowwa, wanta isaan fayyadutti ni ajaja. Ergasii, hojii isaanii irratti hundaa'e Guyyaa Murtii jazaa (mindaa) isaaniif kafala.)

2-Rabbiin Gooftaa akka ta'e beeku fi amanuun Isa qofa akka gabbaran nama taasisa- Samii, dachii fi wantoota isaan keessa jiran kan uume, jiraachisu, ajjeesu, sooru,too'atu Isa erga ta'e, gabbarriin (ibaadan) Isa qofaaf ta'a. Akkamitti makhluuqni (uumamni) dadhabaan gabbaramaa? Homaa kan hin uumne ta'e osoo jiru akkamitti jaalala, ol-guddisuu, gabbarrii keessatti Rabbii olta'aa waliin

³¹ [Walillahi asmaa'u'l Husnaa fud'uuhu bihaa](#)– AbdulAziz bin Naasir Jaliil,

dorgomaa taasifamaa? Kuni wanta Rabbiin subhaanahu mushrikoota Gooftummaa Isaa mirkaneessanii garuu Isa qofa hin gabbarre ittiin falmeedha. Falmiin kuni Qur'aana keessatti bakka adda addaatti dhufee jira:

﴿أَيُشْرِكُونَ مَا لَا يَخْلُقُ شَيْءًا وَهُمْ يُخْلِقُونَ﴾ ١٩١

“Sila wantoota ofiifu uumamoo ta’anii waa tokko uumuu hin dandeenye Rabbitti qindeessuu?” Suuratu Al-A’araaf 7:191

Kana jechuun sila wanta homaa uumuu hin dandeenye, inuma mataa isaatu uumamaa kan ta’e Rabbiin waliin gabbaruu (waaqefatuu)? Sanamni, taabonni fi uumamtoonni biroo namoonni gabbaran (waaqefatan) homaa uumuu, samii irraa bishaan buusu, lafa keessaa biqiltoota magarsuu hin danda’an. Kanaafu, wanta kana hunda hin hoijanne akkamitti waa irraa kadhatu, isaaniif of gadi qabuu?

﴿وَلَئِن سَأَلْتَهُم مَنْ خَلَقَ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضَ لَيَقُولُنَّ اللَّهُ قُلْ أَفَرَءَيْتُمْ مَا تَدْعُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ إِنْ أَرَادَنِي اللَّهُ بِضُرِّ هَلْ هُنَّ كَلِشَفَتُ صُرْرَةٍ أَوْ أَرَادَنِي بِرَحْمَةٍ هَلْ هُنَّ مُمْسِكَتُ رَحْمَتِهِ قُلْ حَسْبِيَ اللَّهُ عَلَيْهِ يَتَوَكَّلُ الْمُتَوَكِّلُونَ﴾ ٢٨

“Samiwwanii fi dachii eenyutu uumee?” [jettee] osoo isaan gaafatte, dhugumatti Rabbii dha jedhu. Jedhiin, “Wanta Rabbii gadiitti kadhattan argitanii? Osoo Rabbiin miidhaa naaf fedhee, isaan miidhaa Isaa ni kaasu? Yookiin osoo rahmata naaf fedhee, isaan rahmata Isaa qabuu danda’uu? Jedhi, Rabbiin naaf gahaadha. Warri hirkatan Isarratti hirkatu.” Suuratu Az-Zumar 39:

Yaa warroota Rabbiin alatti wanta biraa gabbaran ykn waaqefattan! Mee itti xinxallaa wanta gabbaran (waaqefattan) san- osoo Rabbiin miidhaa fi rakkoo ani jibbu natti buuse, wanti isin gabbaran (waaqefattan) kuni miidhaa fi rakkoo natti bu’e narraa kaasu danda’uu? Ammas rahmata Isaatiin osoo na qananiise, wanti isin gabbaran qananii Isaa kana qabuu fi akka na hin geenyee gochuu danda’uu? Itti yaadaatii naaf deebisaa.

Wanti isin gabbaran miidhaa deebisuu fi rahmata qabuu kan hin dandeenye erga ta’ani, Kan nama fayyaduu fi miidhu danda'u Rabbii Tokkicha. Kanaafu, miidhuu fi fayyaduun Harka Isaa erga jiraate, Inni naaf gahaadha. **“Rabbitiin naaf gahaadha.”**

Kana jechuun wanta Isaan ala jiru hundarraa Inni naaf gahaadha. *Rabbiin ala wanta nama gargaaru hin dandeenyetti hin hajamu.*³² Waan gaarii kan naaf fiduu fi waan badaa kan narraa deebisu Isa waan ta'eef wanta barbaadu hunda Isa kadha.

3-Maqaa “Ar-Rabb (Gooftaa)” fi sifaata isaan wal-qabatuutti amanuun, Gooftummaa Isaatti, Isa gabbaruutti, wanta Inni murteessetti fi seera Inni baasetti (shari'aa Isaatti) akka gammadan nama taasisa. Gooftummaa Isaatti gammaduu jechuun gabrichi wanta Gooftaan isaa itti ajajuu fi wanta Inni dhoowwuutti gammaduu, akkasumas, wanta Inni isarratti murteessu, isaaf kenu fi Isa dhoowwatutti gammaduudha. Wanta Gooftaan isaa itti ajajuu gaarii akka ta'ee itti gammaduu fi wanta san hojjachuuf mirqaanu. Wanti Inni dhoowwe badaa akka ta'ee beeku fi irraa fagaachudha Akkasumas, wanti Rabbiin isarratti murteessu gaarii akka ta'e beekun itti gammaduu. Hadiisa keessatti, “*Rabbiin mu'minaaf (nama dhugaan amaneef) murtii homaatu hin murteessu, isaaf kheeyri (gaarii) yoo ta'e malee.*”³³

Namni hanga Gooftummaa Rabbitti gammaduutti fi wanta Gooftaan isaa itti ajaju hojjatuutti malee mi'aa iimaana hin dhandhamu. Kuni hiika hadiisa kanaati:

”ذاقْ طَقْمَ الْيَمَانِ مَنْ رَضِيَ بِاللَّهِ رَبِّاً وَبِالْإِسْلَامِ دِينًا وَبِمُحَمَّدٍ رَسُولًا“

“**Namni Rabbiin akka Gooftaatti, Islaama akka amantii isaatti, Muhammadin akka Ergamaattii itti gammade mi'aa iimaanaa dhandhame.**”
Sahih Muslim 34

Mee hadiisa kana jecha imaamu Ibn Al-Qayyimiin gabaabinnaan haa ibsinu: Hadiisni dhaabbanna (maqaama) amantiin guutuun irraa naanna'uudha. Hadiisichi Gooftummaa Isaatti (subhaanahu), Gabbaramaa ta'uu Isaatti, Ergamaa Isaatti fi amanti Isaatti gammadu of keessatti qabata.

Gabbaramaa ta'uu Isaatti gammaduun, ‘Rabbiin qofa jaallachuutti gammaduu, Isa sodaachutti, Isarraa kajeelutti, gara Isaatti deebi'utti gammaduu’ of keessatti qabata. Kuni akka Isa gabbaruu fi hojii Isaaf qulqulleessu isa taasisa. Gooftummaa Isaatti gammaduun, ‘Isarratti hirkachuutti gammaduu, Isa gargaarsifachuutti gammaduu, wanta Gooftaan isaa isarratti murteessu fi isatti hojjatu hundatti gammaduu” of keessatti hammata.

Rabbiin Gabbaramaa ta'uutti gammaduun, "ajaja Isaatti" gammadu of keessaa qaba, Inni Gooftaa ta'uutti gammaduun immoo "wanta Inni isarratti murteessutti" gammadu of keessaa qaba.

³² [Ma'aariju Tafakkuri wa dagaa'iqu tadabburi](#)-12/232-233, Abdurahmaan Habanka

³³ Tafsiiru Ibn Kasiir-5/183, Rawdatul Muhibbiin wa nuzhatul mushtaaqiin-fuula 298

Ergamaa Isaatti gammaduun immoo nabiyyiif masakamu (ajajamuu) fi isaaf harka kenuudha. Dubbii nabiyyii irraa qajeelcha barbaada, murtiis yoo barbaade gara qajeelcha isaatti deebi'a.

Amanti Isaatti gammaduu jechuun immoo yoo waa jedhe, ykn murteesse ykn waa ajajee ykn dhoowwe, gammachuu guutuun itti gammada. Murtii isaatirraa qalbii isaa keessatti dhiphinni homaatu hin hafu.³⁴

4-Mahabbah (Jaalala)- hiika Ar-Rabb (Gooftaa) keessaa tokko gabroota Isaa kan guddisuu fi kunuunsu, marsaa tokkorraa gara marsaa biraatti kan dabarsu fi isaan qananiisudha. Gooftaan Kan uumama isaanii miidhagsee fi waan hundaa boca isaaf maluu kennee ergasii qajeelchedha. Hiikni kuni hundi gabrichi Gooftaa isaa akka jaallatuu fi wanta Gooftaan isaa jaallatu akka jaallatu isa taasisa. Akkasumas, wanta Inni jibbuu akka jibbu, Isa gammachiisuuf, Isa ol-guddisuu fi garmalee kabajuuf, Isa galateefachuu fi faarsuf akka ariifatu isa taasisa.

5-Tawakkul (Isarratti hirkachuu)-Hiika Gooftaa keessaa tokko: Gooftaan uumamtoota Isaa sooruf (razzaquuf) itti gaafatamummaa kan fudhateedha; Isa bira kuusaan samii fi dachii kan jiru, mootummaa fi faarun hundi kan Isaati, ni jiraachisa, ni ajeesa, Inni waan hundaa irratti danda'aadha. Namni kana yoo beeke qalbii isaa keessatti tawakkulli (Rabbiin irratti hirkachuun) ni cima. Wanta isa fayyadu argachuu fi wanta isa midhu ofirraa deebisuuf Isarratti hirkata. Qalbiin isaa Rabbiin malee eenyumattu hin rarraatu, Isarraa malee eenyurrallee hin kajeelu, Isa malee eenyullee hin sodaatu. *Akkamitti uumama (makhluuqa) akka isaa dadhabaa ofuyyuu fayyadu fi midhu hin dandeenyetti rarra'aa?* Ammas, Imaamu Ibn Al-Qayyim (rahimahullahu) akkana jechuun hasaasa:

*"Rabbiin tokkichi Gooftaa, Mootii fi Gabbaramaa keenya erga ta'e, yeroo rakkoo garri itti dheessan Isa malee hin jiru, Isa malee gabbaramaan nuuf hin jiru. Kan kadhatamu, kan sodaatamu, kan abdatamu, kan jaallatamu Isa malee hin ta'u. Isaaf malee eenyufillee gadi ofi hin xiqqeessan, Isaaf malee eenyufillee gadi of hin qaban, Isarratti malee hin hirkatamu. Sababni isaas, kan ati abdattu, sodaattu, kadhattuu fi irratti hirkattu, takkaa kan si guddisu, kunuunsu, dhimmoota keetin kan dhaabbatee fi eegudha, Inni Gooftaa keeti, Isa malee Gooftaan biraai siif hin jiru. Takkaa immoo ati gabricha Isaa kan haqaa taata. Inni Mootii Haqaa namootaati. Hundi isaanitu gabroota Isaati."*³⁵

³⁴ Madaarija saalikiin 499-500, Ar-Risaalaa Publisher

³⁵ Sharif Ibn Al-Qayyim li Asmaa'il Husna-fuula 29-30, Umar Ashqaar

6-Du'aayi gochuu-Hiika Gooftaa keessaa tokko Gooftaan faayda Kan namaaf fidu fi miidhaa namarrea ittisuu, rakkinnan kan namarrea oofu fi haajaa namaaf guutuudha.Namni kana yoo beeke, haajaa isaa Gooftaa isaatirraa kadhata, waan hundaaf Isa abdata. Qur'aana Kabajama keessatti:

وَإِذَا سَأَلَكَ عِبَادِي عَنِّي فَإِنِّي قَرِيبٌ أُجِيبُ دَعْوَةَ الْدَّاعِ إِذَا دَعَانِ ﴿١٨٦﴾
فَلَيْسَتْجِيْبُوا لِي وَلَيُؤْمِنُوا بِي لَعَلَّهُمْ يَرْشُدُونَ ﴿١٨٦﴾

“Yeroo gabroonni Kiyya waa’ee Anaa si gaafatan, “Dhugumatti Ani isaanitti dhiyoodha.” [Jedhiin]. Kadhaa kadhataatiif yeroo inni Na kadhate Nan awwaadha. Akka qajeelaniif jecha Naaf haa awwaatani; Nattis haa amanani.” (Suuratu Al-Baqaraa 2:186)

Osoo namni tokko, “Aayan (keeyyanni) tuni nama Isa kadhateef deebii akka isaaaf deebisu agarsiisti. Namoota Isa kadhatan (du'aayi godhan) baay'ee argita, garuu deebii hin argatan. Kuni maaliifi?” jedhee gaafate, deebii kanaa haala kanaan dhiyeessun ni danda'ama:

1ffaa- Hadiisa Abu Sa'id gabaase keessatti Nabiyyiin (SAW) akkana jedhan: Muslimni kamiyu du'aayi firummaa muruu fi badiin (diliin) keessa hin jirre yoo godhe, Rabbiin wantoota sadii keessaa tokko kennaaf: Takkaa du'aayi (kadhaa) isaatiif deebii kenna, takkaa [ajrii du'aayi isaa] Aakhiraatti kuusaaf, takkaa immoo wanta badaa isarraa deebisa.” Ahmad Musnad isaa keessatti gabaase

2ffaa-Du'aayin deebii argachuuf sharxiwwan (ulaagaalee) barbaaddi. Kanniaan keessaa hundeen, Rabbiitti amanuu fi Isaaf ajajamuudha. Aayah armaan olii keessatti, “**Naaf haa awwaatani; Nattis haa amanani.**” Jedha. Isaaf awwaachu jechuun Isaaf ajajamudha. Ulaagaan biraan halaala nyaachu fi dhuguu. Haraama nyaachu fi dhuguun du'aayin deebii akka hin arganne godha. Akkasumas, sharxiin biraan qalbiin jiraachu (kana jechuun yommuu du'aayi godhan qalbeefachuu fi xiyyeffannoo guutuu du'aayi irra gochuu). Hadiisa keessatti wanti akkana jedhu dhufee jira: “**Du'aayin teessan akka qeebalantu dhugaa (irgixanyaa) ta'uun Rabbiin kadhaa. Beekaa! Rabbiin qalbii gaafila taate irraa du'aayi hin qeebalu.**” [At-Tirmizi 3479](#)

3ffaa-Tarii namni du'aayi godhu deebii ammatti argachuu gaarii akka ta'etti ilaala. Garuu yeroo inni barbaade kanatti isaaf gaarii miti. Kanaafu, deebii du'aayi tanaa tursiisuun boodarra yeroo sirrii ta'etti isaaf deebiisuun isaaf irra gaariidha.³⁶

(Kanaafu namni du'aayi gochuu irraa dadhabuu hin qabu.)

Guduunfa

⇒ **Ar-Rabb (Gooftaa)** jechuun Kan wantoota hundaa uumu, qananii Isaatiin guddisuu fi kunuunsu, bulchuu fi too'atudha. Uumamtoota hundaa kan uume, isaan qananiisu, nyaachisu, obaasu, too'atu, wanta isaan fayyadu isaaniif fidu fi wanta isaan miidhu isaan irraa ittisu Rabbii Tokkicha erga ta'e, dirqamni uumamtoota irra jiru Isa qofa gabbaru fi galata Isaaf galchuudha.

⇒ Kan si uumee fi si kunuunsuf galata yoo hin galchin, kuni amala badaa hin ta'uu? Samii irraa bisaan roobsun midhaan nyaatamu lafaa kan biqilchuuf galata yoo hin galchinii fi hin ajajamin, kuni ganuu (kaadu) hin ta'uu?

³⁶ Zaadul Masiir-Ibn Al-Jawzi, fuula 107-108

Ar-Rahmaan, Ar-Rahiim

Bismillah! Qalbiin namaa tuni wanta yeroo hundaa itti tasgabbootu fi boohartuu barbaaddi. Addummeen (kophummaan) ishiif diina. Wanti guddaan qalbiin itti tasgabbootu “jaalala”. Garuu jaalala akkamiitu qalbiif tasgabbii fi booharti addaan hin cinne kennuufi danda’aa? Gaafii kanaaf deebii sirrii argachuun tasgabbii fi boohartii dhugaa namni hunduu dharra’u argachuudha. Akkasi miti ree?

Jaalala bakka lama gurguddaatti quodu dandeenya: 1ffaa-Jaalala Uumaa (Rabbii), 2ffaa-Jaalala uumamtootaa. Jaalala uumamtootaa namni hundu ni dhandhama. Jaalalaa Uumaa garuu namoota xiqqootu dhandhama. Kanaafi, warroonni Rabbiin beekan (aarifonni)akkana jedhan: “Jiraattonni addunyaa tanaa wanta garmalee mi’ayaa (gaarii) ta’ee osoo hin dhandhamin addunyaa tana gadi dhisanii deeman.” Wanti garmalee gaariin (mi’awaa) suni maali? jedhamanii yommuu gaafataman, isaaniis akkana jechuun deebisan, **“Rabbiin beekuu fi jaallachuudha.”** Kanaafu, jaalalli tasgabbii fi booharti addaan hin cinne namaaf kennu, jaalala Rabbiiti. Sababni isaas, Rabbiin yeroo hundaa sitti dhiyoodha, yaada muraada kee ni beeka, wanta feete itti himatta. Yommuu rakkoo fi kadhaa keetiif deebii siif deebisu garmalee gammadda. Garuu jaalalli uumamtoota akkanaa miti. Takkaa sirraa fagoo waan ta’aniif wanta feete itti himachuu fi itti haasawu hin dandeessu. Takkaa waan du’aniif qunnamtiin guutumatti addaan cita. Akkasumas, wanta ati feetu hunda siif gochuu hin danda’an.

Rabbiin jaallachuun hayaatul quluubi (jireenya qalbiiti). Uumamaan qalbiin tasgabbii guutuu tan argattu yoo Khaaliqa (Uumaa) ishii jaallatteedha. Khaaliqa jaallachuuf maqaalee fi sifaata Isaa beekun barbaachisaadha. Waa’ee wanta tokko osoo hin beekin wanta san jaallachuun ni danda’amaa? Kutaa darbee irraa itti fufuu maqaalee fi sifaata Rabbii (subhaanahu) qo’achuu fi qorachuu itti fufna.

A-Hiika Ar-Rahmaan, Ar-Rahiim

Imaamu ibn Al-Qayyiim hiika maqaalee lamaan kanniin ilaachise ni jedha: Ar-Rahmaan rahmanni sifata (amala) Isaa kan ta’eedha. Ar-Rahiim immoo gabrootaaf kan rahmata godhuu (mararfatuudha). Kanaafi Rabbiin Olta’aan akkana jedha: **“Inni mu’mintootaaf rahmata godhaa (Rahiim) ta’eera.”** (Al-Ahzaab 33:43) Qur’aana keessatti, Rahmaanu bil-ibaadaahi ykn Rahmaanu bil-mu’miniina jechuun gonkumaa hin dhufne. Kanaafu, Rahmaan rahmataan kan ibsamu yommuu ta’u, Rahiim immoo rahmata Isaatin rahmata kan godhuudha.³⁷

³⁷ Sharib Ibn Al-Qayyim li Asmaa’il Husna-fuula 36-37, Umar Ashqaar

Hiika kanarraa ka'uun Rabbiin Rahmaan yommuu jennu, sifanni (amalli) Isaa rahmata, ykn Inni Rahmataan kan ibsamuudha jechuu keenya. Rabbiin Rahim yommuu jennu uumamtootaaf rahmata Kan godhuudha ykn mararfatuudha.

B-Sifaata maqaaleen kunniiin of keessatti qabatan

Sifaanni maqaaleen kunniiin of keessatti qabatan: rahmata. Afaan Oromootin jechi Rahmatatti dhiyaatu "Mararfanna" dha. Ingiliffaan rahmata jechuun mercy, Amaariffaan immoo "Iznat" ta'a. Mararfanna jechuun namaaf garaa laafun wanta gaarii inni barbaadu kennuufi ykn waan badaa isarraa deebisudha.

Rahmanni Rabbiin wal-qabatu gosa lama

1ffaa- Rahmata sifata Isaa ta'eedha. Rahmanni kuni sifata (amala) Isaa kan ta'ee fi haala Isaaf maluun kan ittiin ibsamuudha. Osoo hin dhabamsiisin, wayitti hin fakkeessin, akkana akkana osoo hin jedhin Rabbiin rahmata Isaaf malu akka qabuu mirkaneessuun barbaachisaadha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:
"Gooftaan kee Dureessa Abbaa Rahmataati." (Suuratu Al-An'aam 133)

2ffaa- Rahmata uumamtu taatee kan Rabbiin buusedha- Kuni rahmata Rabbiin uumeedha. Hadiisa keessatti, Rabbiin Jannataan akkana akka jedhe Nabiyyi (SAW) ni dubbatu: "Ati rahmata tiyya, siin nama fedheef rahmata ittiin godha." ([Sahih Muslim 2846](#))

Ammas Rabbiin rooba rahmata jechuun waame: "**Inni bubbee gammachiisa taasishee rahmata Isaa dura Kan erguudha.**" Suuratu Al-A'araaf 7:57

Kanarratti hundaa'e du'aayin namoota durii fi ammaa keessatti beekkama ta'e hin dhoowwamu. Du'aayin kunis: "Yaa Rabbi! Rahmata Kee keessatti walitti nu qabi." Rahmanni asitti barbaadame rahmata uumame, innis Jannata.³⁸

Rahmanni Rabbii wantoota hundaa kan haguugedha. Qur'aana keessatti ni jedha:

عَذَابٍ أُصِيبُ بِهِ مَنْ أَشَاءَ وَرَحْمَتِي وَسِعَتْ كُلَّ شَيْءٍ

"Azaaba (Adabbii) Kiyya nama fedhe ittiin tuqa. Rahmanni Kiyya waan hundaaf bal'ate." Suuratu Al-A'araaf 7:156

³⁸ Madda olii-fuula 38, [Walillahi asmaa'u'l Husnaa fud'uuhu bihaa](#)– AbdulAziz bin Naasir Jaliil,

Wanti aayah tana irra barannu azaabni (adabbiin) Isaa nama hundaa hin tuqu. Nama Rabbiin fedhe irratti bu'a. Garuu rahmanni Isaa waan hundaa haguuga. Eenyullee rahmata Isaatirraa bilisa ta'ee jiraachu hin danda'u.

Rahmanni Rabbiin olta'aan gabrootaaf godhu gosa lama:

1ffaa-Rahmata walii-galaa- Kuni rahmata walii galaa nama amanee fi hin amanne, nama waan gaarii hojjatu fi waan badaa hojjatu fi uumamtoota hunda hammatuudha. Rahmanni kunis rahmata qaamaa fi addunyaan wal qabatuudha. Kanneen akka nyaata, dhugaati, uffata, mana keessa jiraatan, geejjibaa fi kkf. Osoo rahmanni Rabbii jiraatu baate silaa nyaata hin nyaatan, dhugaati hin dhugan, hin uffatan, geejjiba yaabbatan hin argatan. Rahmata Isaatiin samii irraa bishaan buusun isaan nyaachisee obaasa. Rahmata Isaatiin halkan akka rafanii boqonnaa fudhatanii fi guyyaa akka hojjatan taasise. Rahmata Isaatiin, geejjiba horiitii fi sibiilaa isaaniif laaffise. Akka ragaatti aayah armaan olii dhiyeessun ni danda'ama.

2ffaa- Rahmataa addaa- Kuni rahmata addaa warroota Isatti amananiif qofa godhuudha. Rahmanni kunis warroota amanan (mu'mintoota) addunyaa tana keessatti gara waan gaariitti isaan qajeelchu, dukkana keessaa gara ifaatti isaan baasu, isaan gargaaru, iimaana irratti isaan gadi dhaabu fi kkf dha. Aakhiratti immoo ibidda irraa isaan baraarun Jannata seensisuudha. Kaafironni sababa kafaraniiif rahmata gosa kanaa hin argatan. Akka ragaatti aayah jalqaba irratti eerre dhiyeessun ni danda'ama: "**Inni mu'mintootaaf rahmata godhaa (Rahiim) ta'eera.**" (Al-Ahzaab 33:43)

C. Aasaara (bu'aalee) rahmata gochuu irraa mul'atuu³⁹

Namni tokko namaaf rahmata yoo godhe, bu'aan rahmata isaa ni mul'ataa miti ree? Nama garmalee rakkateef rahmata yoo godhe, bu'aan rahmata isaa namni suni rakkoo keessa bahuu ykn rakkoon isaa hir'achuudha. Ati nama maallaqa dhabeef rahmata yoo goote, maallaqa isaaf kennuun bu'aa rahmataati.

Bu'aan (effect) rahmata Rabbii irraa mul'atuu gonkumaa lakkaawamee hin dhumu. Akkuma beekumsi Isaa waan hundaa marsee rahmanni Isaas waan hundaa haguuge jira. Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa du'aayi Malaykoonni namoota amananiif godhanakkana jechuun hima:

³⁹ [Walillahi asmaa'u'l Husnaa fud'uuhu bihaa](#)– AbdulAziz bin Naasir Jalil

﴿الَّذِينَ يَحْمِلُونَ الْعَرْشَ وَمَنْ حَوْلَهُ وَيُسَبِّحُونَ بِحَمْدِ رَبِّهِمْ وَيُؤْمِنُونَ
بِهِ وَيَسْتَغْفِرُونَ لِلَّذِينَ ءَامَنُوا صَرَبَنَا وَسِعْتَ كُلَّ شَيْءٍ رَّحْمَةً وَعِلْمًا
فَأَغْفِرُ لِلَّذِينَ تَابُوا وَاتَّبَعُوا سَبِيلَكَ وَقِهِمْ عَذَابَ الْجَحِيمِ﴾

“Isaan (Malaykoonni) Arshii baadhatanii fi kanneen naannawa isaa (Arshii) jiran, faaruu Gooftaa isaanitiin [Rabbiin] qulqulleessu, Isattis ni amanu. Warroota amananiif [akkana jechuun] araarama kadhatu: “Yaa Gooftaa keenya! Wanta hundaa rahmataa fi beekumsaan wal geesse jirta. Warroota tawbatanii fi karaa Kee hordofaniif araarami, adabbii Jahannam irraas isaan eegi.” Suuratu Ghaafir 40:7

“Wanta hundaa rahmataa fi beekumsaan wal geesse jirta.” Kana jechuun rahmanni Kee wanta hundaa kan haguugu fi dhaqqabuudha. Uumamni rahmata Keetiraa bilisa ta’e hin jiru. Beekumsaanis wanta hundaa Kan marsiteedha. Wanti Sirraa dhokatu tokkollee hin jiru. Dachii fi samii keessatti waan hundaa ni beekta. Mee asi gaditti bu’aa rahmata Rabbii irraa mul’atu muraasa isaa haa eerru.

1-Qananii

Qananiiin namni keessaa fi alaan, dhoksaa fi ifaan argatu hundi bu’aa rahmata Rabbiiti. Osso Inni rahmata gochuu baate silaa qananii kana hin argatu. Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa ni jedha:

﴿وَإِنَّكُم مِّنْ كُلِّ مَا سَأَلْتُمُوهُ وَإِن تُعْدُوا نِعْمَتَ اللَّهِ لَا تُخْصُوهَا إِنَّ
الْإِنْسَنَ لَظَلُومٌ كَفَّارٌ﴾

“Wanta isin Isa kadhattan hundarrraa isiniif kenne. Qananii Rabbii osso lakkooftanii, lakkoftanii hin fixxan. Dhugumatti, namni baay’ee miidhaa raawwataa, baay’ee waakkataadha.” Suuratu Ibraahim 14:34

Waakkataa jechuun nama wanta tokko yommuu itti kennan, “natti hin kennine” jechuun amanuu diduudha ykn “wanti kuni kiyya” jechuun kan mormudha. Namoonni baay’een qananii Rabbiin isaaniif kenne ni waakkatu. Kana jechuun qananiin Rabbiin irraa akka ta’e hin amanan, Isaaf galata hin galchan. “Beekumsaa fi ifaaje kiyyaan argadhe” jedhu. Yommuu akkana jedhu, qabeenya isaatin badii

adda addaa ittiin raawwachuun nafsee ofii miidha. Ergasii adabbii Rabbii cimaa saniif of saaxila.

Akkuma aayah keessatti jedhame qananii Isaa lakkawuu waan hin dandeenyef, qananiin kuni rahmata Isaa irraa ta'uu mee muraasa isaani haa ilaallu.

1.1. Rooba-Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿اللَّهُ الَّذِي يُرْسِلُ الرِّيحَ فَتُثِيرُ سَحَابًا فِي السَّمَاءِ كَيْفَ يَشَاءُ وَيَجْعَلُهُ وَكَسَفًا فَتَرَى الْوَدْقَ يَخْرُجُ مِنْ خَلْلِهِ فَإِذَا أَصَابَ بِهِ مَنْ يَشَاءُ مِنْ عِبَادِهِ إِذَا هُمْ يَسْتَبِّشُونَ ﴾٤٨﴾ وَإِنْ كَانُوا مِنْ قَبْلِ أَنْ يُنَزَّلَ عَلَيْهِمْ مِنْ قَبْلِهِ لَمُبْلِسِينَ ﴿٤٩﴾ فَانظُرْ إِلَى عَاثِرِ رَحْمَتِ اللَّهِ كَيْفَ يُبْيِحُ الْأَرْضَ بَعْدَ مَوْتِهَا إِنَّ ذَلِكَ لِمُحْيِي الْمَوْتَىٰ وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٥٠﴾

“(48)-Rabbiin Kan bubbee erguudha, ishiinis duumessa ni sochoofti. Akka fedhettis samii keessa ni bittineessa, addaan kukkutamaas isa taasisa. Roobas kan jidduu isaatii bahu argita. Yeroma Inni [roobaan] gabroota Isaa irraa namoota fedhe tuqe, yeroma san isaan ni gammadu. (49)-Isaan duraan osoo roobni isaan irratti hin bu'in dura abdi murattoota turan. (50)-Gara bu'aa rahmata Rabbii ilaali-akkamitti dachii du'a ishii booda jiraachise. Dhugumatti Kan [kana hojjate], warroota du'an ni jiraachisa. Inni waan hundaa irratti Danda'aadha.” Suuratu Ar-Ruum 30:48-50

“**Rabbiin Kan bubbee erguudha**” bubbee haala addaatin kan ergu Rabbii tokkicha. Isaan ala bubbee dachii fi samii jidduu kan oofu hin jiru. Jabeenya ishii, hamma hoo'insaa (tempireecharaa) ishiin qabdu, olka'iinsa lafarraa qabduu, ariiti ittiin bubbistuun hunda kan murteessu Isa tokkicha. Bubbeen kana hunda mataa ofiitiin murteessu dandeessii? Bubbee erga ergee booda duumessa ni sochoofti. Rabbiin (Azza wa Jalla) duumessa kana akka fedhetti samii keessa bittineessa. Duumessa kanas addaan kukkutamaa walirra tuttulame godha. Duumeessi samii keessa akkaataa adda addaatin bittinaa'e arginu kuni hojji Rabbii wanta hundaa sirreesseti.

“**Roobas kan jidduu isaatii bahu argita**” kana jechuun yaa nama ilaalu! Murtii Rabbiitiin, beekumsaa fi ogummaa Isaatiin duumessa jidduu rooba gadi jigu argita.

Rooba duumessa keessa dhangala'u kana hamma isaa, akkaata itti bu'u, eessatti akka bu'u Rabbii olta'aa malee kan biraan murteessu danda'aa?

“Yeroma Inni [roobaan] gabroota Isaa irraa namoota fedhe tuqe, yeroma san isaan ni gammadu.” Rabbiin subhaanahu gabroota Isaa irraa namoota fedhe bakka haajaa isaanii irratti rooba yoo buuse, yeroma san isaan ni gammadu. Roobni waan isaaniif roobef ni mirqaanu.

“Isaan duraan osoo roobni isaan irratti hin bu'in dura abdi murattoota turan.” Namoonni kunniiin roobni isaaniif roobun dura, rooba irraa abdii kan muratanii fi dhama'an turan. Dandeetti rooba itti roobsanii mataa ofii, lafa, horii isaanii itti obaasanii fi haajaa biroo itti bahan gonkumaa hin qaban turan. Rooba samii irraa buusu waan hin dandeenyef abdii murattoota ta'an. Namoota abdii muratan kanaaf rooba kan buuse Rabbiidha. Rahmata isaatiin rooba roobsee isaanii fi horii isaanii obaasa. Kanaafu, mee ilaali gara bu'uu rahmata Isaa! Roobni bu'aa rahmata Isaa keessaa tokko. Gabrootaaf rooba samii irraa buusun Inni Rahmaan, Rahiim (rahmata godhaa) ta'uu agarsiisa. (Mee yommuu bishaan dhugdu itti xinxalli. Bishaan dhugdu kuni hadhaawas garmalee mi'aawas miti. Jiddu galeessa sitti toluudha. Kanaafu, samii irraa bishaan qulqulluu kana buusun eenyutu si obaasee ree? Kuni rahmata Gooftaa keetii hin agarsiisuu?)

“Gara bu'aa rahmata Rabbii ilaali-akkamitti dachii du'a ishii booda jiraachise.” Yaa nama xinxalluu fi hubatu, mee gara bu'aa rahmata Rabbii ilaali! Akkamitti bishaan samii irraa buusun biqiltoota, midhaanii fi mukkeen magarsee dachii jiraachisu ilaali. Bishaan roobaa biyyeen walitti makama. Ergasii sanyii fi hiddaan walitti makamuun fuula dachii irratti biqiltooni ni guddatu. Haala kanaan, Rabbiin subhaanahu rahmata Isaatiin lafa keessaa biqiltoota fi midhaan baasun gabroota fi uumamtoota birootif soorata taasisa. Kuni bu'aa rahmata Isaati.

“Dhugumatti Kan [kana hojjate], warroota du'an ni jiraachisa.” Kana jechuun dachiin erga duute booda kan jiraachise, warroota du'anis yeroo fedhetti ni jiraachisa. Guyyaa Qiyaamaa qorannoo fi jazaaf namoota du'an hunda ni jiraachisa. **“Inni waan hundaa irratti Danda'aadha”** wanta fedhe argamsiisu yoo fedhe wanta san argamsiisu irratti danda'aadha. Wanta fedhes dhabamsiisu yoo fedhe, isa dhabamsiisu irratti danda'aadha.⁴⁰ Wanti Isa dadhabsiisu fi itti ulfaatu tokkollee hin jiru. Wanta fedhe hunda hojjachuu irratti danda'aa erga ta'ee, du'aan booda namoota ni kaasaa jechuudha.

⁴⁰ [Ma'aariju Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabbur](#)-15/177-180, Abdurahmaan Habanka

1.2 Halkanii fi guyyaa gochuu- Qur'aana keessatti ni jedha:

وَمِنْ رَّحْمَتِهِ جَعَلَ لَكُمُ الْأَيَّلَ وَالنَّهَارَ لِتَسْكُنُوا فِيهِ وَلِتَبْتَغُوا مِنْ فَضْلِهِ وَلَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴿٧٣﴾

"Akka isa keessatti boqattanii fi tola Isaa irraa akka barbaaddattaniiif, akkasumas akka Isa galatoomfattaniiif rahmata Isaa irraa halkanii fi guyyaa isiniif godhe." Suuratu Al-Qasas 28:73

Rahmata isiniif gochuu irraa kan ka'e, halkan keessatti boqattanii fi tasgabbooftan, guyyaa keessatti tola Isaa irraa itti barbaadattanii fi dalagattan isiniif godhe. Rabbiin ala eenyutu halkanii fi guyyaa isiniif fiduu danda'aa?

1.2. Aduu fi ji'a laaffisuu-

﴿وَسَخَرَ لَكُمُ الشَّمْسَ وَالْقَمَرَ دَأْبَيْنِ ۚ وَسَخَرَ لَكُمُ الْأَيَّلَ وَالنَّهَارَ ۚ﴾

"Aduu fi ji'as walitti fufuun kan deeman ta'anii isiniif laaffise. Halkanii guyyaas isiniif laaffise." Suuratu Ibraahim 14:33

Aduu guyyaa ifa ishii ibsuun isiniif faayda guddaa buustu isiniif laaffise. Ji'as halkan baasun faayda guddaa kennu isiniif laaffise. Aduu fi jiiyni sirna dhaabbataa fi aadaa hin jijjiramne hordofu. Lamaan isaanitu orbiiti (karaa irra naanna'an) irraa hin daban. Kuni rahmata Isaa irraayyi.

2. Kitaabban Buusuu fi Ergamtoota Erguu

Bu'aan rahmata Rabbii (Azza wa jalla) hundarra caalu kitaabban buusu fi ergamtoota erguun namoota qajeelchu fi dukkana keessaa gara ifaatti baasudha. Ergamtooni Rabbiin biraa ilmaan namaatiif rahmata. Rabbiin Guddaan Olta'e ni jedha:

﴿وَمَا أَرْسَلْنَاكَ إِلَّا رَحْمَةً لِّلْعَالَمِينَ ۚ﴾

"Alama hundaaf rahmata taasifne malee si hin erginee." Suuratu Al-Anbiyah 21:107

Alama jechuun namoota, jinni fi uumamtoota biroodha. Nabii Muhammad (SAW) jinnootaa fi namoota hundaaf rahmata ta'uun ergaman. Aakhiratti adabbii cimaa irraa baraaramanii Jannataan akka milkaa'an garmalee fedhii cimaa waan qabaniif isaanif rahmata. Hadiisa Abu Hureyraan gabaase keessatti, namoonni gara Nabiyyii

(SAW) dhufuun akkana jedhan: Yaa Ergamaa Rabbii! Mushrikoota irratti abaarsa kadhu (abaari)." Nabiyyinis ni jedhan, "Ani abaaraa ta'ee hin ergamne, garuu rahmata ta'uun ergame." [Sahih Muslim 2599](#)

Abaaru jechuun rahmata Rabbii irraa akka fagaatu kadhachuudha. Garuu Nabiyyiin namoonni hundi rahmata Rabbii akka argatan waan kajeelaniif namoota abaaruhin jaallatan.

Akkasumas, Qur'aanni namootaaf rahmata:

﴿وَنَزَّلْنَا عَلَيْكَ الْكِتَبَ تَبَيَّنَتِ الْكُلُّ شَيْءٍ وَهُدًى وَرَحْمَةً وَبُشْرَى لِلْمُسْلِمِينَ﴾

"Wanta hundaaf addeessaa, Muslimotaaf qajeelfama, rahmataa fi gammachiisaa goonee Kitaaba srratti buufne." Suuratu An-Nahl 16:89

Yaa Muhammad (SAW) Kitaaba (Qur'aana) amaloota afuriin ibsamu srratti buusne jirra:

Amala 1ffaa-Qur'aanni wanta hundaaf addeessaadha. Addeessaa jechuun wanta tokko kan ibsu fi ifa baasudha. Hundee amantii fi damee isaa, murtiwwan addunyaa Aakhirah fi wanta gabroonni itti hajaman hunda ni ibsa. Halaala fi haraamaa, gaarii fi badaa, mindaa fi adabbii fi kan biroo jechoota ifa ta'anii addeessa.

Amala 2ffaa-Qajeelfama ta'uun- Qur'aanni namoota gara daandii qajeelaatti qajeelcha. Daandiin qajeelaan kuni nama isa keessa deeme gammachuu fi Jannata qananiin guuttamtetti geessa.

Amala 3ffaa- Qur'aanni kuni rahmata-kana jechuun bu'aa rahmata Rabbii keessaa tokko. Isa keessa qajeelfama gara wanta isaan gammachiisuu fi milkeessutti qajeelchu waan godheef. Qur'aanni namootaaf qajeelfama ta'uun gara beekumsa nama fayyaduu fi hojii gaariitti qajeelcha. Rahmata ta'uun isaa immoo addunyaa fi Aakhiratti mindaa beekumsaa fi hojii kanarrraa argamu akka argatan nama taasisa. Kanneen akka qalbiin tasgabbaa'u, sammuun beekumsaan bilchaachu fi guuttamuu, akhlaaqni namaa toluu, rizqiin bal'achuu fi Aakhiratti kabajaa fi mindaa guddaan milkaa'udha.

Amala 4ffaa-Qur'aanni Muslimoota ajaja Gooftaa isaanitiif bulanii fi masakamaniif gammachiisa.⁴¹ Gammachiisa jechuun oduu nama gammachiisu kan namatti himuudha. Qur'aanni warroota amananii fi hojii gaarii hojjtaniif Jannani

⁴¹ [Ma'aariju Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabburi](#)-13/628-629, Abdurahmaan Habanka, Tafsiiru Sa'di-fuula 518-519

qananiin guuttamte akka jirtu ni hima. Kuni isaaniif gammachiisa ta'uun hojji gaarrii irratti akka jabaatan isaan taasisa.

Rahmata Rabbii (Subhaanahu) ilaalchisee imaamu ibn Al-Qayyimakkana jedha: "Rahmata Isaatiin ergamtoota Isaa nuuf erge, kitaabban Isaa nuuf buuse, wallaalummaa irraa nu barsiisee, jallinna irraa gara qajeellinnaatti nu qajeelche, jaamu irraa [haqa] akka arginu nu taasise. Rahmata Isaatiin maqaalee, sifaata fi hojiwwan Isaa baruun Inni Gooftaa fi Tiiksa keenya akka ta'e ni beekne. Rahmata Isaatiin wanta duraan hin beekne baranne, gara fooyya'iinsa addunyaa fi amanti keenyaati nu qajeelche..." (Mukhtasar Al-Sawaa'iql mursalati-2/123)

Ergamtoota erguun, kitaabban buusun, wanta ajajee fi dhoowwe isaan barsiisuun, wanta jibbuu fi jaallatu isaanitti beeksisuun qananiin hundarra guddaa fi ol'aanaa ta'eedha.⁴² Sababni isaas, qananii kanaan qalbiin ni jiraatti, tasgabbii fi boqonnaa argatti. Addunyaa Aakhiratti adabbii cimaa irraa baraaraman.

3-Rahmata Isaa irraa gabroota Isaatiif badii araaramuufi, balbala tawbaa isaanifi banuudha

Rahmata Isaatiin gabroota badii adda addaatti taranii yommuu gara Isaatti deebi'an, isaanifi ni araarama. Isaaniif araaramu jechuun badii isaanii ni dhoksa, gara fuunduraatti badii saniif isaan hin adabu. Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿قُلْ يَعِبَادِي الَّذِينَ أَسْرَفُوا عَلَىٰ أَنْفُسِهِمْ لَا تَقْنَطُوا مِنْ رَحْمَةِ اللَّهِ إِنَّ اللَّهَ يَغْفِرُ الظُّنُوبَ جَمِيعًا إِنَّهُ وَهُوَ الْغَفُورُ الرَّحِيمُ﴾

"Jedhi, 'Yaa gabroottan kiyya kan lubbuu ofii irratti daangaa dabartan! Rahmata Rabbii irraa abdii hin muratinaa. Dhugumatti Rabbiin balleessaa hundaa ni araarama. Inni Araaramaa, Rahmata godhaadha.'" Suuratu Az-Zumar 39:53

Kana jechuun rahmata Isaatiraa abdii kutachuun harka keessaniin baditti of hin darbinaa. "Badiin keenya baay'ate, hanqinni keenya walirra tuulame, karaan ittiin ofirraa oofanii fi deebisanii hin jiru." Jechuun abdii hin kutinaa. Sababa kanaan badii irra turtu, wanta Rabbii keessan dallansu siinqi godhattu. Garuu Rabbii keessan maqaalee arjoominna Isaatti akeekaniin beekaa.⁴³ Dhugumatti Rabbiin nama tawbatee fi araarama Isa kadhateef balleessaa hundaa ni araarama. Kanaafu,

⁴² [Asmaa'u'l Husnaa wa sifaatu ulaa](#)- fuula 19

⁴³ [Tafsir Sa'diyi](#) fuula 855

araarama kadhaa, isiniif araaramaati. Amanuu fi Isaaf ajajamuun gara Isaatti deebi'aa, tawbaa keessan isin irraa qeebalaati.

Gabroota tawbataniif rahmata gochuun Isaa jecha Rasuulaa (SAW) keessatti ifa ni ta'a. Anas bin Maalik akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Rabbiin isin keessaa nama gaala dhabee ergasi argatee gammaduu caalaa tawbaa nama tawbatetti gammada." [Sahih Muslim](#)

Hadiisni kuni waan itti fufuuf hiika isaa haala kanaan haa dhiyeessinu: Namni tokko gaalaa nyaata fi dhugaati ofii itti fe'ee gammoojji namni keessa hin jiraanne keessa adda deema. Boqonnaa fudhachuuf muka takka jala ni rafa. Yommuu hirribaa dammaquu gaalattin nyaata fi dhugaati isaa fudhatte sokkite (badde). Hanga dheebun isatti jabaatutti ishii ni barbaade. Ergasii akkana jedhe, "Hanga du'utti bakka duraan rafaa turetti deebi'a." Du'uuf mataa isaa harka irra godhe. Garuu yeroo muraasan booda yommuu dammaqu, gaalli isaa galaa, nyaataa fi dhugaati isaa baadhatte isa bira dhaabbatte. Namtichi kuni garmalee gammade. Nama kana caalaa Rabbiin tawbaa gabricha Isaatti ni gammada." [Sahih Muslim 2744](#)

Hadiisa kana keessa faayda baay'etu jira. Akkuma namni gammoojji nama gubu keessatti gaala nyaataa fi dhugaati isaa baadhatte yommuu dhabuu, beelaa fi dheebun itti jabaatee du'atti dhiyaate, namni Rabbiin irraa fagaates addunyaa tana keessatti ni raata'a, rakkoon isatti cima. Yoo tawbatee gara Rabbii subhaanahu deebi'e, rakkoon isaa ni hir'ata. Namtichi armaan olii kuni osoo nyaataa fi dhugaati dhabee silaa achumaan ni du'aa ture. Namni zikrii Rabbiin irraa fagaates qalbiin isaa ni duuti. Yoo gara Isaa deebi'e immoo qalbiin isaa ni jiraatti. Namtichi kuni jirenyaa irraa erga abdii kutee booda lamuu carraa jiraachu argate. Wanta abdii irraa kutan lamuu argachuu caalaa gammachuun guddaan ni jiraa? Wanta tokko abdii irraa kutte ergasii wanta san yoo argatte garmalee garmaddaa mitii? Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa tawbaa nama gara Isaatti deebi'e haala Isaaf maluun kana caalaa itti gammada. Kanaafu, namni rahmata Isaa irraa abdi kutuun badii keessa turuu hin qabu. Rabbiin ni jedha:

وَإِذَا جَاءَكَ الَّذِينَ يُؤْمِنُونَ بِئَيْتِنَا فَقُلْ سَلَامٌ عَلَيْكُمْ كَتَبَ رَبُّكُمْ
عَلَى نَفْسِهِ الرَّحْمَةُ أَنَّهُ وَمَنْ عَمِلَ مِنْكُمْ سُوءًا بِجَهَنَّمَ ثُمَّ تَابَ مِنْهُ
بَعْدِهِ وَأَصْلَحَ فَأَنَّهُ وَغَفُورٌ رَّحِيمٌ

“Gooftaan keessan of irratti rahmata katabe: Namni isin keessaa wallaalummaan hamtuu hojjatee ergasii san booda tawbatee fi toltaa hojjate, dhugumatti Inni araaramaa rahmata godhaadha.” (suuratu Al-An'aam 6:54)

Gooftaan keessan gabroota Isaa badii hojjataniif rahmata akka godhuuf of irratti dirqama godhee fi Lawhal Mahfuuz keessatti katabee jira. Qabiyyeen rahmata kanaa: **“Namni isin keessaa wallaalummaan hamtuu hojjatee ergasii san booda tawbatee fi toltaa hojjate, dhugumatti Inni araaramaa rahmata godhaadha.”** Kana jechuun namni badii erga hojjatee booda badii san irraa buqqa'ee fi gaabbee gara Rabbii deebi'uun hojji gaggaarii hojjate fi wanta balleesse fooyyesse, Rabbiin isaaf ni araarama, rahmata godhaaf. Badii isaa ni haguugaaf, gara fuunduraatti isa hin adabu.

Kaafira malee eenyullee rahmata Isaa irraa abdii hin kutu. Qur'aana keessatti:

﴿إِنَّهُ وَلَا يَأْيُسُ مِنْ رَوْحِ اللَّهِ إِلَّا الْقَوْمُ الْكَفِرُونَ ﴾
AV

“Dhugumatti, namoota kaafira ta'an malee eenyullee rahmata Rabbii irraa abdii hin kutu.” Suuratu Yuusuf 12:87

4-Musiibaa (Rakkolee fi balaa adda addaa)

Yeroo baay'ee rakkoo ykn musiibaa namatti bu'u akka adabbiitti ilaalla. Garuu kuni yoo siritti itti hin xinxallin dogongora guddaatti nama geessa. Walumaagalatti rakkoon nama tuqu wantoota sadii keessaa hin bahu. 1ffa- Namoota qoruuf- nama amane yoo ta'e iimaana fi jabinna isaa ifatti baasun nama sobaa irra adda baafama. 2ffa- Tarbiyah- kana jechuun guddisuuf, qulqulleessuu fi leenjisuuuf rakkoon nama tuqa. 3ffa- Adabbiif- namni badii yoo itti fufee badii isaa irraa akka buqqa'uuf rakkoon isatti rooba. Kunniin sadan hundi rahmata Rabbii agarsiisuu. Iimaana kee jabeessu fi sadarkaa kee olkaasuf yoo si qoree fi qormaata irratti yoo si gargaare, rahmata Isaa hin agarsiisuu? Qormaata tokko malee sadarkaa gadi aanaa irra jiraachu wayya moo rakkoo adda addaatin qoramanii sadarkaan nاما ol ka'u wayyaa?

Ammas, badii hojjachu itti fufanii dhumarratti adabbi cimaa adabamu wayya moo badii irraa akka buqqa'aniif rakkoon nama tuqu wayyaa? Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿وَلَنِذِيقَنَهُم مِّنَ الْعَذَابِ الْأَدْنَى دُونَ الْعَذَابِ الْأَكْبَرِ لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴾
AV

“Dhugumatti, akka isaan deebi'aniif adabbi guddaa dura adabbi xiqqaa isaan dhandhamsiifna.” Suuratu As-Sajdah 32:21

Adabbiin xiqqaan rakkolee, dhibee fi balaa adda addaa addunya tana keessatti nama muudataniidha. Adabbiin guddaan immoo adabbii Aakhiraati. Akka namoonni badii irraa buqqa'uun gara Rabbii deebi'anii amananii fi hojji gaggarii hojjataniif, adabbii Aakhirah guddaa dura adabbii xiqqaan isaanitti buusa. Yoo isaan gara Isaatti deebi'an, tawbaa isaanii irraa qeebalun isaaniif araarama, adabbii guddaa irraa isaan baraara. Dhugumatti kuni rahmata guddaadha.

Warroota amanan (mu'mintoota) irraa namoota garii duniyaa ykn qabeenya itti dhiphisa. Kuni maaliif ta'ee? Deebiin isaa:

Rabbiin rahmata Isaatiin akka isaan duniyatti tasgabbaa'un Aakhirah hin daganneef duniyaa tana karaa addaatin isaanitti dhiphisa ykn hanga murtaa'a kennaaf. Addunyaan tuni iddo qormaata akka taate fi qananiin Aakhirah isaaniif irra caalaa akka ta'e akka beekaniif, addunyaa baay'isee isaanitti gadi hin dhangalaasu. Mu'mintootaaf Jannata qananiin guuttametu jira. Kanaafu, Jannata tana gahuuf rakkolee fi qormaata adda addaa keessa darbuu qabu. Wanta irra guddaa fi turaa isaaniif kennuuf duniyaa baay'isee isaanitti hin kennine. Osoo baay'isee isaanitti kenne silaa Aakhirah qananiin guuttamte dagachuun addunyaa keessatti taru. Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿وَلَوْ بَسَطَ اللَّهُ الْرِزْقَ لِعِبَادِهِ لَبَغَوْا فِي الْأَرْضِ وَلَكِنْ يُنَزِّلُ بِقَدْرٍ مَا يَشَاءُ إِنَّهُ بِعِبَادِهِ خَيْرٌ بَصِيرٌ﴾

"Osoo Rabbiin gabroota Isaatiif rizqii bal'isee, silaa dachii keessatti daangaa darbu turan. Garuu Inni wanta fedhe safaraan buusa. Dhugumatti, Inni gabroota Isaa keessa beekaa, Argaadha." Suuratu Ash-Shuura 42:27

(Osoo Rabbiin rizqii (soorata, qabeenya) gabroota Isaatiif garmalee bal'isee, silaa of-tuulu, badii adda addaa hojjatu, Isaaf ajajamu irraa ni garagalu, daangaa walirratti darbuu turan. Garuu wanta dhimma isaanii itti fooyyessuu fi daangaa akka hin dabarre isaan taasisu irraa wanta fedhe safaraan (likkiin) buusa. Wanta isaan gahuu isaaniif kenna. "Inni gabroota Isaa keessa beekaa, Argaadha."

Kamtu durummaa malee kan isaaf hin tolle, kamtu hiyyummaa malee kan isaaf hin tolle siritti beeka. (Zaadul Masiir-fuula 1269)

D-Faayda namni Maqaa "Ar-Rahmaan, Ar-Rahiim" beeku fi itti amanuun argatu

Kutaa darbe keessatti hiika fi aasaara (bu'aa) maqaa kanniin lamaani ilaalle turre. Yaadannoof, Ar-Rahmaan rahmataan kan ibsamu yommuu ta'u, Ar-Rahiim immoo umamtootaf rahmata kan godhuudha. Aasaarri (bu'aan) rahmata Rabbii

uumamtootaaf waan gaarii kennuu fi waan badaa isaan irraa deebisuun guyyaa guyyaan ni mul'ata. Qananiin namni argatu hundi bu'aa rahmata Rabbii irraayyi. Wanti badaan isarraa deebi'e hundi bu'aa rahmata Isaa irraayyi. Kanaafu, namni kana yoo beeke fi itti amanee, faayda baay'ee argata. Isaan keessaa:

1-Rabbiin (Subhaanahu wa ta'aalaa) jaallachuun-Rabbiin jaallachuun hundee ibaadatii fi mi'aa jirenyaati. Qalbiin jaalala Rabbii of keessaa hin qabne, jirenya keessatti mi'aa gammachuu hin dhandhamtu. Akkasumas, ibaadan jaalala fi of gadi qabuu irratti kan hundaa'edha. Bakka kunniin lamaan hin jirreetti hojii ibaada (gabbrrii) irraa faaydaa guddaa fi mi'aa argachuun ni ulfaata.

Namni yommuu qananii keessaa fi alaa isa marse ilaaluun rahmata Rabbii irraa ta'u beekee fi amane, jaalalli inni Rabbii olta'aaf qabu dabalaad adeema. Sababni isaas, nafseen namaa tuni kan tola itti oole jaallachu irratti uumamte. Nama tola sitti oolee fi tola sitti hin oolle wal-qixa jaallattaa? Rabbiin guddaan fakkaataa hin qabne, tolle fi qananiin Isaa halkanii guyyaa namarratti dhangala'a. Garuu namni sababa qanani kanaatin Rabbiin kan jaallatu waa lama yoo hojjateedha.

1ffaa- Qananiwwan kanniinitti xinxalluun rahmata Rabbii irraa akka ta'e beeku fi amanuu

2ffaa- Haala duraan keessa turee fi uumamtoota naannawa isaa jiran ilaalu

Qananiin isatti roobuu fi badiin isarraa ittifamu, Rabbii olta'aa irraa akka ta'e yoo beekee fi amane, qalbiin isaa gara jaalala Isaatti maqxi. Qur'aana keessatti:

"Qananii (ni'imaa) irraa wanti isin bira jiru Rabbuma irraayi. Ergasii yeroo miidhaan isin tuqe garuma Isaatti warwaattu."Suuratu Nahl 16:53

Kana jechuun qananiin keessaa fi alaa kanneen akka fayyaa, beekumsaa, iimaanaa, qabeenyaa, ijoollee fi kkf isin qabdan hundi kan Rabbiin isiniif kenneedha.

Dhibeen, hiyyummaa fi rakkoleen biroo yoo isin tuqan garmalee Isa kadhattu.

Haala duraan keessa turee fi uumamtoota naannawa isaa ilaaluun dhugumatti jaalala Rabbiif qabu dabalaaf. Haalli inni duraan keessa turee baddaa ta'u danda'a. Haala baddaa kana keessaa Rabbiin rahmata Isaatiin isa baase. Kanaafi, Qur'aana keessatti Bani Isra'il rakkoo keessa turanii fi rakkoo kana keessaa kan isaan baase Rabbi Olta'e ta'u isaan yaadachisa. Kaayyoon kanaa, akka Isa jaallatani fi Isa qofa gabbaraniifi. Ammas, haala baddaa sahaabooni nabiyyii (SAW) keessa turanii fi qananii Rabbiin isaan irratti oole isaan yaadachisa. Ni jedha:

﴿وَأَعْتَصِمُوا بِحَبْلِ اللَّهِ جَمِيعًا وَلَا تَفَرَّقُوا وَإِذْ كُرُوا نِعْمَةُ اللَّهِ عَلَيْكُمْ إِذْ كُنْتُمْ أَعْدَاءً فَأَلَّفَ بَيْنَ قُلُوبِكُمْ فَأَصْبَحْتُمْ بِنِعْمَتِهِ إِخْرَانًا وَكُنْتُمْ عَلَى شَفَا حُفْرَةٍ مِّنَ النَّارِ فَأَنْقَذَكُمْ مِّنْهَا كَذَلِكَ يُبَيِّنُ اللَّهُ لَكُمْ مَا يَتَّهِي لَعَلَّكُمْ تَهَتَّدُونَ ﴾١٣

“Haada Rabbii hunda ta’aa qabadhaa, adda addas hin bahinaa (hin faca’inna). Yommuu isin diinota walii turtanii qalbii keessan wal simsiisuun qananii Isaatiin obboleeyyan taatan; qarqara boolloo ibidda irra turtanii ishii irraa isin baraare, qananii Rabbii isin irra jiru yaadadhaa. Akka qajeeltaniif Rabbiin akka kanatti keeyyattoota Isaa isiniif addeessa.” Suuratu Aali-Imraan 3:103

Haadni Rabbii Qur'aana ykn Islaama. Nabiyyiin ergamuun dura Araboonni diina walii turan. Gareen tokko garee biraa ajjeessa. Awsi fi Kazraj osoo wal lolanuu barri dheeraan isaan irra darbe. Yommuu Rabbiin subhaanahu nabiyyii (SAW) ergu, nabiyyitti amanuun gareewwan wal lolaa turan hundi tokko ta'an. Jibbi fi diinummaan isaan jidduu haaqamun obboleeyyan walii ta'an. Kuni hundi qananii Rabbiin isaan irratti ooledha. Ammas, qarqara boolloo ibidda Jahannam irra turan. Osoo kufrii irratti du'anii silaa boollo tanatti ni kufuu turan. Garuu Rabbiin rahmata Isaatiin nabiyyii isaaniif erguun boolloo ibiddaa irraa isaan baraare (nagaha baase). Kuni hundi qananii Rabbiin isin irratti oole, kanaafu qananii Isaa yaadadhaa. Qananii Isaa yaadachuun akka Isa galateefattanii fi jaallattan isin taasisa. Kanaafi, Qur'aana keessatti bakka biraatti akkana jedha:

﴿فَإِذْ كُرُوا عَلَاءَ اللَّهِ لَعَلَّكُمْ تُفْلِحُونَ ﴾

“Akka milkooftaniif jecha qananii Rabbii yaadadhaa” Suuratu Al-A’araaf 7:69

Namni qananii Rabbiin isarratti oole yaadachuun yoo Isa galateefatee (shakkare) warra milkaa’an keessaa ta’a. Galatefachuun arrabaan faarsu, qalbii fi qaaman wanta itti ajajaman hojjachu fi wantoota irraa dhoowwaman dhiisu waan of keessatti qabatuuf. Ammas, qananii Rabbii yaadachun wanta badaa duraan keessa turanitti akka hin deebine nama gargaara. Qananii guddaan namni yaadachu qabu: dukkana badii, kufrii fi wallaalummaa keessaa gara ifa iimaana fi beekumsaatti bahuu fi Islaamatti qajeeluudha. Namoota meeqatu dukkana wallaalummaa keessa raata’aa jira. Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa rahmata Isaatiin ifa Islaamaa nuuf ibse.

Amma of haa gaafannu, namni qananii kanniin erga yaadate, Rabbiin jaallate haa jennu. Rabbiin jaallachuun isaa maaliin safaramaa? Deebii kanaa Qur'aana keessatti haala kanaan arganna:

﴿قُلْ إِنْ كُنْتُمْ تُحِبُّونَ اللَّهَ فَاتَّبِعُونِي يُحِبِّكُمُ اللَّهُ وَيَغْفِرُ لَكُمْ ذُنُوبَكُمْ وَاللَّهُ غَفُورٌ رَّحِيمٌ﴾^{٣١}

Jedhi, “[Dhuguma] Rabbiin kan jaallattan yoo taatan, ana hordofaa. Rabbiin isin jaallataa, badii keessanis isiniif araaramaati. Rabbiinis Araarama, Rahmata godhaadha.” Suuratu Aali-Imraan 3:31

Arrabaan Rabbin nan jaalladha jedhanii odeessun qofti, warra Rabbiin jaallatan keessa nama hin taasisu. Dubbiin isaa kuni lafarratti gadi bu'uun hojiin mul'achuu qaba. Safartuun namni tokko Rabbiin jaallachuun itti beekamu: Rabbiif ajajamuu fi nabiyyii Isaa (SAW) hordofuudha. Hasan Al-Basri fi hayyooni birooakkana jedhan: Namoonni "Nuti Rabbiin ni jaallanna" jechuun odeessan. Rabbiinis aayata tanaan isaan qore: “Jedhi, “[Dhuguma] Rabbiin kan jaallattan yoo taatan, ana hordofaa.”⁴⁴

Namni dhugaan Rabbiin yoo jaallate, faaydan gurguddaan inni argatu keessaa: Rabbiin subhaanahu isa jaallachu fi badii isaa isaaf araaramuudha. Namni kanniin lamaan yoo argate, addunyaa fi Aakhiratti wanti garmalee dhiphatuuf hin jiru.

2-Rahmata Rabbii kajeelu fi itti rarra'uu- sababoota namarraa barbaadamu erga hojjatanii booda rahmata Isaatti qalbiin rarra'uun dhugumatti mi'aa jirenya akka dhandhaman nama taasisa. Jirenya keessatti wanti guddaan namni dhiphatuuf, “Gara fuunduraatti maaltu na qunnamaa? Rakkoo fi hiyyumman na qunnamuu danda'u” kan jedhuudha. Namoonni baay'een yommuu maallaqa dhaban ykn rakkoo cimaa keessa seenan, rahmata Rabbii yoo hin abdatin, dhiphinnaa fi sodaan isaan keessa seenan hangana hin jedhamu. Kanaafu, namni Rabbiin rahmanni Isaa bal'aa akka ta'e yoo beekee fi amane, yeroo hundaa qalbiin isaa rahmata Isaatti rarraati. Garuu kana waliinu, wanta rahmata Isaatti isa geessu ni hojjata. Osoo wanta rahmata Rabbiitti isa geessu hin hojjatin, “Rahmanni Rabbii bal'aadha” jechuun yoo taa'e, akka nama osoo lafa hin qotinii fi midhaan hin facaasin oomisha eegu ta'a. Sababni rahmata Rabbiitti isa geessu jiraachu qabu. Akkuma sababoota kanniin hojjatuun rahmata Isaa kajeeluun jabaata.

⁴⁴ Tafsiiru ibn Kasiir 2/336

Nama badii hojjate yoo ta'e, tawbachuun, araarama kadhachuu fi hojii gaggaarii hojjachuun rahmata Isaa kajeela. Nama rakkate yoo ta'e, hanga humni isaa danda'u hojjachuun fi du'aayi gochuun rahmata Isaa kajeela. Gara fuunduraatti rakkoon na qunnama jedhee yoo sodaate, Rabbiif ajajamu irratti ni jabaata, wanta Inni dhoowwe irraa ni fagaata. *Sababni guddaan rakkoon nama qunnamuuf Rabbiif ajajamu diduu fi wanti Inni dhoowwe hojjachuun waan ta'eef.* Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿وَإِذَا قِيلَ لَهُمْ أَتَّقْوَ مَا بَيْنَ أَيْدِيهِمْ وَمَا خَلْفَهُمْ لَعَلَّكُمْ تُرَحَّمُونَ﴾

Yeroo “Akka rahmanni isiniif godhamuuf waan isin dura jiruu fi waan duuba keessan jiru irraa of eeggadhaa” jedhaman, [irraa garagalu].” Suuratu Yaasin 36:45

“waan isin duraa fi duuba keessan jiru irraa of eeggadhaa” jedhuuf, wanti namoota dura jiruu fi duuba isaanii jiru maaliidha jennee yoo gaafanne, deebii isaa ibsa mufassiroota irratti hundaa'un haala kanaan kaa'u dandeenya: wanti namoota dura jira: adabbii addunya, badii hojjatanii dabarsanii fi adabbii ummata duraanitti bu'eedha. “wanti duuba namootaa jiru” immoo: badii gara fuunduraatti dhufu, adabbii Aakhiratti isaan qunnamu fi kanneen biroo.⁴⁵

Namoonni jirenya tana keessatti akka nama doonii yaabbatee dugda isaa gara kallatti dooniin itti deemtu garagalchee fi fululaa fi ija isaa immoo gara karaa dooniin irra darbiteetti qajeelcheti. **Jireenyi** akka **dooniti**. **Namoonni jirenya tana keessa jiraatan** immoo akka **nama dooni yaabbateeti**. Namni wanta duuba isaatti adeemsifamu hin argu hanga wanti suni gara fuula duraatin itti dhufutti malee. Wanti duuba namootaa jiru gheeybi (wanta ijaan hin mul'anne) irraa wanta isaan hin argineedha.⁴⁶ Adabbiin Aakhiratti isaan qunnamu wanta duuba isaanitiin isaanitti dhufuudha. Wanti hojjatanii dabarsan immoo wanta dura isaanii jiruudha.

Amma gaafin ni ka'a: “Namni akkamitti wanta isa dura jiruu fi wanta duuba isaa jiru irraa of eeggachuu danda'aa?”

Wanti dura isaa jiru badii hojjatee dabarse waan ta'eef badii hojjateef adabbiin isatti bu'uu waan danda'uuf karaan adabbii kanarraa of eegu: badii irraa buqqa'uun gara Rabbii deebi'u (tawbachuu), araarama kadhachuu fi hojii gaggaarii hojjachuudha. Tawbachuun, araarama kadhachuu fi hojii gaggaarii hojjachuun badii ykn dilii darbe waan haaquf adabbiin gara fuunduraatti akka namatti hin buune taasisa.

⁴⁵ [Zaadul Masiir](#)-fuula 1174, Ibn al-Jawzi,

⁴⁶ [Ma'aariju Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabburi](#)-6/131, Abdurahmaan Habanka

Wanti duuba isaa jiru immoo adabbii gara fuunduraatti addunyaa tanaa fi Aakhiratti isa qunnamu waan ta'eef, karaan adabbii kana irraa of eegan: iimaana fi hojii gaggaarii irraa wanta Rabbiin dirqama namarratti godhee hojjachuu fi wanta Inni dhoowwe hunda irraa fagaachuni.⁴⁷

Namni wanta duraa fi duuba isaa jiru irraa dhugaan amanuun (iimaanan), tawbachuun, araarama kadhachuun, hojii gaggaarii hojjachuu fi hojii badaa irraa fagaachuun yoo of eege, rahmata Rabbii argata. Rahmata Rabbii yoo argate immoo wantoonni gaariin isaaf dhufu, wantoonni badaa fi adabbiin adda addaa isarraa deebi'u.

Guduunfaa

- Dhugumatti namni qananiin inni qabu hundi rahmata Rabbii irraa akka ta'e yoo beekee fi amane, Rabbii kanaan isa qananiise ni jaallata. Namni Rabbii olta'aa yoo jaallate immoo Isa qofa gabbara, hojii isaaf qulqulleessa, wanta badaa irraa ni fagaata. Dhugaadhaan kana yoo hojjate immoo wanta jibbamu irraa nagaha bahuu fi wanta jaallatamu argachuun milkaa'a.
- Namni rahmanni Rabbii bal'aa wanta hundaa haguugu ta'uu yoo beeke fi amane, rahmata Isaa ni kajeela, abdii irraa hin kutu. Garuu kana waliinu sababoota rahmata Isaatti nama geessan ni hojjata.
- Qabeenyaa fi wanti biroo namni qabu waan badaniif, qabeenyaa fi namootatti osoo hin ta'in rahmata Rabbitti rarra'uun ykn kajeelun bilisummaa argachuudha. Qabeenyi abdatan guyyaa tokko osoo hin beekin barbadaa'a. Namoonnis wanta Rabbiin fedhe malee homaa namaaf gochuu hin danda'an. Kuni hundi abdi namatti dukkaneessa. Rahmanni Rabbii yeroo hundaa turaa fi bal'aa waan ta'eef rahmata Isaa kajeelun dhugumatti abdii ifaa qabaachudha. Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa ni jedha:

وَرَحْمَتُ رَبِّكَ خَيْرٌ مِّمَّا يَجْمَعُونَ ﴿٤٣﴾

“Rahmata Gooftaa keetitu waan isaan walitti qaban irra caala.” Suuratu Az-Zukhruuf 43:32

Kana jechuun qabeenyaa fi faayda addunyaa harka isaanii jiru irra rahmanni Rabbiin uumamtoota Isaatiif godhutu isaaniif caala.⁴⁸

⁴⁷ Madda olii-fuula 132

⁴⁸ Tafsiiru Ibn Kasiir 6/572, Daaru Ibn Al-Jawzi

■ Rahmata Isaatiin waan gaarii argatan, rahmata Isaatiin wanti badaan namarraa deebi'a. Qabeenyi yeroo hundaa wanta namni barbaadu hunda namaaf kennuu fi wanta badaa namarraa deebisuu danda'aa? Kanaafu, namni yoo maal hojjate rahmata bal'aa kana argata ree? Kutaa itti aanu keessatti ni ilaalla.

Kitaabban wabii

Walillahi asmaa'u'l Husnaa fad'uuhu bihaa— AbdulAziz bin Naasir Jali

Karaalee Rahmata Rabbii itti Argatan⁴⁹

Rahmani Rabbii (subhaanahu wa ta'aalaa) bal'aa wantoota hundaa haguugudha. Garuuakkuma yeroo darbe jenne rahmanni Isaa gosa lama. 1ffaa-rahmata waligalaa uumamtoota hundaa haguuguudha. Kuni qananii qaamaa kanneen akka nyaataa dhugaati, uffata, geejjibaa fi kkf. 2ffaan immoo rahmata addaa kan ta'eedha. Kuni namoota Rabbii Guddaa Olta'etti amananiif qofa kan ta'uudha. Kanneen akka iimaana, beekumsa, dukkana keessaa gara ifaatti baasu, tasgabbii qalbii, rizqii halaalaa, adabbi addunyaa fi Aakhirah jalaa isaan baraarun ganda qananii tan taate Jannata isaan qubsiisu fi kanneen biroo. Rahmanni guddaan namni barbaadu rahmata lammataa kana. Wanti asi gaditti hasoofnus akkaata rahmata lammataa kana itti argataniidha.

Kutaa kana abuurun dura seera hin jijjiramne kana dagachuun hin qabnu: “Al-Jazaa’u min jiinsil amal (Jazaan gosa hojniitii)” Kana jechuun namni jazaa (mindaa) isaa kan argatu hojii inni hojjate irratti hundaa’eti. Waan gaarii yoo hojjate jazaan isaa waan gaarii ta’a. Waan badaa yoo hojjate, yoo dafee badii san hin haaqin, jazaan isaa waan badaa ta’a. Rahmata Rabbii jalla wa’alaa argachuun mindaa guddaa milkaa’innatti nama baasudha. Kanaafu, mindaa kana akkanumatti taa’ani kan argatan osoo hin ta’in hojii hojjatantu jira. Kanaafi, Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa namoota hojii isaan irraa eeggamu hojjachuun rahmata Isaa kajeelan akkana jechuun faarse:

﴿إِنَّ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَالَّذِينَ هَاجَرُوا وَجَاهُدُوا فِي سَبِيلِ اللَّهِ أُولَئِكَ يَرْجُونَ رَحْمَةَ اللَّهِ وَاللَّهُ غَفُورٌ رَّحِيمٌ﴾

“Dhugumatti warri amananii fi warri godaanani karraa Rabbii keessattis qabsaa’an, isaan sun rahmata Rabbii kajeelu. Rabbiin akkaan araaramaa, rahmata godhaadha.” Suuratu Al-Baqarah 2:218

Akkuma aayah armaan olii tana irraa barannu, namoonni kunniin hojii hojjachuun rahmata Rabbii addaa kajeelu. “Nuti godaanu fi karraa Rabbii keessatti qabsaa’u hin dandeenyu. Kanaafu, rahmata Isaa akkamitti kajeellaa?” jechuun of gaafachu dandeeyna. Abshir, Rabbiin karaalee rahmata Isaa itti argatan baay’ee Kitaaba Isaa keessatti fi arraba Ergamaa Isaa (SAW) irratti akeeke jira. Mee isaan keessaa muraasa haa ilaallu.

⁴⁹ [Asmaa’ul Husnaa wa sifaatu ulaa](#) – 33-39, AbdulHaadi bin Hasan

1-Al-Ihsaan-Haala waligalaatiin yoo ilaalle, Ihsaana-jechuun toltaa hojjachuu fi haala namarraa barbaadatum toltaa san bareechisuu fi sirnaan hojjachuudha. Rabbiin olta'aan ni jedha:

﴿إِنَّ رَحْمَتَ اللَّهِ قَرِيبٌ مِّنَ الْمُحْسِنِينَ﴾

"Dhugumatti rahmanni Rabbii warra toltaa hojjatanitti dhiyoodha." (Suuratu Al-A'raaf 7:56)

Ihsaanni gosa lama: 1ffa-Ibaadaa keessatti ihsaana. Osoo Isa arguu baataniyyu akka waan Isa arganitti Rabbiin gabbaruudha. Kuni ibaadaa akka bareechisanii fi sirnaan hojjatan nama taasisa. 2ffaan immoo gabroota Rabbiitti tola ooludha. Kan akka rakkataa gargaaru, wallaala barsiisu fi qajeelchu. "[Warri toltaa hojjatan] Ibaadaa Rabbii bareechisanii sirnaan hojjatu, gabroota Rabbiitiifis tola oolu. Akkuma namni baay'isee namoota hunda caalaa toltaa sirnaan hojjatuun, akkasuma hunda caalaa rahmata Gooftaa isaatti dhiyoodha. Gooftaan isaas rahmata Isaatiin isatti dhiyoodha."⁵⁰

"Rabbitin warroota toltaa hojjatan namoota hundarrraa adda baasun rahmanni Isaa isaanitti dhiyoo akka ta'e ni beeksisa. Sababni isaas, rahmanni tola Rabbii irraayyi. Tolli Isaa warroota toltaa hojjatanii ta'a. Sababni kanaa, al-jazaa'u min jiinsil amali (mindaan gosa hojjiitiin). Akkuma isaan hojjiisaanitinaan tola oolan, Rabbiinis rahmata Isaatiin isaanitti tola oole.

Namni toltaa hojjachuu irraa fagaate immoo rahmanni akkasuma isarraa fagaata. Toltuun hundarrraa caalu iimaana, tawhiida, gara Rabbii deebi'uu, Isarratti hirkachuu, akka waan Isa arguutti kabajaa fi sodaa guddaa Isa gabbaruudha. Akkuma Rasuulli (SAW) jedhan kuni sadarkaa guddaa ihsaanati: "**Akka waan Isa argituutti Rabbiin gabbaruudha. Osoo ati Isa arguu baatteyyuu dhugumatti Inni si arga.**" (Sahih Muslim 8) Kuni ihsaana erga ta'e, rahmanni Rabbii nama toltaa bareechise hojjatuutti dhiyoodha. Rabbitin subhaanahu wa ta'alaa ni jedha:

﴿هَلْ جَزَاءُ الْأَيْمَانِ إِلَّا الْأَحْسَنُ﴾

"Sila mindaan toltaa toltaa malee ni jiraa?" Suuratu Ar-Rahmaan 55:60⁵¹

Kana jechuun mindaan nama ibaadaa Gooftaa isaa tolchee fi bareechise, gabrootaa Isaa fayyade, Gooftaan isaa mindaan bareedaan, milkaa'inna guddaa, qananii yeroo

⁵⁰ Tafsiiru Sa'dii 328

⁵¹ Asmaa'u'l Husnaa wa sifaatu ulaa -fuula 31-32 AbdulHaadi bin Hasan

hundaa turaani fi jirenya nagahaatiin isatti tola oolu malee wanta biraan ni ta'aa?⁵²
Warroota tolto hojjatan Rabbiin addunyaa tana keessatti isaaniif rahmata gochuun,
Aakhirattis rahmata Isaatiin Jannataan isaan badhaasun tola isaanitti oola.

2-Beekumsaa fi hojiin Qur'aana hordofuu- Rabbiin subhaanahu wa ta'aala ni jedha:

 وَهَذَا كِتَبٌ أَنْزَلْنَاهُ مُبَارَكٌ فَاتَّبِعُوهُ وَاتَّقُوا لَعْلَكُمْ تُرْحَمُونَ

"Kuni Kitaaba Nuti buufne barakaa kan qabuudha, kanaafu akka rahmanni isiniif godhamuuf isa hordofaa, Rabbiinis sodaadhaa." (Suuratu Al-An'aam 6:155)

Qur'aanni guddaan rahmata guddaa Rahmaan gabrootaaf rahmata ittiin godheedha. Namni rahmata kana fudhate dhugumatti kennaa hunda caalu fudhatee fi wanta barbaadamu fi kajeellamu guddaan milkaa'e jira. Qur'aanni guddaan kuni, kheeyri fi beekumsa baay'etu keessa jira. Beekumsi biroo isarrraa kan waraabbamuu fi barakaan isa keessaa kan baafamuudha. Kheeyrin (wanti gaariin) homaatu hin jiru kan itti waame fi kakaase yoo ta'e malee. Ogummaa (hikmaa) fi faayda kheeyri san hojjachuutti nama kakaasu ni dubbata. Sharriin wayitu hin jiru kan irraa dhoowwe fi akeekachisee yoo ta'e malee. Sababoota sharrii san irraa akka dheessan nama taasisanii fi adabbii cimaa sharri san irraa dhalatu ni hima.

Wanta Qur'aanni ajajuu fi dhoowwu hordofaa. Kana jechuun wanta Qur'aanni ajaju hojjadhaa, wanta inni dhoowwe irraa immoo fagaadhaa. Hundee fi damee amanti keessanii Qur'aana irratti ijaarradhaa. Ajajoota isa keessa jiran faalleessu irraa Rabbiin sodaadhaa. Yoo kan isa hordoftan taatan, rahmanni isiniif godhamuun ni kajeellama.

Karaan hundarra caalaan rahmata Rabbii itti argatan Kitaaba kana (Qur'aana) beekumsaa fi hojiin hordofuudha. Beekumsaan yommuu jennu Qur'aana barachuu fi qo'achuun wanta isa keessa jiru hubachu fi odeefanno inni beeksisutti amanuudha. Hojiin yommuu jennu immoo wanta inni itti ajaju hojjachu fi wanta inni dhoowwe irraa fagaachudha. Namni yooakkana godhe, rahmata Rabbii (subhaanahu wa ta'aala) argata. Namni rahmata Rabbii khaassah (addaa ta'e) yoo argate, addunyaa tana keessa dhiphinna, gaddaa fi adabbii adda addaa irraa baraaramun tasgabbii argata. Aakhirattis adabbii cimaa irraa baraaramun Jannataan seena.

⁵² Tafsiiru Sa'dii 980

Malaaykanni akkana jechuun warroota amanajjii gara Rabbii deebi'anii fi **karaa Isaa hordofan** du'aayi akka godhaniif Rabbiin nuuf hima: "Hamtuu irraas isaan eegi. Namni Ati hamtuu (adabbi) irraa eegde, dhugumatti Guyyaa san rahmata isaaaf gootee jirta. Suni isumatu Milkaa'inna guddaadha." (Suuratu Ghaafir 40:9)

Karaa Isaa (Rabbii) hordofuun Qur'aana fi Nabiyyii (SAW) hordofuudha.

3-Qur'aana dhageefachuu-Rabbiin olta'aan ni jedha:

﴿وَإِذَا قُرِئَ الْقُرْءَانُ فَاسْتَمِعُوا لَهُ وَأَنْصِتُوا لَعَلَّكُمْ تُرْحَمُونَ﴾

"Yeroo Qur'aanni qara'amu, akka rahmanni isiniif godhamuuf gara isaa dhageefadhaa, cal'isaas." Suuratu Al-A'raaf 7:204

Garaagarummaan dhageefachuu fi cal'isuu jidduu jiru: Cal'isuun dubbachuu dhiisun ykn dhageefachuu irraa wanta nama ko'oomsu dhiisun gubbaa (zaahira) irraa wanta ta'uudha. Qur'aana dhageefachuun immoo gurra itti kenuu, qalbii dhiyeessu (xiyyeffannoo itti kenuu) fi wanta dhagahan itti xinxalluudha. Yeroo Kitaabni Rabbii qara'amuu namni dhimmoota lamaan kanniin qabate, dhugumatti kheeyri baay'ee, beekumsa guddaa, iimaana itti fufaa fi haaronfamaa, qajeelcha dabalataa argata. Kanaafi, Rabbiin rahmanni Qur'aana dhageefachu fi cal'isuun akka argamu taasise. Kuni kan agarsiisu namni Qur'aana hin dhageefannee fi hin cal'isne rahmata irraa qooda ni dhaba. Kheeyrin baay'een isa darba.

4-Salaata sirnaan salaatu, Zakaa kennuu fi Rasuulaf (SAW) ajajamu- Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa ni jedha:

﴿وَأَقِيمُوا الصَّلَاةَ وَءَاتُوا الْزَّكَوةَ وَأَطِيعُوا الرَّسُولَ لَعَلَّكُمْ تُرْحَمُونَ﴾

"Akka rahmanni isiniif godhamuuf salaata sirnaan salaataa, zakaas kenna, Ergamaafis ajajamaa." Suuratu An-Nuur 24:56

5-Istighfaara (Araarama Kadhabchuu)- Rabbiin baay'isanii araarama kadhachuu karaa rahmata Isaa itti argataniidha. Rabbiin Olta'aan ni jedha:

﴿قَالَ يَقُومٌ لَمْ تَسْتَعِجِلُونَ بِالسَّيِّئَةِ قَبْلَ أَلْحَسَنَةِ لَوْلَا تَسْتَغْفِرُونَ اللَّهَ لَعَلَّكُمْ تُرْحَمُونَ﴾

[Nabii Saalih ummata issatiin akkana] **jedhe: Yaa ummata kiyya! Maaliif toltau dura hamtuu (adabbii) jarjarfattuu? Akka rahmanni isiniif godhamuuf maaliif Rabbiin araarama hin kadhannee?” Suuratu An-Naml 27:46**

6-Du'aayi- kuni sababa guddaa rahmata Rabbii bal'aa namaaf fiduudha. Sababni isaas, “hunda caalaa rahmata kan godhoo irraa rahmanni ni kajeelama.” Rabbii Tabaaraka wa ta'aalaa du'aayi warroota sammuu qabanii akkana jechuun kaasa:

﴿رَبَّنَا لَا تُزِغْ قُلُوبَنَا بَعْدَ إِذْ هَدَيْتَنَا وَهَبْ لَنَا مِنْ لَدُنْكَ رَحْمَةً إِنَّكَ أَنْتَ الْوَهَابُ ﴾

“Gooftaa keenya! Erga nu qajeelchitee booda qalbi teenya hin jallisin, Si biraayis rahmata nuuf kenni. Dhugumatti Ati akkaan Kennaadha.” Suuratu Aali-Imraan 3:8

Kana jechuun rahmata guddaa kheeyri itti nu qunnamssiistu fi wantoota babbadoo irraa ittiin nu tiiksitu [nuuf kenni]. Dhugumatti, Ati kenni Kee bal'aa, tolli Kee baay'ee, arjummaan Kee uumamtoota hundaa kan gahuudha.”

Gabaabumatti, du'aayi baay'isanii gochuun Rabbii guddaaf of gadi qabuu fi dadhabbinna ofii agarsiisu of keessaa waan qabuuf, rahmata Isaa akka argatan nama taasisa. Mee ilaali nama tokko yoo baay'istee kadhatte, namni suni yoo qalbiin isaa hin gogin dhumarraatti wanta isarraa barbaaddu argachuun kee hin oolu. Rabbii Tokkicha fakkaataa hin qabne baay'isanii kadhachuuun karaa rahmanni Isaa itti namaaf banamuudha.

7-Taqwaa (Rabbit sodaachu)- Ni jedha:

﴿إِنَّمَا الْمُؤْمِنُونَ إِخْوَةٌ فَاصْلِحُوا بَيْنَ أَخْوَيْكُمْ وَاتَّقُوا اللَّهَ لَعَلَّكُمْ تُرَحَّمُونَ ﴾

“Mu'mintooni (warri amanan) obboleeyyani, kanaafu gidduu obboleeyyan keessanii tolchaa. Akka rahmanni isiniif godhamuuf Rabbitiin sodaadhaa.” Suuratu Al-Hujuraat 49:10

Rabbitiin sodaachu (taqwaa) jechuun wanta Inni itti ajaje hojjachuun fi wanta Inni dhoowwe dhiisudha. Namni wanta Gooftaan isaa itti ajaju hojjatu fi wanta Inni dhoowwe dhiisu, carraan rahmata (mararfanna) Gooftaa isaa itti argatu baay'ee guddaadha. Namni wanta Gooftaan isaa itti ajaju hin hojjannee fi wanta Inni dhoowwu hin dhiisne, carraan rahmata waan gaarii ittiin argatuu fi waan badaa ofirraa ittiin ittisu argachuun baay'ee xiqqaadha. Kanaafi, namoonni Rabbitiif hin

ajajamne hanga yeroo murtaa'e badii isaanii erga itti fufanii booda qabaa hamaa qabamu.

8-Uumamtootaaf rahmata gochuu- sababoota gurguddoo rahmatatti nama geessan keessaa tokko uumamtootaaf rahmata gochuudha. Namni xiqqaa fi guddaaf, mixii boolla ishii keessatti mararfatuuf, sinbirre mana ishii keessatti rahmata godhuu namoota hunda caalaa qalbiin isaa Rabbitti tan dhiyaattedha. Abdullah ibn Amr akka gabaasetti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: “**Warra rahmata godhan, Rahmaan rahmata isaaniif godha. Dachii keessa kan jiruuf rahmata godhaa, samii ol Kan jiru rahmata isiniif godhaati.**” [Tirmizii 1924](#)

Usaamah bin Zayd akka gabaasetti Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: “**Gabroota Isaa keessaa warroota rahmata godhaniif qofa Rabbiin rahmata godha.**” [Sahih Al-Bukhaari 1284](#), Sahih Muslim 923

Abu Hureyraan akka gabaasetti Ergamaan Rabbi (SAW) akkana jedhan: “**Namni rahmata hin goone, isaaf rahmanni hin godhamu.**” [Sahih Al-Bukhaari 5997](#), Sahih Muslim 2318

Namni uumamtoota irratti jabaatu, hawaasa birattis jibbamaadha. Namoonni akkaataa isaan keessumeessaniin nama keessumeessu. Namni garaa jabaataa yoo ta'e isaaniis isarratti jabaato ta'u. Garaa kan laafu fi rahmata godhuu yoo ta'e, isaanis isaaf rahmata ni godhu. Dhugumatti, uumamtootaaf rahmata gochuun rahmata Rabbii guddaa akka argatanii fi qalbiin namaa akka tasgabboftu taasisa. Namni uumamtootaaf rahmata hin goone, rahmata Isaa irraa ni fagaata, adabbi cimaafis of saaxila. Namni namootaaf rahmata hin goone kana beeku qaba: namoota irratti garaa jabaachu fi isaaniif mararfachuu dhiisun wanti isaaf dabalamu hin jiru. Inumaa, yoo isaaniif mararfachu dide, wanta gaarii baay'ee dhaba. Ammas, isaaniif garaa laafu fi mararfachuu wanti isarraa hir'atu hin jiru. Inumaa, yoo isaaniif mararfate wanta gaarii baay'ee argata.

Guduunfaa

Namni rahmata Rabbii addaa yoo argate, addunya tana keessatti dukkana keessaa gara ifaatti baha, tasgabbi qalbii argata. Aakhiratti immoo adabbi garmalee hadhaawaa fi cimaa jalaa bahuun Jannata qananii seena. Karaaleen rahmata kana itti argatan muraasa haala kanaan tarreessun ni danda'ama:

1. *Tola oolu fi hojji bareechisanii hojjachuu (Al-Ihsaan)*
2. *Qur'aana hordofuu*
3. *Qur'aana xiyyefannoon dhageefachu*

4. *Rabbiin sodaachuu*
 5. *Salaata sirnaan salaatu, zakaa kennu, nabiyyii (SAW) hordofuu*
 6. *Istighfaara (araarama kadhachuu) baay'isuu*
 7. *Du'aayi baay'isuu*
 8. *Umamtootaaf rahmata gochuu (mararfachuu)*
-

Al-Hayy, Al-Qayyuum

Imaamu Ibn Al-Qayyim (rahimahullahu) akkana jedha: “Jaalalli muka qalbii keessa jiruudha. Hiddi isaa jaallatamaaf of gadi qabuudha, jirmii isaa immoo Isa beekudha. Dameen isaa Isa sodaachudha. Baalli isaa immoo Isa saalfachuudha. Firiin isaa Isaaf ajajamuudha. Abuunni dhugaatii fi [soorata] isaaaf ta’u immoo Isa yaadachuu fi faarsudha (zikriidha). Yeroma jaalalli wantoonni kanniin keessaa tokko dhabe, hir’uu ta’aa.”⁵³

Jaallatamaan hundarra jaallatamu qabu Rabbii olta’eedha. Isa caalaa fi Isa waliin wanti jaallatamu hin jiru. Wanti tokko Isa caalaa ykn Isa waliin yoo jaallatame shirkii guddaa ta’aa. Isaa gaditti wanti jaallatamu faarfamaa kan ta’u, Isaaf jedhanii yoo jaallataniidha. Akkuma jecha Ibn Al-Qayyim keessatti argine mukni jaalalaa qalbii keessatti guddatu hidda, jirma, damee, baalaa fi firii qaba. Jaalalli nuti Rabbii Olta’af qabnu kana hunda akka baafatuuf carraaqqi nurraa barbaadaa miti ree? Karaan hundarra gaariin kana galmaan itti gahan waa’ee maqaalee fi sifaataa Isaa ilaachise beekumsa qabaachudha. Kutaa darbe irraa itti fufuun maqaalee Rabbii subhaanahu wa ta’alaa haa ilaallu:

A.Hiika Al-Hayy fi Al-Qayyuum

Akka lugaatti “Al-Hayy” jechuun “Jiraataa” jechuudha. Jireenyi faallaa du’aat. Jiraataan faallaa wanta du’eeti. Rabbiin Jiraataa yeroo hundaa turaa ta’e, du’aa fi badiinsi gonkumaa Isa hin qunnamneedha. Inni kana hundarraa qulqullaa’e olta’e.

Ibn Jariir Xabariin tafsiir isaa keessatti ni jedha: “Al-Hayy (Jiraataan) Kan hin duunee fi hin banneedha. Isaa gaditti wantoonni akka gooftaatti ilaallamuun gabbaraman hundi ni du’u, ni badu. Namoota irratti akkana jechuun falma: Kan hin bannee fi hin duune gaditti wanti baduu fi du’uu gabbaramaa gabbaramuun ta’uu hin danda’u. Sababni isaas, Gabbaramaan [ykn Gooftaan] Kan yeroo hundaa turu gonkumaa hin duunee fi hin banneedha. Kunis Rabbii Isa malee haqaan gabbaramaan hin jirreedha.” (Jaami’u Al-Bayaan 3/109) (Wantoonni Rabbii gadi jiran hundi waan du’aniif ykn badaniif gooftaa gabbaramu ta’uu hin danda’an. Rabbiin immoo yeroo hundaa jiraataa hin duunee fi hin bannee waan ta’eef Gooftaa haqaan gabbaramuudha.)

Hiika Al-Qayyuum

Maqaa al-Qayyuum jedhuuf hiika hayyooni baay’een kennan bakka lama jalatti

⁵³ Rawdatul Muhibbiin 554

guduunfunni ni danda'ama:⁵⁴

1ffaa- Al-Qayyuum jechuun Ofin dhaabbataa fi Of-Danda'aa homattu hin hajamne.

2ffaa- Al-Qayyuum jechuun uumamtoota hundaa Kan dhaabe. Kana jechuun uumamtoota hundaa kan argamsisee, dhaabu, jiraachisu fi eegu Rabbiidha. Uumamtooni hundi Isatti hajamu. Isa malee gonkumaa of danda'ani dhaabbachuu fi jiraachu hin danda'an.

Ibn Al-Qayyim ni jedha: "Al-Qayyuum jechuun Ofiin Kan dhaabbate fi Isaan ala wantoota jiran hunda Kan dhaabudha." (Sawaa'iqu Al-Mursalati 4/1327,1329)

B.Sifaata Maqaaleen kunnin of keessatti qabatan

Maqaa Al-Hayy (Jiraataa) jedhu keessa sifata (amala) jirenyaatu jira. wanta tokkoon jiraataadha yoo jette, jirenya ni qabaa jechuudha. Akkuma qajeelfama bu'uura maqaalee fi sifaata keessatti ilaalle, sifaanni Rabbii fi sifaanni uumamtootaa wal hin fakkaatan. Kanaafu, jirenyi Rabbii fi jirenyi uumamtoota wal hin fakkaatan. Jirenyi Rabbii jirenya guutuu badiinsaan hin durfamnee fi yoomiyuu duuti hin qunnamneedha. Hanqinni fi hir'inni wayitu gonkumaa Isa hin tuqu. Gooftaan keenya kana hundarrraa qulqulla'e olta'e. Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿وَتَوَكَّلْ عَلَى اللَّهِ الَّذِي لَا يَمُوتُ وَسَبِّحْ بِحَمْدِهِ﴾

"[Yeroo hundaa] Jiraataa gonkumaa hin duune irratti hirkadhu. Faaruu Isaatiniis Isa [faarsii] qulqulleessi." suuratu Al-Furqaan 25:58

Ibn Al-Qayyim ni jedha: "Jirenyi Rabbii jirenya hundarra guutuu taatedha. Jirenya sifaataa (amaloota) gugguutuuf barbaachistudha. Gama kaminiyyuu faallaa ishii ni dhabamsiifti. Wanta jirenyan wal-qabatan keessaa tokko hojji filannoon hojjachuudha. Jiraataan hundi hojjataadha. Jiraataa irraa hojiin argamu guutummaa fi hir'inna jirenya isaa irratti hundaa'a. Kan jirenyi isaa hunda caalaa guutuu taate, akkasuma hojiin isaas hunda caalaa jabaa fi guutuu ta'a. Dandeettin isaas akkanuma. Kanaafi, Rabbiin subhaanahu waan hundaa irratti Danda'aa ta'e, wanta fedhe hunda hojjata. (Rabbiin jirenyi Isaa gara hundaan guutuu waan taatef Inni waan hundaa irratti Danda'aadha.)" Shafaa'u Al-Aliili-1/187)

Al-Qayyuum dhimmoota lama agarsiisa:

1ffaa- Durummaan Rabbii guutuu ta'uu. Inni Of Danda'aa uumamtoota Isaa irraa Dureessa ta'eedha. Akkuma Kitaaba Isaa keessatti jedhe:

⁵⁴ [Tafsiru Qur'aanil Kariim](#)-Faatiha wa Baqarah-3/251 ibn Usyemiin, [Fataawa Ibn Baaz](#)

﴿ يَا أَيُّهَا النَّاسُ أَنْتُمُ الْفُقَرَاءُ إِلَى اللَّهِ وَاللَّهُ هُوَ الْغَنِيُّ الْحَمِيدُ ﴾

“Yaa namoota! Isinumatu gara Rabbiitti hajamoodha. Rabbiin Isumatu Dureessa Faarfamaa dha.” Suuratu Faaxir 35:15 (Namoonni gara hundaan Rabbii olta’atti hajamu. Gonkumaa Isarraa of danda’anii jiraachu hin danda’an. Uumama isaaniitiif Isatti hajamu. Osoo Inni isaan argamsiisu baate silaa hin argaman (hin uumaman). Humna fi kutaalee qaamaatiif Isatti hajamu. Osoo Inni kutaalee qaama fi humna isaaniif kennu baatee silaa eessaa argatu? Soorataa fi qananii keessaa fi alaatiif Isatti hajamu. Osoo tola Isaatiin isaaniif laaffisuu baatee silaa soorataa fi qananii wayitu hin argatan. Rakkoo fi wanti jibban akka isaan irraa deebi’uuf Isatti hajamu. Osoo Inni isaan irraa deebisuu fi rakkoo isaan irraa saaqu baate silaa rakkinni fi ulfaatinni isaan keessa jiran itti fufa.⁵⁵ Kanaafu, namoonni gara hundaan Isatti hajamu. Garuu Inni Dureessa Faarfamaadha.)

2ffaa-Dandeetti fi Too’annaan Isaa guutuu ta’uu- Inni Dandeetti Isaatin uumamtootaa hunda kan dhaabu fi jiraachisudha. Uumamtoonni hundi gara Isaatti hajamu. Libsu ijaatiif Isarraa of danda’anii jiraachu hin danda’an. Arshiin, Kursiyyiin, samiwwan, dachiin, gaarreen, mukkeen, namoonni, beelladonni, bineensonni hundi isaanitu gara Rabbii olta’atti hajamu.⁵⁶ Qur’aana keessatti ni jedha: “Dhugumatti, Rabbiin samii fi dachiin [bakka isaaniitii] akka hin deemne qaba. Osoo bakkaa deemanii Isa malee wanti tokkoyyuu isaan lamaan hin qabu. Dhugumatti, Inni Obsaa, Araaramaa ta’eera.**” Suuratu Faaxir 35:41, “**Mallattoolee Isaa irraa samii fi dachiin ajaja Isaatiin dhaabbachuudha.**” Suuratu Ar-Ruum 30:25**

Dhimmoota lamaan armaan olitti kaasne Ibn Al-Qayyim akkana jechuun guduunfa: Al-Qayyuum guutummaa durummaa Isaatii fi guutummaa Dandeetti Isaa of keessatti hammata. Sababni isaas, Inni Ofiin Kan dhaabbateedha, gama kaminiyyuu kan Isa dhaabutti gonkumaa hin hajamu. Kuni wantoota Isaan ala jiran hundaraa Dureessa fi Of danda’aa ta’uu Isaa irraayyi. (Kana jechuun gara hundaan Dureessaa fi Of Danda’aa waan ta’eef homattu hin hajamu.) Ammas, Inni wantoota Isaan ala jiran Kan dhaabudha. Wantoonni Isaan ala jiran yoo Inni isaan hin dhaabin dhaabbachuun isaaniif hin jiru. Kuni immoo guutummaa dandeetti fi Jabeenya Isaa irraayyi. (Kana jechuun Dandeetti fi jabeenya guutuu waan qabuuf uumamtoota hunda Kan dhaabu, jiraachisuu fi eegu Isa.)” (Bidaa’u Al-Fawaa’id 2/410)

⁵⁵ Tafsiiru Sa’dii-fuula 806-807

⁵⁶ Fiqhu Al-Asmaa’il Husnaa– fuula 88, Abdurazzaaq bin AbdulMuhsin Badri

Maqaaleen Rabbii gaggeraatiin Al-Hayy Al-Qayyuum irra naanna'u

Wanta darbe irraa maqaaleen lamaan kunniiin "Al-Hayy Al-Qayyuum" hiika maqaalee gaggaarii hunda walitti kan qabaniidha. Isaan lamaan irra maqaaleen gaggaariiin naannawu. Hiikni isaanii hundi gara isaan lamaanitti deebi'a. Sifaanni Rabbii subhaanahu maqaalee kanniin lamaanitti deebi'an waan ta'eef.

Maqaan "**Al-Hayy (Jiraataa)**" jedhu- sifaata Zaataa walitti qaba. Sifaanni Zaataa kanneen akka dhagahuu, arguu, harka, beekumsa fi kan kana fakkaatan. (Jiraataan beekumsa kan qabu, dhagahu, arguudha). Al-Qayyuum immoo sifaata hojiiwanii (Al-Af'aala) walitti qaba. Kanneen akka uumuu, razzaquu (sooru), qananiisu, jiraachisuu, ajjeesu fi kkf. (Hiika Al-Qayyuum keessaa tokko uumamtoota kan dhaabu waan ta'eef, Inni ni uuma, ni soora, ni qananiisa, ni jiraachisa, ni ajjeesa yeroo fedhetti lamuu ni kaasa.) Kanaafi, hayyooni gariin maqaaleen lamaan kunniiin maqaalee gurguddaa yoo Rabbiin ittiin kadhatame deebii itti deebisuudha jedhan.⁵⁷

Hirribaa fi Mugaatiin hiika maqaalee armaan olii kanniin waan faallessaniif Rabbiif hin malan

Qur'aana keessatti "**Allaah, Isa malee haqaan gabbaramaan hin jiru, [Inni] Al-Hayy Al-Qayyuum. Mugaatinis ta'ee hirribni Isa hin qabu.**" (Suuratu Al-Baqarah 2:255)

Hiika sadaffaa Al-Qayyuum jalqabatti hin kaasne kaasun mee kutaa kana haa xumurru. "Hiika **Al-Qayyuum** keessaa tokko **yeroo hundaa turaa hin banneedha**. Hiika kanatti sheykhul Islaam ibn Taymiyaan (rahimahullahu) akkana jechuun akeeke jira: Maqaan Al-Qayyuum jedhu hiika "Inni kan hin banne ta'uu" of keessatti qabata. Guutummaa Isaa booda gonkumaa hir'uu hin ta'u. Inni duraanis turaadha, ammaa fi gara fuunduraattis turuu itti fufa, abadii azalii sifaata guutuudhaan kan ibsamuudha. (Azalii jechuun jalqabaa fi dhuma kan hin qabnee yeroo hundaa jiraataa kan ta'e.) Osoo hir'inni itti hin argamin ykn osoo hin jijiramin Inni yeroo hundaa turaadha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa Al-Qayyuum. Kanaafi, haala guutuu ta'een Al-Qayyuum ta'uu irraa kan ka'e hin badu, hirribni fi mugaatin isa hin qabu. Jireenyi, beekumsi fi dandeettin guutuun hirribaa fi muguu keessatti waan hir'ataniif hirribaa fi mugaatin hiika Al-Qayyuum faallessu. Nama hin rafne waliin wal bira yommuu qabamu namni rafe hanqinni beekumsaa, dandeetti, dhagahuu, arguu, dubbachuu fi kan biroo isa qunnama. Kanaafi, hirribni obboleessa du'aati jedhama."⁵⁸ Namni rafee akka nama du'eeti. Hanga hirribaa dammaqutti wanta

⁵⁷ Madda olii

⁵⁸ Walillahi asmaa'u'l Husnaa fad'uuhu bihaa– Iakk. 7 fi 8, AbdulAziz bin Naasir Jaliil

naannawa isaatti raawwatamu hin beeku, hin argu, hin dhagahu, hojii biroo hojjachuu hin danda'u. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa wantoota hundaa halkanii guyyaa kan dhaabu, jiraachisu, too'atu, eegu, qindeessu waan ta'eef gonkumaa hin rafu, hin mugu.

Guduunfaa

- **Al-Hayy** jechuun **Jiraataa** jechuudha. Rabbiin subhaanahu Al-Hayy (Jiraataa) gonkumaa hin duunee fi hin banneedha.
- **Al-Qayyuum** jechuun Of Danda'aa homattu hin hajamne, wantoota hundaa kan dhaabu, jiraachisu fi eegudha. Akkasumas, Al-Qayyuum jechuun yeroo hundaa turaa gonkuma hin banneedha.
- Maqaan Al-Hayy (Jiraataa) jedhu Rabbiin jireenyaa guutuu hanqinna wayitu hin qabne akka qabu agarsiisa.
- Maqaan Al-Qayyuum jedhu immoo waa lama agarsiisa: **Iffaa**-Rabbitin gara hundaan dureessaa fi of danda'aa ta'uu. **2ffaa**-Dandeettin, jabeenyi fi too'annaan Rabbii guutuu ta'uu.
- Hirribni fi mugaatin amaloota armaan olii waan faalleessaniif Rabbii olta'aaf hin malan. Subhaanahu wa ta'aalaa=Inni Qulqullaa'e olta'e

C.Ibsa Aayaata (keeyyattoota) Qur'aanaa muraasa maqaalee kanniin of keessaa qabani

Maqaan Al-Hayy jedhu Qur'aana keessatti si'a shan kan dhufe yommuu ta'u, Al-Qayyuum immoo si'a sadii dhufe. Al-Hayy fi Al-Qayyuum walitti hidhamuun 2:255, 3:2, 20:111 keessatti dhufanii jiru. Addatti Al-Hayy 40:65 fi 25:58 keessatti dhufee jira. Yeroo darbe 2:255 (Aayata Al-Kursiyy) waan ibsineef aaya tana lamu irraa hin deebinu. Amma kan hafan ilaalla.

﴿الَّمَّا لَّا إِلَهَ إِلَّا هُوَ الْحَقُّ الْقَيُّومُ ﴾ نَزَّلَ عَلَيْكَ الْكِتَبَ بِالْحُقْقِ
﴿مُصَدِّقاً لِمَا بَيْنَ يَدَيْهِ وَأَنْزَلَ التَّوْرَةَ وَالْإِنْجِيلَ ﴾

“Aliif Laam Miim. Allaah, Isa malee haqaan gabbaramaan hin jiru, [Inni] Al-Hayy Al-Qayyuum. Waan isa dura jiru kan dhugoomsu ta'e kitaaba dhugaan sIRRATTI buuse. Tawraati fi Injiliis ni buuse.” Suuratu Aali-Imraan 3:1-3

Rabbiin tabaaraka wa ta'aalaa Tokkichummaan gabbaramuu Isaa beeksisuun jalqabe. Dhugumatti, Isa malee haqaan kan gabbaramu hin jiru. Isaan ala wanti gabbaramu (waaqefatamu) hundi soba (baaxila).⁵⁹

Al-Hayy -Jiraataa jirenya guutuu qabuudha. Jirenyi Rabbii subhaanahu jirenya guutuu taatedha. Inni Jiraataa jalqabaa fi dhuma hin qabneedha. Jirenyi Isaa dhabamuun hin durfamne, badiinsis hin qunnamu. Akkasumas, gara kaminiyyuu hanqinni itti hin seenu. Muguu fi hirribni guutummaa jirenyaa waan hir'isuuf Rabbiin gonkumaa hin rafu, hin mugu. Jirenyi Isaa guutuu hanqinna wayitu hin qabne waan taatef.

Rabbiin subhaanahu Jiraataa gonkumaa hin duunedha. Kanaafi, Inni ilma qabaachu irraa qulqulluudha. Ilmi kan barbaachisuuf nama duutii fi badiinsi qunnamuufi. Namni waan du'uuf sanyiin isaa akka itti fuftuuf ilma barbaada. Garuu Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa yeroo hundaa jiraataa gonkumaa hin duune waan ta'eef ilmatti hin hajamu. Inni kanarraa qulqulluudha.

Al-Qayyuum jechuun immoo Of Danda'aa homattu hin hajamnee fi wantoota Isaan ala jiran hunda kan dhaabudha. Wantoonni Isaan ala jiran hundi argamuuf, dhaabbachuu fi jiraachuuf Isatti hajamu.⁶⁰ Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa

⁵⁹ Tafsiiru Sa'dii-125

⁶⁰ Aali-Imraan, Abdurahman Habanka Hasan, fuula 14

uumamtoota Isaa too'achuuf, qindeessuu fi sirreessuuf itti gaafatatumummaa kan fudhateedha. Qaama, qalbii fi ruuhi isaanii sirreessuf itti gaafatatumummaa fudhate. Rooba samii irra buusun biqiltoota lafa keessaa ol biqilcheef. Uumamtoonnis bishaan samii irraa bu'e dhuguu fi soorata lafaa biqilee nyaachuun qaamni isaanii ni sirra'a. Kanaafu, qaama isaanii kan jiraachisu, sirreessu fi too'atu Rabbii olta'aadha. Osoo roobni samii irraa bu'uu baate silaa du'anii qaamni isaanii tortoree bada.

Ammas, Rabbiin rahmanni Isaa bal'aa ta'ee kitaaba Of biraabuusun ruuhi fi qalbii uumamtootaa sirreesse. Qalbiin dukkana wallaatummaa fi kufrii keessaa gara ifa iimaanaa fi beekumsaatti bahuun ni sirroofti. Bishaan samii bu'uu qaamaaf jirenya ta'a. Kitaabni Isa biraabu immoo ruuhi fi qalbiif jirenya ta'a. Kanaafi, itti aanse ni jedha: **"Waan isa dura jiru kan dhugoomsu ta'e kitaaba dhugaan srratti buuse."**

Kana jechuun Yaa Muhammad! Qur'aana kitaabban isa dura bu'an kan dhugoomsu haqaan srratti buusee jira. Haqaan srratti buuse yommuu jedhu: Qur'aanni kuni Rabbiin irraa ta'uu shakkii wayitu hin qabu. Beekumsa Isaatiin buuse.⁶¹ Ammas, wanti Qur'aanni of keessaa qabu hundi haqa ykn dhugaadha.⁶² Sobni homaatu keessa hin jiru. Ajajni of keessaa qabu fi odeeefannoob beeksusu hundi haqa. Qur'aanni waa'ee ummata darbanii fi waa'ee Jannataa fi Jahannam ni beeksisa. Kunniin hundi dhibbaan dhibbatti dhugaadha. Sababni isaas, Rabbii waan hundaa beeku fi hunda caalaa dhugaa dubbatu irraa bu'e.

Rabbiin Olta'aan ni jedha: **"Sobni fuundura isaatiis ta'ee duuba isaatiin itti hin dhufu. Rabbii Ogeessa Faarfamaa ta'e irraa buufame."** (Suuratu Fussilat 41:42) Duraa duuban Qur'aanatti sobni wanti jedhamu hin dhufu. Kana jechuun beekumsa namaaf dhiyeessu keessatti sobni itti hin dhufu. Seerotaa fi murtiwwan kaa'e keessatti sobni itti hin dhufu. Seeronni fi murtiwwan isa keessa jiran haqa hin jijjiramneedha. Seenaa durii irraa wanta beeksusu keessatti sobni wanti jedhamu itti hin dhufu. Seenan ummata durii Qur'aanni beeksusu hundi dhugaadha. Wanta gara fuunduraatti uumamu irraa odeeefannoob Qur'aanni beeksusu hundii dhugaadha. Sobni wanta jedhamu itti hin dhufu. Sababni isaas Qur'aanni Rabbii waan hundaa beeku irraa waan bu'eefi. **"Buufamuun Kitaabichaa (Qur'aanaa) Rabbii Injifataa, Beekaa ta'e irraayyi."** Suuratu Ghaafir 40:2

⁶¹ Tafsiiru Ibn Kasiir-2/309

⁶² Tafsiiru Sa'dii-fuula 125, Tafsiiru Qur'aanil kariim- Tafsiiru suuratu Aali-Imraan, Ibn Useymiin - fuula 9-10

Qur'aanni kitaabban isa dura bu'an ni dhugoomsa. Dhugoomsun kunis karaa lamaan ta'a:⁶³

1ffaa-wanta kitaabban darban gammachiisanii fi beeksiisan ni dhugoomsa ykn ni mirkaneessa. Kitaabban darban kanneen akka Tawraati fi Injiil Nabii Muhammad (SAW) akka ergamuu fi Qur'aanni bu'u beeksisanii turan. Kanaafu, Qur'aanni odeeefannoo kana ni mirkaneessa.⁶⁴ Akkuma Kitaabban darban jedhan Nabii Muhammadis ni ergame, Qur'aannis ni bu'e. Wanta tokko beeksiifte yeroon booda akkuma ati beeksifte yoo ta'e, wanti suni si dhugoomse ykn dhugummaa kee ifatti baase jechuudha. Qur'aannis akkuma kitaabban darban jedhan waan bu'eef dhugaa isaanii ifatti baasa ykn ni dhugoomsa.

2ffaa- Kitaabban darban dhugaa ta'uu irratti murteessa. Kana jechuun Kitaabban isa dura Rabbiin buuse dhugaa ta'uu ragaa baha. Osoo harki namoota itti hin seenin dura kitaabban akka Tawraat, Zabuur, Injiil Rabbiin irraa kan bu'an ta'uu fi wanti of keessaa qaban haqa ta'uu ni mirkaneessa. Kitaabban kanninitti harki namootaa erga seene boodas dhugaa fi soba addaan baasa. Wanti Qur'aanni dhugaadha jedhe dhugaadha. Wanti inni soba jedhe soba. Sababni isaas, Qur'aanni Rabbiin irraa kan bu'ee fi hanga Guyyaa Qiyaamaatti jijjiramuu irraa kan tiikfamuudha. Rabbiin ni jedha:

﴿إِنَّا نَحْنُ نَزَّلْنَا الْكِتَابَ وَإِنَّا لَهُوَ لَحَفِظُونَ﴾

“Dhugumatti, Numatu Qur'aana buuse, dhugumatti Numatu isa tiiksas.” Suuratu Al-Hijr 15:9

Ibsa Aayah lamaffaa maqaa Al-Hayy Al-Qayyuum of keessaa qabdu namni dubbisuu barbaade, linkii kana irra argachuu ni danda'a:

<https://www.sammubani.com/2019/09/07/maqaalee-rabbii-subhaanahu-kutaa-4-2/#more-11377>

D-Bu'aa namni Maqaa “Al-Hayy fi Al-Qayyuum” beeku fi itti amanuun argatuu

1-Rabbii Tokkicha qofa gabbaruu- akkuma barreefamoota darban keessatti ilaalle, “At-Ta'abbud (gabbaruu) jechuun jaalala daangaa ol'aanaa irra gahee fi of

⁶³ Madda olii

⁶⁴ Tafsiir ibn Kasiir 2/309

gadi xiqqeessu daangaa ol'aana irra gaheedha.⁶⁵ Jecha biraatin gabbaruu jechuun jaalala guutuu fi of gadi xiqqeessuun Gooftaaf ajajamuudha.

Namni wanta tokko garmalee kan jaallatuu fi of gadi xiqqeessuuf waa irraa barbaadeti mitii? Mee kadhataa karaa irratti maallaqa kadhatush ilaa. Namootaaf garmalee of gadi xiqqeessuun maallaqa kadhata. Nama isaaf waa kenne ni jaallata. Namni hanga fedhe dureessa haa ta'uu, namni kamiyyuu Rabbii guddaa irraa of danda'ee jiraachu hin danda'u. Tarii yeroo qabeenya qabu of danda'a wayittu hin hajamne isatti fakkaachu danda'a. Garuu yommuu qabeenyi suni harkaa bittinnaa'u fi rakkoon itti buutu, gara Abbaan humnaa guddaatti fiiga. Abbaan humnaa guddaan Rabbii olta'eedha. Kanaafu, namni waan gaarii fedhe fidachuu fi waan badaa hunda ofirraa deebisuu waan hin dandeenyef yeroo hundaa Kan kana isaaf godhu jiraachu qaba. Akkasumas, humna, jabeenya, dandeetti fi beekumsa guutuu qabaachu qaba. Wanti jireenya, humna, jabeenya, dandeetti fi beekumsa guutuu hin qabne, waan badaa isarraa deebisuu fi waan gaarii isaaf fiduu danda'aa?

Wanta amaloota armaan olii qabu mee amma haa qorannu. Uumamtoonni akka namootaa, Jinni, malaykaa, muka, dhagaa fi kfk yeroo hundaa jiraachu danda'uu? Humna, jabeenya, dandeetti fi beekumsa guutuu qabuu? Waa hunda dhagahuu fi arguu danda'uu? Kan nuti gargaarsa fi haajaa keenya **hunda** irraa kadhannu amaloota armaan olii qabaachu qaba. Uumamtoonni amaloota armaan olii haala guutuu ta'een waan hin qabneef kan waan hundi irraa kadhatumu, of gadi xiqqeessanii fi garmalee jaallatan ta'uu hin danda'an. Kanaafu, amaloota armaan olii haala guutuu ta'een kan qabu Rabbii Tokkicha qofa. Rabbiin yeroo hundaa jiraataa gonkumaa hin duunedha. Humna, jabeenya, dandeetti fi beekumsa guutuu qaba. Kanaafu, kan gadi jedhaniif, garmalee jaallatan, of xiqqeesaniif, irratti hirkatanii fi garmalee sodaatan Rabbii Tokkicha. Kanaafi ni jedha:

﴿هُوَ الْحَيُّ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ فَادْعُوهُ مُخْلِصِينَ لِهِ الْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ ﴾
“Inni Jiraataa Isa malee haqaan gabbaramaan hin jirreedha. Kanaafu, amantii Isaaf qulqulleessuun Isa kadhaa. Faaruun hundi kan Rabbii Gooftaa aalama hundaa ta'eeti.” Suuratu Ghaafir 40:65

Yeroo hundaa jiraataan Isa qofa erga ta'e kan haqaan gabbaramu Isa malee hin jiru jechuudha. Wanti Isaan ala jiran hundi ni du'u. Wanti du'u gooftaa waan hundaa irraa kadhatanii fi gadi jedhaniif ta'uu danda'aa? Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa ni jedha:

⁶⁵ [Kaayyoo uumama ilma namaa](#)-fuula 53

﴿وَالَّذِينَ يَدْعُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ لَا يَخْلُقُونَ شَيْئًا وَهُمْ يُخْلَقُونَ﴾
 ﴿أَمْوَاتٌ غَيْرُ أَحْيَاٰءٍ وَمَا يَشْعُرُونَ أَيَّانَ يُبَعَثُونَ﴾^{٦١}

“Kanneen isaan Rabbii gaditti kadhatan wanta tokkoyuu hin uuman, isaanu kan uumamaniidha. Isaan du’aa lubbuu hin qabneedha, yoom akka kaafaman hin beekan.” Suuratu An-Nahl 16:20-21

Kana jechuun wantoonni namoonni Rabbii gaditti kadhatanii fi gabbaran (waaqefatan) homaa uumuu hin danda'an. Inumaa isaanu uumamtoota. Kanarratti dabalatee, du’aa lubbuu hin qabneedha. Akkamitti wanti homaa hin uumne, mataa isaatinu uumamaa kan ta'e, du'aan lubbuu hin qabne gabbaramaa? Du'aan lubbuu hin qabne, rakkoo namaa hin beeku, hin dhagahu, hin argu, rakkoo namarraa deebisuu fi waan gaarii namaaf fiduu hin danda'u. Kanaafu, akkamitti kadhatamaa? Namoonni qabrii bira deemun namticha qabrii keessa jiru kadhatan, namni du'e kuni akkamitti isaan jalaa dhagahaa? Namni taabota kadhatu, taabonni gogaan lubbuu hin qabne akkamitti isa dhagayee wanta barbaadu isaaf kennu danda'aa?

Kanaafu, Jiraataan gonkumaa hin duune, waan hundaa kan beeku, argu, dhagahuu fi dandeetti guutuu qabu Rabbii tokkicha waan ta'eef, ibaadaan Isa qofaaf ta'a. Kanaafi itti aanse ni jedha: **“Kanaafu, amantii Isaaf qulqulleessuun Isa kadhaa.”** Kana jechuun ibaada, kadhaa fi hojii hundaa Fulaa Rabbii Olta'aa barbaaduun hojjadhaa. Ikhlaasni (hojii Isaaf qulqulleessuun) waan itti ajajameef.⁶⁶

Akkasumas, maqaan Al-Qayyuum jedhu Rabbii Tokkicha gabbaruu akka qaban namatti akeeka. Al-Qayyuum jechuun of danda'aa homattu hin hajamne, uumamtoota hunda kan dhaabu, jiraachisuu fi eegudha. Wantoonni Isaan ala jiran hundi Isatti hajamu. Isarraa of danda'anii ofiin dhaabbachu, jiraachu hin danda'an. Kanaafu, wanta ofuu hin dandeenye akkamitti gabbaranii ykn waa irraa kadhatanii? Of Danda'an homattu hin hajamne, uumamtoota hunda kan dhaabu, jiraachisuu fi eegu Rabbiin qofa erga ta'e, haqaan gabbaramaan Isa malee hin jiru. Sababni isaas, wantoonni Isaan ala jiran hundi uumamtoota hunda dhaabu, jiraachisuu fi eegu hin danda'an. Kanaafu, Rabbii gaditti wanta biraa gabbarun ykn waaqefachuun soba (baaxila) guddaadha. Kanaafi, Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿وَلَا تَدْعُ مِنْ دُونِ اللَّهِ مَا لَا يَنْفَعُكَ وَلَا يَضُرُّكَ فَإِنْ فَعَلْتَ فَإِنَّكَ إِذَا مِنَ الظَّالِمِينَ﴾^{٦٢}

⁶⁶ Tafsiir Sa'dii-fuula 873

“Rabbii gaditti wanta si hin fayyannee fi hin miine hin kadhatin. Yoo akkas goote dhugumatti ati yeroo san miidhaa hojjattootaa (zaalimtoota) irraa taata.” Suura Yuunus 10:106

Kadhaanis ta'e gosa ibaadaa kaminiyyuu Rabbii gaditti wanta si hin fayyannee fi hin miine hin gabbarin. Rabbii gaditti wanta tokko gabbaruun faayda hin argattu. Sababni isaas, wanti kuni faayda siif fidu hin danda'u. Ammas, osoo wanta kana gabbaruu dhiistes si hin miidhu.⁶⁷ Sababni isaas, si miidhuu hin danda'u. Kanaafu, wanta si hin fayyannee fi hin miine hin kadhatin, hin gabbarin (hin waaqefatin). Kan nama fayyadu fi miidhu danda'u Rabbii tokkicha. Rabbii Tokkicha gabbaruu dhiistee wanta si hin fayyannee fi hin miine yoo kadhattee, ati dhugumatti zaalimota keessaa taata. Namni hundarra zaalimni nama Rabbii gaditti waan biraan gabbaruudha.

Gabaabumatti, maqaalee lamaan kanniin sirritti beeku fi itti amanuun Rabbii Tokkicha qofaaf ibaadaa (gabbarri) akka godhan nama taasisa. Ibaadaa irraa kanneen akka du'aayi (kadhaa), salaata, zakaa, qalma, sooma, Hajjii, waan gaaritti ajaju fi waan badaa irraa dhoowwu, sodaachu, irratti hirkachuu (tawakkula), kajeellaa (ar-raja), of gadi qabuu fi kkf gosa ibaadaa Rabbii tokkichaaf ta'uu qabaniidha.

2-Rabbii Olta'aa qofa irratti hirkachuu- Rabbiin jalla wa'alaa ni jedha:

﴿وَتَوَكَّلْ عَلَىٰ اللَّهِ الَّذِي لَا يَمُوتُ وَسَبِّحْ بِحَمْدِهِ وَكَفِ بِهِ بِذُنُوبِ عَبَادِهِ حَبِيرًا﴾

“[Yeroo hundaa] Jiraataa gonkumaa hin duune irratti hirkadhu. Faaruu Isaatiniis Isa [faarsii] qulqulleessi. Badii gabroota Isaa keessa beekuu keessatti Isumatu gahaadha.” suuratu Al-Furqaan 25:58

“Namni Gooftaan isaa Jiraataa jirenya guutuu qabu, Jiraataa gonkumaa hin duune, hirribni, mugaati fi gaflaan Isa hin qabne ta'uu amanu, dhimmoota isaa hunda keessatti Isa qofa irratti hirkata. Yeroo hundaa Gooftaan isaa kan itti dheessu isaaf ta'a. Uumamtoota dadhaboo du'an, rafan, mugan, gaflaan isaan qabuu fi dagatan irraa abdii ni kuta.”⁶⁸ Qalbiin isaa Rabbii yeroo hunda Jiraataa gonkumaa hin duune irratti rarraati. Wantoonni Rabbii Guddaan ala jiran hundi ni du'u. Kanaafu, wantoota du'anii fi badan irratti qalbii ofii rarraasu fi kajeeluun abdii namatti dukkaneessa. Sababni isaas, yommuu wanti suni du'uu ykn badu abdii kutuu fi gaddi

⁶⁷ Zaadul Masiir- 640, Tafsiiru Qurxubii-11/60

⁶⁸ Walillahi asmaa'u'l Husnaa fad'uuhu bihaa– lakk. 7, AbdulAziz bin Naasir Jaliil

cimaan nama tuqa. Garuu Rabbiin yeroo hundaa jiraataa waan ta'eef, namni Isa abdatu fi kajeelu dukkana abdii kutuu fi gaddaa keessatti hin lixu.

3-Rabbiin eggachuu fi sodaachu- Namni Rabbiin subhaanahu waan hundaa kan beeku, too'atu, argu fi eegu ta'uu beeke fi amane, dhoksaa fi ifatti wanta badaa hojjachu irraa of eega. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿أَفَمَنْ هُوَ قَابِمٌ عَلَىٰ كُلِّ نَفْسٍ بِمَا كَسَبَتْ﴾

“Wanta ishiin hojjatteen nafsee hunda irratti kan dhaabbatu [akka sanama isaan gabbaraniitii]?” Suuratu Ar-Ra'd 13:33

Asitti “Kan dhaabbatu” yommuu jedhu faallaa "taa'uu" osoo hin ta'in, dhimma uumamtootaa kan eegu, qindeessuu fi sirreessudha. Akkana ni jedhama: “Qaama fulaan bishugli kazaa.(Ebalu hojji akkanaatiin dhaabrate-kana jechuun hojji kana hojjachuuf itti gaafatamummaa fudhate.) **Rabbiin wanta ishiin hojjatteen nafsee hunda irratti kan dhaabbatudha.** Kana jechuun nama hundaa akka hojjatu ni dandeesisa, ni uuma, ni soora, ni eega, hojji hojjateef jazaa isaaf kafala. Gabaabumatti hiikni aayah armaan olii: Inni ni Tiiksa gonkumaa gaflaa keessa hin ta'u.⁶⁹ Aayah armaan oli ilaachise ibn Kasiir ni jedha: Rabbiin isaan ni eega, nafsee jirtu hunda ni ilaala, kheeyri fi sharrii irraa wanta namoonni hojjatan hunda beeka. Homtu Isarraa hin dhokatu.”⁷⁰

Namni Rabbiin akka isa ilaalu, wanta hojjatu hunda akka beeku fi galmeessu yoo amane, wanta badaa hojjachu irraa of eega. Sababni isaas, yoo hin tawbatin dhumarratti Rabbiin olta'e isa qabu danda'a waan ta'eef. Qur'aana keessatti, namoota badii hojjatanii dachii irraa duguuggaman erga tarreesse booda ni jedha:

﴿فَكُلُّا أَخَذْنَا بِذَنْبِهِ فَمِنْهُمْ مَنْ أَرْسَلْنَا عَلَيْهِ حَاصِبَاً وَمِنْهُمْ مَنْ أَخَذَنَاهُ الْصَّيْحَةُ وَمِنْهُمْ مَنْ حَسَقْنَا بِهِ الْأَرْضَ وَمِنْهُمْ مَنْ أَغْرَقْنَا وَمَا كَانَ اللَّهُ لِيَظْلِمَهُمْ وَلَا كَنَّا كَانُوا أَنْفُسَهُمْ يَظْلِمُونَ﴾

“Hundumaa badii isaatiif isa qabne. Isaan irraa namoota bubbee cirrachaa itti erginetu jira. Isaan irraas namoota iyyansi isaan qabetu jira. Isaan irraas namoota dachii ittiin kunnetu jira. Isaan irraas namoota bishaanin

⁶⁹ Tafsiiri Qurxubii 12/76

⁷⁰ Tafsiiri ibn Kasiir 4/583

nyaachifnetu jira. Rabbiin kan isaan miidhu hin taane. Garuu isaanumatu lubbuu ofii miidhaa ture.” Suuratu Al-Ankabuut 29:40

Rakkoolee fi adabbiin adda addaa yeroo ammaa fi durii addunyaa keessa babal’ate sababa badii namoonni hojjataniitini. Kanaafu, Rabbiin waan hundaa akka ilaalu, eegu, too’atu fi badii yoo hojjatan nama qabuu akka danda’u beekun badii hojjachuu irraa of eegun barbaachisaadha. Kana hubachuuf, wanta namoota hunda qunnamu haa ilaallu. Namni yommuu badii hojjatu, keessa isaatti dhiphinni, gaddii fi jeeqamuun itti dhagahama. Faallaa kanaa, yoo badii hojjachuu dhiisee fi hojii gaggaarii hojjate, keessa isaatti tasgabbii fi gammachuun itti dhagahama. Sababni isaas, Rabbiin hojii namoonni hundi hojjatan waan ilaaluuf, nama gaarii hojjate tasgabbii irratti buusa. Nama badii hojjate immoo dhiphinnaa fi gaddaan isa qaba.

Akkasumas, namni Rabbiin guddaan olta’e wanta namoonni hundi hojjatan akka beeku fi galmeessu yoo amane, hojii gaggaarii hojjachuu ni baay’isa. Kanaafi, Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿فَمَنْ يَعْمَلُ مِنَ الْصَّلَحَاتِ وَهُوَ مُؤْمِنٌ فَلَا كُفَّارَانِ لِسَعْيِهِ وَإِنَّا لَهُ وَكَافِرُونَ ﴾

“Namni mu’mina (kan amane) ta’ee hojii gaggaarii irraa [waa] hojjate, carraaqqi isaatiif mormiin hin jiru. Dhugumatti Nuti isaaf ni galmeessina.”
Suuratu Al-Anbiyah 21:94

Kana jechuun qalbiin Rabbitti, Malaaykotatti, Kitaabbanittii, Ergamtootatti, Guyyaa Qiyaamatti fi murtii Isaatti amanee fi hojii gaggaarii yoo hojjate, hojii gaarii isaa jalaa hin balleessinu. Hoijin isaa hundi ni galmeefama, homtu jalaa hin badu.⁷¹

4-Maqaalee lamaan kanniiniin du’ayi gochuu- Al-Hayyu, Al-Qayyuum maqaalee gurguddaa Rabbii keessaa tokko. Kanaafu, maqaalee kanaan Isa kadhachuu du’ayin qeebalamuuf wantoota sababa ta’an keessaa tokko. Anas bin Maalik akkana jechuun gabaase jira: dhimmi tokko Nabiyyii (SAW) yoo dhiphise akkana jechuun du’ayi godhu:

يَا حَيُّ يَا قَيُّومُ بِرَحْمَتِكَ أَسْتَغْفِرُكَ

Yaa Hayyu yaa Qayyuum birahmatika astaghiisu

“Yaa Jiraataa, Of Danda’aa waan hundaa dhaabu fi jiraachisu! Rahmata Keetin birmannaa barbaada.” [Jaami’ a At-Tirmizii 3524](#)

⁷¹ Tafsiiru Ibn Kasiir 5/361

Guduunfaa

- Jiraataan du'u ykn du'aan lubbuu hin qabne yookiin wanti gogaan hundema jirenya hin qabne hundi ibaadaa irraa homtu isaaniif hin ta'u. Kanaafu, ibaadan Rabbii Jiraataa hin duune qofaaf ta'a.⁷²
 - Wantoonni Rabbiin ala jiran waan hundaa uumu, jiraachisuu, eeguu fi too'achuu waan hin dandeenyef gooftaa gabbaramu (waaqefatamu) ta'uu hin danda'an. Gooftaan yeroo hunda jiraataa waan hundaa uumuu, jiraachisuu, too'atu fi eegudha. Kanaafu, Rabbiin malee haqaan gabbaramaan hin jiru.
-

⁷² [Fiqhu Al-Asmaa'iil Husnaa](#)– fuula 87, Abdurazzaaq bin AbdulMuhsin Badri

Al-Khaaliq, Al-Khallaaq

Ahmad Salaam akkana jedha: "Nabiyyiin (SAW) dhufuu dura, namoonni Rabbiin Uumaa samii, dachii fi wantoota isaan keessa jiran akka ta'e ni amanu turan. Garuu gosoota ibaadaa gargaraa keessatti Rabbiin waliin wanta biraab gabbaru. Kanaafu, Islaamni yaada Rabbiin Gooftaa tokkicha ta'uu qulqullessuu fi hubanna sirrii kenuuf dhufe. Akkas gochuun, namoonni Rabbii tokkicha sirnaa fi haala sirrii ta'een ni gabbaru. Garuu kana galmaan gahuuf ykn tuqaan ka'uumsaa, maqaalee fi sifaata Rabbii ilaachisee beekumsaa fi hubanna sirrii qabaachudha. Yoo namni maqaalee fi sifaata Rabbiin ilaachisee beekumsaa fi hubanna sirrii qabaate, inni gonkumaa Rabbiin alatti eenyuttillee hin garagaluu ykn Isaan ala eenyullee hin gabbaru. Kanaafu, maqaalee fi sifaata Rabbii sirnaa fi bal'innaan hubachuun bu'uura gosoonti tawhiidaa biroo itti guuttamaniidha. Itti fufuun ni jedha: Tawhiidu Ar-Rububiyyan [qalbii keessatti] akka mukaati. Hiddi isaa immoo tawhiidu al-asmaa'a wa sifaati dha. Yoo hiddi ykn bu'urri hin jiraatin, mukni mataan isaa dhukkubsataadha ykn dadhabaadha."⁷³

Ammas fakkeenya armaan oliitti kenname yoo itti xinxalline, firiin dhugaa tawhiidu al-asmaa'a wa sifaataa, ibaadaa keessatti Rabbiin Tokkichoomsudha (tawhiidu al-uluuhiyyah). Namni akkuma caalatti waa'ee Rabbii fi sifaata Isaa beekun, akkasuma caalatti Rabbiin jaallataa, Isa sodaataa fi abdataa adeema. Dhugumatti, namni akkuma daran waa'ee Rabbii beekun, akkasuma daran Rabbiin jaallata, Isa gammachiisuuf dharra'a, Rabbiinis isatti gammada. Kanaafu, maqaalee fi sifaata Rabbii sirnaan hubachuun garmalee barbaachisaa fi faayda guddaa kan qabuudha.⁷³

Kutaa darbe irraa itti fufuun maqaalee fi sifaata Rabbii (subhaanahu) barachuu fi hubachuuf haa carraaqnu.

A.Hiika Al-Khaaliq, Al-Khallaaq

Al-Khaaliq, Al-Khallaaq maqaalee gaggaarii Rabbii olta'aati. Akka Afaan Oromootti Al-Khaaliq jechuun Uumaa. Maqaan "Al-Khaaliq" jedhu, jecha "khalaqa (uumee)" jedhu irraa kan fudhatameedha. Mee amma hiika Khalaqa (uumee) jedhu haa ilaallu. Akka lugaatti, "uumuun (al-khalq)" hiika lama qaba:⁷⁴

1ffaa-Taqdiir (hamma, boca, amala wanta tokko murteessu, safaruu ykn tilmaamu). Kuni Rabbiin ala uumamtootafis ni ta'a. Akka lugaatti ni jedhama, "Khalaqa adiima (gogaa horii uumee)-kana jechuun gogaa kana irraa waa hojjachuuf "hamma isaa

⁷³ [Commentary on the forty hadith of an-nawawi](#)- Jildi (Vol.)-1, fuula 215

⁷⁴ [Fiqhu Al-Asmaa'il Husnaa](#)- fuula 91, Abdurazzaaq bin AbdulMuhsin Badri, [Walillahi asmaa'u ul Husnaa fad'uuhu bihaa](#)- Iakk.46,47; AbdulAziz bin Naasir Jaliil

safare ykn tilmaame” jechuudha. Qur'aana keessatti Rabbiin Nabii Iisaa (aleyh salaam) akkana jechuun qananii irratti oole yaadachiisa.

﴿وَإِذْ تَحْلُقُ مِنَ الظِّئِنِ كَهْيَةً أَطْيَرِ بِإِذْنِي فَتَنْفُخُ فِيهَا فَتَكُونُ طَيْرًا بِإِذْنِي﴾

“Yeroo hayyama Kiyyaan dhoqqee irraa waan akka allaatti uumtee ergasii hafuura itti afuuftee hayyama Kiyyaan allaatti taatee [yaadadhu].” Suuratu Al-Maa’ida 5:110 (suuratu Aali-Imraan 49 keessas hiikuma wal fakkaatu jira.)

Asitti “uumte” jechuun “hammaa fi boca wanta akka allaatti murteessite ykn suuraa akka allaatti hojjatte.”⁷⁵ jechuudha. Nabii Iisaan (aleyh salaam) wanta gonkumaa hin jirre dhabama irraa hin argamsiifne. Kanaafi, “Dhoqee irraa” jedha. Inumaa dhoqqee irraa wanta akka allaatti tolchunu hayyama Rabbiitiin ta’e. Ammas, wanti dhoqqee irraa hojjatame kuni hafuura itti afuufun allaatti ta’uun hayyama Rabbiitin. Osoo hayyama Isaatin ta’uu baate, silaa dhoqee irraas wanta akka allaatti tolchuu hin danda’u, bocni kunis gara allaatitti hin jijjiramu. Kiristaanonne gariin kana ragaa godhachuun nama dogongorsuuf carraaqu. Asitti wanti hubachuu qaban waa lama: **1ffaa-** keeyyata keessatti hiikni “uumte” dhabama irraa argamsiisu osoo hin ta’in, hammaa fi boca wanta tokko murteessudha. Ragaan kanaa, “mina xiini (dhoqqee irraa)” jedha. Osoo dhabama irraa ta’ee maaliif “dhoqee irraa” jedhaa? **2ffaa-**Nabii Iisaan wanta kana kan hojjate fedhii fi dandeetti isaatiin qofa osoo hin ta’in, “Hayyama Rabbiitiin”. Ragaan kanaa, “hayyama Kiyyaan” jedha.

Ammas Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa bakka biraatti ni jedha:

﴿فَتَبَارَكَ اللَّهُ أَحْسَنُ الْخَالِقِينَ﴾

“Rabbii umtota hunda caale tolta Isaa baay’atte.” (Suuratu Al-Mu’imnuun 23:14)

Asitti umtota jechuun warra wanta tokko murteessanii fi safaraniidha. Ilmi namaa wanta tokko hamma, boca fi amaloota isaa biroo murteessuun ykn safaruun ni hojjata. Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa warroota waa murteessanii fi safaran hunda caala. Wanta hundaa murtii fi safara sirriin uuma.

Hiikini "uumuu" **2ffaa-**fakkeenya dursaa tokko malee dhabama irraa argamsiisuu fi jalqabuudha. Kuni Rabbii Tokkichaaf malee eenyufillee hin ta’u. Rabbii Tokkicha qofatu waan hunda dhabama irraa argamsiise. Eenyullee Isa waliin hin hirmaatu. Namoonni wanta tokko ni uumu. Garuu uumuun isaanii kuni dhabama irraa

⁷⁵ [Ma’aariju Tafakkuri wa daqaa’iqu tadabburī](#) – 6/340 , Abdurahmaan Habanka

argamsiisu osoo hin ta'in wantuma Rabbiin uumee boca fi hamma isaa murteessun wanta haarawa hojjatu.

Fkn, telefoona dhabama irraa argamsiisu danda'u? Gaafi kana deebisuuf wantoota telefoonni irraa hojjatamte qorachuu qabna. Iskiriiniin, dhagaan, haguuggi fi keessi telefoona daawitii, pilaastikii, shiboo fi kkf irraa hojjataman. Daawitii, pilaastikiin fi shiboon kunniin wantoota Rabbiin uumerraa walitti qabamuun kan hojjatamaniidha. Wantoota kanniin Rabbiin dhabama irraa argamsiise. Kanaafu, namoonni wanta uumama keessa jiru bocaa fi hamma isaa safaruun wanta tokkorraa wanta biraatti jijjiruu malee elemanti (wanta jalqabaa wanti biraaj irraa hojjatamu) dhabama irraa argamsiisu hin danda'an.

Kanaafu, Rabbiin "Al-Khaaliq (Uumaa)" fakkeenya dursaa tokko malee uumamtoota dhabama irraa Kan uumuu fi argamsiisudha.

Maqaan "**Al-Khallaaq**" jedhu baay'ingga uumuu fi argamsiisu agarsiisa. Jechoonni akkana Arabiffa keessatti mubaalaghha jedhamu. Kanaafu, Al-Khallaaq wantoota lakkaawame hin dhumne hunda kan uumuu fi uumuun amala (sifata) Isaa kan ta'eetha.⁷⁶ Samii hangana guddattu fi urjiilee biliyoona fi biliyoonatti lakkaawaman ishii keessa jiran haa ilaallu. Ammas dachii fi wantoota dachii keessa jiran haa ilaallu. Kuni hundi Rabbiin Al-Khallaaq ta'uu agarssiisa. Kana jechuun wantoota baay'ee lakkaawamanii hin dhumne kan uumuudha. Wanti Isa dadhabsiisu tokkollee hin jiru. Ni jedha:

﴿إِنَّ رَبَّكَ هُوَ أَخْلَقُ الْعَالَمِينَ﴾

“Dhugumatti, Gooftaan kee Al-Khallaaq, waan hundaa Beekaadha.” Suuratu Al-Hijr 15:86

B. Sifaata Maqaaleen kunniin of keessatti qabatan

Maqaaleen Al-Khaaliq fi Al-Khallaaq sifata (amala) “uumuu” of keessaa qabu. Al-Khallaaq baay'ingga gocha uumuu agarsiisa. Kanaafu, maqaalee kanniin irraa waa afur hubanna: hamma, boca, bifa wanta tokko fi amaloota isaa biroo murteessun uumuu ykn argamsiisu, yeroo hundaa uumuu, baay'inggaan uumuu fi dhabama irraa argamsiisu.

⁷⁶ Tafsiiru Qur'aanil kariim-Tafsiiru Suuratu Yaasin:82, Ibn Useymiin, fuula- 303

Uumamtoota hunda dhabama irraa kan argamsiisee Rabbii tokkicha. Samiin, dachii fi wantoonni isaan keessa jiran duraan kan hin jirre turan. Ergasii Rabbiin isaan uume. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿هَلْ مِنْ خَلْقٍ غَيْرُ اللَّهِ يَرْزُقُكُمْ مِنَ السَّمَاءِ وَالْأَرْضِ﴾

“Sila Rabbiin ala uumaan (Khaaliqni) biraan kan samii fi dachii irraa soorata isiniif kenu ni jiraa?” Suuratu Faaxir(35):3

Kanaafu, Khaaliqni (Uumaan) wantoota hundaa dhabama irraa argamsiisu Rabbiin malee hin jiru. Eenyullee Isa waliin hin hirmaatu. Akkuma barnoota keenya darbe keessatti ilaalle, Gooftaa jechuun Kan waan hundaa uumuu, qananiisu, too'atu fi jiraachisudha. Rabbiin wantoota hundaa dhabama irraa kan argamsiisu waan ta'eef Isa malee Goofaan Haqaa hin jiru. Wanta tokko argamsiisu yoo fedhe "ta'i" jedhaan, wanti sunis yoosu ta'ee argama. Kiristaanoni Iyyasuus gooftaadha nun jedhu. Mee haa gaafannu, “Iyyasuus (nageenyi isarratti haa jiraatu) wanta duraan hin jirree dhabama irraa argamsiise jiraa?”

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿خَلَقَ السَّمَاوَاتِ بِغَيْرِ عَمَدٍ تَرَوْنَهَا وَالْقَنْيَ فِي الْأَرْضِ رَوْسَى أَنْ تَمِيدَ بِكُمْ وَبَثَّ فِيهَا مِنْ كُلِّ دَابَّةٍ وَأَنْزَلَنَا مِنَ السَّمَاءِ مَاءً فَأَنْبَتَنَا فِيهَا مِنْ كُلِّ زَوْجٍ كَرِيمٌ هَذَا خَلْقُ اللَّهِ فَأَرُونِي مَاذَا خَلَقَ الَّذِينَ مِنْ دُونِهِ بَلِ الظَّلِيمُونَ فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ﴾

“[Rabbiin] samiwwan utubaa argitaniin malee uume. Akka [dachiin] isiniin hin sochoonef gaarreen gadi dhaabbatoo dachii keessa kaa'e (gadi dhaabe). Lubbu-qabeenyi hunda irraa ishii (dachii) keessa facaase. Bishaanis samii irraa buufnee biqiltoota gosoota gaggaarii hunda ishii keessatti magarsine. Kuni uumama Rabbiiti. Kanneen Isaa gadi jiran wanta isaan uuman mee natti agarsiisaa. Dhugumatti, miidha hojjattoonni jallinna ifa galaa keessa jiru.” Suuratu Luqmaan 31:10-11

“Kanneen Isaa gadi jiran wanta isaan uuman mee natti agarsiisaa.” Kana jechuun wantoonni isin Rabbii gaditti gabbaran (waaqefattan) wanta isaan dhabama irraa argamsiisanii fi uuman mee natti agarsiisaa? Akkuma beekkamu, wanta isaan uuman argisiisuu waan hin dandeenyeeef, Rabbii gaditti wantoota kanniin beekumsaa fi ragaa malee gabbaru (waaqefatu). Kanaafu, jallinna ifa bahaan keessa jiru. Namni

Rabbii wanta hundaa uumuu fi dandeetti guutuu qabu dhiisee, wanta waa uumuu, nama fayyaduu fi miidhaa namarraa deebisuu hin dandeenye akkamitti kadhataa ykn gabbaraa? Kuni jallinna ifa bahaan mitii?

Guduunfaa

﴿Maqaalee fi sifaata Rabbii beeku fi sirritti hubachuun bu'uura tawhiida Ar-Rububiyyah fi tawhiida al-uluhiiyyah ti.

﴿Uumuun hiika lama qaba: 1ffaa-wanta tokko hamma, boca, bifaa fi amaloota isaa biroo murteessu, safaruu ykn tilmaamuudha. 2ffaa-Dhabama irraa wanta tokko argamsiisu. Dhabama irraa wanta tokko kan argamsiisu Rabbiin qofa.

﴿ Al-Khaaliq Uumaa waan hundaa uumuudha.

﴿Al-Khallaaq uumun amala Isaa yeroo hunda turaa ta'ee fi baay'innaan kan uumuudha. Rabbiin yeroo fedhetti waan fedhe uuma.

﴿Al-Khallaaq baay'inna uumuu waan agarsiisuuf samii, dachii fi wantoota isaan keessa jiran hunda kan uumee Rabbii Tokkicha. Wantoota yeroo durii uumaman, yeroo ammas uumamuu itti fufanii fi gara fuunduraattis uumaman hunda Rabbiitu uumee. Ni jedha:

﴿اللَّهُ خَلَقَ كُلَّ شَيْءٍ وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ وَكِيلٌ﴾

"Rabbitin Uumaa waan hundaati. Inni waan hundaa irratti Tiksadha."

Suuratu Az-Zumar 39:62

"Ajajni Isaa yoo waan tokko fedhe, "Ta'i" jechuma qofa; yoosu ta'a." Suuraa Yaasin 36: 82

C-Bu'aalee maqaalee Al-Khaaliq fi Al-Khallaaq beekuu fi itti amanuun argamu

Namni hiika maqaalee kanniin lamaanii yoo hubatee fi itti amanee bu'aalee armaan gadii ni argata:

1-Maqaa Rabbii "Al-Khaaliqatti" amanuun tokkichummaa Isaatti akka amanantii fi ibaadaa keessatti akka Isa tokkichoomsan nama taasisa- uumama samii, dachii fi wantoota isaan keessa jiran yommuu ilaallu madaala isaanii kan eeggatanii fi sirna ajaa'ibaatin walitti galaniidha. Fakkeenyaf, urjiilee, aduu fi ji'a yoo fudhanne, yeroo ofii eeggatanii sarara isaanii irra deemu. Urjiileen biliyonatti lakkaawaman kunniiin walitti bu'uu fi wal diiggaan hin jiru. Kuni kan agarsiisu, Khaaliqni isaan uumee tokkicha ta'uudha. Osoo Khaaliqni lama ykn sani ol ta'ee, silaa khaaliqni hundu wanta uumee fudhate adeema. Fedhiin isaan lamaanii yeroo hundaa dhibbaan dhibbatti waan wal hin fakkaanneef wanta isaan uuman jidduu walitti bu'iinsi ni dhufa. Ergasii addunyaan ni diigamti. Kanaafu, samiin, dachii fi wantoonni isaan keessa jiran waggoota biliyonatti lakkaawamaniif sirna isaanii eeggatanii haala kanaan turuun "Khaaliqni Tokkichi" akka jiru agarsiisa. Ossoo kan isaan too'atu hin jiraatin, wantoonni kunniiin mataa isaaniit osoo hin diigamiin yeroo dheeraaf turuu danda'uu?

Mushrikoonni durii Khaaliqni Rabbii Tokkicha akka ta'e ni amanu. Qur'aana keessatti ni jedha:

"Dhugumatti "Eenyutu samiiwwanii fi dachii uumee, aduu fi baatis laaffisee?" jette yoo isaan gaafatte, dhugumatti "Rabbiidha" jedhu. Kanaafu, akkamitti garagalfamuu?" Suuratu Al-Ankabuut 29:61

"Eenyutu samiiwwanii fi dachii uumee, aduu fi baatis laaffisee?" jette osoo namoota Rabbiitti waa qindeessan ykn Isa qofa hin gabbarre gaafattee, dhugumatti "Rabbiidha" jedhu. Samii fi dachii uumuun, aduu fi jiiyni sarara isaanii irra akka deeman taasisuun hojii Rabbii akka ta'e ni beekkama. Sababa ifa aduutiin biqiltoonni ni biqilu. Osoo aduun jiraachu baatte silaa biqiltoonni hin biqilan. Kanaafu, namoonni fi beelladoonni soorata dhabu. Jiiynis dachii irratti ifa ibsa, lakkoofsa ji'oottaa fi waggoota ittiin beekan. Taabonni, Malaaykaan, nabiyyiin, waliyyiin, namni du'ee qabri keessa jiru kan isaan kadhatanii fi sujuudaniif wantoota kanniin hojjachuu danda'u? Kanaafu, akkamitti Rabbii isaan nyaachisuu fi obaasuf ajajamu irraa garagaluu? Akkamitti Isa qofa kadhachuu, Isa qofaaf sujuudu fi gadi of qabuu dhiisanii wanta isaan hin fayyannee fi hin miine kadhatuu?

Hundemaa, nama tokkorraa gargaarsa yommuu barbaadan, ulaagaaleen lama jiraachu qabu miti ree? **1ffaa-**namni suni dandeetti fi humna kan qabu ta'uu, **2ffaa-**Rakkoo namaa kan dhagahuu fi beeku ta'uu. Akka fakkeenyaaatti, namni laamshayan homaa hojjachuu hin dandeenyeye nama gargaaru danda'aa? Ammas, namni duudaan homaa hin dhageenye kadhaa nama jalaa dhagahuu danda'aa?

Wantoota namoonni Rabbii Olta'aa gaditti gabbaran yoo ilaalle, nama gargaaru fi rakkoo keessaa nama baasuf dandeetti fi humna guutuu hin qaban. Akkasumas, waan hundaa dhagahuu fi beekuu hin danda'an. Rabbiin immoo waan hundaa irratti dandeetti fi humna guutuu qaba. Waan hundaa ni dhagaha, ni beeka. Wantoota dandeetti fi humni Isaa guutuu ta'uu agarsiisan keessaa, samii garmalee guddattu, dachii bal'oo fi wantoota baay'ee isaan keessa jiran uumuudha. Wanta tokko uumuuf dandeetti, humnaa fi beekumsa barbaachisa. Kanaafu, Rabbiin wantoota garmalee gurguddatanii fi baay'atan kanniin uumuu Kan danda'e, karaa rakkoo keessa itti bahanii fi wanta barbaadan itti argatan namaaf ni uumaa jechuudha. Wantoonni Isaa gadi jiran akka Isaatti waa uumuu waan hin dandeenyef, dandeetti, humnaa fi beekumsa guutuu hin qaban. Kanaafu, wanta dandeetti, humnaa fi beekumsa guutuu hin qabne gabbaruun ykn kadhachuun bu'aan argatan maaliidhaa? Qur'aana keessatti:

﴿أَيُشْرِكُونَ مَا لَا يَخْلُقُ شَيْئًا وَهُمْ يُخْلِقُونَ ﴾١٩١
وَلَا يَسْتَطِيعُونَ لَهُمْ نَصْرًا ﴾١٩٢﴾

“Sila wantoota ofiifu uumamoo ta'anii waa tokko uumuu hin dandeenyeye Rabbitti qindeessu? Isaan gargaarus ta'ee lubbuu ofii gargaaru hin danda'an.” Suuratu Al-A'araaf 7:191-192

Kana jechuun sila wanta homaa uumuu hin dandeenyeye, inuma mataa isaatu uumamaa kan ta'e Rabbiin waliin gabbaruu (waaqefatuu)? Sanamni, taabonni fi uumamtoonni biroo namoonni gabbaran (waaqefatan) homaa uumuu, samii irraa bishaan buusu, lafa keessaa biqiltoota magarsuu hin danda'an. Ammas isaan gargaaru hin danda'an. Inuma mataa ofiitu gargaaru hin danda'an. Taabonni fi sanamni isaan gabbaran nama isaan gabbaru dhiisii, mataa ofii irraayyu rakkoo deebisuu hin danda'an. Kanaafu, wanta waa uumuu fi nama gargaaru hin dandeenyeye akkamitti waa irraa kadhatu? Akkamitti isaaniif of gadi qabuu?

Namni Rabbiin Uumaa waan hundaa ta'uu yoo beeke fi amane, Isa qofa gabbaraa jechuudha. Sababni isaas, namni faayda argachuu fi miidhaa ofirraa deebisuuf Abbaa Humna Guddaa kajeela. Abbaa Humnaa kanaaf gadi of qaba. Kajeelu fi gadi of qabuun ibaadaa (gabbarrii)dha. Abbaan humnaa faayda barbaadan uumuu danda'uu fi miidhaa sodaatan namarraa deebisu danda'u Rabbiin qofa waan ta'eef, kajeellaan, kadhaa fi of gadi qabuun guutuun Isa qofaaf ta'uu qaba. *Wanta waa uumuu fi miidhaa namarraa deebisu hin dandeenye kajeelun, kadhachuu fi of gadi qabuun bu'aan isaa maaliidhaa?*

2- Maqaan Rabbii subhaanahu Al-Khaaliq sifaata Isaa biroo kanneen akka jirenya, dandeetti, beekumsaa, fedhii fi ogummaa agarsiisa. Sababni isaas, danda'aa kan hin taane, fedhii kan hin qabnee fi wanta uume kan hin beekne uumaa ta'uu hin danda'u. Kana ilaachise Imaamu ibn Al-Qayyim (rahimahullahu) ni jedha: "Karaalee sifaata itti mirkaneessan keessaa tokko hojii sifaata kanniin agarsiisan [itti xinxalluudha]. Wanti uumame (makhluuqni) Uumaan isa uume jiraachu agarsiisa. Akkasumas, jirenya Khaaliqaa, dandeetti Isaa, beekumsaa fi fedhii Isaa agarsiisa. Hojii filannootiif kunniin wantoota barbaachisoo dirqama jiraachu qabaniidha. (Kana jechuun hojii fedhan hojjachuuf jirenyi, dandeettin, beekumsi fi fedhiin garmalee barbaachisoodha. Bakka kunniin hin jirretti waa hojjachuu fi uumuun hin danda'amu.) Hojii jabeessun, sirna qabsiisuu fi haala guutuu ta'een argamsiisuun ogummaa fi xiyyefannoo hojjataa ykn uumaa agarsiisa. Uumamtootatti tola oolun, wantoota faaydaa qaban gurguddaa isaaniif fiduun, rahmata, tola fi arjummaa Khaaliqa isaan uumee agarsiisa. Guutummaan uumama (makhluuqa) irraa mul'atu Khaaliqni isa caalaa guutuu ta'uu agarsiisa. Amala guutuu ta'e kan kenu hunda caalaa amalli guutuun isaaf mala. Uumaan dhageetti, argituu fi dubbiif kenne, hunda caalaa dhagaha, argaa fi dubbataa ta'uun Isaaf mala. Jirenya, beekumsa, dandeetti, fedhii kan uume, hunda caalaa amalooni kuni Isaaf malu. (Jirenyi, dhageettin, argituun, dubbachuun, beekumsi, dandeettin fi kkf amaloota guutuu ta'aniidha. Rabbiin amaloota kanniin namaaf kennee jira. Amaloota kanniin kan kenne Isa erga ta'e hunda caalaa amalooni gugguutuun kunniin Isaaf ta'u.)

Uumamtoota amaloota garagaraatin adda adda gochuun wanta hunda caalaa fedhii fi ogummaa Khaaliqaa kan agarsiisudha. Ogummaa Isaatin uumamtoota kanniiniif amaloota adda addaa isaaniif malu kenne. Kadhataan wanta barbaadu erge kadhatee booda haaluma inni kadhateen deebii argachuun, Rabbiin wantoota hundaa takka takkaan akka beeku, kadhaa gabroota Isaa kan dhagahu fi haajaa isaanii guutuuf dandeetti akka qabu agarsiisa. Akkasumas, rahmata fi mararfanna Isaa agarsiisa. Warroota Isaaf ajajaman sadarkaa isaanii olkaasu fi tola isaanitti ooluun jaalala Isaa agarsiisa. Warroota Isa faalleessan, zaalimotaa fi diinota ergamtoota Isaa adabbii

adda addaatiin isaan adabuun dallansuu Isaa agarsiisa.” (Madaarija Saalikiin 3/355-356

Gabaabumatti uumuun beekumsa, dandeetti, fedhii fi ogummaa barbaachisa. Uumamtoota garmalee gurguddatanii fi baay’atan kanniin uumuun beekumsi, dandeettin, fedhii fi ogummaan Rabbii guutuu ta’uu agarsiisa.

3-Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa Uumaa wantoota hundaa akka ta’e amanuun wantoota hundaa takkaan akka beeku akka mirkaneessan nama taasisa. Hundemaa, hojjataan wanta tokko hojjatu eenyun caalaa waa’ee wanta sanii sirritti beeka. Akkasi mitii ree? Fakkeenyaf namni kompiyutara hojjatu namoota biroo caalaa waa’ee kompiyutaraa beeka. Kutaa (parti) isaa tokkoon tokkoon beeka. Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa wantoota hundaa kan uume Isa erga ta’e, wantoota uume kanniin hunda takkaan beekaa jechuudha. Wanta isaan hojjatanis takka takkaan beeka, wanti Isarraa dhokatu tokkollee hin jiru. Ni jedha:

﴿وَأَسِرُّوا قَوْلَكُمْ أَوْ أَجْهَرُوا بِهِ إِنَّهُ وَعَلِيمٌ بِذَاتِ الْصُّدُورِ﴾

﴿أَلَا يَعْلَمُ مَنْ خَلَقَ وَهُوَ اللَّطِيفُ الْخَبِيرُ﴾

“Haasawa keessan dhoksaa yookiin ifa baasaa, Inni (Rabbiin) beekaa wanta qoma keessa jiruuti. Inni kan uume hin beeku sila? Inni Al-Laxiif, Al-Khabiir.” Suuratu Al-Mulk 67:13-14

Sagalee keessan gadi qabdani yoo hasaastan ykn olkaastanii yoo dubbattan, wanti Isarraa dhokatu tokkollee hin jiru. Wanti dhoksaa fi ifa bahe Isa biratti wal-qixa waan ta’ef. Rabbiin wanta qoma (laphee) keessa jiru ni beeka. Kana jechuun niyyaa, fedhii, jaalala, jibba, amantii fi wanta biraa qomni of keessatti qabate hunda beeka. Akkamitti wanta qomni of keessatti qabate hin beeknee warra qoma qaban, nafsee isaanii, qalbii isaaniitii fi amaloota isaanii hunda kan uume Isa ta’ee osoo jiru?

“Inni kan uume hin beeku sila?” kana jechuun sila Uumaan uumamtoota Isaa hin beekuu? Uumamtooni keessa ofiitu kan hin beekne ta’uu danda’u. Garuu Uumaan akkamitti isaan wallaalaa? Hidda dhiigaa qaama keeti hunda kan uume, qalbii, qoma, sammuu fi kutaalee qaama kee hunda kan uumee Isa. Inni akka hargantu waan si dandesiseef ni harganta, kutaaleen qaama keetii akka hojjatan kan taasise Isa. Kanaafu, akkamitti wanti dhoksitan, ifa baastanii fi qoma keessan keessa jiru Isarraa dhokataa? Kana waliinu, “**Inni Al-Laxiif, Al-Khabiir**” dha. Hiika **Al-Laxiif**

keessaa tokko, wantoonni hanga fedhan haa xiqqaatan ykn haa haphatan, wanta hundaa kan beekudha. Xiqqeentya irraa kan ka'ee wantoonni ija namaatin hin mul'anne baay'etu jiru. Wantoota kanniin hunda Rabbiin Guddaan ni beeka. Beekumsi Isaa wantoota hunda dhaqqaba. “**Al-Khabiiр**” jechuun immoo keesso fi iccitii wantoota hundaa kan beekudha. Dhimma keessaa fi garmalee dhokate hunda beeka. Akkuma gubbaa (zaahira) beeke, keessoo fi iccitii hunda Kan beeku akkamitti wanta qomni fi sammuun of keessatti qabatan Isarraa dhokataa? Hiikni biraa "**Al-Laxiif**" gabricha Isaatiif kan mararfatu, wanta gaggaari gara inni hin beekne irraa kan isaaf fiduu fi wanta badaa inni hin yaanne irraa kan isa eegudha.⁷⁷

4-Maqaa Rabbii “Al-Khaaliqatti” amanuun uumamtoota kaayyoo guddaaf akka uumee fi Inni tapha irraa qulqulluu akka ta'ee amanu namarrraa barbaada. Namni waa hojjatu kamiyyuu wanta hojjatu san kaayyoo itti hojjatuuf ni beeka. Fakkeenyaf, namni mana ijaaru kaayyoo itti ijaaruuf beeka. Namni konkolaataa hojjatu kaayyoo konkolataan ooluf beekun kaayyoo san irratti hundaa'e hojjata. Akkanamutti lafaa olka'ee taphaaf ykn kaayyoo tokko malee maallaqa baay'ee baasun mana ni ijaaraa ykn konkolaataa ni hojjataa?

Rabbiin Tokkicha fakkaataa hin qabne, hundarra beekaa fi ogeessa ta'e wantoota uumu kanniin maaliif akka uumuu sirritti beeka. Inni taphaa fi wanta kaayyoo hin qabne hojjachuu irraa qulqulla'a'e, olta'e. Kanaafu, samii, dachii fi wantoota isaan keessa jiran taphaaf hin uumne. Ni jedha:

﴿وَمَا خَلَقْنَا السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا لَعِينٌ﴾

“Samii, dachii fi wantoota isaan lamaan jidduu jiran taphattoota taanee hin uumne.” Suuratu Al-Anbiya 21:16

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa samii, dachii fi wantoota isaan jidduu jiran taphaaf hin uumne. Kan uumeef, dandeetti, beekumsaa fi Tokkichummaa Isaa agarsiisuuf, akka namoonni uumamtoota Isaatti xinxalluun Inni Khaaliqa guddaa akka ta'ee fi sifaata biroo guutuu qabaachu Isaa akka hubataniif. Kanaafu, Ibaadan (gabbrarii) Khaaliqaaf malee akka hin taane haa beekaniif.⁷⁸ Ammas kaayyoon guddaan wantoota kana itti uumeef, namoota qoruun dhumarratti Guyyaa Qiyaamaa nama

⁷⁷ Tafsiiru Sa'dii-fuula 1034, Ma'aarij Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabbur- Abdurahmaan Hasan Habankaa 14/623, <https://quran.com/67/14>- ABUL ALA MAUDUDI(WITH TAFSIR), Bidaau Tafsiir-ibn Al-Qayyim 3/173

⁷⁸ Tafsiiru Sa'dii-fuula 606, Zaadul Masiir-Ibn Al-Jawzi- fuula 925, (Dabalataaf: Tafsiiru Ibn Kasiir 5/326)

gaarii hojjatee gaariin mindeessuf, nama badaa hojjate immoo adabuufi. Kaayyoowwan kanniin walitti cuunfun haala kanaan tarreessun ni danda'ama:

1. Namoota qoruu (Qur'aana keessatti Suuratu Huud 11:7 ilaali)
2. Sifaata Rabbii beekuu fi Isa qofa gabbaruu (Suuratu Ax-Xalaaq 65:12 fi Suuratu Az-Zaariyat 51:56)
3. Ergasii jazaa (mindeessuu fi adabuuf)

Kaayyooleen armaan olii hundi akka sansalataa wal keessa seenu. Addunyaan tuni iddo qormaatati. Qormaanni kuni gara Abbaa humnaatti akka fiigan nama taasisa. Kanaafu, Rabbii olta'aa akka gabbaran nama taasisa. Ammas, samiin, dachii fi wantoonni isaan lamaan keessa jiran sifaanni Rabbii Guddaa guutuu akka ta'an agarsiisu. Namni ibaadaa sirnaan kan hojjatu yoo Rabbii isa uume beekedha. Karaan Isa itti beekan keessaa tokko uumamtootatti xinxalluudha. *Kanaafu, qormaanni fi wantoota uumaman kanniinitti xinxalluun ibaadaa namarraa barbaadamu galmaan akka gahan nama taasisa.*

Ibaadaa isarraa barbaadamu galmaan gahu ykn dhiisuu isaa Guyyaan itti beekkamuu fi jazaa itti argatu jiraachu qaba. Ta'u baannan, namoota qoruun tapha ta'a. Kanaafu, nama waan gaarii hojjateef mindaa kafaluu fi nama badii hojjate adabuuf dirqama Guyyaan Qiyaamaa jiraachu qaba. Kanaafi, Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa ni jedha:

﴿أَفَحَسِبْتُمْ أَنَّمَا خَلَقْنَاكُمْ عَبَّادًا وَآتَيْنَا لَأَنْتُمْ إِلَيْنَا لَا تُرْجِعُونَ ﴾
﴿فَتَعْلَمَ اللَّهُ الْمَلِكُ الْحَقُّ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ رَبُّ الْعَرْشِ الْكَرِيمِ ﴾

“Sila Nuti taphumaaf waan isin uumnee fi gara Keenyatti kan hin deebifamne ta'u ni yaaddu? Rabbiin Mootii haqaa ta'e olta'e. Isa malee Kan haqaan gabbaramu hin jiru. Inni Gooftaa Arshii kabajamaati.” Suuratu Al-Mu'minuun 23:115-116

“Rabbitiin Mootii haqaa ta'e olta'e.” Rabbitiin Mootii Haqaa ta'e osoo ilmaan namaa jidduutti haqaan hin murteessin akkanumatti badanii ni hafuu? Zaalimtonni (cunqursitoonni) badii hojjatanii osoo hin adabamin du'an mee ilaali. Namoota cunqurfamanii osoo haqa isaanii hin argatin dhuman mee ilaali. Mootiin Haqaa osoo nama miidhaa hojjate hin adabin, nama miidhameef haqa isaa isaaaf hin deebisin akkanumatti ni dhiisaa? Kanaafu, Rabbitiin Haqaa waan ta'eef Guyyaan Qiyaamaa isaan kaasun isaan jidduutti haqaan murteessa. Namoota du'an lamuu kaasu irratti danda'aa akka ta'ee samii fi dachiin ragaa bahu. Kana jechuun samii fi

dachii garmalee bal'atanii fi gurguddatan kanniin Kan uume lamuu namoota kaasun itti ulfaataa?

5-Maqaa “Al-Khaaliqatti” amanuun shari’aa Isaa akka fudhatan, isaan murteessanii fi seera Isaatiin ala kan biraatti akka hin gammanne namarrea barbaada- sababni isaas, shari’aan (seerri) kuni Khaaliqa Ogeessa uumamtoota Isaa siritti beeku irraa kan dhufeedha. Ni jedha:

﴿أَلَا يَعْلَمُ مَنْ خَلَقَ وَهُوَ الْلَّطِيفُ الْخَيِّرُ﴾

“Inni kan uume hin beeku sila? Inni Al-Laxiif, Al-Khabir.” (Suuratu Al-Mulk 67:14) “Inni kan uume hin beeku sila?” kana jechuun sila Khaaliqni uumamtoota Isaa hin beekuu? Uumamtoonni keessa ofiitu kan hin beekne ta’uu danda’u. Garuu Uumaan akkamitti isaan wallaala? Hidda dhiigaa qaama keeti hunda kan uume, qalbii, qoma, sammuu fi kutaalee qaama kee hunda kan uumee Isa. Inni akka hargantu waan si dandesiseef ni harganta, kutaaleen qaama keetii akka hojjatan kan taasise Isa. Kanaafu, akkamitti wanti dhoksitan, ifa baastanii fi qoma keessan keessa jiru Isarraa dhokataa? Kana waliinu, “Inni Al-Laxiif, Al-Khabir” dha. Hiika **Al-Laxiif** keessaa tokko, wantoonni hanga fedhan haa xiqaatan ykn haa haphatan, wanta hundaa kan beekudha. Xiqqeinya irraa kan ka’e, wantoonni ija namaatin hin mul’anne baay’etu jiru. Wantoota kanniin hunda Rabbiin Guddaan ni beeka. Beekumsi Isaa wantoota hunda dhaqqaba. “**Al-Khabir**” jechuun immoo keesso fi iccitii wantoota hundaa kan beekudha. Dhimma keessaa fi garmalee dhokate hunda beeka.

Wanta namoota fayyadu fi miidhu siritti waan beekuf seera isaaniif buuse. Kanaafu, seerri Isaa seera hundarra gaarii ta’eedha. Ilmi namaa waa’ee namootaa siritti beeku waan hin dandeenyef seerri fi heerri kaa’u hanquu fi hir’inna baay’een kan guuttameedha. Seerri isaa dhaloota tokkoof yoo ta’e dhaloota biraatif hin ta’u. Bakka tokkoof yoo ta’e bakka biraatiif hin ta’u. Garuu Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa wantoota hundaa waan beekuuf, shari’aan Isaa madaallamaa fi dhaloota hundaaf kan ta’uudha. Namni shari’aa Isaatirraa dheessee seera nam-tolchee barbaade, kasaaratu isa muudata. Yeroo ammaa badii dimookraasin, diktaatarshipin, kapitaalizmi fi soshaalizmiin fide hangana hin jedhamu. Waan fedhan hojjachuu mirga dimookrasiiti jechuun faahishaa (wantoota fokkuu) bakka adda addaatti babal’atan mee ilaali! Rabbiin guddaan olta’e ni jedha:

﴿أَفَحُكْمَ الْجَاهِلِيَّةِ يَبْغُونَ وَمَنْ أَحْسَنُ مِنَ اللَّهِ حُكْمًا لِّقَوْمٍ يُوقَنُونَ﴾

“Sila murtii Jaahiliyyah barbaadu? Namoota yaqiina qabaniif Rabbiin caalaa eenyutu murtiin irra gaariidhhaa?” Suuratu Al-Maa’ida 5:50

Murtiin jaahiliyyah murtii Rabbiin buuse faallessudha. Murtiin jaahiliyyah murtii wallaalummaa fi fedhii lubbuu hordofuu irratti hundaa'edha. Namoota yaqiina qabaniif murtii Rabbii caalaa murtii kamtu isaaniif irra gaariidha? Yaqiina jechuun beekumsa guutuu shakkii hin qabneedha. Kanaafu, namoota yaqiina qaban jechuun namoota beekumsa guutuu qabanii fi dhugaan amananiidha. Namoonni yaqiina qaban murtii fi seerri Rabbii murtii fi seera kamiyyuu akka caalu ni beeku. Kanaafu, itti amananii hordofu.

6- Ta'aziim (Ol-Guddisuu)- Uumamtoonni garmalee gurguddatan kanneen akka samii fi dachii gara guddinna Khaaliqaa akeku. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿الَّذِي خَلَقَ سَبْعَ سَمَاوَاتٍ طِبَاقًا مَا تَرَى فِي خَلْقِ الرَّحْمَنِ مِنْ تَقْلُوٰتٍ فَارْجِعُ الْبَصَرَ هُلْ تَرَى مِنْ فُطُورٍ ۚ ثُمَّ أُرْجِعُ الْبَصَرَ كَرَّتِينَ يَنْقَلِبُ إِلَيْكَ الْبَصَرُ حَاسِئًا وَهُوَ حَسِيرٌ﴾

[Rabbitiin] samiiwan torba baqannaan Kan uumedha. Uumiinsa Rahmaan keessatti wal dhabbi homaatu hin agartu. Mee agartuu kee gara [samii] deebisi, baqaqinsa wayii ni agartaa? Ergasiis yeroo baay'ee agartuu kee deddeebisii [gara samii ilaali], agartuun kee hoonga'aa dadhabaa ta'ee sitti deebi'a." Suuratu Al-Mulk 67:3-4

Baqanna jechuun wantoonni baay'een gubbaa jalaan walirra ta'uudha. Nuu ol samiiwan torba gubbaa jalaan ta'uun uomaman. Uumiinsa Rabbii keessatti wal dhabbi, hir'inna fi hanqinna wayitu hin agartu. Mee gara samii Rabbitiin uumee tana ilaali, baqaqinsa ykn dhooyinsa wayii keessatti ni argitaa? Ammas irra deddeebi'i ijaan ykn teleskooppin qoradhu, ijji tee hir'inna, hanqinna fi baqaqinsa wayituu arguu irraa hoongoftu taatee sitti deebiti. Kana jechuun hir'inna, hanqinna fi baqaqinsa wayituu samii keessatti arguu hin dandeessu. Akkasumas, dhumarratti ijji dadhabdu taate gara keetti deebiti. Kuni hundi guddinna Khaaliqaa, beekumsi, dandeetti fi ogummaan Isaa guutuu ta'uun agarsiisu. Kanaafu, kana beekuu fi itti amanuun Rabbii guddaa garmalee akka kabajanii fi ol guddisan nama taasisa.

Rabbitiin garmalee ol guddisuu fi kabajuun Isa qofa akka gabbaran, ajajoota, wantoota Inni dhoowwe fi shari'aa Isaa akka guddisan nama taasisa. Namni Rabbitiin garmalee ol-guddisuu fi kabaju, Isaan ala wanta biraatiif gadi of hin qabu, ajajoota Isaa galmaan gahuuf ni carraaqa, wanta dhoowwe irraa ni fagaata.

Guduunfaa

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa Khaaliqa wanta hundaa uumee ta'u amanuun firiwwan kanniin namaaf buusa:

1-Inni Gooftaa tokkicha haqaan gabbaramuu ta'uutti amanuu fi Isa qofa gabbaruu

2-Rabbiin sifaata (amaloota) gugguutu ta'an akka qabu amanuu. Wanta tokko uumuuf uumaan jirenya, beekumsa, dandeetti, fedhii fi ogummaa qabaachu qaba. Bakka amalooni kuni hin jirretti waa uumuun hin danda'amu. Kanaafu, Rabbiin uumamtoota garmalee gurguddatan kanniin uumuun jireenyi, beekumsi, dandeettin, ogummaa fi sifaanni Isaa biroo guutuu ta'u agarsiisa.

3-Rabbiin wantoota hundaa akka beeku amanuu fi dhoksaatti waan badaa hojjachuu fi yaadu irraa of eegu. Uumaan waa uumu wanta uumee siritti beeka.

Namoota hundaa kan uumee Rabbiin erga ta'e, ifaa fi dhoksatti wanta isaan hojjatan, dubbatanii fi jibba, niyyaa, jaalalaa fi miroota biroo qalbii isaanii keessa jiru hunda beeka.

4-Uumamtoota kaayyoo guddaaf akka uume amanu. Khaaliqni Ogeessa wanta hojjatu hunda maaliif akka hojjatu siritti beekudha. Kanaafu, uumamtoota kanniin hundaa kaayyoo guddaaf uume.

5-Shari'aa Isaatti gammadu- Khaaliqni wanta uumamtoota Isaa fayyaduu fi miidhu siritti waan beekuf shari'aan (seerri) Inni uumamtoota Isaatiif buuse seera kamiyyuu caala.

6-Rabbii guddaa ol-guddisuu

Kitaabban wabii

Walillahi asmaa'u'l Husnaa fad'uuhu bihaa— lakk.46,47; AbdulAziz bin Naasir Jaliil

وَالسَّلَامُ عَلَى مَنِ اتَّبَعَ الْهُدَىٰ ﴿٤﴾

“Nageenyi nama qajeelfama hordofe irratti ta’ा.” (Suuratu Xaahaa 20:47)

Kana jechuun nageenyi fi tasgabbiin nama qajeelfama Rabbiin buuse hordofe irratti ta’ा. Rabbiin addunyaa keessatti azaaba (adabbii) Isaa irraa nagaha isa taasisa, Aakhirattis Jannata isa seensisuu azaaba jalaa nagaha baasa.⁷⁹

“Maqaalee fi sifaata Rabbii Olta’aa beekuu fi itti amanuu salphinna irraa nama eega, balbala abdii namaaf bana. Obsa irratti nama gargaara, dadhabbinnaa fi ceem’uu irraa nama fageessa. Rabbiif akka ajajamanii fi itti dhiyaatan nama kakaasa. Ma’asiyaa fi badii irraa nama sodaachisa (akeekachiisa). Yeroo musiibaa, rakkoo fi gaddaa booharti namaaf ta’ा. Sheyxanaa irraa eeggamuuf sababa ta’ा. Jaalala fi jaallatamuu namaaf fida, arjummaa fi tola oolutti nama dhiiba.”⁸⁰ Kana hubachuuf nama Rabbiin beeku fi nama Isa hin beekne wal biraahaa qabnu. Namni maqaalee fi sifaata Isaatiin Rabbiin beeku, ifa fi dhoksatti Isa sodaata, obsaa fi tasgabbi qaba. Namni maqaalee fi sifaata Isaatiin Rabbiin hin beekne immoo lubbuu ofii waan badaa irraa qabuun itti ulfaata. Obsii fi tasgabbiin inni qabu baay’ee xiqqaadha. Kanaafu, balballi gammachuu fi milkaa’innaa guddaan maqaalee fi sifaata Rabbii olta’aa beekudha.

A. Hiika Al-Baari, Al-Musawwir

Gabaabumatti hiika maqaalee kanniin lamaani hubachuuf ibsa Aayah tanaa haa ilaalu:

هُوَ اللَّهُ الْخَالِقُ الْبَارِئُ الْمُصَوِّرُ ﴿١﴾

“Inni Allaah, Al-Khaaliq, Al-Baari, Al-Musawwir ta’eedha.” Suuratu Al-Hashr 59:24

Imaamu Qurxubii fi Ibn Kasiir maqaalee kanniin ilaalchisee ni jedhu: Asitti Al-Khaaliq (Uumaa) jechuun [boca, hamma, bifa wanta tokko fi amaloota isaa biroo] Kan murteessu fi safaruudha. Al-Baari jechuun immoo wanta murteesse fi safare Kan argamsisuudha. Al-Musawwir immoo wantoota hundaaf suuraa fi boca barbaade kan kennuudha.⁸¹ Maqaan al-Musawwir jedhu jecha “sawwara” jedhu

⁷⁹ [Ma'aariju Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabburii](#) – Abdurrahmaan Hasan Habankaa, 8/123

⁸⁰ [Fiqhul Asmaa' il Husnaa](#) – fuula 21, Abdurazzaaq bin AbdulMuhsin Badri

⁸¹ Tafsiiru Qurxubii-20/393, Ibn Kasiir 7/238

irraa kan fudhatameedha. Sawwara jechuun “boca kennuufi ykn suuraa kaasu” jechuudha.⁸²

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ilma namaa garaa haadhaa keessatti marsaalee uomamaa gurguddoo sadii keessa dabarsa: Dhangala'aa saalaa irraa alaqa (dhiiga ititaa) uuma, ergasi mudgha (muraa fooni) godha. Ergasii suuraa fi boca isaaf kenna.⁸³ Suuraa fi boca namaa erga isaaf kenne booda uumamtoota biroo irraa adda baafama. Suuraa fi boca isaaf kennun dura namni umamtoota biroo irraa adda hin baafamu.

Kanaafu, aaya armaan olii keessatti maqaalee kanniin tartiibaan dubbachuun hiikan kan walitti galaniidha. Jalqaba “uumuun (al-khalq)” hiika taqdiir (murteessu fi safaruu) qaba, itti aanse dhabama irraa argamsiisudha. Ergasii suuraa fi boca barbaade irratti gochuudha.⁸⁴ Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa boca, suuraa, bifaa fi amaloota biroo, nama uumuun dura murteesse fi safaree jira. Ergasii wanta murteesse fi safare ni argamsiisa. San booda boca fi suuraa barbaade isaaf kenna. Kanaafi, namoonni suuraa fi bocni isaanii kan beelladoota fi uumamtoota biroo irraa garagara. Akkasumas, namoota jidduutti suuranan isaanii garagara. Gariin diimaa, gariin gurraacha. Gariin bareedaa, gariin hin bareedu. Gariin dhiira, gariin dubartiidha. Rabbin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿هُوَ الَّذِي يُصَوِّرُكُمْ فِي الْأَرْضِ كَيْفَ يَشَاءُ لَا إِلَهٌ إِلَّا هُوَ الْعَزِيزُ﴾
﴿الْحَكِيمُ﴾

“Inni Kan gadaameessa keessatti akka fedhetti isin bocuudha. Haqaan gabbaramaan Isa malee hin jiru. Inni Injifataa Ogeessa.” Suuratu Aali-Imraan 3:6

እርሱ የ በማትወቻ ወሰን እንደሚገኘ እና የ የሚቀርቡት ነው፡፡ ከርሱ በስተቀር ሌላ እምልከ የለም፣ እናናፈው ተብሎች ነው፡፡

Kana jechuun gadaamessa haadhaa keessatti suuraa fi boca fedhe irratti kan isin uumu Rabbiidha. Nama hundaafu suuraa fi amala wanta biraa irraa adda isa baasu kennaaf. Nama fedhe suuraa bareeda, kan fedhe suuraa fokkuu kennaaf, kan fedhe gurraacha, kan fedhii adii godha. Kan fedhe boca fuula fi qaamolee isaa biroo bal'aa ykn dhiphaa ykn gabaaba ykn dheeraa godha. Suuraa fi bocni ati irra jirtu fi

⁸² [Walillahi asmaa'u'l Husnaa fad'uuhu bihaa](#) – lakk.48,49; AbdulAziz bin Naasir Jaliil

⁸³ Tafsiiru Qurxubii-20/393

⁸⁴ [Fiqhu Al-Asmaa'u'l Husnaa](#) – fuula 95, Abdurazzaaq bin AbdulMuhsin Badri

amaloonni addaa namoota biroo irraa adda si baasu hundi hojii Rabbii tokkichaati. Namni garaa haadhaa keessa osoo jiru suuraa fi boca barbaade ofiif kenu danda'aa? Namoonni isaaf kenu danda'u?

Hayyoonni Qur'aana ibsan, aaya tana keessa Kiristaanota Iyyasuus gooftaadha jedhaniif deebii gahaatu jira jedhu. Iyyasuusin (Iisaa) garaa haadha isaa Mariyam keessatti akkuma namoota biroo suuraa fi boca kan kenneef Rabbii tokkicha. Iyyasuus uumamtoota fi gabroota Rabbii keessaa tokko. Gooftaa ykn ilma Rabbiiti miti. Akkamitti Iyyasuus gooftaa ta'aa garaa haadhaa keessatti marsaa umamaa tokkoo irraa gara marsaa itti aanutti kan dabarfame ta'ee osoo jiruu? Wanta zaalimonni jedhan irraa Rabbiin qulqulla'e olta'e.⁸⁵

B.Sifaata Maqaaleen Kunniin of keessatti qabatan

Rabbiin Al-Baari (Argamsiisaa) waan ta'eef dhabama irraa wanta tokko kan argamsiisu Isa qofa. Rabbiin Al-Musawwir waan ta'eef wanta fedhe suuraa fi boca fedhe irratti uuma. Uumamtoonni suuraa fi bocaan garagara ta'uun hojii Rabbii olta'a akka ta'e ni hubanna. Wanti duraan hin jirre mataa ofiitiin of argamsiisuu danda'aa? Erga uumamni isaa jalqabame boodayyuu suuraa fi boca barbaade fudhachuu danda'aa? Mee fuula keeti fi namoota biroo ilaali. Hundi isaanitu wal fakkaatuu? Eenyuty akkanatti gargar godhee?

C.Ibsa Aayata (keeyyata) Qur'aanaa maqaalee kanniin of keessatti qabate

﴿خَلَقَ الْسَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ بِالْحَقِّ وَصُورَكُمْ فَأَحَسَنَ صُورَكُمْ وَإِنَّهُ أَلْمَصِيرُ﴾

“Inni (Rabbiin) samiwwanii fi dachii haqaan uume. Isinis bocee boca keessanis miidhagse. Deebiin is garuma Isaati.” Suuratu At-Taghaabun 64:3

"Aayah tana keessatti wantoonni sadii wal duraa duuban dubbatamanii jiru: Tokkoffaa, Rabbiin samiwwanii fi dachii haqaan akka uume dubbatame jira. Yommuu jechi, "Haqaan" jedhu oduuf dubbatame, oduu dhugaa jechuudha. Yoo ajajaaf dubbatame immoo, ajaja haqummaa irratti hundaa'e jechuudha. Yaadaf yommuu dubbatame immoo yaada sirrii jechuudha. Yoo gochaaf itti fayyadaman immoo, gochi kuni gocha ogummaa fi qabatama irratti kan hundaa'e fi faayda kan qabu ta'uu agarsiisa. Amma, "Uumun (al-khalq)" gocha; kanaafu, samii fi dachiin haqaan uumaman jechuun samii fi dachiin taphaaf osoo hin ta'in hojii cimaa fi dhugaa xiyyeefannoon uumamaniidha. Samii, dachii fi wantoonni isaan lamaan

⁸⁵ Tafsiiru Ibn Kasiir 2/310, Aali-Imraan 15-16, Abdurahmaan Hasan Habanka

keessa jiran hundi kaayyoo mataa ofii qabu, taphaaf osoo hin ta'in kaayyoo cimaaf uumaman.

Lamaffaa, Rabbiin ilma namaa boca hundarra gaarii ta'e irratti uume. Asitti bocni fuula namaa qofa kan agarsiisu osoo hin ta'in ijaarsa qaama isaa guutuu agarsiisa. Akkasumas, akka addunyaa tana keessatti hojjatuuf humnaa fi dandeetti isaaf kennname of keessatti qabata. Gama lamaan kanaan, uumamtoota dachii irra jiraatan keessaa ilmi namaa bocni fi suuraan hundarra bareedaan isaaf kennname jira. Kanarratti hundaa'e, bulchiinsi dachii isaaf kennname. Gadi dhaabbanni bareenni isaaf kennname. Miilli hundarra sirriin inni ittiin deemu isaaf kennname. Harki wanta fedhe ittiin hojjatu fi isaaf malu ni kennnameef. Qaamoleen miiraa odeefannoo itti argatuu fi sammuun odeefannoo kana ittiin adda baasu fi beekumsa ittiin argatu isaaf ni kennname. Nafsee isaa keessatti miira waan gaarii fi badaa addaan itti baafatu isaaf kennname. Fedhii wanta barbaade itti hojjatusa isa keessa kaa'ame. Kanaafu, namni suuraa fi boca hudarra bareeda ta'e irratti uumame jechuudha.

Suuraa fi bocni bareedaan erga isaaf kennname, wanta inni hojjatuuf gaafatamuun ni oolaa? Kanaafi, ni jedha, "**Deebiin isatii**." Akkuma ifa ta'u, uumamni (makhluuqni) dachii tana keessatti humni fi aangoon isaaf kennname, addunyaa tana keessatti itti gaafatamummaa tokko malee akka jiraatu ogummaan hin hayyamu. Kana irra, Khaaliqni nama uumee humna, aangoo, sadarkaa fi qananii adda addaatin isa qananiise isa gaafata. Asitti "deebiin" deebima qofa osoo hin ta'in Guyyaa Qiyaamaa qorannoof gara Isaatti deebi'uudha. Suurah armaan oli keessatti qorannoof deebi'uun kuni addunyaa tana keessatti kan ta'uu osoo hin ta'in du'aan booda erga kaafamanii jirenya lammataa keessatti ta'a. Humnaa fi aangoo Rabbiin isaaf kenne karaa sirriin fayyadamu ykn karaa badaatti fayyadamu isaa ni gaafatama. Ergasii ni mindeefama ykn ni adabama. Gaafii "qorannoon kuni namoonni jalqabaa fi dhuma erga bakka tokkotti walitti qabamanii osoo ta'in maaliif addunyaa tana keessatti hin adeemsifamne?" jedhutti yoo dhufne, namni osoo xiqqoo sammuu isaatti fayyadame silaa namoonni hundi bakka tokkotti erga walitti qabamanii booda qorachuun ogummaa fi gamnummaa akka ta'e ni arga. Akka deebitti sababa lama dhiyeessu dandeenya. Sababni 1ffaan- namni wanta jirenya isaa guutuu keessatti hojjatef itti gaafatama. Kanaafu, yeroon sirriin inni itti qoratamu, hojiin jirenyaa (life-work) isaa yoo xumurameedha. Sababni lammaffaan- namni dhiibbaa inni jirenya namoota biroo irratti uumeef itti gaafatama. Dhiibban inni geesse inni du'uu qofaan kan dhaabbatu osoo hin ta'in isa boodas kan itti fufuudha. Kanaafu, qorannoon sirriin jirenyi namoota hundaa addunya tana keessatti erga xumurameen

booda namoonni hundi lamuu kaafamanii bakka tokkotti walitti qabamuun kan adeemsifamuudha.⁸⁶

⁸⁶ <https://www.englishtafsir.com/Quran/64/index.html#sdfootnote7sym>

Al-Maalik, Al-Malik, Al-Maliik

Warri iimaanaa Gooftaa isaanii beekuf fedhan maqaalee gaggaarii fi sifaata ol'aanaa Isaa irratti xiyyefachuu, barachuu, hiika isaanii hubachuu, haffazuu fi maqaalee kanaan Rabbii olta'aa kadhachuu isaan irra jira. Maqaalee gaggaariin Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa beekun diini Rabbii olta'aati, hundee Gooftaa ofii itti beekaniidha. Maqaalee Isaa keessaa maqaaleen qalbii wanta biraatti hirkachuu fi mootummaan dhugaa Isaan ala wanta biraatiif ni ta'a jedhanii amanuu irraa qulqulleessan, "Al-Malik, Al-Maalik fi Al-Maliik" dha. Namni maqaalee kanniin siritti yoo hubate, qalbiin isaa Rabbiin ala wanta biraatti rarra'u irraa ni qulqullofti, akkasumas, ajajoota Gooftaa isaa bakkaan gahuuf ni carraaqa.⁸⁷

A-Hiika Al-Maalik, Al-Malik, Al-Maliik

Jalqaba hiika maqaalee kanniini ilaalun dura mee Mulk maal akka ta'e haa ilaallu. **Mulk (Motummaa)** jechuun wanta tokko qabaachuu fi isa keessatti wanta fedhan hojjachuudha. Akkasumas, wanta lubbu qaban kanneen akka namootaa irratti ajajuun, dhoowwuun, mindaa kennuu fi adabuun aangoo fi too'annaa irratti qabaachudha.⁸⁸

Akka lugaatti, **Maalik** jechuun **Qabaataa, Dhuunfataa** jechuudha. Jecha biraatin, wanta tokko kan qabuu jechuudha. Ingiliffaan, "Possoser, Owner" jedhama.⁸⁹

Malik-akka Afaan Oromootti, "**Mootii**" jechuudha. Imaam ibn Al-Qayyim (rahimahullahu)akkana jedha: "Al-Malik (mootii)- jechuun Kan ajaju, Kan dhoowwu, kan jabeessu, kan salphisudha. Akkasumas, Kan dhimmoota gabroota Isaa akka fedhetti jijiruu, qindeessu fi gaggaragalchuudha. Rabbiin subhaanahu Al-Malikul Haqqul Mubiin (Mootii Haqaa ifa baheedha)- Mootiin Kan ajajuu fi dhoowwu, kan mindaa kennuu fi adabu, kan salphisuu fi kabaju, kan jabeessu fi xiqqeessudha."⁹⁰

Maqaan **Maliik** jedhus hiika "Mootii" jedhu qaba. Garuu Maliik motummaan Isaa haqa ta'uu fi fiixee ol'aanaa irra gahuu (mubaalagh) agarsiisa.

Hiika jechoota afranii kana erga hubannee, siritti waa'ee Mootii fi Motummaa hubachuuf carraaqu qabna. Yooakkana goone, maalummaan jirenyaa nuuf gala.

⁸⁷ [Futuhaatu Ilaahiyati](#) shariha Asmaa'il Husnaa 1/280

⁸⁸ Ma'aarij Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabbur- Abdurrahmaan Hasan Habankaa 14/614

⁸⁹ <https://www.almaany.com/ar/dict/ar-en/%D9%85%D8%A7%D9%84%D9%83/>

⁹⁰ Sharih Ibn Al-Qayyim li asmaa'il husnaa-fuula 46, Umar Ashqaar

Mootiin Haqaa Rabbiidha

Rabbiin jalla wa'alaa ni jedha: “**Rabbiin Mootii Haqaa olta’ee**” (suuratu Al-Mu’miuun 23:116) Mootiin Haqaa wanta Isaan ala jiran hundarrraa guutumaan guututti Zaataa f sifaata Isaatin kan of danda’eedha. Wantoonni Isaan ala jiran hundi gara Isaatti hajamu. Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa Mootii Haqaa waan ta’eef eenyuttillee hin hajamu. Sababni isaas, Inni waan hundaa too’ata, wanti hundi Isatti hajama, wantoonni hundu qabaa Isaa keessa jiru, wanti hundu Isaaf gabroota. Uumuu fi ajajuun kan Isaati.

Mootiin wantoota jiran hundarrraa zaataa fi sitaafa Isaatiin kan of danda’ee dha. Garuu Isaan ala wantoonni jiran hundi Isarraa of danda’anii jiraachu hin danda’an. Sababni isaas, *wantoonni hundi Isarraa isaaniif dhufu*. Osso wanta tokko dhoowwate, Inni dhoowwachuu irratti danda’adha. Wanta dhoowwate kan kenuu hin jiru, osso kenne eenyullee dhoowwu hin danda’u. Sababni isaas, Inni Kennaa (Arjoomaa) kennaa Isaa eenyullee dhoowwu hin dandeenyedha. Kanaafu, Malik (Mootii) irraa eenyullee of danda’e jiraachu hin danda’u.

Mee gara nafsee teeti ilaali. Rabbii olta’aa irraa of dandeesse fi of geette jiraachu hin dandeessu. Dhabama irraa jiruutti argamuu keessatti, adeemsa, ilaalcha, dhageetti, dubbii fi humna kee keessatti Isarraa of dandeesse jiraachu hin dandeessu. Osso Inni dhabama irraa si argamsiisu baate ati jiruu tanatti ni dhuftaa? Osso lukaa fi humna ittiin deemtu siif kenuu baatee, ni deemtaa? Seelonni qaamni kee irraa ijaarraman hojii irraa osso dhaabbanii, Isaan ala kan sochoosu jiraa? Ruuhin teenya hundi harka Isaa jirti. Ruuhi tana yoo qabe Isa malee qaama keenyatti kan deebisuu jiraa? Kanaafu, hundi keenya jaallannes jibbinez Gooftaa guddaa of gadi qabna. Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa yoo dhaabe eenyullee kan nu sochoosu hin jiru. Yoo nu sochoose kan nu dhaabu hin jiru. Yoo nu jiraachise kan nu ajjeesu hin jiru. Kanaafi, jiraattonni hundi zaata, sifaata fi turuu isaanitiin Mootii Haqaa irraa of danda’anii jiraachu hin danda’an. Wantoota hundaa kan argamsiisee fi uumee Isa. Eenyullee mootummaa Isaa keessaa bahuu hin danda’u. Dhumarratti du’i yoo jedheen ni du’a. Osso Malakul Mawt (Malaykan Du’aa) itti dhufe, eenyullee, "lakki... ani hin du'u" jechuu hin danda’u.

Kuni kan agarsiisu uumamtoota hunda irratti baduu katabee jira. Kuni dandeetti fi aangoon Isaa guutuu ta’uu agarsiisa. Kanaafu, Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa Mootii haqaa waan hundaa irraa of danda’eedha. Wantoonni hundi Isatti hajamu, gabroota Isaati. Wanta fedhe isaan irratti murteessu danda’a. Murtii Isaa jalaa bahuu hin danda’an. Hundema Mootiin kan waa murteessu, ajaju, dhoowwu, mindaa kenuu, adabu, wanta fedhe kan kenuu fi wanta fedhe kan dhoowwatuudha.

Gabrichi haala guutuu ta'een Mootii ta'uu hin danda'u

Ilmi nama gabricha Rabbii waan ta'eef waan hundarrraa of danda'ee jiraachu hin danda'u. Nama kamtu nyaata, dhugaati, geejjibaa fi kkf irraa of danda'ee jiraachu danda'aa? Inni nama uffata isaaf oomishu barbaada. Nama nyaata isaaf qopheessu ykn oomishu barbaada. Nama Isa yaabbisutti ni hajama, nama isa wal'anutti ni hajama. Nama isa walin hojjate dhumarratti mindaa isaaf kennutti ni hajama. Waan hunda keessatti hajamaadha. Osoo wantoota Rabbiin ala jiran irraa of danda'eyyu gabrichi yeroo hundaa Rabbii olta'atti hajama. Kana jechuun osoo namni tokko namoota irraa of danda'eyyu kan inni itti of danda'een kenna Rabbiin isaaf kenneeni. Maddi galii fi soorata isaa kenna Rabbiin waan ta'eef, yeroo hundaa Kan kenna kana kennutti hajamaa jechuudha. Osoo namni tokko namoota irraa dhimmoota gariin kan of danda'e fi isaanitti hin hajamne ta'ee, nafsee isaatin isaan irraa of danda'ee moo wanta Rabbiin isaaf kenneen of danda'e jettee yaaddaa? Shakkii hin qabu, waan Rabbiin isaf kenneen isaan irraa of danda'e. Sababni isaas, osoo Rabbiin wanta isaaf kenne kana irraa fudhate, namni kuni gara isaanitti deebi'uun isaanitti hajama.

Kanaafu, namni hiyyeessaa fi hajamaa ta'uu, homaa qabaachu fi too'achuu akka hin dandeenye fi kan waan hundaa harkaa qabuu fi too'atu Rabbiin ta'uu yoo beeke, ammas Rabbiin haqa waan hundaa irraa Of gahe, wantoonni Isaan ala jiran hundi gara Isaatti akka hajamanii fi wanti hundi qabaa Isaa keessa akka jiran yoo beeke, kuni Gooftaa isaa akka beeku, Isatti rarra'uu fi Isa tokkichoomsu nama taasisa. Isaan ala gara gabrootatti hin mil'atu, yoo kadhate Gooftaa isaa kadhata, yoo waa barbaade Isarraa waa barbaada, yoo hojii qulqullesse Isaaf qulqulleessa, akka isa duroomsuuf Isatti garmalee hajama, akka Isa jabeessuuf Isaaf of gadi xiqqeessa.⁹¹

Haqiqaan Mootummaa

Imaamu Ibn Al-Qayyim ni jedha: Haqiqaan Mootummaa kan guuttamu kenuun, dhoowwachuun, kabajuun, salphisuun, mindaa kenuun, adabuun, dallansuun, gargaaru fi eegun, adda baasun, nama jabeenyi ta'uuf jabeessuun, nama xiqqeenyi maluuf xiqqeessuuni. Rabbiin olta'aan ni jedha:

⁹¹ Futuhaatu Ilaahiyati 1/285-288

﴿قُلْ أَللّٰهُمَّ مَالِكَ الْمُلْكِ تُؤْتِي الْمُلْكَ مَنْ تَشَاءُ وَتَنْزَعُ الْمُلْكَ مِمَّنْ تَشَاءُ وَتُعِزُّ مَنْ تَشَاءُ
 وَتُذِلُّ مَنْ تَشَاءُ بِيَدِكَ الْحَمْدُ لِإِنَّكَ عَلٰى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴾١٦﴾ تُولِّجُ الْأَلَيْلَ فِي النَّهَارِ وَتُولِّجُ النَّهَارَ فِي
 الْأَلَيْلِ وَتُخْرِجُ الْحَيَّ مِنَ الْمَيِّتِ وَتُخْرِجُ الْمَيِّتَ مِنَ الْحَيِّ وَتَرْرُقُ مَنْ تَشَاءُ بِغَيْرِ حِسَابٍ ﴾١٧﴾

"Jedhi, 'Yaa Rabbii Abbaa mootummaa kan taate! Nama feetef mootummaa kennita, nama feete irraas mootummaa ni mulqita. Nama feete ni jabeessita, nama feete immoo ni xiqqeessita, kheeyrin harka Kee jira. Dhugumatti, Ati waan hundaa irratti Danda'aadha. Guyyaa keessa halkan seensifta, guyyas halkan keessa seensifta. Jiraataa du'aa keessa baasta, du'aas jiraataa keessa baasta. Nama feete herreega (hisaaba) malee razzaqxa (soorata kennitaaf)." (Suuratu Aali-Imraan 3:26-27) (ibsa aayaata tanniin boodarra ni ilaalla). Ammas ni jedha:

﴿يَسْلُهُ وَمَنْ فِي السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ كُلَّ يَوْمٍ هُوَ فِي شَأنٍ﴾

"Kan samiiwanii fi dachii keessa jiru hundi Isa kadhata. Guyyaa hundaa Inni hojiitti jira." Suuratu Ar-Rahmaan 55:29

Zanbii ni araarama, cinqii ni fura, yaaddo ni saaqa, nama zulloomame ni gargaara, zaalima ni qaba, hiyyeessa ni duroomsa, kan cabee ni fooyyeessa, dhibama ni fayyisa, kan daare ni uwvisa, kan salphate ni jabeessa, nama jabaa yoo fedhe ni xiqqeessa, kadhataaf ni kenna, mootummaa garii deemsise kan biraa fida, namoota jidduu guyyoota ni jijjira (kana jechuun yeroo garii gareen tokko garee biraa akka moo'atu taasisa, yeroo biraa immoo faallaa kana ta'a. Kunniin hundi ogummaa, beekumsaa fi fedhii Isaa irratti kan hundaa'edha.), namoota garii olkaasa, garii immoo gadi buusa, samiiwanii fi dachii uumun dura wantoota murteesse yeroo isaanii keessatti bakkaan gaha. Homtu yeroo isaa hin dursu, ammas homtu yeroo isaatiraa duubatti hin hafu. Kana irra, wantoota hundaa hammaa fi yeroo isaanii beekee walitti qabee fi lakkaa'e jira. Mootummaa hunda keessatti kan too'atu fi qindeessu Isuma qofa. Inni Mootii Danda'aa, Injifataa, Haqaa, Rahiim ta'e fi mootummaan Isaa guutuu ta'eedha. Mootummaa Isaa keessatti eenyullee Isaan hin morkatu, eenyullee Isa faallessu hin danda'u. Bulchiinsa Isaa keessatti wanta fedhe hojjachuun haqummaa (justice), tola, ogummaa (wisdom), fooyya'insa fi rahmata jidduu naanna'a. Hojii fedhe hojjachuun kanniin keessaa hin bahu."⁹² (Kana jechuun

⁹² Xariiqu hijrateyn wa baabu Sa'adateyn 228-229

murtiin, too'annaa fi qindaa'inni Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa mootummaa Isaa keessatti raawwatu wantoota shanan kanniin irratti kan hundaa'edha. Isaaniis, haqummaa, tola, ogummaa, fooyya'iinsa fi rahmata. Fakkeenyaf, nama badii raawwatu yoo tawbatuu didee badii ofii itti fufe, haqummaadhaan isa ni adaba. Nama salphise haqummaa (adlii) Isaatiin isa salphise. Namni kuni badii hojjachuu waan itti fufee fi tawbachuu waan dideef dhumarratti salphinnaa fi adabbii isarratti murteessa. Kuni madaala haqummaati. Nama gara Isaatti deebi'e immoo rahmata Isaatiin ni araaramaaaf. Nama waan gaarii hojjatu immoo tola Isaatiin mindaa guddaa kennaaf. Wanta uumuu hundaa ogummaan uuma. Shari'aa kan buuseef fooyya'insa namootaatiif. Kanaafu, wantoota shanan kana irratti hundaa'e mootummaa Isaa keessatti wanta fedhe hojjata. Namni Rabbii Injifataa fi Ogeessa ta'e waan badaan shakkuun dura wantoota kanniin haa ilaalu.)

Wantoota armaan olitti kaasne haala kanaan guduunfu dandeenya. Mootii gara dhimmoota sadiitti deebi'a.⁹³

1ffaa-Amalli (sifanni) mootummaa Isaaf ta'uu. Mootiin bulchiinsa mootummaa hundaa kan harkaa qabuudha. Mootummaan tokko dhaabbachuuf maal isa barbaachisaa? Humna, jabeenya, dandeetti, beekumsa, ogummaa, fedhii, murtii fi kkf ni barbaachisu miti ree? Bakka kunnin hin jirretti mootummaan jiraachu danda'aa? Samiwwan torban, dachii fi wantoonni isaan keessa jiran hundi bulchiinsaa fi too'anna guddaa isaan barbaachisa. Kanaafu, Mootiin isaan bulchu fi too'atu humna, jabeenya fi dandeetti guutuu, beekumsa waan hundaa haguuge, ogummaa bal'aa, fedhii hojii irra oolu fi rahmata Kan qabuudha jechuudha. Mootiin Haqaa (jalla wa'alaa) ni jedha:

﴿وَلِلَّهِ مُلْكُ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ وَاللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ﴾^{١٨٩}

“Mootummaan samiiwanii fi dachii kan Rabbiiti. Rabbiin waan hundaa irratti Danda'aadha.” Suuratu Aali-Imraan 3:189

2ffaa-Mootiin haqaa samii fi dachii too'atu Tokkicha erga ta'e, wantoonni Isaa gadi jiran hundi Isa jalatti kan bulan, gabroota Isaatii fi Isatti kan hajamaniidha. Akkuma kutaa darbe keessatti jenne Mootiin Haqaa Kan Of danda'ee fi homattu hin hajamneedha. Wantoonni Isaan ala jiran hundi Isatti hajamu. Sababni isaas, kan isaan too'atu, eegu fi wanta barbaadan isaaniif kennu Mootii Haqaa (Rabbitiin) qofa waan ta'eefi. Yoo too'annaan, eeggumsi fi kennaan Isaa isaan irraa cite jireenyi isaanii guutuun ni dhaabbatti. Mee ilaali, osoo samii irraa bishaan roobsu baate,

⁹³ [Fiqhu Al-Asmaa'il Husnaa](#)– fuula 99-100, Abdurazzaaq bin AbdulMuhsin Badri

aduun akka hin deemne bakka tokkotti qabee, jireenyi isaanii maal taatii? Mootiin Haqaa (subhaanahu wa ta'aalaa) ni jedha:

﴿وَكَأَيْنِ مِنْ دَآبَةٍ لَا تَحْمُلُ رِزْقَهَا اللَّهُ يَرْزُقُهَا وَإِيَّاهُمْ وَهُوَ أَلْسَمِيعُ الْعَلِيمُ﴾

“Lubbu-qabeenyin baay’een soorata isaanii hin baadhatan. Rabbiin isaanii fi isin ni soora. Inni Dhagahaa, Beekaadha.” Suuratu Al-Ankabuut 29:60

3ffaa- Too’annaan fi murtii guutuu qabaachu. Mootiin wanta fedhe murteessa, wanta fedhe hojjata. Murtiin Mootii Haqaa bakka saditti hiram. Isaanis:

A-Murtiawan Qadariyyah- Kuni murtii akka uumuu, argamsiisu, jiraachisu, ajeesu, duroomsu, hiyyoomsu fi kkf dha. Murtiin kuni qadaraan (wanta dursee murteessen) kan wal-qabatuu fi guyyaa guyyaan addunyaa guutuu keessatti kan adeemsifamuudha. Garii ni ajjeesa, garii immoo gara addunyaa baasa, garii olkaasa garii gadi buusa. Garii ni duroomsa garii ni hiyyoomsa...

B-Murtiawan shari’aa- kuni immoo murtii shari’aa (seera Islaamatin) wal-qabatuudha. Ergamtoota erguu fi kitaabban buusun halaala fi haraamni maal akka ta’an ni murteesesse. Hojii isaanii hunda keessatti murtii kanarra akka deeman ni ajaje. Fakkeenyaf, Rabbiin qofa gabbaruun murtii shari’ati. Kanaafu, gabroonni Isa qofa gabbaru qabu.

C-Murtiawan Jazaa- kuni murtii nama waan gaarii hojjateef mindaa kennuu fi nama waan badaa hojjate irratti immoo adabbii murteessun kan wal qabatuudha. Nama waan gaarii hojjate tola Isaatiin mindaa guddaa kennaaf, nama badii hojjate haqummaa (adlii) Isaatiin adabbii irratti murteessa. Murtiin kuni tolaa fi haqummaa irra naanna’a.

Namni Jannata kan seenu tolaa fi rahmata Rabbiit. Akkasi miti ree? Garuu asitti Jannata seenuuuf hojiin hin barbaachisu jechuu miti. Amanuu fi hojiin gaggaariin ulaagalee barbaachisaniidha. Garuu Rabbiin olta’e tola Isaatiin mindaa hojii nama sanii dachaa kudhan irraa jalqabe hanga 700 fi san caalutin isaaf baay’isa. Dhugumatti kuni tolaa fi arjummaa guddaadha. Faallaa kanaa, namni amanuu fi hojii gaggaarii hojjachuu dide tola guddaa kana dhabuun haqummaan (adliin) adabbiin isarratti darba. Kanaafu, Rabbiin gonkumaa eenyullee hin miidhu.

Mee gara duubatti deebinee murtii sadan kanniin haa ilaallu. Eenyullee taanan murtii sadan kanniin keessaa xiqlaate xiqlaatu murtiawan lama keessa osoo hin seenin hin hafu. Murtii 1ffaa fi 3ffaa keessaa Muslimnis kaafirris, nama badii hojjatus hin hojjannes ni seena. Murtii 2ffaa keessa warri amanan ni seenu, of-tuultonni immoo ni dhiisan. Murtii sadaffaa keessatti namni hunduu jazaa waan hojjatuu ni argata. Tarii addunyaa irratti hamma ta’e ni argatu. Garuu haala guutuu ta’een murtiin

sadaffaan kuni kan adeemsifamu Guyyaa Murtiiti ykn Qiyaamati. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿يَوْمَ هُمْ بَرَزُونَ لَا يَنْخُفُ عَلَىٰ اللَّهِ مِنْهُمْ شَيْءٌ لِّمَنِ الْمُلْكُ الْيَوْمَ لِلَّهِ الْوَاحِدِ الْقَهَّارِ ﴾
﴿الْيَوْمَ تُجْزَىٰ كُلُّ نَفْسٍ بِمَا كَسَبَتْ لَا ظُلْمَ الْيَوْمَ إِنَّ اللَّهَ سَرِيعُ الْحِسَابِ ﴾

“Guyyaa hundi isaanitu ifa bahan, isaan ilaalchisee homtu Rabbiin irraa hin dhokatu. ‘Har’ a mootummaan kan eenyuti? Kan Rabbii Tokkicha [waa hundaa] Injifataa ta’eeti.’ [jedhama]. Har’ a nafseen hundi wanta hojjatteen jazaa argatti. Har’ a zulmiin hin jiru. Dhugumatti, Rabbiin qorachuutti Saffisaadha.” Suuratu Ghaafir 40:16-17

“**Guyyaa hundi isaanitu ifa bahan**” kana jechuun qabrii keessaa yaa’anii Guyyaa dirree wal-qixxa'a bu'aa bahiin keessa hin jirre irratti walitti qabamanii fi homtu isaan hin dhoksineedha. Dirree kana irratti wanti isaan dhoksu ykn gaaddisesu tokkollee hin jiru. Namoonni hundi ifatti bahu. “**isaan ilaalchisee homtu Rabbiin irraa hin dhokatu.**” Qaama isaanii irraayis ta’ee, hojii isaanii irraayis ta’e, jazaa hojii hojjataniis ta’e wanti Rabbii olta’aa irraa dhokatu hin jiru. Isarraa qaama isaanitiin gaara ykn bakka tokkotti of dhoksuu hin danda'an. Guyyaa san dachiin dirree wal-qixxaata waan taatuf bakka itti of dhoksan hin jiru. Osoo of dhoksaniyyuu Rabbiin subhaanahu isaan arga. Ammas, hojii isaanii Isarraa dhoksuu hin danda'an. Wanti isaan hojjatan hundi galmee (kitaaba) keessatti kan walitti qabameedha. Jazaanis Isarraa hin dhokatu.

“**Har’ a mootummaan kan eenyuti?**” kana jechuun, “Har’ a aangoon kan eenyutu?” Guyyaan kuni Guyyaa Qiyaamaati.⁹⁴ Guyyaa kana aangoo fi ol'aantummaan uumamtoota hundaa addaan citee jira. Guyyaa kana aangoo fi ol'aantummaan Kan Rabbii tokkicha waa hundaa Injifataa ta’eeti. Kan addunyaa irratti mooti turee fi mootii hin turre, dureessaa fi hiyyeessi Isa fuunduratti walitti qabaman. Kanaafu, Guyyaa Qiyaamaa Abbaan Murtii fi Aangoo, murtii isaan jidduutti dabarsu Rabbii olta’aa qofa. Kanaafi itti aanse ni jedha, “**Har’ a nafseen hundi wanta hojjatteen jazaa argatti.**” Kana jechuun Har’ a (Kuni Guyyaa Wal-gahii Guyyaa Qiyaamaati), namni addunyaa irratti qormaatamaa ture kan itti qoratamuudha. Filannoo ofiitiin wanta hojjateef jazaa argata. Yoo amanee fi hojii gaggaarii hojjate, Jannata qananiii keessatti mindaa guddaa fi bareedaa argata. Yoo kafaree fi Gooftaa isaa faallesse

⁹⁴ Xabarii 20/299

immoo, adabbii isaaf malu adabama.⁹⁵ “**Har’ a zulmiin hin jiru.**” Kana jechuun badii inni hin hojjannee isatti baachisuun ykn hojii gaarii ulaagaalee (sharxiwwan) barbaadaman guutuun hojjate isa jalaa hir’isuun isa miidhuun hin jiru. Badii hin hojjanneef hin adabamu. Iimaana, iklaasa fi shari’aa irratti hundaa’un hojii gaarii hojjate irraayyis mindaan isaa hin hir’ifamu.

Namoonni gariin, “Namoota jalqaba irraa kaase hanga dhumaatti jiran qorachuun yeroo dheeraa fudhata.” Jedhanii yaadu danda’u. Yaada kana deemsisuuf, “**Dhugumatti, Rabbiin qorachuutti Saffisaadha.**” jechuun deebii itti kenna. Isa biratti namoota jalqaba irraa kaasee hanga dhumaatti jiran qorachuun akka nafsee takka qorachuuti. Akkuma bakka biraatti jedhe, “**Uumamni keessanii fi kaafamni keessan akka nafsee (lubbuu) takkatti malee homaayyu miti. Dhugumatti Rabbiin dhagahaa, argaadha.**” Suuratu Luqmaan 31:28⁹⁶

B-Sifaata maqaaleen Al-Maalik, Al-Malik fi Al-Maliik of keessatti qabatan

Uumuun, ajajuun, mindaa fi adabbiin amaloota mootiif barbaachisaniidha. Imaamu ibn Al-Qayyim ni jedha, “Maqaa Mootii jedhuuf haqa isaa yoo kenniteef, uumuun, ajajuun, mindaa kennuu fi adabbiin, waa kennuu fi dhoowwachuuun amala mootiif barbaachisaa akka ta’an ni beekta. Amalli mootii kana waan barbaachisuf, kuni wanta hin hafneedha. (Mootii yommuu jedhamu wanti sammuu namaa keessatti dhufu, Aangoo ol’aanaa kan qabu, ajaju, dhoowwu, mindaa kenuu (badhaasu), adabuudha.) Mootii irraa amaloota kanniin haaqun dhimma hin danda’amneedha. Mootiin haqaa Ergamtoota erguu, kitaabban buusu, gabroota ajajuu, isaan dhoowwu, mindaa isaaniif kennuu, adabuu, nama kabajni isaaf malu kabajuu, nama salphinni isaaf malu salphisuu barbaachisa.”⁹⁷

Asitti wanti hubatamu qabu, wantoota hundaa Kan harkaa qabuu fi addunyaa guutuu kan bulchu Rabbiin erga ta’ee, Kan uumu, ajajuu fi dhoowwu, mindaa kennuu fi adabuu, waa kennuu fi dhoowwatu Isaa jechuudha. Mootiin Kan ajajuu fi dhoowwu erga ta’ee warri isa jalatti bulan ajaja isaatiif buluu qabuu miti ree?

Akkuma armaan olitti hubannu Mootiin kan uumu, ajajuu, dhoowwu, mindaa kennuu fi adabu erga ta’e, Rabbiin Mootii haqaa waan ta’eef uumamtoota kanniin osoo hin ajajinii fi hin dhoowwin, osoo mindaa hin kenninii fi hin adabin akkanumatti ni dhiisaa? Ajajuu fi dhoowwuuf Ergamtoota erguu fi kitaabban buusu

⁹⁵ Ma’ariju tafakkuri wa daqaa’iqu tadabbur 12/341

⁹⁶ Tafsiiru Ibn Kasiir 6/488

⁹⁷ Sharih Ibn Al-Qayyim li asmaa’il husnaa-fuula 48, Umar Ashqaar

barbaachisa. Mindaa kennuu fi adabuuf immoo Guyyaan Qiyaamaa ni barbaachisa. Kanaafu, namni “Rabbiin Ergamtoota erguu fi kitaabban buusun gabroota hin ajaju, hin dhoowwu. Guyyaa Qiyaamaa dhaabun mindaa hin kenu, hin adabu” jedhu dhugumatti, kabaja dhugaa Rabbiin hin kabajne. Akkuma Rabbiin jedhe,

﴿وَمَا قَدَرُوا اللَّهَ حَقَّ قَدْرِهِ إِذْ قَالُوا مَا أَنْزَلَ اللَّهُ عَلَىٰ بَشَرٍ مِّنْ شَيْءٍ﴾

“Rabbiin homaayyu nama irratti hin buusne yommuu jedhan kabaja Isaaf malu hin kabajne.” Suuratu Al-An'aam 6:91

Namni shari'aa Rabbii, ajaja fi dhoowwaa Isaa mormee fi ilma namaa akka horii kan dhiifaman godhe, mootummaa Rabbii keessatti waan badaa dubbate, Kabaja Isaaf malu hin kabajne.

Haaluma kanaan, Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa Gabbaramaa (Ilaah) haqaa ta'uun Zaatni, sifaanni fi maqaaleen Isaa guutuu ta'uu fi hojiin Isaa haala guutuu ta'een argamuu barbaachisa. Akkuma Zaatni Isaa haqa ta'e, jechi Isaa haqa, waadaan Isaa haqa, ajajni Isaa haqa, hojiin Isaa hundi haqa, jazaan Guyyaa Murtii kennuus haqa. Namni kanniin keessaa tokko fudhachuu dide fi morme, Rabbiin gara hundaan haqa ta'uu isaa hin ibsine. Rabbiin haqa ta'uun Isaa shari'aa (seera Islaamia) kaa'u, mindaa kennuu fi adabuu barbaachisa. Akkamitti Mootiin Haqaa uumamtoota osoo hin ajajin, hin dhoowwin, mindaa hin kenniini fi hin adabin taphaaf ni uuma jedhamee yaaddamaa? Akkuma Rabbiin olta'aan jedhe,

﴿أَيَحْسَبُ الْإِنْسَنُ أَنْ يُتْرَكَ سُدًّا﴾

“Sila namni akkanumatti dhiifamu yaadaa?” Suuratu Al-Qiyaamaa 75:36

Aaya tana ilaalchise Imaamu Shaafi'iin ni jedha, “**kan hin ajajamnee fi hin dhoowwamne ta'ee akkanumatti dhiifamaa?**” Isaan ala aalimni biraas ni jedha, “wanta gaarii fi badaa hojjateef osoo mindaa hin argatinii fi hin adabamin akkanumatti dhiifamaa?” Himooni lamaan kunniiin akka sansalataa kanneen wal qabataniidha. Shafi'iin sababa jazaatti nama geessu dubbate. Innis ajajuu fi dhoowwudha. Kan lammataa immoo kaayyoo ol'aanaa namoota itti ajajuu fi dhoowwu dubbate. Innis, mindaa kennuu fi adabuudha.

Ergasii jecha Rabbii olta'aa kan itti aane dhufe itti xinxalli:

﴿أَلَمْ يَكُنْ نُطْفَةً مِّنْ مَّنِ يُمْنَىٰ ۚ ثُمَّ كَانَ عَلَقَةً فَخَلَقَ فَسَوَىٰ﴾

“Sila inni maniyyii dhangalaafamu irraa copha bishaan saalaa hin turree?
Ergasii dhiiga ititaa ta’e. [Rabbiinis nama godhee] isa uumee sirreeses.”
Suuratu Al-Qiyaamaa 75:37-38

Inni copha bishaanii ta’ee osoo jiru kan isa hin dhiifne akkamitti nama guutuu erga ta’ee booda isa dhiisaa? Copha bishaanii kana hanga dhiiga ititaa ta’utti ni jijjire. Ammas, dhiiga ititaa kana hanga muraa foonii ta’utti ni jijjire. Ammas muraa foonii kana hanga nama guutuu ta’utti bocaa fi suuraa isaa sirreesse nama guutuu taasise. Hanga nama guutuu ta’utti marsaa hunda keessatti ogummaa Isaatiin isa uumee. Kanaafu, marsaa uumamaa kana hunda keessatti kan nama hin dhiifne, akkamitti gara kaayyoo ol’aanatti osoo isa hin oofin akkanumatti dhiisaa?

Namni qaruuteen haala copha bishaan saalaa jalqaba irraa kaasee hanga nama guutuu ta’utti yoo siritti itti xinxalle, kuni lamuu kaafamuun akka jiruu isatti agarsiisa.⁹⁸

C-Ibsa Aayaata Mulk, Malik, Maalik fi Keessaa qabanii

﴿قُلْ اللَّهُمَّ مَلِكَ الْمُلْكِ تُؤْتِي الْمُلْكَ مَنْ تَشَاءُ وَتَنْزِعُ الْمُلْكَ مِمَّنْ تَشَاءُ وَتُعِزُّ مَنْ تَشَاءُ وَتُذِلُّ مَنْ تَشَاءُ بِيَدِكَ الْحُكْمُ إِنَّكَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ۚ ۖ تُولِجُ الَّيْلَ فِي النَّهَارِ وَتُولِجُ النَّهَارَ فِي الَّيْلِ ۖ وَتُخْرِجُ الْحَيَّ مِنَ الْمَيِّتِ وَتُخْرِجُ الْمَيِّتَ مِنَ الْحَيِّ ۖ وَتَرْزُقُ مَنْ تَشَاءُ بِغَيْرِ حِسَابٍ ۚ ۖ﴾

“Jedhi, ‘Yaa Rabbii Abbaa mootummaa kan taate! Nama feetef mootummaa kennita, nama feete irraas mootummaa ni mulqita. Nama feete ni jabeessita, nama feete immoo ni xiqqeessita, kheeyrin harka Kee jira. Dhugumatti, Ati waan hundaa irratti Danda’aadha. Guyyaa keessa halkan seensifta, guyyaas halkan keessa seensifta. Jiraataa du’aa keessaa baasta, du’as jiraataa keessaa baasta. Nama feete herreega (hisaaba) malee razzaqxa (soorata kennitaaf).” (Suuratu Aali-Imraan 3:26-27)

“Yaa Rabbii Abbaa mootummaa kan taate!” Kana jechuun bulchiinsi, aangoon, too’annaan hundi Keeti. Waan hundaa kan dhuunfatu Sihi. Waan hundaa kan harka

⁹⁸ Madda olii fuula 50-51

qabu, too'atu, bulchu, wanta fedhe hojjatu Rabbiin qofa. Ergasii Rabbiin olta'aan hojji mootummaa Isaa keessatti hojjatu muraasa isaanii ni ibse: "**Nama feetef mootummaa kennita**" Nama feetef aangoo fi taaytaa kennita, nama feete irraa immoo ni mulqita (ni fudhatta). Mootummaa kennuu fi mulquun fedhii fi ogummaa Rabbii hordofa. Garuu kuni sababoota mootummaan akka turuu ykn mulqamu taasisaniin wal hin faallessu. Mootummaa kennuu fi mulquun sababa waliin kan walitti hidhameedha. Sababoota mootummaan (aangoo fi bulchiinsi) akka argamu taasisan keessaa: iimaana, hojji gaggaarii, meeshaa waraanaa hanga danda'an qopheessu, obsaa fi wal jidduutti wal mormuu dhiisudha. Rabbiin warroota dhugaan amananii fi hojji gaggaarii hojjatan dachii keessatti bakka isaan buusun aangoo fi bulchiinsa akka isaaniif kennu waadaa galee jira. (Ilaali suuratu an-Nuur 24:55) (Akkuma waadaa galee sahaabota Nabiyitiif (SAW) aangoo fi bulchiinsa guddaa kennef.) Akkasumas, sababni guddaan mootummaan akka namarrraa mulqamu taasisu: amanti hordofuu dhiisuu fi addaan bittinaa'udha. Seenaa keessatti sababa kufaati mootummaa Islaamaa yoo qoratte sababni guddaan amanti dhiisu fi addaan bittinaa'u akka ta'an ni argita.⁹⁹

"Nama feete ni jabeessita, nama feete immoo ni xiqqeessita" Asitti jabeessu jechuun jabaa fi humna cimaa kan qabu gochuu, namoota biroo kan injifatu gochuudha. Rabbiin nama fedhe iimaanan, beekumsaa isaatiin isa jabeessa, osoo namni kuni mooti ta'uu baateyyu. Yookiin immoo aangoon isa jabeessu danda'a. Haaluma kanaan, namni badii hojjachuun ykn injifatamuun isa xiqqeessu danda'a. Kanaafu, sababoota jabeenya itti argatan keessaa: iimaana, hojji gaggaarii, yoo lolaaf qophaa'an wanta barbaachisu sirritti qopheessu, ijannoo, fedhii cimaa fi kkf.

Sababoota xiqqeenyaa fi salphinnaa keessaa: badii hojjachuun, namni of dinqisiifachuu, wanta ofirraa ittisuun hin dandeenyef of saaxilu. Hadiisa keessatti wantiakkana jedhu dhufee jira: "**Mu'minni of salphisuun isaaf hin malu.**" Namoonnis ni jedhan, "Akkamitti nafsee ofii salphisaa?" Ni jedhe, "**Balaabaaadhadchuu hin dandeenyef of saaxila**" At-Tirmizii-2254¹⁰⁰

Namni akkuma iimaanni isaa dabaluu fi hojji gaggaarii hojjatuun keessa isaatti jabeenya argata. Faallaa kanaa, akkuma badii hojjatuun keessa isaatti xiqqeenyi fi salphinni itti dhagahama. Ija namootaa keessatti xiqqaa ta'e mul'ata.

"kheeyrin harka Kee jira." kheeyri jechuun wanta gaarii hunda addunyaa fi Aakhiratti namaaf faaydaa fi fooyya'iinsa buusudha. Sooranni, fayyaan, beekumsi,

⁹⁹ Tafsiir ibn Kasiir (English)-2/139, Tafsiiru Sa'dii-131-132

¹⁰⁰ [Tafsiiru Qur'aanil Kariim- suuratu Aali-Imraan](#) 1/157-158, Muhammad bin Salih Useymiin

hojiin gaggaariin kheeyri (wanta gaggaariidha). Kuni hundi harka Rabbii keessa jira. “**Dhugumatti, Ati waan hundaa irratti Danda’adha.**” Dandeettin Isaa guutuu ta’uu wantoota agarsiisan keessaa: mootummaa kenu fi mulquu, jabeessu fi xiqqeessu. Kuni dhimmoota jajjaboo eenyullee hin dandeenyedha, waan hundaa irratti Danda’aa kan ta’e malee. Ammas, Dandeettin Isaa guutuu ta’u wantoota agarsiisan keessaa: Guyyaa keessa halkan seensisuu fi halkan keessa guyyaa seensisuuudha.

“**Guyyaa keessa halkan seensisuu**” jechuun halkan guyyatti seensisuu dheerinna halkanii dabaluudha. Dheerinna guyyaa immoo hir’isuudha. Faallaa kanaa, guyyaanis halkanitti seenun guyyaan ni dheerata, halkan immoo ni gabaabbata.¹⁰¹ Kuni biyya keenya keessatti hangas mara namoonni hin beekan. Sababni isaas, Itiyoopiyan handhuura lafaatti dhiyoo waan taateef, waggaa guutuu dheerinni halkanii fi guyyaa walitti dhiyoodha. Garuu akkuma handhuura lafaa irraa fagaataniin dheerinni guyyaa fi halkanii garagara. Fakkeenyaf, biyya Turkii keessatti yeroo gannaal dheerinni halkanii kan guyyaa caalaa. Yeroo aduun Sa’atti 1:00tti baate sa’atti 11:00 tti dhiitu jira. Faallaa kanaa, yeroo bonaa guyyaan ni dheerata. Yeroo aduun subii sa’atti 11:00 baate galgala sa’atti 2:00 itti dhiitu jira. Kanaafu, kuni akkamitti halkanii fi guyyaa wal keessa akka seensisuu nutti agarsiisa.

Hojiiwwan kana hunda Rabbiin malee eenyullee hojjachuu hin danda’u. Rabbiin ala eenyetu guyyaatti sa’atti lama dabaluun guyyaa dheeressuu fi halkan gabaabsu danda’aa? Isatu halkan guyyaa keessa seensisaa, guyyaas halkan keessa seensisaa. Kana waliinu seensisuu kuni hojii ogummaa fi sadarka sadarkaan raawwatamuudha. Hanga dhumarra gahuutti suuta suutaan seensisuu jalqaba. Ergasii dhumarra erga gahee deebi’u jalqaba. Guyyaa fi halkan wal keessa seensisuu kanarraa waqtileen ni dhalatu.

“**Jiraataa du’aa keessaa baasta**” kan akka, killee keessaa caacuti baasta, sanyii du’aa keessaa biqiltuu jirtuu, kaafira keessaa mu’mina baasta. “**du’as jiraataa keessaa baasta.**” Kan akka allaatti keessaa killee baasu, muka keessaa sanyii baasu, mu’mina keessaa kaafira baasu. “**Jirenya**” bakka sadiitti qoonne ilaalu dandeenya: **1ffa-** wanna lubbuu qabuu fi fedhii ofiitin socho’u. Fkn, kan akka namaa, horii fi kkf.

2ffa- jirenya biqiltoota- biqiltoonnis jirenya akka qaban saayinsin yeroo ammaa ni dhugoomsa. Kanaafi, Qur'aana keessatti, du’aan booda kaafamuun akka jiru amansiisuuuf dachii gogdu biqiltootaan jiraachisuu irra deddeebi’e dubbata. “Biqiltoota du’an lamuu jiraachisuu kan danda’e namoota du’aniis lamuu

¹⁰¹ Madda olii

jiraachisuu irratti danda'adha. Sanyi gogduu keessaa biqiltu jiitu jirenya qabdu kan baase, lafe gogdu keessaa nama baasu ni dadhabaa?"

3ffaa-Jirenya qalbi- qalbiin namaa iimaanan ni jiraatti, kufriin immoo ni duuti.¹⁰² Mu'minni nama qalbiin isaa jiraattu taatedha. Kaafirri immoo nama qalbiin isaa duutedha. Kanaafu, mu'minaan jiraataa, kaafiraan du'aa jechuuni dandeenya.

"Nama feete herreega (hisaaba) malee razzaqxa (soorata kennitaaf)." Nama feetef qabeenya hisaaba malee kennitaaf. "hisaaba (herreega) malee" jechuun kafalti tokko malee. Sababni isaas, herreegni kan ta'u wanta kafaltiin itti ta'uufi. Kafaltii kan hin barbaanne, hin herreegu. Garuu kafaltii kan barbaadu, hanga wanti inni fudhate kan inni kenneen wal gituu ykn wal gituu dhiisu isaa beekuf ni herreega. Qananii meeqa Rabbiin nurratti oole. Kafalti tokko malee qananii baay'ee nurratti dhangalaasa.

Rizqiin Rabbii olta'aa gosa lama akka ta'e beeki. Isaanis, rizqii qaamni ittiin dhaabbatu fi rizqii qalbii fi ruuhin ittiin dhaabbataniidha. Rizqiin gosa jalqaba mu'minaa fi kaafira, nama badaa fi gaarii of keessatti hammata. Inuma bineensota fi beelladotas of keessatti hammata. Kuni rizqii nyaataa fi dhugaatii qaamni ittiin dhaabbatudha.

Rizqiin lamaffaa immoo rizqii qalbii fi ruuhin ittiin dhaabbatan yommuu ta'u, warra iimaana qaban qofaaf kan ta'uudha. Kuni iimaana, beekumsaa fi hojji gaggaariidha. Barbaachisummaan iimaanni fi beekumsi qalbiif qabu akka barbaachisummaa bishaan mukaaf qabuuti.¹⁰³ Akkuma mukni bishaan malee guddachuu fi dagaagu hin dandeenye, qalbiinis iimaanaa fi beekumsa malee qulqullaa'u fi fayyaa argachuun hin dandeessu.

Aayah 2ffaa

﴿لَقَدْ كَفَرَ الَّذِينَ قَالُوا إِنَّ اللَّهَ هُوَ الْمَسِيحُ ابْنُ مَرْيَمَ قُلْ فَمَنْ يَمْلِكُ مِنَ اللَّهِ شَيْئًا إِنْ أَرَادَ أَنْ يُهْلِكَ الْمَسِيحَ ابْنَ مَرْيَمَ وَأُمَّهُ وَمَنْ فِي الْأَرْضِ جَمِيعًا وَلَلَّهِ مُلْكُ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ وَمَا بَيْنَهُمَا يَخْلُقُ مَا يَشَاءُ وَاللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ﴾

¹⁰² Ma'aarij Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabbur-6/541

¹⁰³ Tafsiiru Qur'aanil Kariim- suuratu Aali-Imraan 1/165-166

“Warroonni Rabbiin Masiih ilma Mariyam jedhan dhugumatti kafaranii jiru. Jedhi, “Eenyutu Rabbiin dhoowwu danda’aa osoo Inni Masiih, haadha isaatii fi namoota dachii keessa jiran hunda balleessu fedhee?” Mootummaan samiwwanii, dachii fi wantoota isaan lamaan jidduu jiranii kan Rabbiiti. Inni wanta fedhe uuma. Rabbiin waan hundaa irratti Danda’adha.” Suuratu Al-Maa’ida 5:17

“Warroonni Rabbiin Masiih ilma Mariyam jedhan dhugumatti kafaranii jiru.” Kana jechuun Kiristaanonne Rabbiin Iisaadha jedhan haqaa waakkatanii fi mormanii jiru, soba guddaa sobanii jiru. Akka lugaatti kafaruu jechuun waa dhoksuudha. Namoonni kунии Iisaan Gooftaa akka hin taane osoo beekanu haqa waan dhoksaniif warra kafaraniidha. Rabbiin Iisaa akka hin taanee ykn Iyyasuus gooftaa akka hin taane wanta agarsiisu keessaa, **“Rabbitiin osoo Masiih, haadha isaatii fi namoota dachii keessa jiran hunda baalleessu fedhee eenyutu Isa dhoowwu danda’aa?”** Kana jechuun Osoo Rabbiin Iisaa, haadha isaatii fi namoota dachii keessa jiran balleessu fedhee, eenyutu ajaja Isaa deebisuu danda’aa? Akkuma Kiristaanonne jedhan osoo Iyyasuus Gooftaa ta’e, silaa yommuu ajajni Rabbii Iyyasuusin ykn haadha isaa ykn namoota hunda balleessuf dhufu deebisuu ni danda’aa ture. Garuu haadha isatti ajajni du’aa yommuu dhufu, du’a ishii irraa deebisuu hin dandeenye. Kuni ragaa tokkoffaa Iyyasuus gooftaa akka hin taane agarsiisudha.

Ragaan lammaffaan, **“Mootummaan samiwwanii, dachii fi wantoota isaan lamaan jidduu jiran hundi uumamtootaa fi gabroota Rabbiiti.”** Wantoonni samii, dachii fi isaan lamaan jidduu jiran hundi uumamtootaa fi gabroota Rabbiiti. Ammas, kan isaan bulchuu fi too’atu Isa. Wanta fedhe ni balleessa, wanta fedhe ni argamsiisa. Kanarraa eenyullee Isa dhoowwu hin danda’u. Iyyasuus aleyh salaam uumamtoota samii fi dachii jidduutti argaman keessaa tokko. Kanaafu, Iyyasuus umamaa fi gabricha wayitti hajamu ta’ee osoo jiru, Gooftaa gabbaramaa Dureessa wanta hundarraa of danda’ee ta’uu danda’aa? Kuni wanta gonkumaa hin danda’amneedha. Iyyasuus nageenyi isarratti haa jiraatu waan dadhabuuuf ni nyaata, ni dhuga, Gooftaa isa uumetti hajama. Gooftaan nyaata, dhugaati, dadhabbi fi wayitu hajamu irraa qulqullaa’e.

Ragaan sadaffaan **“Inni wanta fedhe uuma.”** Yaanni dogongoraa guddaa Kiristaanota kanatti geesse, “Iyyasuus abbaa malee dhalate” jechuu isaaniti. Kanaafi, isa ilaalchise amanti sobaa kana qabatan. Akkuma Iyyasuus abbaa malee uumame kunoo Hawwaan haadha malee uumamte. Inumaa, wanta uumama Iyyasuus caala nama ajaa’ibsiisu qabu uumama Aadami. Aadam abbaa fi haadha malee uumame. Kanaafu, maaltu Iyyasuusin gooftaa taasisa ree? **“Rabbitiin wanta fedhe uuma”** yoo fedhe abbaa fi haadha malee nama uuma, kan akka Aadam. Yoo

fedhe haadha malee uuma kan akka Hawwaa. Yoo fedhe abbaa malee uuma, kan akka Iyyasuus. Yoo fedhe haadha fi abbaa irraa uuma, kan akka namoota hafanii. Fedhii Isaatiin uumamtoota Isaa haala adda addaatin uume. Kanaafi itti aanse ni jedha: **“Rabbiin waan hundaa irratti Danda’aadha”**

Rabbiin waan hundaa irratti danda’aadha. Wanti Isa dadhabsiisu tokkollee hin jiru. Samii, dachii fi wantoonni isaan lamaan jidduu jiran hundi uumamtoota Isaati, too’anna guutuu irratti qaba. Inni injifataa homtu Isa hin moo’anneedha. Iyyasuusin, haadha isaa fi namoota dachii irra jiran hundaa balleessu danda’^a.¹⁰⁴ Garuu Iyyasuus wanta hunda irratti dandeetti qabaachu dhiisi, wanta Rabbiin irraa isatti bu’uyyu ofirraa deebisu hin danda’u. Haadha isaa irraayyu du’a deebisuu hin dandeenye. **Kanaafu, yaa Kiristaanota! Ofii fi haadha isaa irraayyu müdhaa deebisuu kan hin dandeenye akkamitti “Iyyasuus gooftaa addunyaa baraaruudha” jechuun kadhattani ykn waaqefattanii? Haadha isaatu du’arraa kan hin baaarre akkamitti addunyaa baaaraa? Sila sammuun yaadu isa dhaqee?**

Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa ni jedha:

﴿فَتَعَلَّمَ اللَّهُ أَكْمَلُ الْمِلْكُ الْحَقُّ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ رَبُّ الْعَرْشِ الْكَرِيمُ﴾¹¹⁶

“Rabbiin Mootii haqaa ta’e olta’e. Isa malee dhugaan Gabbaraman hin jiru. Inni Gooftaa Arshii kabajamaati.” Suuratu Al-Mu’miuun 23: 116

“Rabbiin Mootii haqaa ta’e olta’e.” Rabbiin Mootii Haqaa ta’e guddinnaa fi guutuummaa Isaatiif wanta hin malle hundarraa qulqullaa’e. Ilma, shariika (hiriyyaa) fi fakkaataa qabaachu irraa qulqullaa’e. Wanta taphaa hojjachuu irraa qulqullaa’e. Dadhabinna irraa qulqullaa’e.

Akkuma kutaa darbe keessatti jennee Mootiin Haqaa waan hundarraa dureessa of danda’aadha, homattu hin hajamu. Akkasumas, hiika "haqaa" keessaa tokko wanta hin jijiramne yeroo hundaa turaa ta’eedha. Kanaafu, Rabbiin Mootii Haqaa yeroo hundaa jiraatu gonkuma hin bannee fi hin jijiramneedha, waan hundaa irraa kan of danda’ee fi dureessa ta’eedha. Wantoonni hundi Isatti hajamu. Inni Mootii haqa yeroo hundaa jiraataa ta’e, waan hunda irraa dureessa, wantoonni hundi Isatti kan hajaman erga ta’e, haqaan gabbaramaan Isa qofaa jechuudha.

Wantoonni Isaan ala jiran ni badu, ni jijiram. Of danda’anii ofin hin dhaabbatan, wantoota biroo irraas miidhaa deebisuu fi faayda fiduu hin danda’an. Wanti faayda

¹⁰⁴ Tafsiiru Xabarii-8/267-269, Tafsiiru Sa’dii-249, Zaadul Masiir-fuula 368

namaaf hin finnee fi miidhaa namarrraa hin deebisne akka gooftaatti ilaaluun akkamitti kadhatanii? Kanaafu, Gooftaa haqaan gabbaramu ta'uu hin danda'an. Gooftaan haqaan gabbaramu, yeroo hundaa Jiraata gonkumaa hin bannee fi waan hundaa irratti danda'aa ta'uu qaba. Sababni isaas, Jiraataa fi waan hundaa irratti danda'aa yoo ta'e, wanta irraa kadhatan isarrraa argatan. Jiraataa kan hin taanee fi waan hundaa irratti danda'a kan hin taane irraa wanta kadhatan argachuu danda'amaa? Mee of haa gaafannu, "Rabbiin ala yeroo hunda jiraataan gonkumaa hin duune, waan hunda hojjachuu irratti danda'aa kan ta'e ni jiraa?" Isaan ala kan yeroo hundaa jiraatu fi waan hundaa irratti danda'aa ta'e waan hin jirreef, "**Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru.**" jechuudha.

"Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru." Kana jechuun dhugaan kan gadi jedhaniif, garmalee jaallatan, garmalee ol guddisan, sodaatan, waan hundaa irraa kajeelanii fi kadhatan, sagadaniif Rabbiin malee hin jiru.¹⁰⁵

﴿إِنَّ الْمُتَّقِينَ فِي جَنَّتٍ وَنَهَرٍ ﴾

"Dhugumatti, Muttaqoonni Jannataa fi laggeen keessa ta'u. Mootii Danda'aa bira teessoo dhugaa keessa ta'u." Suuratu Al-Qamar 54:54-55

Muttaqoota jechuun warra dhugaan amananii, wanta Rabbiin ajaje hojjachuu fi wanta Inni dhoowwe dhiisun azaaba (adabbii) Isaa irraa of eeganiidha. Warri kuni Guyyaa Qiyaamaa Jannataa fi laggeen keessa ta'u. Jannata qananii, ishii keessa mukkeen dhedheeroo fi firiin isaanii bilchaata ta'e, laggeen ishii keessa yaa'an, gamoo dhedheeroo, nyaataa fi dhugaati mi'aawoo, dubartoota mimmidhagoo, fi qananii biroo irraa wanti iiji hin agarre, gurri hin dhageenyе fi qalbii namaa irra hin qaxxaamurre jiru keessa seenu.¹⁰⁶ Kanarratti dabalatee, Jaalala Mootii waan hundaa irratti danda'aa ta'ee argatu, Isatti dhiyaatu. Kanaafi ni jedha, "**Mootii Danda'aa bira teessoo dhugaa keessa ta'u.**" "**Teessoo dhugaa**" kana jechuun teessoo gaarii fi haqaa ta'e, wanta faaydi hin qabnee dubbachuu fi badii hojjachuun keessa kan hin jirreedha.¹⁰⁷ "**Mootii Danda'aa bira**" kana jechuun Mootii Guddaa, Khaaliqa wanta hundaa uumee bira ta'u.¹⁰⁸ Isatti dhiyaatu. Inni waan fedhe hundaa irratti danda'aadha.

¹⁰⁵ [Ash-shirku fil qadiimi wal hadiisi-](#) 1/fuula 53-54

¹⁰⁶ Tafsiiru Sa'dii-fuula 976

¹⁰⁷ Taafsiiru Xabari-22/167, Zaadul Masiir-fuula 1375

¹⁰⁸ Tafsiiru ibn kasir-7/97

Al-jazaa'u min jiinsil amal (mindaan goса hojiitiin) waan ta'eef, namni addunyaa tana keessatti dhugaadhaan amanee fi hojii gaggaařii Rabbiif jedhee hojjate, Guyyaa Qiyaamaa teessumma kabajamaa Mootii Guddaatti dhiyoo ta'e taa'a. Mootiitti dhiyaachun hangam nama gammachiisaa!!! Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa rahmata fi tola Isaatin warra san keessaa nu haa taasisu.

Guduunfaa

- Mootiin kan uumu, ajaju, dhoowwu, mindaa kennu fi adabuudha. Kunniin amaloota mootiiti.
- Rabbiin Mootii haqaa waan ta'eef uumamtoota taphaaf hin uumne. Ergamtoota erguu fi kitaabban buusun isaan ni ajaja, ni dhoowwa. Dhumarratti immoo Guyyaa Qiyaamaa isaan kaasun nama Isaaf ajajame mindaa kennaaf, nama Isa dide immoo ni adaba.
- Rabbiin Mootii samii fi dachii erga ta'ee wantoonni Isaa gadi jiran hundi gabroota Isaati. Kanaafu, namoonni gabroota Isaa waan ta'aniif Mootii Haqaa isaaniitiif ajajamu qabu. Kuni wanta gabricha irraa eeggamu miti ree? Dirqamni gabricha irra jiru Mootiif ajajamuudha. Wanta Inni ajaju hojjachuu fi wanta Inni dhoowwe dhiisudha.
- Namni Mootii isa uumeef yoo ajajame, kabajaa fi jabeenya argata. Yoo dide immoo salphinnaa fi xiqqueenya argata.
- Rabbiin Mootii Haqaa waan ta'eef nama Isaaf ajajame ni kabaja, ni jabeessa. Nama isa dide immoo ni salphisa. Ajajuu fi dhoowwun, mindaa kennu fi adabuun, kabajuu fi salphisuun amaloota mootii waan ta'aniif.
- Kanaafu, namni jabeenya fi kabaja barbaadu Rabbii olta'aaf haa ajajamu. Yeroo hundaa tawbachuu fi araarama kadhachuun salphinnaa irraa haa fagaatu.

D. Aasaara (Bu'aalee) Maqaalee Rabbii "Mootii (Al-Malik)" fi "Qabaataa (Al-Maalik)" itti amanuun argamuu

Kutaa darbe keessatti hiikni maqaalee Al-Malik fi Al-Maalik maal akka ta'an ilaalle jirra. Al-Malik Mootii yommuu ta'u, Al-Maalik immoo Qabaataa ykn dhuunfataadha. Namni dhugaadhaan hiika Mootii fi Qabaataa yoo hubate, dukkanni baay'een isarrraa saaqama. Mootii fi Qabaataan haqaa eenyu akka ta'e yoo beeke, eessarrraa akka dhufe, maaliif akka jiraatu, akkamitti akka jiraatu fi gahuumsi isaa eessa akka ta'e beeka. Sababni isaas, Mootiin Haqaa kan isa argamsiisedha, namni maaliif akka jiraatu fi akkamitti akka jiraatu ibsuuf ergamtoota Kan ergee fi Kitaabban buusedha. Ammas, gahuumsi nama hundaa eesse akka ta'e ni beeksise.

Namni kana hunda kan hubatu Mootiin maal akka ta'e yoo beekedha. Mee amma bu'aalee maqaa kana beeku fi itti amanuu irraa argamu muraasa isaa haa ilaallu.

1-Ajajamuu, harka kennuu fi Isaaf of gadi qabuu- Akkuma kutaa darbe keessatti jenne Mootii jechuun kan ajajuu fi dhoowwu, mindaa kennuu fi adabuu, wanta fedhe kennuu fi dhoowwatuudha. Ammas, Mootiin aangoo ol'aanaa kan qabuudha. Maalik jechuun immoo qabaataa ykn wanta tokko kan qabuudha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aala Qabaataa (Maalik) fi Mootiidha. Akkuma beekkamu mootiin wanta tokko yoo qabaate fi too'ate aangoo ajajuu fi dhoowwu, mindaa kennuu fi adabuu, wanta fedhe kennuu fi dhoowwachuu horata. Akkasi miti ree? Mee amma haa xinxallinu, Mootiin wanta tokko yoo ofii hojjate fi argamsiise, wanti suni kan isaa ta'aa miti ree? Wanta hojjate fi argamsiise kana irratti aangoo qabaa miti ree? Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa samii torban, dachii fi wantoota isaan keessa jiran hunda Kan argamsiisee fi uumeda. Wantoonni Inni argamsiise fi uume kunniin hundi kan Isaa ta'u. Kanaafu, Aangoo isaan ajaju fi dhoowwu, mindaa kennuu fi adabuu, wanta fedhe kennuu fi dhoowwachuu qaba. Wanta fedhe mootumma Isaa keessatti hojjachuu danda'a. Amaloota kanniin kan qabu Mootii jennaan.

Namoota Kan uumee Rabbii Tokkicha. Namoota kan uume Isa erga ta'ee Mootiin Haqaa isaanii Rabbiidha jechuudha. Qur'aana keessatti:

﴿قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ الْنَّاسِ ۝ مَلِكِ الْنَّاسِ ۝ إِلَهِ الْنَّاسِ ۝﴾

Jedhi, “Gooftaa namootaattin maganfadha. Mootii namootaa [kan ta'e], Gabbaramaa namootaa [kan ta'e],” Suuratu An-Nas 114:1-3

Namni tokko, Mootiin Haqaa namoota hundaa Rabbiin ta'uu yoo beeke fi amane, haqa Mootiin isarraa qabu beekun galmaan gahuuf carraaqa. Akkuma duratti jenne Mootiin namoota ni ajaja, ni dhoowwa. Kanaafu, dirqamni lammilee irra jiru Mootiif ajajamuudha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa samii, dachii, namoota fi wantoota biroo Kan uume Isa waan ta'eef, kan Isaan dhuunfatee fi Mootii isaaniiti.

Wantoota armaan olii gaafi fi deebii A fi B jidduutti adeemsifameen ifa gochuu dandeenya:

A: Maaliif Rabbiif ajajamtaa?

B: Rabbiin Mootii kiyya waan ta'eefi. Mootiin kan ajajuu fi dhoowwu waan ta'eef dirqamni nama irra jiru Mootiif ajajamuudha. Dabalataan, namni Mootiif ajajamee fi wanta Isa gammachiisu hojjate, Mootiin mindaa guddaa isaaaf kenna.

A: Maaliif wanta Inni dhoowwe dhiistaa ykn irraa fagaattaa?

B: Rabbiin Mootii samii, dachii fi wantoota isaan keessa jiran hundaa waan ta'eef,

nama mootummaa Isaa keessatti waan badaa hojjatee fi Isa faallesse adabbii cimaa adaba. Kanaafu, namni qaruuteen adabbii Mootii jalaa bahuuf wanta Mootiin haqaa dhoowwe irraa ni fagaata, wanta Inni itti ajaje ni hojjata.

A: Rakkooleen yommuu sitti bu'an maaliif harka kennitaa?

B: Mootiin mootummaa Isaa keessatti wanta fedhe kan hojjatuudha. Rakkoo yoo natti buuse takkaa badii ani hojjadheefi, takkaa immoo ana qulqulleessu fi fooyyessuufi, takkaa immoo ana qoruufi. Wanta hundaa ogummaa fi beekumsaan waan hojjatuuf, Mootiin haqaa wanta hojjatuuf hin gaafatamu. Dubbiin erga akkana ta'e, murtii Isaatiif harka kennuu fi obsuudha.

A: Ibaadadhaan maaliif Isaaf gadi jettaa?

B: Akuma beekkamu Mootiin kan gadi jedhaniifi. Namoonni durii mootii namaatif ni sujuudu, gadi jedhuuf, ni sodaatu. Garuu kuni Islaama keessatti dhoowwadha. Mootiin haqaa Rabbiin waan ta'eef Isa malee eenyufilee gadi of hin qaban, hin sujuudan, garmalee hin sodaatan. Kanaafu, Rabbiin Mootii haqaa waan ta'eef, Kan sujuudaniif, of gadi qabaniif, sodaatan, faarsanii fi kajeelan Isa qofa. Rabbiin subhaanahu wa ta'aala ni jedha:

“Murtiin Rabbi qofaafi. Isa malee homaayyu akka hin gabbarre ajajee jira. Kuni amanti sirriidha. Garuu irra hedduun namootaa hin beekan.” Suuratu Yuusuf 12:40

﴿إِنَّ الْحُكْمُ إِلَّا لِلَّهِ أَمْرٌ إِلَّا تَعْبُدُوا إِلَّا إِيَّاهُ ذَلِكَ الْتِينُ الْقَيْمُ وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ﴾

2- Kitaabban, Ergamtootaa, fi Guyyaa Qiyaamaatti amanuu-Mootiin kan ajajuu fi dhoowwu, mindaa kennuu fi adabu erga ta'ee, karaaleen wantoota kanniin itti raawwatu jiraachu qabu. Akkasi miti ree? Ilmi namaa addunyaa tana keessatti Rabbiin ilaalu waan hin dandeenyeef, karaan hundarra gaariin isaan itti ajajuu fi dhoowwu Ergamtoota erguu fi kitaabban ajajoota Isaa of keessaa qaban buusudha. Qur'aana keessatti akkana jechuun nuuf hima:

﴿وَمَا كَانَ لِبَشَرٍ أَنْ يُكَلِّمَهُ اللَّهُ إِلَّا وَحْيًا أَوْ مِنْ وَرَأِيٍ حِجَابٍ أَوْ يُرْسَلَ رَسُولًا فَيُوحِي بِإِذْنِهِ مَا يَشَاءُ إِنَّهُ وَعَلَىٰ حِكْمٍ﴾

“Wahyiin yookiin girdoo duubaan yookiin ergamaa ergee hayyama Isaatiin waan fedhe itti buusun yoo ta'e malee Rabbiin issa dubbisuun namaaf kan ta'u miti. Dhugumatti, Inni Ol'aanaa Ogeessa.” Suuratu Ash-Shuuraa 42:51

Kana jechuun bifa (karaa) sadiin malee bifa biraatin Rabbiin ilma namaa hin dubbisu. Isaanis:

Karaa 1ffaa: Wahyiin- Rabbiin olta'aan wanta fedhe qalbii Ergamaa irratti darbuun nama filate ykn Ergamaa Isaa dubbisa.

Karaa 2ffaa: Girdoo duuban Ergamaa Isaa dubbisuudha. Fakkeenyaf, Rabbiin Nabii Muusatti dubbatee fi waame jira. Garuu Nabii Muusan Rabbiin arguu hin dandeenye.

Karaa 3ffaa: Rabbiin Ergamaa Isaatti ykn nama filatetti Malaaykaa erguudha. Kana jechuun Malaaykan Rabbiin irraa ergaa fuudhun Ergamaa Rabbiitti geessa. Fakkeenyaf, Malaaykan Jibriil ergaa Rabbiin irraa fuudhun Nabii Muhammad (SAW) itti geessa.

Ergamtoonis haala kanaan ergaan ykn kitaabni Rabbiin irraa yoo isaanitti bu'e namootatti geessu. Kanaan ala namoonni, "Maaliif nuti Rabbiin hin agarre ykn kallattin maaliif nu hin dubbisne?" jechuun gaafi kaasan, gaafin isaanii gaafi haqa irraa fagaate fi daangaa darbeedha. Mee itti xinxalli, mootiin biyya tokko bulchu nama hundaa tokkoon tokkoon bira deeme wanta ajaju fi dhoowwu itti himu qaba moo ajajoota isaa akka namootatti geessaniif ergamtoota ergaa? Eeti, karaan salphaan ergamtoota erguun ykn xalayaa barreessun ykn beeksisa baasun namootatti ajajoota isaa geessudha.

Rabbitin Guddaan olta'e Mootii haqaa waan ta'eef namoota keessaa ergamtoota filachuun ergaa Isaa namootatti akka geessan taasise. Ergaan kuni ajajoota Isaa, wantoota Inni dhoowwe, seerota, odeefanno gheeybi (ijaan hin mul'anne) fi kan biroo of keessatti qabata. Kanaafu, namoonni ergaa Mootii isaanii irraa dhufe itti buluu qabuu miti ree? *Namni kana yoo beeke, Ergamtoota fi Kitaabban Rabbitti akka amanu fi itti bulu isa taasisa.*

Ajajuu fi dhoowwu booda wanti sammuu namaa keessatti dafee dhufu qorannoo fi jazaadha. Namni wanta tokkotti erga ajajamee fi wanta tokkoraa erga dhoowwame booda, qoratamee jazaa argachuu qabaa miti ree? Wantaa itti ajajamaniif mindaan yoo hin jiraatin, wanta irraa dhoowwamaniif adabbiin yoo hin jiraatin, bu'aan ajajuu fi dhoowwu maali ree? Rabbitin subhaanahu wa ta'alaa Mootii haqaa waan ta'eef namoota erga ajajee fi dhoowwe booda dhumarratti isaan qorachuun jazaa isaaniif ni kafala. Garuu iddo fi Guyyaan qorannoo fi jazaan kuni itti adeemsifamu murtaa'a ta'u qaba. Namni tokko yoo qaxaramee, jiiyni mindaa itti kafalamu osoo hin gahiin mindaan ni kafalamaafi? Yeroo murtaa'e keessatti hojii isaa erga hojjatee booda mindaan ni kafalamaaf.

Rabbiin Mootii Ogeessa waan ta'eef Guyyaa fi iddoon mindaa nama hundaaf itti kafalu dursee murteesee jira. Guyyaa kanaan Guyyaa Qiyaamaa ykn Guyyaa Murtii jennaan. Iddoon qorannoo immoo dirree wal-qixxa'a bakka namoonni hundi walitti qabamaniidha. Dhugumatti kuni ogummaa fiixe ol'aanaa irra gaheedha. Namni hundi yeroo isaaf kennname keessatti wanta hojjatu hojjate dhumarratti bakka tokkotti walitti qabee qorachuun jazaa isaaniif kafaluun ogummaa cimaadha. Qur'aana keessatti:

﴿كُلُّ نَفْسٍ ذَآءِقَةُ الْمَوْتِ وَإِنَّمَا تُوَفَّونَ أُجُورُكُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ فَمَنْ زُحْزَخَ عَنِ النَّارِ وَأُدْخَلَ الْجَنَّةَ فَقَدْ فَازَ وَمَا الْحَيَاةُ الدُّنْيَا إِلَّا مَتَعٌ الْغُرُورِ﴾^{١٨٥}

“Lubbuun hundi du'a ni dhandhamti. Mindaawwan keessanis guutumaatti kan argattan Guyyaa Qiyaamati. Namni ibidda irraa fageeffamee Jannata seensifame, dhugumatti milkaa'eera. Jireenyi addunyaas mataa'u [nama] gowwoomsitu malee homaayyu miti.” (Suuratu Aali-Imraan 3:185) (Mataa'u jechuun wanta yeroo murtaa'ef itti fayyadamanii ergasii baduudha. Kan akka nyaata, dhugaati, uffata, maallaqa fi kkf.)

Kanaafu, Rabbiin Mootii Haqaa ta'uu namni yoo amane, Guyyaan Qiyaamaa akka jiru ni amana. Sababni isaas, Mootiin haqaa mindaa namoota gaggaarii Isaaf ajajaman hin balleessu, akkasumas, namoota badii fi zulmii (cunqursaa) raawwatan osoo hin adabin hin dhiisu. Mootiin Haqaa cunqursaa fi cunqurfamaa jidduutti osoo hin murteessin akkanamutti ni dhiisaa? Kanaafi ni jedha:

﴿أَفَحَسِبُتُمْ أَنَّمَا حَلَقْنَاهُمْ عَبَثًا وَأَنَّكُمْ إِلَيْنَا لَا تُرْجَعُونَ ﴿٢٠﴾ فَتَعَالَى اللَّهُ الْمَلِكُ الْحَقُّ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ رَبُّ الْعَرْشِ الْكَرِيمِ﴾^{١٩٣}

“Sila Nuti taphumaaf waan isin uumnee fi gara Keenyatti kan hin deebifamne ta'uu ni yaaddu? Rabbiin Mootii haqaa ta'e olta'e. Isa malee Kan haqaan gabbaramu hin jiru. Inni Gooftaa Arshii kabajamaati.” Suuratu Al-Mu'minun 23:115-116

Maqdhaala Guddinna agarsiisu fayyadamuun Rabbiin olta'aan ni jedha: Yaa namoota! Akkanumatti kaayyoo tokko maleef waan isin uumne isinitti fakkaataa? Ni nyaattu ni dhugdu, ni bashannantu ergasii osoo isin hin ajajinii fi hin dhoowwin akkanumatti isin dhiifnaa? Ammas Guyyaa Murtii gara Keenyatti deebifamtanii osoo isin hin mindeessinii fi hin adabin akkanumatti waan isin dhiifnu seetu (yaaddu)? Rabbiin Mootii Haqaa ta'ee yaada akkanaa irraa qulqullaa'e olta'e.

3-Rizqii¹⁰⁹ fi haajaa biroo Isarraa barbaadu-Mootiin waan hunda kan harkaa qabuu fi too'atu, wanta fedhe kan kennuu fi dhoowwatu erga ta'e, namni haajaa barbaadu Mootii Dureessa ta'e kana kajeela. Rakkoo keessaa akka isa baasu, soorata akka isaaf kennu Isatti hajama. Akkasi mitii ree? Akkuma duratti jenne, Maalik jechuun Qabaataadha. Rabbiin Qabaataa fi Mootii waan ta'eef mootummaa Isaa keessatti nama fedheef wanta fedhe kenna, nama fedhe immoo ni dhoowwata. Samiin, dachii fi wantoonni isaan lamaan keessa jiran hundi kan Isaati. Mootii waan ta'eef wantoota kanniin hundarratti aangoo fi too'anna qaba. Qur'aana keessatti:

﴿هُمُ الَّذِينَ يَقُولُونَ لَا تُنفِقُوا عَلَىٰ مَنْ عِنْدَ رَسُولِ اللَّهِ حَتَّىٰ يَنْفَضُوا وَلِلَّهِ
خَرَابُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَلَكِنَّ الْمُنَافِقِينَ لَا يَفْقَهُونَ﴾

"Isaan 'Hanga addaan bittinaa'anitti namoota Ergamaa Rabbii bira jiran irratti hin baasinaa' kanneen jedhaniidha. Kuusaawwan samiiwwanii fi dachii kan Rabbiiti. Garuu munaafiqonni hin hubatan." (Suuratu Al-Munaafiquun 63:7)

Munaafiqonni yommuu gamtoominnaa fi tokkummaa sahaabota Nabiyyii (SAW) argan, "hanga addaan bittinaa'anitti namoota Ergamaa Rabbii bira jiran irratti qabeenya keessan hin baasinaa" waliin jedhan. Akka yaada munaafiqotatti, osoo qabeenyi isaaniiti fi baasiin isaan irratti baasan jiraachu baate, silaa Muslimoonni Islaama gargaaruuf bakka tokkotti walitti hin qabamanii turan. Kuni yaada dogongoraa munaafiqonni odeessanii fi nama ajaa'ibsiisudha. Isaan namoota amanti balleessuu fi Muslimoota rakkisuuf carraaqan ta'anii osoo jiranu akkamitti yaanni isaanii kuni sirrii ta'aa? Nama dhugaa dhimmoota hin beekne irraa malee yaanni akkanaa hin bahu. Kanaafi ni jedha: "**Kuusaawwan samiiwwanii fi dachii kan Rabbiiti**" Nama fedheef rizqii ni kenna, nama fedhe immoo ni dhoowwata. Nama fedheef sababa rizqii itti argatu ni laaffisaaf nama fedhe irratti immoo ni jabeessa. Kuni hundi fedhii fi ogummaa Isaa irratti hundaa'a. "**Garuu munaafiqonni hin hubatan.**" Kanaafi jecha jedhan san kan jedhan. Akka yaada isaaniitti kuusaan rizqii harka isaaniitii fi fedhii isaanii jala jira. (Kuusaan samii fi dachii harka Rabbii akka jiru hin hubatan.)¹¹⁰

Wanti aayah tana ibsa waliin asitti kaafnef dhimmoota lamaafi.

1ffa-Namoonni qabeenya qaban, kuusaan rizqii harka isaanii osoo hin ta'in harka

¹⁰⁹ Rizqii jechuun wanta itti fayyadmaniidha. Kan akka soorata, uffata, maallaqaa fi kkf.

¹¹⁰ Tafsiiru Sa'dii-fuula 1019-1020

Rabbii akka jiru beekun of tuulu fi of dhaadachuu irraa akka of qusataniif. Yommuu qabeenya irraa waa namaaf kennan, kuusaan (kaaznan) kan isaanii akka ta'ee yaadun jecha munaafiqota akka hin jenne. Namoonni gariin yommuu qabeenya namaaf kennan, "Ebaluun anatuakkana godheefii bakka kana gahe. Qabeenya kiyyaan guddate..." jechuun dhaadatu.

2ffaa-Kaaznan (kuusaan) samii fi dachii harka nammaa osoo hin ta'in harka Mootii Haqaa akka jiru beekun, Isa kajeelu. Nama yoo kajeelte fi wanta barbaaddu siif kenne, sirratti of tuule gadi si xiqqeessa. Garuu Mootii Haqaa kuusaan qabeenya hundaa harka Isaa jiru yoo kajeelte fi kadhatte, kabajni sitti dhagahama. Eeti, Yaa Rabbii rizqii naaf hiri jedhanii Isa kadhachuu fi kajeelu waliin hojjiachuuunis ni barbaachisa. Rizqin sababaan waan walitti hidhameef. Gabaabumatti, Rabbiin Mootii Haqaa waan hundaa harkaa qabu fi too'atu ta'uunamni yoo beekee fi amane, waan hundaa Isarraa kajeela, rahmata Isaatirraa abdii hin kutu. Mootin wantoota baay'ee kan qabu, aangoo kennu fi dhoowwachuu waan qabuuf, dhugumatti rizqii Isarraa kajeelun gabrootaaf gabra ta'uunirraa nama bilisoomsa.

Ar-Razzaaq, Ar-Raaziq

Bismillah. Hundi keenya jirenya keessatti soorataa fi galii argachuuf halkanii guyyaa ni carraaqna. Akkuma carraaqqin namoota gargar ta'e galiin isaaniis garagara. Garuu yommuu kana jennu “Galiin isaanii carraaqqi isaanii qofarratti kan hundaa'udhaa? Yookiin madda galii isaanii mataa ofitii maddisiisu danda'uu?” Dhugumatti kuni gaafi ijoo deebii gahaa barbaadudha. Yoo gaafin kuni furame, namni jirenya keessatti tasgabbii argata. Sababni isaas, wantoota tasgabbii namarrraa ari'anii fi sammuu jeeqan keessaa rizqii dhabuu sodaachudha. Akkasi miti ree? Gaafi armaan olii kana deebisuuf, tooftaan jalqabaa nuti fayyadamnu “Madda” fi “Sababni” maal akka ta'an beekudha. Madda jechuun hundee ykn ka'uumsa wanti tokko irraa jalqabamuudha. “Sababa” jechuun immoo wanta tokko argachuuf karaa itti nama geessudha.

Fakkeenyaaaf, bishaan lafa keessatti ni kuufama. Namoonni dhufuu bishaan kana ujumoo itti godhanii dhugaatiif itti fayyadamu. Asitti bakki bishaan bahuu “madda” ta'a, ujumoo itti godhuun dhugaatiif oolchun immoo “sababa” ta'a. Maddi bishaanii bakka kana haa jennu malee, kan bishaan bakka san kaa'e jiraachu qabaa miti ree? Samii irraa buusun lafa keessatti bishaan kan kuusu Rabbii olta'aadha.

Amma gara gaafi keenyaa haa dhufnu, akkuma namoonni bishaan samii irraa buusun lafa keessatti kuusu hin dandeenye, sooratas mataa ofii qofaan maddisiisun kuufachuu danda'uu? Bishaan samii irraa buusun biqiltoota biqilchuu danda'uu? Samii irraa bishaan buusun biqiltoota kan biqilchu Rabbiin qofa akka ta'e hundi keenyaa ni beekna. Kanaafu, carraaqqin ykn tattaaffin namoonni galii argachuuf godhan madda moo sababa ta'aa? Namoonni galii fi soorata mataa ofiitin dhabama irraa maddisiisu waan hin dandeenyef carraaqqin isaan godhan sababa (karaa itti argatan) ta'a. Fakkeenyaf, Ahmad qote bulaa yoo ta'e, raasaa (lafa) qotuu fi midhaan facaasun “sababa” ta'a. Kan midhaan biqilchee akka callaa kenu taasisu immoo Rabbiidha subhaanahu wa ta'alaa. Kanaafu, maddi soorataa fi galii namootaa “Rabbitidha”. Jecha biraatin Kan namoota fi lubbu-qabeenyi hundaaf rizqii maddisiisu “Rabbitidha” jennee goloobu dandeenya. Ragaa kanaa Qur'aana keessatti haala kanaan arganna:

وَمَا مِنْ دَآبَةٍ فِي الْأَرْضِ إِلَّا عَلَى اللَّهِ رِزْقُهَا وَيَعْلَمُ مُسْتَقْرَّهَا
وَمُسْتَوْدَعَهَا كُلُّ فِي كِتَابٍ مُّبِينٍ ﴿١٢٨﴾

“Lubbu-qabeenyin homaatu dachii keessa hin jirtu, rizqiin ishii Rabbiin irra yoo ta’e malee. Iddoo jirenya ishiitii fi iddo kaa’amtu ni beeka. Hundumtu Kitaaba ifa ta’e keessa jira.” Suuratu Huud 11:6

Kana jechuun lubbu-qabeenyin dachii keessa deeman hundi rizqiin isaanii Rabbi irraayyi. Rabbitu isaan soora. Rabbiin subhaanahu iddo lubbu-qabeenyin hundi jiraatanii fi itti galan ni beeka. Ammas iddo kaa’aman ni beeka. Asitti “iddoo kaa’aman” jechuun “bakka itti du’anii fi iddo itti awwaalaman” jechuudha.¹¹¹

Maqaalee Isaa keessaa maqaan “Rabbiin kan rizqii maddisiisu fi karaa rizqii ittiin argatan namaaf laaffisu” ta’uu agarsiisu “Ar-Razzaaq, Ar-Raaziq” jedhudha. In sha Allaah, har'a ibsa maqaalee kanniini ni ilaalla. Namni ibsa maqaa kana yoo hubatee fi itti amane, maddi soorata fi galii isaa eessa akka ta’e beekun tasgabbii argata. Akkasi miti ree?

A-Hiika “Ar-Raaziq, Ar-Razzaaq”

Jalqaba, hundee maqaan kuni irraa fudhatame jecha “Rizqi” jedhu haa ilaallu. Rizqii jechuun jirenya keessatti wanta lubbu-qabeenyin itti hajaman ykn itti fayyadamaniidha. Kan akka nyaata, dhugaati, qilleensa, qoricha, uffataa fi kan biroo.¹¹²

Ar-Raaziq jechuun “kan rizqii uumu, kennu fi karaa itti argatan laaffisuudha”¹¹³

Ar-Raaziq fi Ar-Razzaaq hiikni isaanii “kan rizqii uumu, kennu fi karaa itti argatan laaffisu” haa ta’uu malee, Ar-Razzaaq baay’inna rizqii fi lubbu-qabeenyi rizqiin kennamuufi agarsiisa.¹¹⁴ Rabbiin Ar-Razzaaq jechuun Inni lubbu-qabeenyi garmalee baay’eeef rizqii baay’ee lakkofsa malee Kan kennuudha. Maqaan Ar-Razzaaq jedhu Rabbiif malee eenyufillee hin ta’u. Lubbu-qabeenyi lakkofsi isaanii garmalee baay’atu kan razzaqu Rabbiin malee hin jiru. Mee itti xinxalli, uumama dachii fi samii irraa jalqabee lubbu-qabeenyi du’an, amma jiraatanii fi gara fuunduraatti dhufan lakkofsi isaanii hangam akka ta’ee namni tilmaamu danda’aa? Garmalee baay’ee ta’uu irraa kan ka’e Rabbiin malee lakkofsa isaanii kan beeku hin jiru. Hunda isaanitiif rizqii Kan uumu, kennu fi karaa rizqii itti argatan kan laaffisuuf Rabbii Tokkicha. Ammas, tokkon tokkoon isaanitiif rizqii hangana hin

¹¹¹ Tafsiiru Qurxubii-11/74

¹¹² Ma’ariju tafakkuri wa daqaa’iqu tadabburi -10/321

¹¹³ [Walillahi asmaa’ul Husnaa fad’uhu bihaa](#)—lakk.43; AbdulAziz bin Naasir Jaliil

¹¹⁴ Asmaa’ul Husnaa wa sifaatul Ulaa-fuula 49

jedhamne kan kenuuf Rabbiidha. Mee ilaali, qananiin Rabbiin nu qananiise hundi rizqii Inni nuuf kenneedha. Qur'aana keessatti ni jedha:

وَإِنْ تَعْدُوا نِعْمَةَ اللَّهِ لَا تُحْصُوهَا إِنَّ اللَّهَ لَغَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿١٨﴾

“Qananii Rabbii osoo lakkooftanii, lakkooftanii hin fixxan. Dhugumatti, Rabbiin Araaramaa, rahmata godhaadha.” Suuratu An-Nahl 16:18

Amma, hiika Ar-Raaziq ykn Ar-Razzaaq jedhu irraa kaane, gaafi jalqaba irratti kaasne caalatti ifa haa goonu. Gaafin sunis “Galiin namootaa carraaqqi isaanii qofarratti kan hundaa'udhaa? Yookiin madda galii isaanii mataa ofiitii maddisiisu danda'uu?” Galii jechuun maallaqa namni hojji isaa irraa argatuudha. Akkuma hiika rizqii irraa hubannutti, galiin rizqii irraayyi.

Rabbiin Ar-Razzaaq waan ta'eef rizqii Kan uumu, kenu fi karaa rizqi itti argatan laaffisuudha. Kanaafu, galiin namoonni humnaa fi carraaqqi isaanii qofaan kan maddisiisan osoo hin ta'in kennaar Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa isaaniif kenneedha. Carraaqqi fi humni isaanii sababa ykn karaa galii kana itti argatan malee kan maddisiisu ykn dhabama irraa argamsisanii miti. Fakkeenyaf, gaazi boba'aa (nadaaji) irraa galiin ni argama. Gaazi kana namootatu uumee dachii keessa godhe moo Rabbiitu uumee? Eeti, Rabbitu uume. Namoonni immoo gaazi kana lafaa baasun galii irraa argatu.

Wanti kana kaasu barbaannef, namni dhugaan, kan rizqii namaaf argamsiisu, maddisisuu fi kenu Rabbii olta'aa ta'uu yoo beeke, rizqii argachuuf Isa kadhata. Ammas, yommuu rizqii dhabu, “Kan rizqii kennuu fi fudhatu Rabbiin ta'uu” waan beekuf jirenya keessatti hin jeeqamu. Hanga danda'e carraaqun rizqii isaa Ar-Razzaaq irraa kadhata. Akkasumas, kan rizqii issaaf uumu, kenu fi karaa ittiin argatuun kan laaffisuuf Rabbiin ta'uu yoo beeke, rizqii bal'oo yommuu argatu of hin tuulu. Kana irra, Ar-Raaziqif galata galcha. Humni fi beekumsi isaa sababa rizqii itti argatu malee kan rizqii uumanii miti. Mee ilaali, namoota meeqatu garmalee carraaqu. Garuu rizqiin isaan argatan xiqlaadha. Ammas, namoonni xiqloma carraaqanii rizqii baay'ee argatan ni jiru. Kuni kan agarsiisu Rabbiin rizqii kan kenu fi quodu ta'uudha. Nama fedheef sababa rizqii laaffisuun ni bal'isaaf. Nama fedhe immoo sababa rizqii itti jabeessun rizqii isaa ni xiqlqeesa. Kaayyoon kana duuba jiru, namoota qoruufi. Qur'aana keessatti:

“Namni yeroo Gooftaan isaa isatti arjoomuu fi isa qananiisuun isa qore, “Gooftaan kiyya na kabaje” jedha. Yeroo Inni hiree isaa itti xiqlqeessuun isa

qore immoo, “Gooftaan kiyya na xiqqeesse” jedha. Haa dhoorgamu!” Suuratu Al-Fajr 89:15-17

Gosoota Rizqii

Rizqiin Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa gabroota Isaatiif kenu bakka lamatti qoodama:

1ffaa- Rizqii wali-galaa- kuni rizqii qaamni itti dhaabbatu fi jiraatu yommuu ta'u, nama amanee fi hin amanne, nama gaarii fi badaa, mu'minnaa fi kaafira, beelladota fi bineensota hunda haguuga. Nyaataa dhugaatin gosa rizqii kana jalatti ramadamu. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

وَكَأَيْنِ مِنْ دَآبَةٍ لَا تَحْمِلُ رِزْقَهَا وَإِيَّاكُمْ وَهُوَ السَّمِيعُ
الْعَلِيمُ.

“Lubbu-qabeenyi irraa meeqatu rizqii isaanii kan hin baadhannetū jira. Rabbiin isaanii fi isin ni soora. Inni Dhagahaa, Beekaadha.” Suuratu Al-Ankabuut 29:60

Kana jechuun lubbu-qabeenyi baay'etu rizqii isaanii walitti qabuu fi boruuf kuufachuu hin dandeenyetu jira. Mixiin, dagandaan, sinbiroo fi kkf soorata kuufachu hin danda'an. Garuu soorata argachuuf oli gadi ni deemu. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa soorata barbaadan guyyaa guyyaan ni kennaaf. Sinbirreen ganama garaa qullaa baate galgala quufte galti. Rizqiin harkatti qabattee galtuun hin jiru. Lubbu-qabeenyin qilleensa keessa balali'an, bishaan keessa galan, dachii keessa jiraatan baay'een rizqii ofii hin baadhatan. “**Rabbiin isaanii fi isin ni soora.**” Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa lubbu-qabeenyi kanninii fi isiniif rizqii ni kenna.

2ffaa-Rizqii addaa- Kuni rizqii qalbii fi ruuhi warra amanan (mu'mintoota) qofaaf ta'uudha. Rizqiin kuni iimaana, beekumsa Islaamaa fi hojji gaggaarii gara Rabbiin nama dhiyeessaniidha. Dhugumatti kuni rizqii hundarra guddaa Rabbiin olta'aan gabrichaaf kenuudha. Akkasumas, rizqii halaala hojji gaggaarii hojjachuu irratti nama gargaaru fi rizqii Aakhirah of keessatti hammata. Dhugumatti qananiin Jannata keessa jiru rizqii hundarra kabajamaa fi yeroo hundaa turaa ta'eedha. Akkuma beekkamu Jannata kan seenu warroota amanan qofa. Mee qananiin Jannata keessa jiru rizqii ta'u Qur'aana irraa haa ilaallu. Tarii rizqii turaa san dharra'uun gara hojji gaggaaritti fiigu dandeenya.

﴿هَذَا ذِكْرٌ وَإِنَّ لِلْمُتَقِينَ لَحُسْنَ مَقَابٍ ﴾٤٩ جَنَّتِ عَدْنٌ مُفَتَّحَةٌ لَهُمُ الْأَبْوَابُ ﴿٥٠﴾ مُتَكَبِّئِينَ فِيهَا يَدْعُونَ فِيهَا بِفَكِهَةٍ كَثِيرَةٍ وَشَرَابٍ ﴿٥١﴾ وَعِنْهُمْ قَصْرَاتُ الْطَّرِفِ أَتْرَابٌ ﴿٥٢﴾ هَذَا مَا تُوعَدُونَ لِيَوْمِ الْحِسَابِ ﴿٥٣﴾ إِنَّ هَذَا لِرِزْقِنَا مَا لَهُ وَمِنْ نَفَادٍ ﴿٥٤﴾

“(49)Kuni yaadannoodha. Dhugumatti Muttaqootaaf deebii gaariitu jira. (50)Jannata qubsumaa kan balbaloonni isaaniif banaa ta’antu jira. (51)Ishii keessatti hirkatoo ta’anii fuduuraalee fi dhugaati achi keessatti ni waammatu. (52)Dubartoota argituu [ofii] gabaabsan, kan umriin wal-qixa ta’antu isaan bira jira. (53)Kuni waan Guyyaa Qorannootiif waadaa galamtaniidha. (54)Dhugumatti, kuni rizqii Keenya. Dhumti isaaf hin jiru.” Suuratu Saad 38:49-54

Aayaata kanniin dura waa’ee nabiyoota darbanii, haalaa fi xumura gaarii isaanii ni dubbata. Ergasii dhumarraati ni jedhe, “**Kuni yaadannoodha.**” Kana jechuun nabiyoota filatamoo kanniin dubbachuu fi amaloota isaanii kaasun Qur'aana kana keessatti yaadanno namoonni yaadatan haala isaanii itti yaadataniidha. Erga yaadatanii booda amala isaanii faarfamaa ta’etti hidhachuuuf dharra’u. Amaloota qulqulluu Rabbiin isaan badhaase fi namoota jidduutti maqaa gaariin faarfamu ni beeku. Ergasii itti aanse mindaa warra Rabbiin sodaatanii dubbate. “**Dhugumatti Muttaqootaaf deebii gaariitu jira.**”

Muttaqoota jechuun warroota amananii hojii itti ajajaman hojjachuu fi hojii irraa dhoowwaman dhiisun adabbii Rabbii irraa of eeganiidha. Deebii gaarii jechuun erga du’anii fi Guyyaa Qiyaamaa kaafamanii booda iddo bareeda itti deebi’anii fi keessa qubataniidha. Ergasii haala iddo deebii kanaa ni ibse:

“Jannata qubsumaa kan balbaloonni isaaniif banaa ta’antu jira.” Jannata qubsumaa jechuun Jannata yeroo hundaa keessa turan, namni ishii seene keessa bahuu fi jijjirraa kan hin barbaannedha. Yommuu muttaqoonni gara Jannataa deeman isaan kabajuu fi haala gaariin simachuuf balbaloonni Jannataa isaaniif banamu. **“Ishii keessatti hirkatoo ta’anii fuduuraalee fi dhugaati achi keessatti ni waammatu.”** Warroonni gara fuunduraatti Guyyaa Qiyaamaa Jannata seenan, sireewan garmalee faayaman irratti hirkatu. Kaadimoota (tajaajiltota) isaanii akka

firaafiree nyaatamu fi dhugaati isaaniif fidan ni ajaju. Hirkatanii taa'un wanta fedhan nyaachu fi dhuguun qananii fi tasgabbiin isaaniif guuttamu agarsiisa.¹¹⁵

“Dubartoota argituu [ofii] gabaabsan, kan umriin wal-qixa ta’antu isaan bira jira.” kana jechuun dubartoota ija isaanii abbaa warra isaanii irratti gabaabsantu isaan bira jira. Kunniin niitiwwan isaaniiti. Dubartoonni babbareedon kunniin abbaa warra isaanitiin ala nama bira hin barbaadan, isaaniin ala nama biraatti ija hin dheeressan. Umriin kan wal-qixxaan’aniidha.¹¹⁶

“Kuni waan Guyyaa Qorannootiif waadaa galamtaniidha.” Yaa warra amantaniif wanta itti ajajamtan hojjattanii fi wanta irraa dhoowwamtan dhiistan! Amaloota Jannataa keessaa wanti armaan olitti dubbanne kuni Guyyaa Qiyaamatiiif wanta waadaa isiniif galameedha. Mindaan guddaan kuni waadaa Rabbiin muttaqootaaf galee fi Guyyaa Qiyaamaatiif kan tursiifameedha. Waadaa galuu jechuun “wanta kana siif godha” jedhanii namatti beeksisuudha. Rabbiin subhaanahu wanta hundaa irratti danda’aa fi dhugaa kan dubbatu waan ta’eef waadaa Isaa gonkumaa hin diigu. Asitti Guyyaan Qorannoo Guyyaa Qiyaamaa namoonni du’an erga kaafamanii booda itti qoratamanii fi ergasii jazaa itti argataniidha.

“Dhugumatti, kuni rizqii Keenya. Dhumti isaaf hin jiru.” Jannata qubsumaa keessatti qananiin muttaqootaaf kenniu kuni rizqii isaaniif kenniuudha. Rizqiin kuni gonkumaa hin dhumatu, addaan hin citu. Kana irra, yeroo hundaa kan turuu fi dabaluudha. Kuni Gooftaa arjoomaa, rahmaan, Dureessa, Mootii ta’e irratti ulfaata miti.¹¹⁷ Wanta tokko hojjachuu yoo fedhe, “Ta’i” jedhaan. Wanti sunis yoosu ta’a.

Guduunfaa

- Ar-Razzaaq, Ar-Raaziq-jechuun rizqii kan uumu, kennu fi karaa ittiin argatan laaffisuudha. Ar-Razzaaq baay’innaan rizqii kennu agarsiisa.
- Rizqii jechuun wanta namoonni itti hajamanii fi itti fayyadamaniiidha. Rizqiin bakka lamatti qoodama: 1ffaa-rizqii qaamni ittiin dhaabbatu-kuni kan akka soorata, qilleensa, uffataa, qoricha fi kkf. 2ffaa-Rizqii qalbiin ittiin jiraattu-kuni iimaana, beekumsa fi hojii gaggaariidha.
- Namni kan rizqii namaaf uumu, kennu fi karaa ittiin argatan namaaf laaffisu Rabbiin ta’uu yoo beeke, jirenya keessatti tasgabbi argata.
- Rizqiin yeroo hundaa turu qananii Jannataati. Rizqii kana kan argatu muttaqootadha. Muttaqoota jechuun warroota amananii hojii itti ajajaman

¹¹⁵ Tafsiiru Sa’dii-fuula 840

¹¹⁶ Tafsiiru Xabarii-20/123

¹¹⁷ Tafsiiru Sa’dii-fuula 841, Ma’ariju tafakkuri wa daqaa’iqu tadabburi 3/595-606

hojjachuu fi hojii irraa dhoowwaman dhiisun adabbii Rabbii irraa of eeganiidha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa muttaqoota keessaa nu haa taasisu.

B-Bu'aa Maqaalee Ar-Raaziq, Ar-Razzaaq beeku fi itti amanuu argamuu

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa lubbu-qabeenyi lakkoofsi isaanii hangana hin jedhamneef rizqii baay'ee daangaa hin qabne kan kenu waan ta'eef Inni Ar-Razzaaq dha. Namni maqaa kana siritti itti xinxalluun yoo hubatee fi itti amane bu'aalee baay'ee argata. Isaan keessaa:

1-Rabbii olta'aaf ajajamuu, jaallachuu, Isaaf of gadi qabuu fi Isa galateefachuu—eeti nafseen namaa tuni kan tola ishitti oole jaallachuu fi isaaf ajajamu irratti uumamte. Garuu yeroo qalbiin namaa kan tolee itti oole beeku irraa haguuggamte, namni qananii isaa ni waakkata. Qananiin Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ilmaan namaa irratti oole lakkaawame hin dhumu. Garuu namoota lakkoofsan xiqqoo ta'antu qananii kana beekee Isaaf galata galcha. Kan hafan baay'een isaanii qananii Isaa ni waakkatu. Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿وَقَلِيلٌ مِّنْ عِبَادِي الْشَّكُورُ﴾

“Gabroota Kiyya keessaa kanneen baay’innaan galata galchan xiqqoodha.”
Suuratu Saba’ a 34:13

Galata galchuu jechuun qananiin Isarraa akka ta'e amanuu, arrabaan Isa faarsu, qalbiin Isaaf of gadi qabuu, wanta Inni jaallatu ittiin hojjachuu fi wanta Inni jibbuu ittiin hojjachuu irraa fagaachuudha. Dhugumatti, namoonni kana hojjatan lakkoofsi isaanii baay'ee xiqqaadha.

Qananiin namni qabu fi argatuu hundi Gooftaa isaa irraa erga ta'e, sonoota (morals) keessaa wanti namarraa eeggamu Kan tola namatti ooluf galata galchuudha. Akkasi miti ree? Kan tola namatti oolef galata galchuun amaloota fi sonoota gaggaarii keessaa tokko.

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa kan namoota qananiisu fi isaaniif rizqii kenu waan ta'eef, dirqamni namoota irra jiru Isaaf ajajamu fi galata galchuudha.

2-Tawakkula qabaachu-Tawakkula jechuun wanta namarraa eeggamu hojjachuu waliin qalbiidhaan hirkannaah dhugaa Rabbiin irratti hirkachuu fi wanta Inni namaaf

filatuuf harka kenuudha.¹¹⁸ Tawakkulli (hirkannaan) hojii qalbiiti. Namni kan rizqii namaaf uumuu fi kenu Rabbii olta'aa ta'uu yoo mirkaneefate, Isarratti hirkata. Sababa isarraa eeggamu hojjachuu waliin qalbiin isaa Rabbitti rarraati. Sababni isaas, rizqii fi wanta rizqif sababa ta'uu hunda kan uume Isa. Kuni naanna'e naanna'e, qalbii keessatti tasgabbii fi gammachuu argamsiisa. Rizqif jedhanii dhiphachuu fi sodaachu namarrraa oofa. Walaleessaan ni jedha:

وَكَيْفَ أَخَافُ الْفَقَرَ وَاللهُ رَازِيقٌ
تَكْفُلُ بِالْأَرْزَاقِ لِلْخَلْقِ كُلُّهُمْ
وَرَازِيقُ هَذَا الْخَلْقِ فِي الْعُسْرِ وَالْيُسْرِ
وَلِلْلَّهِ فِي الْبَيْدَاءِ وَالْحُوتِ فِي الْبَحْرِ^(١)

Rabbiin Raaziqa kiyya ta'ee osoo jiru akkamitti hiyyummaa sodaadhaa?
Rakkinnaa fi laafinna keessatti uumamtoota kanniin Kan razzaqu Isaa
Uumamtoota hundaa razzaquuf itti-gaafatamummaa fudhatee
Lootu gammoojji keessatti, qurxummii galaana keessatti

“Osoo Rabbiin irratti hirkannaah dhugaa hirkattanii, silaa akkuma allaattif rizqiin kennamu, isiniifis rizqiin kennama. Ganama garaa qullaa baati, galgala quufte galti.”

Mee wanta armaan olitti ibsuuf yaalle gaafi fi deebiin ifa haa goonu.

A: Rabbiin irratti hirkachuu yommuu jettu maal jechuu keeti? Rizqii barbaadachuuf osoo hin carraaqin taa'anii, “Ani Rabbiin rizqii naaf kenna” jechuu keetii?

B: Lakki, akkasi miti. Akkuma duratti jenne Rabbiin irratti hirkachuu jechuun harkaan wanta namarrraa eeggamu hojjachaa qalbiin immoo Isatti rarra'u fi amanuudha. Mu'minni (namni dhugaan amane) rizqii irratti kan hirkatu osoo hin ta'in Rabbiin irratti hirkata. Kan dhugaan nama fayyaduu fi balaa namarrraa deebisu qabeenya harkaa qabu osoo hin ta'in Rabbiin akka ta'e ni beeka. Kanaafu, qalbiin isaa qabeenyarratti osoo hin ta'in Gooftaa isaatti rarraati. Murtii Gooftaa isaatiif harka kenna. Kuni hundi tasgabbii isaaf kenna. Ammas, harka marate taa'uun “rizqiin naaf dhufti” kan jedhu osoo hin ta'in, rizqii argachuuf hanga danda'e ni carraaqa. Sinbireen ganama rizqii barbaadachuuf baatee galgala quufte galti. Wanti ishiin hojjattu sababa. Yommuu ishiin carraaqxu, Rabbiin rizqii ni kennaaf. Namnis haaluma kanaan yoo carraaqe, Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa rizqii ni kennaaf.

A: Namoonni gariin garmalee ni carraaqu, garuu rizqii xiqqoo argatu. Gariin immoo xiqqoma carraaqanii rizqii baay'ee argatu. Kuni akkamii?

¹¹⁸ Ma'aariju Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabburi-6/576

B: Akkuma kutaa darbe keessatti jenne carraaqquin namootaa sababa rizqiiti malee maddaa miti. Kan rizqii maddisiisu, kennuu fi quodu Rabbiidha. Sababni isaas, Rabbiin Ar-Razzaaq waan ta'eef rizqii kan uumu, sababa laaffisu fi nama fedheef kennuudha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa fedhii fi ogummaa Isaatiin rizqii namootaa garagara godhe. Ni jedha:

﴿إِنَّ رَبَّكَ يَبْسُطُ الرِّزْقَ لِمَن يَشَاءُ وَيَقْدِرُ إِنَّهُ وَكَانَ بِعِبَادِهِ خَيْرًا﴾

بَصِيرَاتٌ

“Gooftaan kee nama fedheef rizqii ni bal’isa, [nama fedhe immoo] itti dhiphisa. Dhugumatti, Inni gabroota Isaa ilaachisee keessa beekaa, argaa ta’eera.” Suuratu Al-Israa 17:30

Yaa nama addunya tana keessatti iddo qormaataa kaa’ame! Gooftaan kee namoota gariif rizqii bal’isuu fi namoota gariitti immoo rizqii dhiphisuun wanta namoonni ittiin qoraman taasise. Gabroota Isaa ilaachisee haala isaanii sirritti beeka. Eenyutu durummaan akka isaaf malu, eenyutu hiyyummaan akka isaaf malu sirritti beeka. Haala fi dhimma isaanii hunda sirritti arga. Kanaafu, hunda isaanitif ogummaa fi beekumsa Isaatiin rizqii ni quoda. Gabroota keessaa osoo rizqii itti bal’isee amanti fi Aakhiraan isaa kan jalaa badu jira. Ammas, gabroota keessaa nama osoo rizqii itti dhiphisee amanti fi Aakhiraan isaa kan jala baduu jira. Rabbiin rahmataa fi ogummaa Isaatiin mu’minaaf wanta irra gaarii ta’e filata. Kanaafu, namni carraaqee rizqii xiqqoo yoo argate, suni wanta Rabbiin isaaf murteesse akka ta’e beekun obsuu qaba. *Kaayyoon guddaan rizqii bal’isuu fi dhiphisu keessa jiru namoota qoruun nama galata galchu fi hin galchine, nama obsuu fi hin obsinee ifa baasudha. Ergasii Guyyaa Murtii Jazaajisaanii kafaluudha.*

3-Sababoota haraama ta’an dhiisu fi rizqiif jedhanii haqa faalleessu dhabuu- Namoonni amantin isaanii yommuu xiqlaatu karaa haraamatin rizqii argachuuf carraaqu. Fakkeenyaaf, hanna, malaamaltummaa, mattaa, gowwoomsu fi kkf. Ammas, yeroo garii namni haqa Islaamaa qabate, yommuu abbaan aangoo haqa akka dhiisu ykn wanta sobaa akka hojjatu ajaju, “Rizqii narraa kuta” jedhee sodaachun haqa dhiisa ykn wanta sobaa hojjata. Namni kana hundarrraa baraaramee gammachuu fi milkaa’inna argachuuf, Rabbiin subhaanahu wa ta’aalaa Ar-Razzaaq akka ta’e mirkanefachuudha. Rizqiin harka namaa osoo hin ta’in harka Rabbii waan hundaaf rizqii kennuu keessa jira. Haqa akka dhiisaniif diinonni Islaamaa rizqii nama dhoowwachuu sodaachisu. Rizqiin akka waan harka isaanii jiru godhanii yaadu. Qur’aana keessatti ni jedha:

﴿هُمُ الَّذِينَ يَقُولُونَ لَا تُنْفِقُوا عَلَىٰ مَنْ عِنْدَ رَسُولِ اللَّهِ حَتَّىٰ يَنْفَضُوا وَلِلَّهِ خَرَابٌ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَلَكِنَّ الْمُنَافِقِينَ لَا يَفْقَهُونَ﴾

“Isaan ‘Hanga addaan bittinaa’ anitti namoota Ergamaa Rabbii bira jiran irratti hin baasinaa’ kanneen jedhaniidha. Kuusaawwan samiiwwanii fi dachii kan Rabbiiti. Garuu munaafiqonni hin hubatan.” (Suuratu Al-Munaafiquun 63:7)

Aaya tana ilaalchise Sayyid Quxb (rahimahullahu) ni jedha: “Wanti munaafiqonni jedhan kuni amalli isaanii hangam badaa fi fokkuu akka ta’ee mul’isa. Suni karoora beelessu mormitoonni haqaa fi iimaanaa bakkaa fi yeroo adda addaatti amantii sirrii ta’etti duuluuf waliif dhaamaniidha. Kunis kan ta’eef, namoonni kunniin miirri isaanii gadi aanaa waan ta’eef jirenya keessatti hanbaan nyaataa wanta hunda akka ta’etti yaadu. Ergasii mu’mintootatti ittiin duulu.

Kuni karoora Qureeshonni itti fayyadamaniidha. Akka Nabiyyii (SAW) hin gargaarree fi isarraa faca’an Qureeshonni nyaanni bani Haashim akka hin geenyeye dhoowwite. Akkasumas, akkuma aayan tuni murteessitu, tooftaan beelessuu fi nyaata dhoowwachu tooftaa munaafiqonni itti fayyadamaniidha. Akka isaan yaadanitti yoo beelli sahaabota rukute, nabiyyii (SAW) dhiisanii irraa faca’u.

Warri kooministiis namoota amanti qabatan akka beelaan du’aniif ykn amanti dhiisanii fi hin salaanneef mirga soorannaa dhoowwatu. Yeroo ammas, diinonni Islaamaa biyyoota Muslimaa keessatti ergaa Islaamatti duuluuf tooftaa kanatti fayyadamu. Tooftaan kunis: Muslimoota hidhuu, beelessuu, karaa rizqii ittiin argatan cufuu fi kkf. Haala kanaan mormitoonni iimaanaa durii fi ammaa, haqa salphaa Qur'aanni ayah armaan olii keessatti isaan yaadachisu dagachuun maloota fokkuu kanatti fayyadamu. **“Kuusaawwan samiiwwanii fi dachii kan Rabbiiti. Garuu munaafiqonni hin hubatan.”**

Kuusawwan Rabbii kan samii fi dachii keessa jiran irraa warroonni haqatti diina ta’an kunniin rizqii isaanii argatu. Isaan mataa ofiti rizqii kan uumani miti. Rizqii namoota biroo irraa kutuuf yommuu carraaqan, isaan gowwoota akkamiti! Ee xiqaate hubannaan isaanii! Haala kanaan, tooftaa badaa kanatti qabsaa’uuf Rabbiin

warroota amanan tasgabbeessa, qalbii isaanii jabeessa. Kuusaan samii fi dachii namoota hundaafu banaa akka ta'e isaanitti hima.”¹¹⁹

Gabaabumatti kuusaan (kaaznaan) rizqii harka Rabbii akka jiru namni yoo beeke fi amane, dhabiinsa rizqii sodaachun wanta haraama hojjachuuf hin carraaqu.

4-Qalbii keessaa haafayuu fi doy'ummaa fageessun arjoomu fi tasgabbaa'u-
Namni maqaa Rabbii, "Ar-Razzaaq" jedhu sirritti yoo hubatee fi itti amanee, qalbii isaa keessaa haafayuu fi doy'ummaan ni fagaata. Sababni isaas, rizqii irraa wanta nama harka jiru, beekumsa fi qajeelchi qalbii keessa jiru hundi Rabbiin irraa akka ta'e isatti dhagahama. Miirri kuni nama amane akka gadi of qabu, beekumsaa fi qabeenya irraa wanta argate karaa Rabbii keessatti akka baasuu fi warroota itti hajamaniif akka kennu isa kakaasa. Rizqiin bal'achuun Rabbiin irraa namaaf qormaata. Maal akka ittiin hojjatu isa ilaalu fi shukrii isaa qoruuf rizqii bal'isaaf. Qur'aana keessatti: **“Rabbiin Kan dachii keessatti bakka buutota isin godhee fi waan isiniif kenne keessatti isin qoruuf jecha garii keessan garii irra sadarkaan ol fuudhedha. Dhugumatti, Goothaan kee adabni Isaa saffisaadha, ammas dhugumatti Inni Araaramaa Rahmata godhaadha.”** Suuratu Al-An'aam 6:165

Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿عَامِنُوا بِاللَّهِ وَرَسُولِهِ وَأَنْفَقُوا مِمَّا جَعَلَكُمْ مُسْتَحْلِفِينَ فِيهِ فَالَّذِينَ عَامِنُوا مِنْكُمْ وَأَنْفَقُوا لَهُمْ أَجْرٌ كَبِيرٌ﴾

“Rabbii fi Ergamaa Isaatti amanaa. Waan Inni isa keessatti bakka buutota isin taasise irraas kennadhaa. Isin keessaa kanneen amananii fi arjooman, isaaniif mindaa guddaatu jira.” Suuratu Al-Hadiid 57:7

“Waan Inni isa keessatti bakka buutota isin taasise irraas kennadhaa.”
Qabeenya Rabbiin dhaaltota isin godhee irraa kennadhaa. Qabeenyi isin qabdan yeroo hundaa kan isin waliin turuu miti. Kaleessa namoota biraaharka ture. Tarii abboota keessan harka ture. Har'a immoo isaan ajeesee isin immoo qabeenya kana akka dhaaltan taasise. Isinis qabeenya kana zalaalamiif hin horattan. Isin ajeesun dhaloota isin booda dhufu dhaalchisa. Kanaafu, wanta yeroo hundaa turaa ta'ee maaliif hin horannee? Wanti turaan suni qabeenya keessan baasun mindaa guddaa Aakhiratti argattaniidha. Aa'ishaan akka gabaastetti, gaafa tokko hoolaa qalanii foon namoota hiyeeyyiif qoodan. Ergasii Nabiyyiin (SAW) ni jedhan: “Ishii

¹¹⁹ Walillahi asmaa'u'l Husnaa fad'uuhu bihaa— lakk.61,62; AbdulAziz bin Naasir Jaliil

(hoolaa) irraa maaltu hafee?" Aa'ishaanis ni jette, "Ceeku malee homaa hin hafne." Ergamaan Rabbiis (SAW) ni jedhan, "Ceeku ishii malee hunduu hafee jira." (Jaami'u At-Tirmizii 2658) kana jechuun wanti Rabbiif jehamee kennname kan hafee fi olkaa'ameedha. Guyyaa Murtii mindaa wanta kennanii fi baasanii waan argataniif.

5-Rizqii halaala ykn haraama gochuun aangoo nama osoo hin ta'in aangoo Khaaliqaati (subhaanahu wa ta'aalaa)-Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa Ar-Razzaaq erga ta'ee fi wantoonni dachii keessa jiran hundi kan Inni uumee erga ta'anii, namni hanga fedhe haa qabaatu wanta Rabbiin haraama godhee halaala gochuu hin danda'u. Ammas wanta Inni halaala godhe namni haraama gochuu hin danda'u. Sababni isaas, wanta tokko haraamaa fi halaala gochuun hojji Gooftaa qofa. Namni kana keessatti Isaan morkate, Gooftummaa Isaa keessatti shirkii hojjate jira. Namni wanta Rabbiin haraama godhe halaalessu ykn wanta halaala godhe haraama godhu keessatti osoo beeku itti gammadee makhluuqaaf ajajame, Rabbii gaditti makhluuqa kana gooftaa godhatee jira. Fakkeenyaaaf, Qeeysonti wanta Rabbiin haraamaa hin goone haraama godhu ykn wanta Rabbiin olta'aan halaalaa hin goone halaala godhu. Namni osoo beeku itti gammadee qeeyosataf ajajamee Rabbii gaditti qeeyosota gooftaa godhatee jira. Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿أَتَخْذُوا أَحْبَارَهُمْ وَرُهْبَنَهُمْ أَرْبَابًا مِّنْ دُونِ اللَّهِ وَالْمَسِيحَ أُبْنَ مَرْيَمَ وَمَا
أُمْرُوا إِلَّا لِيَعْبُدُوا إِلَهًا وَاحِدًا لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ سُبْحَانُهُ وَعَمَّا يُشْرِكُونَ﴾

"Rabbii gaditti hayyootaa fi moloksee isaanii gooftolee godhatan, akkasumas Masiih ilma Mariyamis [goothaa godhatan]. Gabbaramaa Tokkicha gabbaruu malee homattu hin ajajamne. Isa malee gabbaramaan haqaa hin jiru. Wanta isaan itti qindeessan irraa Inni qulqullaa'e." Suuratu At-Tawbaa 9:31

Asi oliitti "gooftoleen" danuu (hedduminna) "goothaa" ta'a. Kiristaanoni fi Yahuudonni, "**Rabbii gaditti hayyootaa fi moloksee isaanii gooftolee godhatan**". Aayah tana hubachuuf mee gara hadiisaa haa deebinu. Yeroo Nabiyyiin (SAW) ergaman Adiyy ibn Haatim Kiristaana ture. Yommuu Islaamawuf Nabiyyii bira dhufeakkana jedha: "Morma kiyya irratti maskala warqii rarrafadhe gara Ergamaa Rabbii (SAW) dhufe. Nabiyyinis ni jedhan, "Yaa Adiyy! Taabota kana morma keetirraa darbi." Anis ni darbe. Suuratu Tawbaa irraa aayah tana osoo dubbisu isatti dhufe: "**Rabbii gaditti hayyootaa fi moloksee isaanii gooftolee godhatan**" Anis ni jedhe, "Yaa Ergamaa Rabbii! nuti isaan hin gabbaru." Nabiyyinis ni jedhan,

“Wanta Rabbiin halaala godhe haraamaa hin godhanii? Isinis [isaaniif ajajamuun] haraama gootu. Ammas, wanna Rabbiin haraama godhe halaala hin godhanii? Isinis halaala gootu.” Anis ni jedhe, “Eeyyen.” Innis ni jedhe, “Kuni isaan gabbaruudha.”¹²⁰

Kuni haala Kiristaanotaa fi Yahuudotaati. Ragaa Rabbiin irraa dhufe osoo hin qabaatin, qeeystaa fi paappasota hordofu. Wanta Rabbiin haraama godhe qeeysonni, paappasonni fi molokseen isaaniif halaala godhu. Ykn wanna Rabbiin halaala godhe haraama godhu. Ummanniis isaaniif ajajama. Ammas, seera Rabbiin amanti keessatti hin buusne, isaaniif kaa’u. Akkaataa ibaadaa itti hojjatan kan Rabbiin hin ajajne paapasonni kunniin ajaju. Fkn, namni tawbachuu barbaadu, qeeysi bira deemee cuubaa, luka dhiqu fi wanna biraaj hojjata. Akkasumas, ummanni Kiristaanaa ifa beekumsaa dhaban qeeystaaaf gadi of qabani masqala dhungatu. Dhugumatti kuni gooftaa isaan godhachuudha. Hundemaa Gooftaan kan namoonni isaaf ajajamanii fi isaaf of gadi qabaniidha. Sadaqallahul aziim (Rabbitiin Guddaan dhugaa dubbate).

Akkasumas, Iyyasuusin gooftaa akka godhatan wanna beekkamudha. Garuu namoonni kunniin ajaja Rabbii isaan uume faallessanii jiru. **“Gabbaramaa Tokkicha gabbaruu malee homattu hin ajajamne. Isa malee gabbaramaan haqaqaa hin jiru.”** Rabbitiin subhaanahu wa ta’alaa ergamtoota erguun, “Gabbaramaa Tokkicha gabbaraa, Rabbitiin malee haqaan gabbaramaan biraaj hin jiru.” jechuun isaan ajaje. Gabbarrii fi ajajamu Isa qofaaf akka qulqulleessan, jaalala, garmalee ol guddisuu, gadi jechuu fi kadhaa Isa qofaaf akka godhan ajajaman. Garuu isaan ajaja Rabbii dugda duubatti darbuun Isa waliin wanna biraaj gabbaru. Isa qofaaf gadi jechuu fi ajajamu dhiisanii qeeystaa, paappasota fi molokseef gadi of qabu, isaaniif ajajamu. **“Wanta isaan itti qindeessan irraa Inni qulqullaa’e.”** Wanna isaan Isa waliin gabbaranii fi kabajaaf guddinna Isaatiif wanna hin malle kan isaan jedhan irraa Inni qulqullaa’e. “Rabbitiin ilma qaba” jedhan. Rabbitiin kana hundarraa qulqullaa’e olta’e.

Wanti asirraa hubannu, hayyootaa fi hoggantoota beekumsaa fi ragaa malee hordofuu dhiisudha. Hayyooni fi hoggantoonni wanna tokko haraama ykn halaala yoo jedhan, “ragaa keessan fidadhaa” isaaniin jechuudha. Ragaan isaan fidan Qur'aanaa fi Sunnah irratti yoo hundaa’e, suni waa tole, wanna isaan jedhan fudhachuudha. Garuu yoo ragaa hin qabaatinii fi wanti isaan jedhan Qur'aanaa fi Sunnah kan faallessu yoo ta’ee, “achumatti” isaanin jechuun irraa fagaachudha.

¹²⁰ [Tafsiiru Xabari](#) -11/417-418

Ta'uu baannan, ragaa fi beekumsa malee isaaniif ajajamuun akka namoota armaan olii taana. Rabbiin kanarrraa nu haa tiiksu.

Sababoota rizqii argachuuf nama gargaaran

Jirenya keessatti namni hunduu rizqii argachuuf halkanii guyyaa battisa. Eeti rizqii kan kennu Rabbii olta'aadha. Garuu kennaan Isaa kuni fedhii, ogummaa Isaatii fi sababootaan kan walitti hidhameedha. Akkuma yeroo darbe jenne sababa jechuun wanta tokko argachuuf karaa hordofaniidha. Akkuma barataan qabxii gaarii galmeessuuf qo'achuu qabu, namnis rizqii gaarii argachuuf sababa rizqiin ittiin argamu hojjachuu qabaa miti ree? Mee sababoota rizqii argachuuf nama gargaaran muraasa isaanii haa tarreessinu:

1-Iimaanaa fi taqwaa- Kunniin lamaan sababa bu'uuraa rizqii gaarii itti argataniidha. Akkuma yeroo darbe jenne, rizqiin soorataa fi maallaqa qofaa osoo hin ta'in beekumsa, hojii gaggaarii fi qananii Jannataa of keessatti hammata. Tarii namni sooranni fi maallaqni isaa xiqqaa ta'uu danda'a. Garuu beekumsa fi hojii gaggaarii baay'ee qaba. Sababa kanaan, qalbii keessatti tasgabbi argata. Akkasumas, namoonni qabeenya baay'ee, beekumsa fi hojii gaggaarii qaban ni jiru. Gabaabumatti rizqii irraa qabeenya halaalaa, beekumsa fi qananii Guyyaa Qiyaamaa argachuuf iimaanni fi taqwaan hundeedha. Akka lugaatti "**iimaana**" jechuun "**amanuu**" ykn "**dhugoomsu**" dha. Akka shari'aatti immoo Iimaana jechuun fedhii ofiitiin qalbiidhaan dhugaan amanuu, ergasii arrabaan dubbachuu fi hojii namarraa barbaadamu hojjachuudha.¹²¹

Yeroo baay'ee taqwaan gara Afaan Oromootti yommuu hiikkamu "Rabbiin sodaachu" dha. Jechi taqwaa jedhu jecha wiqaaya jedhu irraa kan fudhatameedha. Wiqaaya jechuun eeggumsa (protection). Kanaafu, taqwaa jechuun wanta Rabbiin itti nama ajaje hojjachuu fi wanta Inni dhoowwe dhiisun adabbii Isaatirraa of eegu jechuudha.¹²²

Dhugumatti, dhugaan amanani wanta itti ajajaman hojjachuu fi wanta irraa dhoowwaman dhiisun balbala rizqii namaaf bana. Takkaa rizqii irraa balbala beekumsa fi hojii gaarii qalbiin itti tasgabbootu takkaa immoo balbala qabeenya waan gaarii ittiin hojjatan namaaf bana. Rizqiin guddaan kana caalu immoo sababa iimaana fi taqwaatin Guyyaa Murtii balbaloonni Jannataa namaaf banamuudha. Mee Qur'aana irraa iimaanni fi taqwaan sababoota balballii rizqii namaaf itti banamaan ta'uu haa ilaallu:

¹²¹ [Al-Imaanu haqiqatuh, khawaarimuh, nawaqiduh inda ahli sunnati wal jama'a](#)-fuula 69 fi 76, Abdullah bin Abdulhamid Al-Asarii

¹²² Sharif aqiidatu Tadmuriyyah- fuula 505, Sheykh Muhammad ibn Saalih Useymiin, Commentary on the Forty Hadith of Al-Nawawi Vol 2, fuula 900, Jamaal Zarabozo

﴿وَمَنْ يَتَّقِ اللَّهَ يَجْعَلُ لَهُ وَخْرَجًا ﴾ وَيَرُزُقُهُ مِنْ حَيْثُ لَا يَحْتَسِبُ وَمَنْ يَتَوَكَّلُ عَلَى اللَّهِ فَهُوَ حَسْبُهُ وَإِنَّ اللَّهَ بَلِغُ أَمْرِهِ قَدْ جَعَلَ اللَّهُ لِكُلِّ شَيْءٍ قَدْرًا ﴾

“Namni Rabbiin sodaatu, Inni karaa bahiinsaa isaaf godha. Bakka inni hin yaannee irraa rizqii isaaf kenna. Namni Rabbiin irratti hirkate, Inni isaaf gahaadha. Dhugumatti, Rabbiin ajaja Isaa bakkaan gahaadha. Dhugumatti Rabbiin waan hundaafu safara taasisee jira.” Suuratu Ax-Xalaaq 65:2-3

Namni wanta Rabbiin itti ajaje hojjachuu fi wanta Inni dhoowwe dhiisun Isa sodaate, addunyaa fi Aakhiratti rakkinnaa fi dhifhinna keessaa akka bahuuf karaa bahiinsaa isaaf godha. Namni Rabbiin sodaatu karaa bahiinsa yommuu argatu, namni Rabbiin hin sodaanne immoo rakkinnaa fi dhifhinna keessaa bahu hin dandeenyetti kufa. Rabbiin waan hin sodaanneef karaa bahiinsa dhaba.

Ammas nama Isa sodaatu, Rabbiin gara inni hin yaannee fi hin beekne irraa rizqii isaaf kenna. Sababoota rizqii ittiin argatu isaaf laaffisa.¹²³

“Namni Rabbiin irratti hirkate, Inni isaaf gahaadha.” Kana jechuun dhimma amantii fi addunyaa isaa keessatti wanta isa fayyadu argachuu fi wanta isa miidhu ofirraa ittisuuf namni Rabbiin irratti hirkatee fi kana laaffisu keessatti Isa amane, Rabbiin isaaf gahaadha.¹²⁴ **“Dhugumatti, Rabbiin ajaja Isaa bakkaan gahaadha.”** Kana jechuun Rabbiin wanta fedhe hojii irra ni oolcha. Murtii fi ajajni Isaa ni raawwatama.¹²⁵

“Dhugumatti Rabbiin waan hundaafu safara taasisee jira.” Kana jechuun Rabbiin waan hundaaf yeroo fi hamma murtaa’aa taasisee jira. Yeroo wanti tokko itti raawwatamu fi xumuramu dursee murteesse jira. Yeroo isaatirraa duubattis hin harkifatu, gara fuunduraattis hin darbu.¹²⁶ Akkasumas, hammi wanti tokkoo kan murtaa’edha. Rakkoo fi mijaa’inni yeroo itti xumuramu qabu.

Akkuma ibsa armaan olii irraa ilaallutti, Rabbiin sodaachun (taqwaan), karaa bahiinsaa fi rizqii akka argatan sababa guddaa namaaf ta’a. Tarii namni yeroo barbaadetti, karaa bahiinsaa fi rizqii dhabuu danda’a. Aaya armaan olii yommuu

¹²³ Tafsiiru Xabarii-23/42

¹²⁴ Tafsiiru Sa’dii 1026

¹²⁵ Zaadul Masiir-1445, Tafsiiru Xabarii- 23/47

¹²⁶ Tafsiiru Sa’dii 1026, Zaadul Masiir-1445

ilaallu dhumarratti akkana jechuun nama tasgabbeessa: “**Dhugumatti, Rabbiin ajaja Isaa bakkaan gahaadha. Dhugumatti Rabbiin waan hundaafu safara taasisee jira.**” Akka waan nama Rabbiin sodaatu kan rakkoo keessa jiruun akkana jedhameeti, “Rabbitiin wanta murteesee fi fedhe bakkaan ni gaha. Wanta fedhe hundaa bakkaan gahuuf yeroo murteesesse jira. Kanaafu, yaa nama rakkoo keessa jiru! Rabbitiin sodaachu itti fufi, karaan bahiinsaa fi rizqiin kee yeroo isaa eeggatee ni dhufa. Rabbitiin waan hundaafu yeroo fi hamma murtaa’aa kaa’e jira waan ta’eef. Kanaafu, hin jarjarin, obsi.”

Ammas, mee iimaanaa fi taqwaan sababa rizqii ta’uu haa ilaallu:

﴿وَلَوْ أَنَّ أَهْلَ الْقُرْبَىٰ ءَامَنُوا وَأَتَقَوْا لَفَتَحْنَا عَلَيْهِمْ بَرَكَاتٍ مِّنْ سَمَاءٍ وَالْأَرْضِ وَلَكِنْ كَذَّبُوا فَأَخَذْنَاهُمْ بِمَا كَانُوا يَكْسِبُونَ﴾

“Osoo warri magaalotaa amananii fi Rabbitiin sodaatanii, silaa samii fi dachii irraa barakaa isaan irratti bannaa turre. Garuu isaan ni kijibsiisan, kanaafu wanta hojjataa turaniif isaan qabne.” Suuratu Al-A’araaf 7:96

“Magaalota” danuu (hedduminna) “magaalaa”ti. Magaalaan (katamaan) haa guddattus haa xiqlaattus iddo namoonni walitti qabamanii jiraataniidha. Akkasumas, magaalaatti baadiyaanis ni dabalam. Yeroo baay’ee warri baadiyya siyaasaa fi bulchiinsaaf magaalaan walitti waan hidhamaniif.

“Osoo warri magaalotaa amananii fi Rabbitiin sodaatanii” Kuni ulaagaa wantoota lama irraa ijarrameedha. 1ffaa-Bu’uuraalee iimaanaa Rabbitiin itti ajajeetti haala sirrii ta’een amanuu. 2ffaa-wanta Rabbitiin itti ajaje hojjachuu fi wanta Inni dhoowwe dhisun adabbii Isaa irraa of eegu (Taqwaa).¹²⁷

Osoo warri magaalotaa ulaagaalee lamaan kanniin guutanii, “**silaa samii fi dachii irraa barakaa isaan irratti bannaa turre.**” Kana jechuun samii irraa rooba isaaniif roobsina, rooba kanaanis dachii keessaa biqiltoota isaaniif biqilchina, hoongee fi gogiinsa isaan irraa kaafna. Kuni barakaa samii fi dachii irraayyi.¹²⁸ Barakaa jechuun kheeyri irraa daballii fi baay’inna.

¹²⁷ Ma’ariju tafakkuri wa daqaa’iqu tadabbur-4/438

¹²⁸ Tafsiiru Xabarii-10/333

“Garuu isaan ni kijibsiisan” Kana jechuun garuu isaan ulaagaa barbaadamu iimaanaa fi taqwaa qabaachun hin mirkaneessine. Kanaafu, samii fi dachii irraa barakaan osoo addaan hin citin haala itti fufaa ta’een isaaniif hin banamne. Ergamtoota Gooftaa isaaniitii fi wanta Ergamtoonni isaanitti fidan ni kijibsiisan, qalbii isaanitiin hin amanne, wanta itti ajajaman hin hojjanne, wanta irraa dhoowwamanis hin dhiifne. **“kanaafu wanta hojjataa turaniif isaan qabne.”** Sababa hojii badaa hojjataa turaniiif adabbiin, balaa fi barakaa dhabamsiisuun isaan qabne.¹²⁹

Kanaafu, haala sirrii ta’een amanuu fi taqwaa qabaachun balballi rizqii akka namaaf banamu sababa guddaa ta’aa. Namni haala sirrii ta’een amanee fi taqwaa qabaatee balballi rizqii inni barbaadu isaaf banamu yoo baate, Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa balbala rizqii garmalee guddaa ta’ee isaaf bana. Dhagahaa, balballi rizqii guddaan kuni mindaa Inni addunyaa fi Aakhiratti namaaf kennuudha. Rabbiin guddaan olta’e ni jedha:

﴿وَلَوْ أَنَّهُمْ ءَامَنُوا وَأَتَقَوْا لَمْ تُوبَةٌ مِّنْ عِنْدِ اللَّهِ خَيْرٌ لَّوْ كَانُوا يَعْلَمُونَ﴾¹³⁰

“Osoo amananii fi Rabbiin sodaatanii, silaa mindaan isaan Rabbiin biraat argatan akkaan caalaa ture. Osoo kan beekan ta’anii.” Suuratu Al-Baqara 2:103

Addunyaa gabaabdu tana argachuuf namoonni badii hojjatan osoo amananii fi wanta Rabbiin itti ajaje hojjachuu fi wanta Inni dhoowwe dhiisun Isa sodaatanii, mindaan Rabbiin isaaniif kenu badii isaan hojjatanii fi qabeenya isarrraa argatan irra caaladha. Qabeenyi isaan argatan kan baduudha. Mindaan Isaa immoo yeroo hundaa turaadha. Mindaan Rabbiin isaaniif kenu baay’ee guddaa fi gaarii ta’uu osoo beekanii, silaa ni amanuu fi taqwaa qabaatu turan.¹³⁰ Mindaan kuni kan mul’atu fi hin mul’anne ta’uu danda’a. Qalbiin tasgabbii argachuun mindaa guddaadha. Aakhiratti Jannata seenun mindaa hundarra guddaa namni argatuudha.

2-Sadaqa- Sadaqaan sababa guddaa balballi rizqii ittiin banamuudha. Sadaqaa jechuun Rabbiitti dhiyaachuuf qabeenya, nyaata, uffata fi kkf irraa wanta hiyyeessaa fi nama rakkateef kennamuudha. Al-Jazaa’u min jiinsil amal (Mindaan gosa hojiit) jedhama. Namni rakkinnha namaaf laaffise, isaafis haalli ni laaffata ykn ni salphata.

¹²⁹ Ma’ariju tafakkuri wa daqaa’iqu tadabburi-4/440, Tafsiiru Sa’dii-336

¹³⁰ Tafsiiru Xabarii-2/371, Tafsiiru Qur’aanil Kariim- suuratu Al-Baqarah 1/336, Muhammad bin Salih Useymiin

Sadaqaan rakkoo namaa waan laaffisuuf, namni sadaqaa kenu haalli jireenyaa isaaf laafa. Kanaafi, Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿إِنَّ سَعْيَكُمْ لَشَّقٌ ﴾۝ فَأَمَّا مَنْ أَعْطَىٰ وَاتَّقَىٰ ۝ وَصَدَّقَ بِالْحُسْنَىٰ ۝ ﴾۷﴾
﴿فَسَنُبَيِّسُرُهُ وَلِلْيُسْرَىٰ﴾

“Dhugumatti, dalagaan keessan adda adda. Namni kennatee Rabbiin sodaatee fi Al-Husnaa dhugoomse, karaa laaftu isaaf ni laaffisna.” Suuratu Al-Layl 92:4-7

Yaa namoota carraaqqi fi hojiin keessan hamma, kakka'umsaa fi kaayyoo keessan irratti hundaa'e garagara. Kaayyoon itti carraaqxaniif Fuulaa Rabbii olta'aa yeroo hundaa turaa ta'eef moo kaayyoo baduu fi turtii hin qabneef? Kaayyoon itti carraaqxanii fi hojii itti hojjattaniif Jaalala Rabbii olta'aa argachuu fi Guyyaa Murtii mindaa guddaan milkaa'uuf yoo ta'e, carraaqquin keessan ni tura, isiniis itti fayyadamtu. Kaayyoon itti carraaqxaniif Jaalala Rabbii argachuuf osoo hin ta'in addunyaa tanaa fi faaya ishii argachuuf qofa yoo ta'e, yeroma addunyaa fi faayni ishii badu carraaqquin keessanis ni badaa. Kanaafu, namni akkanaa Guyyaa murtii carraaqqi isaatti hin fayyadamu. Rabbiin subhaanahu itti aanse, hojjattootaa fi hojii isaanii ni ibse:

“Namni kennatee Rabbiin sodaate” kana jechuun namni Fuulaa Gooftaa isaa olta'aa ta'e barbaadun qabeenya irraa kennaa kennee fi dhimma isaa hunda keessatti Rabbiin sodaate, akkasumas, **“Al-Husnaa dhugoomse”** kana jechuun “Laa ilaah illallah”, wanta amantiin guutun of keessatti qabattee fi mindaa Aakhiratti argamu dhugaan itti amane, **“karaa laaftu isaaf ni laaffisna”** Kana jechuun dhimma isaa isaaf laaffifna, kheeyri hundaa salphaa isaaf taasifna, sharrii hundaa akka dhiisii salphaa isaaf goona. Sababni isaas, sababoota laafinnatti nama geessan waan hojjateef, Rabbiinis isaaf laaffisa.¹³¹

Al-Husnaa jechuun garmalee gaarii kan ta'ee fi gaarummaan hunda kan caaludha. Dhugumatti, jechi Laa ilaah illallah fi wanti of keessatti qabatte, wanta hundarra gaarii ta'eedha. Akkasumas, mindaan Aakhirah gaarummaan isaa fiixee ol'aanaa

¹³¹ Tafsiiru Sa'dii-1094, Ma'aariju tafakkuri...-1/494, Tafsiiru Ibn Kasiir 7/583

irra kan gaheedha. Namni qalbiin kanatti amanee sadaqaa kenne, Rabbiin karaa laaftu isaaf laaffisa.

Gabaabumatti, namni dhugaan amanuun, wanta itti ajajamee hojjachuu fi wanta irraa dhoorgame dhiisun wanta qaburraa sadaqaa yoo kennate, haalli jirenyaa isaaf laafa. Karaan rizqii itti argatu isaaf salphata.

3-Hanga danda'an carraaquu fi tooftaa sirriitti fayyadamu- Sammuun, harkaa fi lukaanis rizqii argachuuf carraaqun ni barbaachisa. Tooftaalee rizqii itti argatan barachuun barbaachisaadha. Jirenya keessatti wanti hundu "Na bari. Karaan ati na bira geessu beekumsa yoo baratteedha." jedha. Kanaafu wanta barbaadan argachuuf waa'ee sanii ilaachise beekumsa barachuu fi shaakaluun karaa isatti nama geessu laaffisa.

Guduunfaa

→ Sababonni rizqii gaarii akka argatan nama taasisan baay'eedha. Isaan keessaa hundee fi bu'uura kan ta'an:

1-Iimaana fi taqwaa- Akka lugaatti iimaana jechuun amanuu ykn dhugoomsudha. Taqwaa jechuun wanta itti ajajaman hojjachuu fi wanta irraa dhoowwaman dhiisun adabbii Rabbii irraa of eegudha. Yeroo baay'ee taqwaan gara Afaan Oromootti yommuu hiikkamu "Rabbiin sodaachu" dha. Eeti, namni Rabbiin sodaatu, wanta itti ajajame ni hojjata, wanta irraa dhoowwame immoo ni dhiisa. Akkasi miti ree?

→ Namni dhugaan hundeewwan iimaanatti amanuun wanta itti ajajame hojjatee fi wanta irraa dhoowwame dhiise, balballi rizqii isaaf banama. Balballi rizqii, qabeenya halaalaa, beekumsa, qananii Jannataa of keessatti hammata. Namni hin amannee fi taqwaa hin qabne addunyaa tana keessatti qabeenya baay'ee osoo argateeyyu, Aakhiratti rizqii guddaa dhaba. Innis qananii Jannataati. Kaafirri gonkuma Jannataa hin seenu. Faallaa kanaa, namni dhugaan amanee fi taqwaa qabu osoo addunyaa tana keessatti qabeenya baay'ee dhabeeyyu, Aakhiratti rizqii bal'aa argata.

2-Sadaqaa- namni Fuula Rabbii olta'aa barbaadun sadaqaa kenu, haalli jirenyaa ni laafaf.

3-Hanga danda'an carraaquu fi tooftaa sirriitti fayyadamu

Al-Ahad, Al-Waahid

Namoonni jirenya isaanii keessatti waa baay'ee beekuf ni carraaq. Beekumsa dharra'an keessaa tokko waa'ee Gooftaa isaanii ilaachisee beekudha. "Gooftaan isaanii fi addunyaa guutuu uume, tokko moo lama moo sadii moo ykn sani olii?" Jechuun of gaafatu. Waa'ee Gooftaa isaa ilaachisee namni dhuma sirrii irra gahuuf qajeelcha isa barbaachisa. Qajeelcha malee cal'iseetumaan sammuu ofiitiin qofa yoo abuuree, deebii gahaa fi quubsa hin argatu. Kana irra, gaafiileen baay'een isatti dabalamuun dhama'a. Qajeelchi sirriin waa'ee Gooftaa addunyaa itti beekan, qajeelcha Isarraa dhufeedha. Kutaa darbee irraa itti fufuun qajeelcha Rabbii aalamaa irraa dhufe irratti hundoofne har'as maqaalee Isaa ni ilaalla.

A-Hiika Al-Ahad, Al-Waahid

Akka lugaatti **Al-Ahad-Tokkicha, Al-Waahid-Tokko**

Al-Waahid fi Al-Ahad hiika "tokkichummaa" haa agarsiisanii malee al-Ahad caalatti Tokkichummaa agarsiisa. Al-Ahad Rabbii qofaaf kan ta'uudha. Rabbii olta'aan ala eenyullee Al-Ahadin hin ibsamu.¹³²

Al-Waahid, Al-Ahad –amaloota guutuu, babbareedaa fi gurguddoo ta'an hundaan Tokkicha kan ta'eedha. Inni Zaata Isaatiin Tokkicha fakkaataa hin qabneedha, Sifaata Isaatiin Tokkicha fakkeenyi Isaaf hin jirreedha, Hojii Isaa keessatti Tokkicha hirmaataa fi gargaaraa hin qabneedha. Gabbaramu keessatti Inni Tokkicha dorgomaan Isaaf hin jirreedha.¹³³

Rabbiin azza wa jalla Tokkicha yommuu jennu Inni Tokkicha homaa hin fakkaanneedha. Zaata Isaatin Tokkicha, homtu Isa hin fakkaatu. Jecha biraatin, Inni Tokkicha fakkaataa hin qabneedha. Zaatni Isaa homaanu wal hin fakkaatu. "**Wanti Isa fakkaatu tokkollee hin jiru. Inni Dhagahaa, Argaadha.**" (Suuratu Ash-Shuura 42:11)

Akkasumas, sifaanni (amalooni) Isaa homaaniyyu wal hin fakkaatan. Beekumsi, dandeettin, jabeenyi, arguun, dhagayuun amaloota Isaati. Amalooni kunni amaloota uumamtootaatin gonkumaa wal hin fakkaatan. Kanaafi, Rabbiin Zaataa fi Sifaata Isaatiin Tokkicha waan ta'eef ilma hin godhanne. Ilmi abbaa fakkaata. Kanaafu, Rabbiin ilma qaba ykn shariika qaba jedhanii dubbachuun, "Rabbiin Tokkichaa miti, fakkaataa qaba" jedhanii dubbachuudha. Rabbiin subhaanahu wa

¹³² In The Company of God fuula-179, Salman Awda, Walillahi asmaa'u'l Husnaa fad'uuhu bihaa-lakk.3,4; AbdulAziz bin Naasir Jaliil

¹³³ Fiqhu al-Asmaa'i'l Husnaa-107, Abdurazzaaq Badri

ta'aalaa kanarrraa qulqullaa'e olta'e. Inni Tokkicha fakkaata homaatu hin qabneedha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿ قُلْ هُوَ اللَّهُ أَحَدٌ ۖ إِنَّ اللَّهَ الصَّمَدُ ۖ لَمْ يَلِدْ وَلَمْ يُوْلَدْ ۖ وَلَمْ يَكُنْ لَّهُ كُفُواً أَحَدٌ ۚ ﴾

“Jedhi “Inni Allaah dha, Tokkicha”

Rabbii Of danda'aa hirkoo waa hundaati.

Hin dhalle hin dhalannes.

Qixxaatan (fakkaatan) tokkollee Isaaf hin jiru.” Suuratu Al-Ikhlaas 112:1-4

Ammas Tokkichummaa Rabbii olta'aa yommuu dubbannu, Inni Gootummaa Isaa keessatti Tokkicha akka ta'e mirkaneessaa jirra. Gootummaan hojii Isaatiin wal qabata. Dachii fi samii, wantoota isaan lamaan keessa jiran hunda kan uumee Rabbi Tokkicha. Samii irraa bishaan kan buusuu fi biqiltoota biqilchuu Isa Tokkicha. Hojii Isaa keessatti Isa waliin kan hirmaatu hin jiru. Inni hojii Isaa keessatti Tokkicha homaa hin fakkaanneedha. Uumamtooni wanta tokko hojjachuu yoo barbaadan, meeshaa fayyadamu, hojii sanitti ni dadhabu. Rabbiin subhaanahu, kana hundarrraa qulqulluudha. Wanttokko hojjachuu yoo fedhe, “Ta'i” jedhaan. Wanti sunis yoosu ta'ee argama. Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿ بَدِيعُ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ ۚ وَإِذَا قَضَىٰ أَمْرًا فَإِنَّمَا يَقُولُ لَهُوَ كُنْ فَيَكُونُ ۚ ﴾

“[Rabbit] Argamsiisaa samiiwanii fi dachiiti. Yeroo dhimma wayii murteesse, wanti Inni isaan jedhu, “Argami (ta'i)” qofa; yeroma san argama (ta'a).” Suuratu Al-Baqara 2:117

Kana jechuun samii torbanii fi dachii dhabama irraa Kan argamsiise Rabbii Olta'aadha. Wanttokko akka argamu yoo murteesse, “ta'i” jedhaan. Wanti sunis yoosu ta'ee argama.

Ammas, Rabbit Tokkicha yommuu jennu, dhugaan gabbaramu kan qabu Isa Tokkicha. Samii fi dachii keessatti Guddinna Isaatiif kan gadi jedhan, garmalee jaallatanii fi waan hundaa irraa kadhatan Rabbii tokkicha. Isa Tokkicha malee gabbaramaan haqaa hin jiru. Qur'aana keessatti:

﴿ قُلْ إِنَّمَا هُوَ إِلَهٌ وَاحِدٌ ۖ وَإِنَّمِي بَرِئٌ مِّمَّا تُشْرِكُونَ ۚ ﴾

Jedhi, “Inni Gabbaramaa Tokko qofa. Dhugumatti ani wanta isin [Isa waliin] gabbartan irraa qulqulluudha.” Suuratu Al-An'aam 6:19

﴿ وَقَالَ اللَّهُ لَا تَتَّخِذُوا إِلَهَيْنِ أُثْنَيْنِ إِنَّمَا هُوَ إِلَهٌ وَاحِدٌ فَإِيَّى فَارْهَبُونِ ﴾

“Rabbiinis, ‘gabbaramoota lama hin godhatinaa. Dhugumatti, Inni Gabbaramaa tokko qofa. Anuma qofa sodaadhaa.’ jedhe.” (Suurah An-Nahl 16:51)

Rabbiin Tokkicha fakkaataa hin qabneedha. Isa waliin waan biraan gabbaruun gabbaramaa (gooftaa) lama hin godhatinaa. Inni Gooftaa Tokko qofa. Kanaafu, Isa sodaadhaa. Kana jechuun osoo Isatti homaa hin shaarrakin (hin qindeessin) wanta Inni ajaje hojjadhaa, wanta Inni dhoowwe irraa fagaadhaa. Namni Rabbiin waliin waan biraan gabbaruu fi kadhatu shirkii hojjatee jira.

Maqaaleen lamaan kunniin osoo hirmaataan tokkollee Isa waliin hin hirmaatin guutummaa hundaan Rabbiin Tokkicha ta’uu ibsu. Dirqamni gabroota irra jiru, amantiin, dubbii fi hojiin Isa tokkichoomsudha. Wantoota maqaaleen kunniin agarsiisan tuqaalee armaan gadi jalatti guduunfun ni danda’ama:¹³⁴

﴿ لَيْسَ كَمِثْلِهِ شَيْءٌ وَهُوَ السَّمِيعُ الْبَصِيرُ ﴾

“Wanti Isa fakkaatu tokkollee hin jiru. Inni Dhagahaa, Argaadha.” (Suuratu Ash-Shuura 42:11)

2-Takyiif (akkaataa ibsuun) baaxila ta’uu- takyiif jechuun sifaanni Rabbii akkam akka ta’an beekuuf namni sammuu ofiitiin itti xinxalluuf yaaludha. Jecha biraatin, sifaanni Rabbiiakkana akkana jiru jedhanii ibsuudha. Kuni gonkumaa waan hin danda’amneedha. Sababni isaas, Rabbiin sifaataa (amaloota) guutuu ta’aniin Tokkicha kan ta’eedha. Amalooni Isaa amaloota wanta biraatin wal hin fakkaatan. Kanaafu, akkamitti sammuu haqiqaa amaloota Gooftaa Tokkicha fakkaataa hin qabne beeku danda’aa? Kana irra, wanta sammuu keessa qaxxaamuru hundarra Rabbiin subhaanahu garmalee guddaa fi olta’adha.

3-Amalooni guutuu gara kamiiniyyuu hanqinni keessa hin jirre Rabbii guddaa qofaaf waan ta’aniif, amaloota guutuu hunda Isaaf mirkaneessuun barbaachisaadha.

¹³⁴ Madda olii-fuula 108-110

4-Hanqinna hundarrraa Rabbii olta'aa qulqulleessu- hanqinni uumamtootaaf kan ta'uudha. Al-Ahad (Tokkichi) immoo guutummaa fi guddinnaan adda kan ta'eedha. Kana keessatti fakkaataa hin qabu. Rabbiin subhaanahu yommuu ilma irraa of qulqulleessu akkana jedha:

﴿سُبْحَنَهُ وَ هُوَ اللَّهُ الْوَاحِدُ الْقَهَّارُ﴾

“Inni qulqulla'e! Inni Allaah Tokkicha Injifataa ta'eedha.” Suuratu Az-Zumar 39:4

Rabbitiin subhaanahu wa ta'aala Tokkicha wantoota hundarrraa adda erga ta'e, ilmi ykn shariikni gonkumaa Isaaf hin malu. Sababni isaas, ilma ykn shariika qabaachun Tokkichummaa Isaa faallessa.

5-Ibaadaa fi amantii Isaaf qulqulleessuun Isa tokkichoomsu- Kan wantoota hundaa uumu, razzaquu, kenu fi dhoowwatu, kan gadi buusu fi olkaasu, kan ajjeesu fi jiraachisu Isa Tokkicha erga ta'ee, ibaadadhaan Isa tokkichoomsun namarra jira.

6-Mushrikootaa fi kaafiroota kabaja Isaaf malu hin kabajnee irratti deebii deebisu-maqaan Al-Wahid, Al-Ahad jedhu kijiba mushrikoonni fi kaafironni Rabbii olta'aa irratti uumaniiif deebii ni deebisa. Mushrikoonni Rabbitiin waliin waan biraagabbaran, Rabbitiif shariika godhan. Kuni gochaa fi yaada hundarra kijiba ta'eedha. Sababni isaas, Rabbitiin Al-Ahad (Tokkicha) shariika hin qabneedha. Kiristaanoni Gooftaan ilma qaba ykn Gooftaa waliin wanti biraagooftaa ta'u ni jira (walad, manfas quddus) jechuun yaadan. Kunis kijiba guddaa ifa baheedha. Sababni isaas, Rabbitiin Al-Ahad (Tokkicha) waan ta'eef ilmaa fi shariika hin qabu. Wanti Isa fakkaatu tokkollee hin jiru. Rabbitiin jalla wa'alaa ni jedha:

﴿لَقَدْ كَفَرَ الَّذِينَ قَالُوا إِنَّ اللَّهَ ثَالِثُ ثَلَاثَةٍ وَمَا مِنْ إِلَهٍ إِلَّا إِلَهٌ وَاحِدٌ وَإِنْ لَمْ يَنْتَهُوا عَمَّا يَقُولُونَ لَيَمْسَنَ الَّذِينَ كَفَرُوا مِنْهُمْ عَذَابُ أَلِيمٍ﴾ ٧٣

“Isaannan ‘Rabbitiin sadaffaa sadeeniti’ jedhan dhugumatti kafaranii jiru. Gabbaramaa Tokkicha malee haqaan gabbaramaan biraagin jiru. Yoo waan jedhan kanarrraa hin dhoorgamin, dhugumatti isaan irraa warra kafaran adabbiil laaleessaatu tuqa.” Suuratu al-Maa’ida 5:73

Kuni Kiristaanota Rabbitiin sadaffaa sadeeniti ykn sillaasee jedhaniif deebii kennameedha. Ab, wald, manfas quddus gooftaa ta'u jechuun yaada dogongoraa fi fokkuu Rabbiti Tokkicha fakkaataa hin qabne irratti odeessu. Rabbitiin Tokkicha fakkaataa hin qabneedha. Akkamitti fakkaataan Isaan wal-qixxaatu Isaaf ta'aa? Dhugumatti isaan gooftaan sadii walitti dhufuun gooftaa tokko ta'e ykn sillaaase jedhan haqaan kafaranii jiru. Kana jechuun Rabbitti dhugaan hin amanne.

Tokkichummaa Isaa kijbsiisanii jiru. Rabbiin Tokkicha fakkaataa hin qabne ta'ee osoo jiru akkamitti fakkaataa Isaaf gochuun sadii jedhuu? Akkamitti Uumaan uumamtootaan wal fakkaataa?

“Gabbaramaa Tokkicha malee haqaan gabbaramaan biraan hin jiru.” Gooftaan haqaan gabbaramu Rabbii Tokkicha malee kan biraan hin jiru. Gooftaa tokko caalaa gooftaan baay'een jiraachun hin danda'amu. Rabbiin jalla wa'alaa ni jedha:

﴿لَوْ كَانَ فِيهِمَا عَالِهَةٌ إِلَّا اللَّهُ لَفَسَدَتَا فَسُبْحَنَ اللَّهِ رَبِّ الْعَرْشِ عَمَّا يَصِفُونَ﴾

“Osoo isaan lamaan keessa Rabbiin ala gabbarattonni biroo jiraatanii, silaa isaan lamaanu ni baduu turan. Rabbiin Gooftaa Arshii ta'ee wanta isaan jedhan irraa qulqulla'a'e.” Suuratu Al-Anbiyah 21:22

Kana jechuun osoo samii fi dachii keessatti Rabbiin ala gooftoleen gabbaraman jiraatanii, silaa isaan lamaan ni badu turan. Sababni isaas, osoo gooftoleen gabbaraman baay'een jiraatanii, “**silaa gabbaramaan hundi waan uume fudhatee deema. Gariin isaanii garii irratti olta'uu turan.**” (Suuratu al-Mu'minuun 23:91) Osoo gooftoleen baay'een jiraatanii, silaa gooftaan hundi wanta uumeen addatti baha, ni fudhata. Ammas gabbarin hundii isaaf akka ta'uu barbaada. Ergasii isaan jidduutti lolli ni uumama. Isaan jidduutti lolli yoo uumame, gariin garii irratti olta'a. Yeroo garii kuni ol'aantummaa argata, yeroo biraan immoo suni ol'aantummaa argata. Akkuma beekkamu, kan ol'aanaa ta'ee gabbaramaan tokkichi isa ta'a. Kan gadi aanee immoo gabbaramaa ta'uun isaaf hin malu.

Mee amma ilaali, gara imalaan baanee Zeydi fi Umarin amiira (hogganaa) akka ta'an osoo muudne maaltu ta'aa? Yookiin immoo biyya tokko keessatti mummicha ministeeria lama osoo muudne maaltu ta'aa? Dhugumatti, jeequmsi ni uumama. Gooftoleen gabbaraman baay'achuun gonkumaa hin danda'amu. Osoo baay'atanii silaa addunyaani guutuun ni baddi. Kanaafi ni jedhe, “**Gabbaramaa Tokkicha malee haqaan gabbaramaan biraan hin jiru.**”¹³⁵

“Yoo waan jedhan kanarrraa hin dhoorgamin, dhugumatti isaan irraa warra kafaran adabbii laaleessaatu tuqa.” Kiristaanonne Iyyasuus Gooftaadha, Rabbiin sadaffaa sadeeniti ykn sillasee jechuu yoo hin dhiisin Aakhiratti adabbii garmalee cimaa ta'etu isaan qunnama. Garuu dubbi fokkuu kana yoo dhiisanii gara Rabbii deebi'an, Inni isaaniif araaramuun adabbii jalaa nagaha isaan baasa. Akkana jechuun isaan affeera:

¹³⁵ [Tafsirul Qur'aanil Kariim](#) Suuratu al-maa'ida 2/206, Muhammad bin Saalih Useymiin

﴿أَفَلَا يَتُوبُونَ إِلَى اللَّهِ وَيَسْتَغْفِرُونَهُ وَاللَّهُ غَفُورٌ رَّحِيمٌ﴾

“Sila gara Rabbii deebi’anii araaramaa Isa hin kadhatanii? Rabbiin Araaramaa Rahmata godhaadha.” Suuratu al-Maa’ida 5:74

B. Ibsa Aayaata muraassaa maqaa Al-Waahid, Al-Ahad of keessaa qabanii

Hiikanni “Al-Ahad-Tokkicha”, “Al-Waahid-Tokko” yommuu ta’an, maqaalee Tokkichummaa Rabbii olta’aa agarsiisaniidha. Tokkichummaan kuni gosoota tawhiidaa sadan ibsa: **1ffaa**-Zaataa fi Sifaataan Rabbiin subhaanahu tokkicha ta’u. Kana jechuun Zaataa fi sifaanni Isaa uumamtoota hundarrraa adda. Wanti zaata fi sifaata Isaatin wal fakkaatu tokkollee hin jiru. **2ffaa**-Gooftummaa (rubuubiyyah) keessatti Tokkicha ta’uu-kana jechuun samii fi dachii, wantoota isaan keessa jiran hunda kan uume, too’atu, jiraachisu fi qindeessu Rabbii Tokkicha. Gabaabumatti hojii Isaa hunda adda Ofii hojjata, eenyullee Isa waliin hin hirmaatu ykn qooda hin fudhatu. **3ffaa**-Gabbaramu (uluuhiiyah) keessatti Inni Tokkicha- Kana jechuun haqaan kan gabbaramu qabu Rabbii Tokkicha. Gabbarriin (ibaadaan) Isaaf malee homaafiyuu hin ta’u. Sababni isaas, Inni Gooftaa wantoota hundaa uume, too’atu, beeku, argu, dhagahu, wanna hundaa irratti dandeetti qabuu fi yeroo hundaa jiraataa fi turaa ta’eedha. Wantoonni Rabbii guddaan ala jiran amaloota kanniin qabuu? Wantoota hundaa uumu, too’atu, argu, beeku, dhagahuu danda’uu? Yeroo hundaa jiraachuu fi turuu danda’uu?

Namni wanna tokko kan gabbaruuf (waaqefatuuf) faaydaa irraa barbaadeti mitii? Wanti kuni faayda naaf kenna ykn miidhaa narraa deebisa jedhee wanna saniif gadi jedha ykn kadhata. Akkasi miti ree? Eeti wanna inni kadhatu fi gadi jedhuuf amaloota armaan olii qabaachu qaba. Rabbii wantoota hundaa uume, beeku, too’atu, argu, dhagayu, faaydaa namaaf fiduu fi miidhaa namarraa deebisu danda’uuf gadi jechuu fi kadhachuu wayya moo wanna amaloota kanniin hin qabneef gadi jechuu fi kadhachuu wayyaa? Nabii Yuusuf (aleyh salaam) hiriyyoota isaa mana hidhaa jiraniif yommuu waamicha godhu Qur'aanni akkana jechuun gabaase:

﴿يَصْبِحِي السِّجْنُ ءَارْبَابُ مُتَقْرِّبُونَ خَيْرٌ أَمْ اللَّهُ الْوَاحِدُ الْقَهَّارُ﴾

“Yaa hiriyyoota kiyya lamaan kan mana hidhaa! Sila goofota adda addaa baay’ee moo Rabbii Tokkicha hunda Injifataa ta’etu caalaa?” Suuratu Yuusuf 12:39

Kana jechuun uumamtoota akka taabotaa, sanamaa, namootaa, Jinnii fi kanneen biroo nama hin fayyannee fi miidhaa namarraa hin deebisne gooftaa godhachuu gabbaruu wayya moo Rabbii Tokkicha waan hundaa moo’atu gabbaruu wayyaa?

Jecha biraatin, gooftota adda addatiif gabra ta'utu siif caalaa moo Rabbii Tokkichaaf gabra ta'u siif caalaa?

Gooftotin garagaraa fedhii adda addaa waan qabaniif isaaniif gabra ta'uun olii gadi nama dhamaasa. Mee ilaali, tiiksen tokko bulchaa baay'eef gabra yoo ta'e, haallii isaa akkam ta'aa? Bulchaan hundu fedhii adda addaa waan qabuuf oli gadi isa raasa. Garuu tiiksen bulchaa tokkoof gabra ta'u wanta bulchaan suni itti ajaju hojjachuun ba'aa baay'ee ofirraa buusa. Kanaafu, tiikseen bulchaa baay'eef gabra ta'uun wayya moo bulchaa tokkoof gabra ta'uun wayyaa?

Gooftaa tokkicha wanti hundi aangoo Isaatiif gadi jedhuuf gabra ta'uun wayya moo wantoota garagaraa nama hin fayyanneef gabra ta'uun wayyaa? Rabbiin Gooftaa Tokkicha Al-Qahhaar ta'eedha. Al-Qahhaar jechuun Injifataa injifannoo Isaa homtuu daangeessu hin dandeenye, wanti hundi aangoo Isaatiif kan gadi jedheedha.¹³⁶ Addunyaa keessa homtu hin jiru aangoo Isaa jalatti kan kufu yoo ta'e malee. Argamsiisuu fi dhabamsiisuun, kennuu fi dhoowwachuuun, fayyaduu fi miidhun, sochoosu fi teesisuun wanta fedhe hojjata. Kana jechuun dachii fi samii keessatti wanta fedhe ni argamsiisa, wanta fedhe ni dhabamsiisa ykn ni ajjeesa, wanta fedhe nama fedheef ni kenna, kan fedhe immoo ni dhoowwata. Too'anna fi aangoon hundi kan Isaati. Homtu aangoo Isaa jalaa hin bahu. Yommuu du'a namarratti murteeessu, namni "lakki ani hin du'u" jechuun du'a ofirraa deebisuu jiraa?

Kanaafu, Rabbii Tokkicha Al-Qahhaar (Injifataa) ta'eef gabra ta'uun wayya moo wanta aangoo hin qabne, nama fayyadu fi miidhuu hin dandeenyef gabra ta'uun wayyaa? Deebiin isaa: Shakkii hin qabu, wanta nama hin fayyannee fi hin miine kadhachu fi of gadi qabuu irra Rabbii Tokkicha kadhachuu fi of gadi qabutu caalaa. Dubbiin erga akkana ta'e:

فَإِنَّهُمْ إِلَهٌ وَاحِدٌ فَلَهُمْ أَسْلِمُوا وَبَشِّرِ الْمُخْتَيِّنَ

"Gabbaramaan keessan Gabbaramaa Tokkicha, kanaafu Isaaf harka kennaa. Warra Isaaf of gadi qaban gammachiisi." Suuratu Al-Hajj 22:34

Yaa namoota! Gooftaan keessan kan haqaan gabbaramu Gooftaa Tokkicha. Sababni isaas, kan isin uume, samii irraa bishaan buusun isin nyaachisuu fi obaasu Rabbii

¹³⁶ Ma'aariju Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabburi-10/671, Tafsir ibn Kasir-4/513

Tokkicha qofa. Kanaafu, Isa qofaaf gadi jedhaa, hojii qulqulleessaa, ajajaa fi murtii Isaatiif harka kennaa (bulaa).

Yaa nama gara Gooftaa keetitti namoota waamu hoo! Namoota Gooftaa isaaniitiif of gadi qabanii fi ajaja Isaatiif bulan kheeyri addunyaati fi Aakhiraatin gammachiisi. Namoonni kuni addunyaa keessatti tasgabbi fi qalbii fi boqonnaa sammuu argatu. Aakhiratti immoo mindaan isaanii garmalee guddaadha. Namoonni Gooftaa isaanitiif of gadi qabanii fi of hin tuulle amaloota kanniin qabu:

الَّذِينَ إِذَا ذُكِرَ اللَّهُ وَجِلَتْ قُلُوبُهُمْ وَالصَّابِرِينَ عَلَىٰ مَا أَصَابَهُمْ

وَالْمُقِيمِي الصَّلَاةَ وَمِمَّا رَزَقْنَاهُمْ يُنفِقُونَ ﴿٢٠﴾

“Isaan warra yeroo Rabbiin dubbatame, qalbiin isaanii sodaattu, wanta isaan tuqe irratti obsitoota kan ta'an, salaata sirnaan salaatanii fi waan isaaniif kennine irraa baasaniidha.” Suuratu Al-Hajj 22:35

Isaan warra yommuu maqaalee fi sifaanni Rabbii dubbatamu, qalbiin isaanii Isa sodaattuudha. Kana irraa kan ka'e, adabbi fi dallansuu Isaa sodaachun wantoota dhoowwamoo ni dhiisan. Ammas, namoonni kunniin rakkinnaa fi balaa isaan qunnameef ni obsu. Wanta isaan tuqe kanaaf hin dallanan. Kana irra, Fuula Gooftaa isaanii barbaadu fi mindaa Isaa kajeelun ni obsu. Isaan warra salaatas ulaagaalee fi rogoota guutuun sirnaan salaataniidha. Ammas, “**waan isaaniif kennine irraa baasaniidha**” Kuni baasi dirqamaa kan akka zakaa, kaffaaraa, maatii fi firoota irratti baasu fi baasi jaallatamaa kan akka sadaqaa of keessatti hammata. Namoonni kunniin Jaalalaa fi mindaa Rabbii barbaadun qabeenya isaanii irraa zakaa ni kenu, maatii irratti baasi qisaasessun keessa hin jirre ni baasu, hiyyeeyyif sadaqaa ni kenu, karaa Rabbii keessatti ni baasu.¹³⁷

¹³⁷ Tafsiiru ibn Kasiir-5/414, Tafsiiru Sa'dii-fuula 628-629, Tafsiiru Xabarii-16/552

Namoonni kunniin warra Gooftaa Tokkichaaf gadi of qabanii fi bulaniidha. Isaa gaditti wanta biraatiif of gadi hin qaban. Sababni isaas, Rabbiin guddaan olta'ee Gooftaa samii torbanii fi dachii wantoonni hundi aangoo Isaa jalatti kufaniidha. Wantoonni Isaan ala jiran qabaa Isaa keessa jiru. Hayyama Isaatiin ala nama fayyadu fi miidhu hin danda'an. Kanaafu, wantoota kanniiniif of gadi qabuun, jaalala daangaa darbee jaallachuun fi sodaachuun hin ta'u. Rabbii al-Waahidul Qahhaar (Tokkicha Injifataa) ta'e qofaaf gadi jedhan, jaalala daangaa ol'aanaa irra gahe jaallatan, garmalee sodaatan, waan hundaa irraa kadhatan. Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿ قُلْ مَنْ رَبُّ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ قُلْ اللَّهُ قُلْ أَفَلَا تَخْذُلُهُمْ مِنْ دُونِهِ أُولَيَاءُ لَا يَمْلِكُونَ لِأَنفُسِهِمْ نَفْعًا وَلَا ضَرًّا قُلْ هُلْ يَسْتَوِي الْأَعْمَى وَالْبَصِيرُ أَمْ هُلْ تَسْتَوِي الظُّلْمَةُ وَالنُّورُ أَمْ جَعَلُوا لِلَّهِ شُرَكَاءَ خَلَقُوا كَخَلْقِهِ فَتَشَبَّهُ أَخْلُقُ عَلَيْهِمْ قُلْ اللَّهُ خَلِقُ كُلِّ شَيْءٍ وَهُوَ الْوَاحِدُ الْقَهْرُ ﴾ ١٦

Jedhi, “Gooftaan samiwwanii fi dachii eenyuu?” Jedhi, “Allah”; Jedhi, “Isaa gaditti kan nafsee ofiitifu faaydaa [fiduu] fi miidhaa [ofirraa deebisuu] hin dandeenye awliyaa'ota godhattanii?” Jedhi, “Sila jaamaa fi namni argu wal-qixa ta'uu? Yookiin dukkanaa fi ifni wal-qixa ta'uu?” Sila Rabbiif shariikota uumama akka Isaa uuman godhanii uumamni isaan irratti wal-fakkaatee? Jedhi, “Rabbitin Uumaa waa hundaati, Inni Tokkicha Injifataadha.” Suuratu Ar-Ra'ad 13:16

Warroota Rabbii gaditti wanta biraat gabbaran ykn Isa gabbaru didaniin, “Gooftaan samiwwanii fi dachii eenyuu?” jedhii gaafadhu. Kana jechuun samii torbanii fi dachii kan uumee, too'atu fi eeguu eenyudhaa? Deebii shakkiin keessa hin jirre “Rabbitidha” jechuun isaaniif deebisi. Samii, dachii fi wantoota isaan lamaan keessa jiran hunda kan uumee, too'atu, eegu, jiraachisuu Rabbii olta'aa erga ta'ee wantoota ofuyyuu fayyaduu fi miidhaa ofirraa deebisuu hin dandeenye akkamitti awliyaa'ota godhattuu? Akka lugaatti Awliyaan hiika baay'ee qaba. Kannin keessaa gargaaraa, tiksaa, jaalalloo...

Akkana jedhiin warroota Rabbii gaditti wanta biraat gabbaran, “Nama biraat dhiisi wanta mataa ofiitu fayyaduu fi miidhaa ofirraa deebisu hin dandeenye akkamitti

gargaaraa, tiksaa fi jaalalloo godhachuun gargaarsa fi eeggumsa irraa kadhattuu? Akkamitti ibaadaa (gabbarri) garagaraatiin isaanitti dhiyaattu?” Fkn, warroonni nama du'e gabbaran gara qabrii deemun gargaarsa ykn eeggumsa kadhatu. Qalma isaaf qalu, nazrii (silati) isaaf seenu. Namni du'e kuni nama biraa dhiisi ofuyyu fayyadu fi miidhaa ofirraa deebisuu hin danda'u. Kanaafu, maaliif isa kadhatanii?

Ergasii itti aansee fakkeenya nama Rabbiin qofa gabbaruu fi nama Rabbii gaditti wanta biraa gabbaru dhiyeesse. Jedhi, “**Sila jaamaa fi namni arguu wali qixa ta'uu?**” Haaluma kanaan, kaafirri haqa hin arginee fi mu'minni haqa arguu wal-qixaa? Jaamaan hanga qajeelfamutti karaa qajeelaa gahuumsaan isa gahu hin arguu. Namni ijaan argu immoo karaa qajeelaa gahuumsaan isa gahuu siritti arga. Haaluma kanaan, kaafirri karaa haqaa fi qajeelaa gahuumsa gaariin isa gahu hin argu. Mu'minni (namni dhugaan amane) immoo karaa qajeelaa fi haqaa gahuumsa gaarii (Jannata) isa geessu arguun irra deema. Kanaafu, namoonni lamaan kunniin wal-qixaa?

“**Yookiin dukkanaa fi ifni wal-qixa ta'uu?**” Kuni immoo shirkii fi iimaana. Kaafirri dukkana kufrii, shirkii fi jallinnaa keessa dhama'a. Mu'minni immoo ifa iimaanaa keessa deema.¹³⁸

“**Rabbiif shariikota uumama akka Isaa uuman godhanii uumamni isaan irratti wal-fakkaatee?**” Kana jechuun wanti isaan Rabbii gaditti gabbaran uumama akka Isaa uumanii jiruu? Wanti isaan gabbaran (waaqefatan) samii, dachii, aduu, ji'a, gaarreen, namoota, jinni fi kkf uumanii jiruu? Ergasii uumamtoonni Rabbiin uumee fi wanti gooftonni isaan gabbaran uuman isaanitti wal fakkaatee? Kana jechuun wanta Rabbiin uumee fi wanta gooftonni isaanii uuman addaan baasu dadhabanii?¹³⁹

Shakkii hin qabu, sanamni, taabonni fi wanti biroo isaan gabbaran homaa hin uumne. Garuu wanti isaan gabbaran (waaqefatan) uumama akka Rabbii uuman, hojii akka Isaa hojjatu jechuun yoo shakkan, shakkii kana ragaa ifaatin isaan irraa oofi. Ragaan kunis, “**Rabbiin Uumaa waa hundaati**”¹⁴⁰

Argamuu ykn uumamu wanta tokko keessatti filannoo sadii qofa qabna.
1ffa- Wanti tokko ofin of uumu,

¹³⁸ Tafsiiru Qurxubii-12/47, Tafsiiru Xabarrii-13/494

¹³⁹ [Tafsiirul Qur'aanil Kariim I'iraabuhu wa bayaanuhu](#)-4/704, Muhammad Aliyy Xaaha

¹⁴⁰ Tafsiiru Sa'dii-fuula 480

2ffaa- Uumaa malee akkanumatti tasa argamu.

3ffaa-Uumaan wanta san uumuu jiraachudha

Ragaa sammutiin filannoon 1ffaa fi 2ffaan yoosu kufu. Wanti duraan hin jirre gonkumaa ofiin of uumuu hin danda'u. Sababni isaas, beekumsa, dandeetti fi ogummaa ittiin of uumu hin qabu. Fkn, Dhengala'aan saalaa (ispermin) beekumsa, dandeetti fi ogummaa qabaatee ofiin of umuu danda'aa? Kana hubachuuf, namni uumamee erga dhalatee booda kutaa qaamaa tokko dabalachuu hin danda'u. **Erga dhalatee kutaa qaamaa tokko dabalachuu kan hin dandeeny, dhalachuun dura yeroo bishaan saalaa ture sanitti akkamitti ofiin qaamaa kana hunda godhachuu danda'aa?** Fakkeenyaf, namni harka lamaa fi qubbiin shan shan qaba. Qaamoleen kunniiin isaaf guuttamanii erga dhalatee booda harka sadaffaa ykn harka tokko irratti quba jahaffa dabalachuu gonkumaa hin danda'u. Erga dhalatee nama guutuu ta'ee booda harka fi quba dabalachuu kan hin dandeeny, yeroo garaa haadhaa keessatti bishaan saalaa ture san ofumaan harkaa fi quba uummachuu danda'aa? **Gabaabumatti wanti sammuu qabu kutaa qaamaa dabalachuu kan hin dandeeny, wanti sammuu hin qabne akkamitti kutaa qaamaa kana hunda ofiin godhachuu danda'aa?** Kuni hundi waan hin taanedha. Kana jechuun wanti tokko ofiin of uumuu hin danda'u.

Ammas, wanti tokko uumaa malee akkanumatti tasa argamuu hin danda'u. Sababni isaas, addunyaa keessatti sababa tokko malee akkanumatti wanti tasa argamu hin jiru. Sababa tokko malee bu'aan argamuu danda'aa? Hojjataa malee hojiin argamuu danda'aa? Namni beekes wallaales sababni duubaa akka argamu taasisu ni jira. Fkn, telefoonni guyyaa guyyaan itti fayyadamnu kan ishii hojjatu osoo hin jiraatin akkanumatti tasa argamtee?

Filannowwan lamaan kunnin erga kufanii filannoo sadaffaa waliin hafna. Innis, Uumaan wanta hundaa uumee jiraachudha. Kanaafu, ragaa ifaa shakkiin wayitu keessa hin jirre, "**Rabbiin Uumaa waa hundaati**" jechuun labsi. Rabbiin guddaan Uumaa waa hundaa erga ta'e, wantoonni kunniiin hundi uumamun dura Tokkicha kophaa tureedha. Yommuu samii, dachii fi wantoota isaan keessa jiran uumuu Tokkicha adda Ofii uumeedha. Kan Isa waliin hirmaate hin jiru. Sababni isaas, Rabbiin Uumaa waa hundaati. Wantoonni Isaan ala jiran hundi uumamtoota Inni uumeedha.

Erga wantoota kanniin hundaa uume boodas Tokkicha wantoota hundaa Injifatuudha. Wantoota hundaa Kan uumee Isa erga ta'e, wantoota uume hunda ni injifataa jechuudha. Aangoo fi too'anna Isaa jalaa hin bahan. Kanaafu, Rabbiin Tokkicha Injifataa erga ta'e kan gadi jechuu fi waan hundaa irraa kadhachuu qaban

Isa qofa. Rabbii Tokkicha Injifataa ta'e dhiisanii wanta nama hin fayyannee fi miidhaa namarraa hin deebisneef gadi jechuun, kadhachuu fi gabbaruu dhugumatti wallaalummaa fi zulmii (miidhaa) guddaadha.

Guduunfaa

﴿Al-Ahad-Tokkicha, Al-Waahid-Tokko﴾.

﴿Maqaaleen lamaan kунин Rabbiin gara hundaan Tokkicha akka ta'e ibsu. Rabbiin zaata Isaatin tokkicha. Wanti Zaata Isaa fakkaatu tokkollee hin jiru. Ammas, Sifaata Isaatiin Tokkicha, sifaanni (amaloонni) Isaa amaloota uumamtotatin wal hin fakkaatan. Wantoota hundaa kan beeku, arguu, dhagahuu, Rabbii Tokkicha. Akkaataan wantoota hundaa itti beeku, arguu fi dhagahuu, akkaata uumamtoonni itti beekan, dhagahanii fi argan irraa garagara. Sababni isaas, amaloонni Isaa amalootaa uumamtootatin wal hin fakkaatan. Inni Tokkicha amaloota gugguutuu addaa qabuudha.﴾

﴿Rabbiin subhaanahu Tokkicha fakkaataa hin qabne waan ta'eef wanta sammuu nاماа keessa qaxxaamurun gonkumaa wal hin fakkaatu.﴾

﴿Rabbiin subhaanahu Tokkicha wantoota hundaa adda Isaa uumu, soorata namaaf kenuu, rooba roobsun biqiltoota biqilchu erga ta'e, namoonni Isa qofa gabbaru qabu.﴾

﴿Osoo Rabbiin waliin gooftaan biraajiraate, silaa dachii fi samiin diddigamuun ni baduu turan. Garuu Gooftaan Tokkicha waan ta'eef samii fi dachiin tariiba isaanii qabatanii kan dhaabbataniidha. Urjileen, aduun, jiiyni fi pilaanetonni sarara (orbiiti) isaanii irraa osoo hin dabir tariibaa fi sirnaan deemu. Osoo gooftaan lama ykn sanii ol ta'e silaa tariibni kuni hin jiruu ture. Sababni isaas, gooftaan hundi wanta uumee fudhate addattin baha. Hundi isaanitu ol'aantummaa argachuuf wal lolu turan. Ergasii tariibni fi sirnii dachii fi samii diddigamee bada.﴾

Al-Awwal, Al-Aakhir, Az-Zaahir, Al-Baixin

هُوَ الْأَوَّلُ وَالْآخِرُ وَالظَّهِيرُ وَالبَاطِنُ وَهُوَ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيمٌ ﴿٤﴾

“Inni Al-Awwal, Al-Aakhir, Az-Zaahir, Al-Baixin. Inni waan hundaa beekadha.”

“He is the First [nothing is before Him] and the Last [nothing is after Him], the Most High [nothing is above Him] and the Most Near [nothing is nearer than Him]. And He is the All-Knower of every thing.” Suuratu Al-Hadiid 57:3

Aayan akka ifa taatuf “Muhsin Khan” English Translation irraa fudhatame.

Akka lugaatti awwal jechuun jalqaba (first), Aakhir jechuun booda (last), zaahir-olta’aa (most high), ifa bahaa, baixin-keessa, dhokataa

Kunniin maqaalee Rabbii olta’aa of eeggannoo guddaa barbaachisan waan ta’aniif mee gara hadiisaa fi aalimmani haa deebinu:

Al-Awwal-Wantoota hundaa kan durse, uumamtoonni argamuun dura Jiraataa Kan ta’e, homtu Isa dura yookiin Isa waliin hin turre.¹⁴¹ Yeroo hundaa jiraataa ka’ummsa hin qabne. Wantoonni Rabbiin ala jiran hundi wanta argaman, ka’ummsa qabanii fi dhabamaan booda kan argamaniidha.

Al-Aakhir-uumamtoonni erga badanii booda Kan hafuu fi turuudha.¹⁴² Yeroo hundaa jiraataa xumura hin qabneedha.

Az-Zaahir-wanta Isaa gadi jiran hundaa ol Kan ta’eedha. Wanti Isaa ol ta’e tokkollee hin jiru.¹⁴³

Hiikcaa Qur'aanaa garii keessatti maqaa kana Ingiliffaan, “Manifest” Amaariffaan, “﴿ۖۗ﴾” jechuun hiikan. Tafsiira garii keessattis akkanuma jedhee waan ibsuuf akka dogongoraatti akka hin ilaalle. Ibsi kanaa: ragaaleen sifaata (amaloota) Rabbii agarsiisan ifa kan bahaniidha. Jiraachuun Isaa aduu caalaa ifa kan baheedha.

Ammas, ragaaleen Tokkichummaa Isaa, dandeetti, beekumsaa fi ogummaa Isaa agarsiisan ifa kan bahaniidha.¹⁴⁴

“**Al-Baixin**– keessa wantoota hundaa Kan beekuudha.

‘Nama keessaa fi ala isaa yommuu beekan’ Arabiffaan ni jedhama: “Baxantu fulaan wa khabartuhu” (Ebaluun keessa isaa beeke). Rabbiin subhaanahu

¹⁴¹ https://books.islamway.net/1/3813/12117/007_9_10.pdf

¹⁴² Madda olii

¹⁴³ Tafsiir Xabarii-22/385, https://books.islamway.net/1/3813/12117/008_11_12.pdf

¹⁴⁴ Tafsiir Tahriir wa tanwiir-27/362

keessaa fi ala dhimmoota hundaa beeka.

Sheykuu Sa'dii ni jedha: maqaan "Al-Baixin" jedhu iccitii, wanta garmalee dhoksaa, garmalee xixiqoo fi haphii ta'an beeku agarsiisa. Akkasumas, haala guutuu ta'een dhiyoo ta'uu agarsiisa."¹⁴⁵

Ammas hiika Qur'aanaa garii keessatti maqaa Al-Baixin jedhu Ingiliffaan, "Hidden" Amaariffan "﴿هَوْلَأُ﴾" jechuun hiikan. Yeroo kanatti ibsi kanaa: Zaatni Rabbii subhaanahu namoota irraa dhokataadha. Addunyaa tana keessatti namoonni Rabbii olta'aa ijaan arguu hin danda'an.[10]

Maqaalee armaan olii hadiisni Ergamaa Rabbii (SAW) haala kanaan nuuf ibsa: "Yaa Rabbii! Gooftaa samiiwwanii, Gooftaa dachii, Gooftaa Arshii guddaa, Gooftaa keenyaa fi Gooftaa waan hundaa taate. Sanyii fi firii Kan baqaqsu, Tawraat, Injiili fi Furqaana (Qur'aana) Kan buuse [Sihi]. Sharrii wanta kallacha isaa Ati qabde hundarraa Siin eeggama. **Yaa Rabbii Ati Al-Awwal Si dura homtu hin turre. Ati Al-Aakhir Si booda homtu hin jiru. Ati Az-Zaahir homtu Si ol hin jiru. Ati Al-Baixin homtu Si caalaa dhiyoon hin jiru.** Ba'aa liqaa nurraa kaasi, hiyyummaa irraa nu duroomsi." Sahih Muslim 2713, Ibn Majah 3873

"Ati Al-Baixin homtu Si caalaa dhiyoon hin jiru." Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa wantoota hundatti dhiyoodha, keessa isaanii siritti Kan beekudha. Qur'aana keessatti:

وَلَقَدْ خَلَقْنَا الْإِنْسَانَ وَنَعْلَمُ مَا تُوَسِّعُ بِهِ نَفْسُهُ وَنَحْنُ أَقْرَبُ ﴿١٦﴾

إِلَيْهِ مِنْ حَبْلِ الْوَرِيدِ ﴿١٦﴾

"Dhugumatti, nama uumneerra. Waan lubbuun (nafseen) isaa itti hasaastus ni beekna. Nuti [beekumsa Keenyan] hidda dhiigaa caalaa gara isaatti dhiyoodha." Suuratu Qaaf 50:16

Rabbiin waan hundaa beekadha. Samii fi dachii keessatti wanti Isarraa dhokatu tokkollee hin jiru. xiqqas guddas, dhokataas ifa bahaas takkaan beeka.

¹⁴⁵ https://books.islamway.net/1/3813/12117/008_11_12.pdf

As-Samad

Akka lugaatti jechi “As-Samad” jedhu hiika baay’ee qaba. Hayyooni hiika armaan gadi itti kennanii jiru: Ibn Abbaas ni jedha: As-Samad jechuun haajaa fi gaafiiwan isaaniitiif kan uumamtoonni hundi itti qajeelanii fi irratti hirkataniidha.” Ammas ni jedha, “Bulchaa bulchiinsaa Isaa keessatti guutuu ta’e, Kabajamaa kabaja Isaa keessatti guutuu ta’e, Guddaa guddinnaa Isaa keessatti guutuu ta’e, obsaa obsa Isaa keessatti guutuu ta’e, Beekaa beekumsa Isaa keessatti guutuu ta’e, Ogeessa ogummaa Isaa keessatti guutuu ta’eedha.” Abu Waa’il ni jedha: As-Samad jechuun bulchaa aangoon Isaa daangaa ol’ aanaa irra gahee [fi Isaa ol bulchaan biraa kan hin jirreedha]. Ammas hiika As-Samad ilaachise akkana jedhame jira: Of danda’aa homattu hin hajamneedha. Guutuu hanqinna wayiit u hin qabneedha. Yeroo hunda turaa gonkumaa hin banneedha. Ammas akkana jedhame jira, As-Samad jechuun homtu Isa keessaa kan hin baane, kan hin nyaanne fi hin dhugneedha.¹⁴⁶

Hiika As-Samad armaan olitti kenname irraa ka’uun Rabbiin gonkumaa wanta biraatiif abbaa ta’uu hin danda’u. Akkasumas, wanta biraa irraa dhalatuu hin danda’u. Wanti dhalatu kan isa dhalu isa barbaachisa. Garuu Rabbiin of danda’aa homattu hin hajamneedha. Uumamtoonni haajaa hundaaf gara Isaatti kan qajeelaniidha. Wanti wanta biraa dhalu garaa qaba. Garaa kana keessaa wanti suni baha. Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa As-Samad waan ta’eef homtu Isa keessaa hin bahu.¹⁴⁷

¹⁴⁶ Tafsiir ibn Kasir 7/699, Tafsiiru Qurxubii 22/558-559, Tafsiiru Zaadul Masiir, fuula 1602, Ma’ariju Tafakkuri fii daqaa’iqu tadabburi 2/82

¹⁴⁷ <https://www.sammubani.com/2019/06/15/tawhiida-2/#.XiVdn8j7TIU>

Al-Haadi

Jirenyaa keessatti namni dukkanaa fi dhama'iinsa adda addaa keessatti tara. Dukkana fi hurrii jirenyaa tana keessaa bahee ifa keessa deemuuf ibsaa isa barbaachisa. Akkasi miti ree? Kanaafu, ibsaa kana eessaa argata ree? Eeti, namoonni karaa fi mala nama jalaa bade namatti himuun hanga ta'e nama qajeelchu danda'u. Garuu jirenyaa fi dhimma guutuu keessatti humna qajeelchu hin qaban. Kanaafu, eenyetu jirenyaa fi dhimma guutuu keessatti nama qajeelchu danda'a ree?

Kan jirenyaa fi dhimma guutuu keessatti nama qajeelchu danda'u, waa'ee dhimma saniitti fi haala namaa guutuu ilaachise beekumsaa fi dandeetti guutuu kan qabu ta'uu qaba. Wanti beekumsaa fi dandeenti hin qabne nama qajeelchu danda'aa? Dhugumatti qajeelchi beekumsa irratti kan hundaa'edha. Fakkeenyaf, karaa irra osoo deemtu karaa irraa yoo jallatte, namni waa'ee karaa kanaa hin beekne si qajeelchu danda'aa? Si dhamaasaa malee si hin qajeelchu. Dhimmaa fi haala guutuu namaa kan beeku Rabbii olta'aa tokkichadha. Kanaafu, dukkana, dhama'iinsaa fi hurrii jirenyaa keessaa gara ifaatti Kan nama qajeelchu fi baasu Isa qofa. Kanaaf, maqaalee gaggaarii Rabbii keessaa tokko "Al-Haadi" kan jedhuudha. Har'a maqaa kana hiika isaa waliin ni ilaalla.

A-Hiika Al-Haadi

Maqaan **Al-Haadi** (الهادى) jedhu xumura, "hadaa (هادى)" jedhu irraa kan fudhatameedha. Jecha "hadaa" jedhu kana irraa jechoonni "hudaa, hidaayah" jedhamanis horsiifamanii jiru. "Hadaa" jechuun "qajeelche" jechuudha. Jechoonni "hudaa, hidaaya" jedhaniis hiika, "qajeelcha, qajeelinna, qajeelchu (guidance)" jedhu qabu.

Kana booda "Al-Haadi" jechuun "Qajeelchaa, (Kan namoota fi uumamtoota biroo qajeelchu)" ta'a. Rabbiin subhaanahu Al-Haadi dha. Kana jechuun gabroota Isaa gara wanta isaan fayyaduutti fi wanta isaan miidhu ofirraa deebisutti isaan qajeelcha. Wantaa isaan hin beekne isaan barsiisa. Akkasumas, uumamtoota biroo gara fooyya'iinsa isaanitti Kan qajeelchudha. Akkamitti soorata akka barbaadatanii fi wanta isaan miidhu ofirraa deebisan isaan qajeelcha.¹⁴⁸ Hiika wali gala haala kanaan erga ibsinee mee hayyoota irraa caalatti haa dhageenyu:

Aalimni Az-Zajjaaj jedhamu akkana jedha: "Al-Haadi" uumamtoota Isaa gara Isaa fi Gootummaa Isaa beekutti Kan qajeelchudha. Karaa qajeelatti gabroota Isaa kan qajeelchudha. Akkuma Rabbiin olta'aan jedhe:

¹⁴⁸ [Walillahi asmaa'u'l Husnaa fad'uuhu bihaa](#) – lakk.65; AbdulAziz bin Naasir Jaliil

وَاللَّهُ يَدْعُوا إِلَى دَارِ السَّلَامِ وَيَهْدِي مَنِ يَشَاءُ إِلَى صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ ﴿٢٥﴾

“Rabbiin gara Ganda Nageenyaatti waama, nama fedhes gara karaa qajeelatti qajeelcha.” (Suuratu Yuunus 10:25)

Gosoota Qajeelinnaa

Imaamu ibn Al-Qayyim (rahimahullahu) ni jedha: Beeki qajeelinni gosa afur qaba:¹⁴⁹

1ffaa- Al-Hidaayatul Aammah (Qajeelcha wali galaa)- kuni qajeelcha uumamtoota hundaa of keessatti hammatuudha. Gosti kuni jecha Rabbii olta’aa keessattiakkana jechuun dubbatame:

﴿قَالَ رَبُّنَا الَّذِي أَعْطَى كُلَّ شَيْءٍ خَلْقَهُ وَتُمَّ هَذِئِي﴾

[Muusaan Fira’awnaan] ni jedhe: “**Gooftaan keenya wanta hundaafu uumama isaa Kan kenneef ergasii qajeelchedha.**” Suuratu Xaahaa 20:50

Kana jechuun wanta hundaafu suuraa isaa ni kenne, kutaaalee qaamaa hundaaf boca fi haala isaaf malu ni kenne. Wanta jiru hundaafu uumama ykn amala isaaf adda ta’ee ni kenne. Ergasii hojii irraa wanta isaaf uumetti qajeelche.

Kuni qajeelcha beelladotaa fi bineensotaa gara wanta isaan fayyadu argachuu fi wanta isaan miidhu ofirraa deebisuuf fedhii ofiitiin socho’aniidha. Akkasumas, lubbu-dhabbeeyyi wanta uumamaniifitti qajeelchu of keessatti qabata. (Fkn, aduu, ji’ a fi kkf Rabbiitu qajeelcha.) Akkuma beelladonni fi bineensonni qajeelinna isaaf malan qaban, wantoonni lubbuu hin qabnes qajeelinna isaaniif malutti qajeelfamu.

Haaluma kanaan, kutaaleen qaamaa hundi qajeelinna isaaniif malu qabu. Luka deemsaf qajeelche, harka qabachuu fi hojiif qajeelche, arraba dubbiif qajeelche, gurra dhageettiif qajeelche, ija wanta mul’atu ifa baasuf qajeelche, kutaalee qaamaa hunda wanta uumamaniif qajeelche. Daa’imni ykn ilmoon yommuu dhalatu gara harma ykn mucha qabachuuti qajeelche. Kanniisni gaara, mukkeen fi gaagura keessa akka qubatuu fi damma dammeessu ni qajeelche. Sadarkaalee qajeelinnaa Inni umamtoota qajeelche Isa malee kan lakkaa’u hin jiru. Inni Gooftaa alamaa ta’ee toluntuun Isaa baay’atte. (In sha Allah ajaa’iba qajeelcha gosa kanaa beelladota fi allaatti irraa muraasa isaanii kutaa itti aanutti kan ilaallu ta’aa.)

¹⁴⁹ Madda olii, Fiqhu Asmaa’il Husnaa-fuula 115-117

2ffaa-Qajeelcha ibsuu fi agarsiisuu- kuni daandii wanta gaarii fi wanta badaa barsiisu, karaa nagaha itti bahanii fi itti badan addaan baasuu of keessatti qabata. (Jecha biraatin, qajeelinni gosa kanaa wanta gaarii fi badaa, karaa baditti nama geessu fi milkaa' innatti nama baasu ibsuu fi barsiisuudha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿وَهَدَيْنَاهُ أُنَجْدِينِ﴾

"Karaa lama isa qajeelchene (hadeynaahu)" Suuratu Al-Balad 90:10

Kana jechuun karaa gaarii fi badaa ilma namaatiif ibsine. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa karaan gaariin Isatti nama geessu fi karaan jallataan baditti nama geessu maal akka ta'e Ergamtoota erguu fi kitaabban buusun ibsee jira. Haraamaa fi halaala, gaarii fi badaa, hojii bareedaa fi fokkuu adda babaasee namootaaf ibsee jira. Ummata Saalih, Samuud jedhaman ilaachise Rabbiin olta'aan ni jedha:

﴿وَأَمَّا ثُمُودٌ فَهَدَيْنَاهُمْ فَأَسْتَحْبُوا الْعَمَى عَلَى الْهُدَى﴾

"Samuudinis qajeelchinee jirra, garuu qajeelinna irra jaaminsa filatan." (Suuratu Fussilat 41:17) Kana jechuun Nabii Saalih irratti keeyyattoota fi ragaalee ifaa buusun karaa qajeelaa isaaniif ibsinee jirra. Garuu isaan karaa qajeelaa kana dhiisanii jaaminsa filatan. Asitti jaaminsi kufrii fi jallinna. "Kufrii fi jallinna" ibsuu jecha "jaaminsa" jedhu fayyadame. Sababni isaas, namni jaamaan adeemsa isaa keessatti qajeelcha nama karaatti isa qajeelchuu yoo dide, ni jallata.¹⁵⁰

3ffaa-Qajeelcha tawfiiqaa (qunnamsiisuu fi milkeessu), haqa akka fudhatanii fi itti gammadan qoma banuu fi bal'isuudha- qajeelchi gosa kanaa wanta Rabbiin buusetti amanuu, hordofuu fi hojii irraa oolchu of keessatti qabata. Garaagarummaan qajeelcha kanaa fi gosa 2ffaa jidduu jiru, qajeelchi gosa lamaffaa keeyyattoota, ragaalee, karaa haqaa fi sobaa ibsuu fi addaan babaasudha. Qajeelchi gosa 3ffaa kuni immoo keeyyattoota fi ragaalee ibsame kanninitti akka amanan, hordofanii fi hojii irra oolchan taasisuu fi dandeesisuudha. Qajeelcha gosa kanaa ilaachise Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿قَدْ جَاءَكُم مِّنَ اللَّهِ نُورٌ وَكِتَابٌ مُّبِينٌ ﴿١٥﴾ يَهُدِي بِهِ اللَّهُ مَنِ اتَّبَعَ رِضْوَانَهُ وَ سُبْلَ الْسَّلَمِ وَ يُخْرِجُهُم مِّنَ الظُّلْمَاتِ إِلَى النُّورِ بِإِذْنِهِ وَ يَهُدِيهِمْ إِلَى صِرَاطٍ مُّسْتَقِيمٍ ﴿١٦﴾﴾

¹⁵⁰ Ma'aariju tafakkuri wa daqaa'iqu tadabburi-12/486

“Dhugumatti, iftii fi kitaabni ifa ta’e Rabbiin irraa isinitti dhufeera. Rabbiin nama jaalala Isaa hordofe karaalee nageenyaa ittiin qajeelcha, hayyama Isaatiin dukkana keessaa gara ifaatti isaan baasa, gara karaa sirrii isaan qajeelcha.” Suuratu Al-Maa’ida 5:15-16

Kana jechuun Qur'aanni dhimmoota amantii fi addunyaa irraa wanta namoonni itti hajaman ibsu Rabbiin irraa isiniif dhufee jira. Rabbiin subhaanahu Qur'aana kanaan nama niyyaan isaa jaalala Rabbii argachuu fi wanta Inni jaallatu hojjachuu fi hordofuu ta’e karaalee adabbii Isaa jalaa nagaha itti ta’an qajeelcha. **“hayyama Isaatiin dukkana keessaa gara ifaatti isaan baasa”** Kana jechuun dukkana kufrii, shirkii, jallinnaa fi wallaalummaa keessaa gara ifa Islaamaatti hayyama Isaatiin isaan baasa. Asitti hayyamni Isaa qadaada kufrii fi cufaa shirkii qalbii irraa kaasun iimaana jaallachiisuu fi karaalee nagahaa akka argan isaan dandeesisuudha.¹⁵¹ **“gara karaa sirrii isaan qajeelcha.”** Karaan sirrii fi qajeelaan kunis Islaama. Islaamaan ala amantiin biraa Rabbiin biratti fudhatama hin argatu. Sababni isaas, Islaamni amanti Rabbiin qofa gabbaruu (tawhiida) irratti hundefameedha. Amantiwwan biroo immoo shirkii (Rabbitin waliin waan biraa gabbaru) irratti kanneen hundefamaniidha. Tawhiinni haqa, shirkiin immoo soba (baaxila) hundee hin qabneedha.

Rabbitin olta’aan ala eenyullee qalbii namaan kan qajeelchu hin jiru. Tarii namni qajeelcha gosa 2ffaa hojjachuu danda’aa. kana jechuun karaa haqaa fi sobaa namaaf ibsuu danda’aa. Garuu gosa 3ffaa hojjachuu hin danda’u. kana jechuun qalbii keessa iimaana seensisuu fi hojji gaggaarii akka hojjatu taasisu hin danda’u. Kan kana godhu Rabbitin qofa. Kanaafi, Qur'aana keessatti qajeelcha gosa 2ffaa agarsiisuuf Rabbitin subhaanahu wa ta'aalaa Nabiyyiidhaan (SAW) akkana jedhe: **“Dhugumatti ati gara karaa qajeelaatti qajeelchita.”** (Suuratu Ash-Shuuraa 42:52) kana jechuun ati karaa qajeelaa isaaniif ibsita, addaan baastaf.

Nabiyyiin qajeelcha gosa sadaffaa hojjachuu akka hin dandeenyeye agarsiisuuf immoo Rabbitin subhaanahu akkana jedheen:

﴿إِنَّكَ لَا تَهِدِي مَنْ أَحَبَبْتَ وَلَكِنَّ اللَّهَ يَهِدِي مَنْ يَشَاءُ وَهُوَ أَعْلَمُ بِالْمُهَتَّدِينَ﴾¹⁵²

“Dhugumatti, ati nama jaallatte hin qajeelchitu, garuu Rabbitin nama fedhe qajeelcha. Inni hunda caalaa warroota qajeelan beeka.” Suuratu Al-Qasas 28:56

¹⁵¹ Tafsiiru Sa’dii-fuula 248, Tafsiiru Xabarii-8/265, Tafsiiru Qurxubii-7/386

Aayanni jalqabaa karaa qajeelaa irra deeman itti agarsiisuu fi ibsuu ilaachise dubbatti. Kuni namni beekumsa qabu karaa namatti ni agarsiisa. Akkasi miti ree? Aayanni lammataa immoo akka amanan taasisuu fi karaa qajeelaa irra oofu ilaachisee dubbatti. Nama tokko karaa qajeelaa erga ibsiteefi booda akka amanuu fi karaa kanarra deemu gochuu dandeessaa? Akka amanuu fi karaa qajeelaa kanarra deemu gochuu kan danda'u Rabbiin qofa. (Mee akka fakkeenyatti, namni tokko osoo karaa irra deemu, karaa qajeelaa gahuumsa isaa ittiin gahu si gaafata. Ati karaa kana yoo beekte, "karaan qajeelan bakka ati yaadde siin gahu kana" jette ni ibsitaaf. Kanaafu, ati haala kana keessatti, karaa qajeelaatti nama qajeelchitaa jechuudha. Garuu, namni kuni karaa ati itti akeekte irra deemu yoo dide, dirqamaan karaa kanarra isaa oofu dandeessaa? Faayda isaatiif waan ta'eef, karaa qajeelaa kanarra akka deemu isa dirqisiisuu hin dandeessu. Kanaafu, haala kana keessatti, yoo inni karaa qajeelaa irra deemu dide, ati isa hin qajeelchutu jechuudha.)

4ffaa-Gahuumsa qajeelcha armaan oliiti-kunis gara Jannataa fi ibiddaa qajeelchudha. Gara Jannata qajeelchu ilaachisee warri Jannataa yommuu qananiin isaaniif guuttamu akkana akka jedhan, Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa beeksise jira:

﴿وَقَالُواْ اَلْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي هَدَنَا لِهَذَا وَمَا كُنَّا لِنَهْتَدِي لَوْلَا اَنْ هَدَنَا اللَّهُ لَقَدْ جَاءَتْ رُسُلٌ رَبِّنَا بِالْحَقِّ﴾

“Faaruun hundi Kan Rabbii kanatti nu qajeelcheti. Osoo Rabbiin nu qajeelchu baatee, silaa nuti gonkumaa hin qajeellu turre. Ergamtooni Gooftaa keenyaa dhugaadhaan dhufanii jiru.” jedhu. Suuratu Al-A’araaf 7:43

Gara ibiddaa qajeelchu ilaachise immoo akkana jedha:

﴿ۚ اَخْشُرُواْ الَّذِينَ ظَلَمُواْ وَأَزْوَاجَهُمْ وَمَا كَانُواْ يَعْبُدُونَ ۝﴾
﴿ۚ مِنْ دُونِ اللَّهِ فَآهَدُوهُمْ إِلَى صِرَاطِ الْجَحِيمِ ۝﴾

“Warroota miidhaa hojjatan, fakkaattota isaaniitii fi wanta isaan Rabbii gaditti gabbaraa turan walitti qabaa. Gara karaa Jahiim isaan qajeelchaa.” [malaaykotaan jedhama]. (Suuratu As-Saaffaat 37:22-23)

Warroonni miidhaa hojjatan namoota kufrii, shirkii fi badii gurguddoo hojjachuu nafsee ofiiti fi namoota biroo miidhaniidha. Jahiim maqaa ibiddaati. Rabbiin rahmata Isaatiin ibidda irraa nu haa tiiksu.

Guduunfaa

1-Rabbiin subhaanahu Al-Haadi (Qajeelchaa) uumamtoota Isaa gara wanta isaan fayyadutti qajeelchudha, ammas miidhaa akka ofirraa deebisan Kan isaan qajeelchudha. Wanti guddaan nama fayyadu Rabbii olta'aatti amanuu fi Isaaf ajajamuudha.

Qajeelchi gosa afur qaba:

1ffaa-Qajeelcha wali galaa- kuni qajeelcha uumamtoota hunda of keessatti hammatuudha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa uumamtoota erga uumee booda gara wanta isaan fayyadutti ni qajeelcha.

2ffaa-Qajeelcha ibsuu fi itti agarsiisu- kuni wanta gaarii fi badaa, karaa qajeelaa fi jallataa, haraamaa fi halaala ibsuu fi addaan babaasudha. Kunis kan ta'u, Ergamtoota erguu fi kitaabban buusuni.

3ffaa-Qajeelcha qunnamssiisuu fi milkeessu-kuni haqa akka fudhatanii fi itti gammadan qoma banuu fi bal'isuu, akka amananii fi hojii irra oolchan dandeesisuudha.

4ffaa-Qajeelcha gara Jannataa fi Jahannam qajeelchu-kuni Guyyaa Qiyaamaa ta'a.

■ Qajeelchi gosa tokkoffaa beelladota, bineensota, namoota, lubbu-dhabeenyi fi umamtoota biroo hunda of keessatti qabata. Qajeelchi gosa 2ffaa Muslimas ta'i kaafira ta'i, namoota fi jinnoota of keessatti qabata. Qajeelchi gosa 3ffaa immoo haqatti amanuu fi hordofuu waan ta'eef warroota amanan (mu'mintoota) of keessatti qabata. Tarii kaafirris yoo amanee, qajeelcha kana keessa seenun karaa sirriitti ni qajeelfama. Qajeelchi 4ffaan gahuumsa waan ta'eef, warroonni amananii fi hojii gaggaarii hojjatan gara Jannataa qajeelfamu. Warroonni kafaran immoo gara Jahannam qajeelfamu.

Uumamtoota irraa Qajeelcha Rabbii olta'aa ifatti kan mul'isan

Maqaalee Rabbii subhaanahu wa ta'aalaa keessaa tokko "Al-Haadi" kan jedhuudha. Al-Haadi uumamtoota Isaa wanta isaan fayyadutti fi wanta isaan miidhu ofirraa akka deebisan Kan qajeelchudha. Jarmii ijaan hin mul'anne irraa kaasee hanga bineensa gurguddaa kan qajeelchu Rabbii Tokkicha. Mee akka fakkeenyatta uumamtoota kanniin keessa uumamtoota muraasaa qajeelcha Rabbii ifatti mul'isan haa ilaallu. Har'a ilbisoota keessaa faayda guddaa kan qabuu fi ilbiisa ajaa'ibaa haa ilaallu. Ilbiisni kuni kamiidhha?

Kanniisa/Kinniisa

Kanniisni fi kinniisni loqoda naannoo adda addaatti dubbatamu waan ta'eef hiikni isaanii tokkoma. Ammas, naannoo tokko tokkotti damma, naannoo biraatti immoo dayma jedhama. Nuti kan feene filachuun itti fayyadamu dandeenya. Kinniisni hojii ajaa'ibaa ilmi namaa hojjachuu hin dandeenya hojjata. Hojiin kunis, damma daymeessudha. Kutaa kana keessatti, akkamitti Rabbiin olta'aan ilbiisa kana qajeelche fi akkamitti akka damma daymeessu ni ilaalla. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa waa'ee kinniisaa ilaalchisee Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿وَأَوْحَىٰ رَبُّكَ إِلَى النَّحْلِ أَنِ اتَّخِذِي مِنَ الْجِبَالِ بُيُوتًا وَمِنَ الشَّجَرِ وَمِمَّا يَعْرِشُونَ ﴿٦٨﴾ ثُمَّ كُلِّي مِنْ كُلِّ الْثَّمَرَاتِ فَأَسْلُكِي سُبُّلَ رَبِّكَ ذُلُّلًا يَخْرُجُ مِنْ بُطُونِهَا شَرَابٌ مُّخْتَلِفٌ الْوَانُهُ وَفِيهِ شِفَاءٌ لِلنَّاسِ إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَةً لِقَوْمٍ يَتَفَكَّرُونَ ﴿٦٩﴾﴾

"Gooftaan keetis [akkana jechuun] gara kanniisaa wahyii godhe, 'Gaarreen, mukaa fi waan isaan ijaaran irraa mana godhadhu. Ergasii firii hunda irraa nyaadhuhu karaalee Gooftaa keeti [siif] laaffifaman keessa seeni.' Garaa ishii keessaa dhugaati bifti isaa garagara ta'e, isa keessa namootaaf dawaa ta'etu baha. Dhugumatti namoota xinxallaniif kana keessaa mallattoo jira." Suuratu An-Nahl 16:68-69

Jechi wahyi jedhu Arabiffa keessatti hiika baay'ee qaba. Isaan keessaa: hatamtamaan itti akeeku, keessa nafseetti beeksisu, dubbii dhoksaa hatamtamaan ta'e, qalbii keessatti hiika wanta tokko darbuu"

Hiikota kanniin keessaa kannisatti wahyii gochuun walitti galu, keessa nafseetti beeksisu fi qajeelchuudha.¹⁵² Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa kannisni gaarreen, mukaa fi gaagura namoonni qopheessan keessatti mana akka godhattu itti beeksisee fi qajeelche jira. Ergasii firii hunda irraa akka nyaattu fi karaalee Rabbiin ishiif laaffise irra akka deemtu ni hayyameef. Kannisni qilleensa keessa yommuu balali'u karaan isatti ulfaatu hin jiru. Bakka fedhe irra baha. Ergasii osoo hin dogongorinii fi hin jallatin bakka irraa ka'etti deebi'a. Garaa kanniisaa keessaa dammi mi'aawan bifaa adda addaa qabuu fi namootaf dawaa ta'e ni baha. Kuni hundi namoota xinxallaniif mallatoodha.

Gahee isaanii irratti hundaa'e gosoota kanniisaa

Kanniisonni hojii ajaa'iba kana yommuu hojjatan gahee mataa isaanii qabu. Hundi isaanii gahee kana bahuu qabu. Gahee hojii isaanii irratti hundaa'e bakka sadii gurguddaatti qoodun ni danda'ama: Mootii, hojjattootaa fi kormaadha. **1ffaakanniisa mootii-tuni** kannisa dhaltuu mootii taatedha. Gaheen ishii killee buusudha. Hoomaa kanniisaa tokko keessa mootii takka qofatu jira. Mootiin lama jiraachu hin danda'u. Mootiin kanniisaa tuni xan'acha gagaa ittiin hojjattuu fi arraba nadhii habaaboo ittiin funantu hin qabdu. Kanaafu, ni nyaachifamti, ni obaafamti, ni eeggamti. **2ffa-hojjattoonni** immoo kanniisa dhaltuu hojii baay'ee hojjataniidha. Mana kan eegu, nadhii habaaboo guurun damma dammeeysu fi hojiwwan biroo hojjatu isaanii. Kanniisonni dhaltuu tunniin maseena waan ta'aniif killee hin buusan. **3ffa-kormaa-** kanniisni kormaan mootiittin wal-qunnamee killee akka buustu gochuudha. Kanniisni kormaan ji'oota muraasaaf jiraataa. Ergasii ni du'a.¹⁵³

Kanniisni kormaan damma hin daymeessu. Kan damma dammeysu kanniisa hojjattoota dhaltuu ta'aniidha. Kuni yeroo dhiyootti beekkame. Garuu Qur'aanni bara 1400 dura damma kan dammeysu kanniisa dhaltu akka taate ni agarsiisa. Aayah armaan olii keessatti, maq-dhaala ramaddi saala dhalaa agarsiisuuf fayyadame.

Jecha "nyaadhu" jedhu fayyadamuun, Arabiffaan dhalaaf nyaadhu yoo jenne "kulii" jenna; kormaaf immoo "kul" jenna. Aayah keessatti dhalaa agarsiisuuf "kulii" jechuun fayyadame.

Ammas, jecha "seeni" jedhu yoo fayyadamne Arabiffaan dhalaaf, "uslukii" jenna, kormaaf immoo usluk jenna. Aayah keessatti dhalaa agarsiisuuf "uslukii" jedhe. Amma haa gaafannu, wagga 1400 dura akkamitti namni barreessuu fi dubbisuu hin dandeenye damma kan dammeysu kanniisa dhalaa ta'uu beekee?¹⁵⁴ Yeroo

¹⁵² Ma'aariju tafakkuri wa daqaa'iqu tadabburi -13/598, Tafsir ibn Kasir-4/691

¹⁵³ <https://www.masjidtucson.org/God/animals/bee.html>

¹⁵⁴ http://www.miracles-of-quran.com/honey_bees.htm

sanitti iccitii kana hunda kan beeku Rabbiin qofa waan ta'eef, **Jedhi**“Samiwwanii fi dachii keessatti iccitii [hunda] Kan beekutu isa (Qur'aana) buuse.” Suuratu Al-Furqaan 25:6

“Gaarreen, mukaa fi waan isaan ijaaran irraa mana godhadhu.”

Asitti “godhadhu (ittakizii)” ramaddii saalaa dhalaa agarsiisuu fayyadamuun kanniisa dhaltuu hojjattoota ta'an dubbisa. Kanniisonni dhaltuu tunniin bakka manaa kanniisaaf miaawaa ta'ee ijaaruuf barbaadu. Gaarreen, mukaa fi wanta namoonni ijaaran keessatti kanniisni bakka filatutti mana ijaarrachuuun dandeetti fi filannoo Rabbiin ummata kannisaatiif kenneedha. Manni kanniisni hojjatu saanduqota baay'ee roga jaha jaha qaban gagaa irraa kan ijaarrameedha. Fakkii armaan gadii irraa ilaalun ni danda'ama:



Akkuma armaan olitti ilaallu saanduqonni baay'een roga jaha jaha qaban ni mul'atu. Kanniisni gaagura keessas ta'i, gaara keessa ta'i, muka keessa yoo qubate, hojiin isaa jalqabaa saanduqa ykn goloota roga jaha jaha qaban kanniin gagaa irraa hojjachuudha. Goloota roga jaha jaha qabu kana keessa, jiisaa fi damma kuusa. Jiisaa (larva) jechuun marsaa jalqabaa ilbisni killee keessaa itti bahudha. Jiisaan kanniisaa bifa adii akka aannanii qaba.

Goloota roga jaha qabu kanniin kan hojjatu kanniisa dhaltuudha. Gara keessaa homtu akka hin seennes kan eegu kanniisuma dhaltu tanniini. Diinni alaa gola kana keessa seenuf yoo dhufe, ilkeen iddu. Gareen kanniisa hojjattootaa biraaj qulqullinna

goloota kanniini eeguu fi suphuudha. Dhimmoota ajaa'ibaa keessaa tokko kanniisni xurii garaa keessaa bahuu (sagaraa fi fincaan) goloota kanniin keessatti gonkumaa hin lakkisu. Goloota keessatti xurii wanti jedhamu hin hafu. Qulqullinna guddaan eegu. Akkasumas, baqaqiinsaa fi dhoowwinka wanta akka maastishiitiin mana suphuudha. Gareen hojjattoota biraa mana keessa haala qilleensaa too'atu. Ammas, gareen biraa kanniisa xixxiqoo killee irraa jalqabee hanga kanniisa guutuu ta'anitti marsaalee adda addaa keessatti isaan eeguu fi kunuunsudha. Beekumsi gadi lixaa fi fagoon kuni wanta Rabbiin subhaanahu wa ta'aala kanniisaaf kenne kan agarsiisuudha. Aayanni kabajamtu armaan olii, "wahyi godhee" jechuun beekumsaa fi qajeelcha kana agarsiisa.¹⁵⁵

"Gooftaan keetis [akkana jechuun] gara kanniisaa wahyii godhe" jechuun yommuu jalqabu, namni aayata tana dubbisuu ykn dhageefatu, Gooftaa arjaa, beekaa, ogeessa ilbiisa kana isaaf uume akka qabu isatti akeekuufi. Ilbiisa kana isaaf uumuun dhugaati (damma) bifftii isaa garagaraa fi dawaan keessa jiru akka baasu taasise. Mee itti xinxalli, osoo Rabbiin olta'aan qajeelchu baatee, silaa ilbiisni dadhabduun tuni akkamitti goloota roga jaha jaha qabu kana hojjachuu dandeessi? Ammas mee ilaali, gaagura ykn bakka qubattu irraa nadhii habaabo guuruuf garmalee fagaattee deemti. Yeroo gara gaaguraa deebitu karaan jalaa hin baduu? Yookiin gaagurri baay'een bakka tokko yoo jiraatan dogongortee gaagura biraa keessa hin seentuu? Abadan, osoo karaa irraa hin badinii fi gaaguraa biraa keessa hin seeniin hanga naannofte naannoftee gaagura ofiitti deebiti. Kanaafu, eenyutu akkanitti kannisa tana qajeelcha ree? Deebiin keenya deebii Muusaan Fira'awnaaf kenne ta'a:

﴿قَالَ رَبُّنَا الَّذِي أَعْطَنِي كُلَّ شَيْءٍ خَلْقَهُ وَتُمَّ هَدَىٰ﴾

[Muusaan Fira'awnaan] ni jedhe: "**Gooftaan keenya wanta hundaafu uumama isaa Kan kenneef ergasii qajeelchedha.**" Suuratu Xaahaa 20:50

"Ergasii firiwwan hunda irraa nyaadhuu karaalee Gooftaa keeti [siif] laaffifaman keessa seeni."

Firiwwan inaba, teemira, aappilii, burtukaana, daraaraa ykn habaaboo fi kkf of keessatti qabata. Hiikni hima armaan olii: mana kee erga ijaarte booda, garaa kee keessatti damma qulqulluu fi wuddii hojjachuuf, firiwwan hunda irraa nyaadhu. Garuu kana dura jirenya keetiif wanta nyaatamuuf siif laaffate nyaadhu. Dhugumatti, dammii qulqulluu fi wuddii nadhii daraaraa biqiltoota adda addaa fuula dachii irra jiran irraa malee hin ta'u. Naannawa mana keeti irraa firiwwan

¹⁵⁵ [Tafsirul Aayaatal Kawniyata Fiil Qur'aanil Kariim](#) jiildi 1faa fuula-500-501, By Zaghlul Najjaar

argatte nyaadhu. Itti aansi habaaboo dachii irra jiran irraa nadhii funaanuuf mana kee irraa fagaadhu karaalee Gooftaa keeti siif laaffifaman keessa deemi. (nadhill (nectar) jechuun dhangala'aa habaaboo keessaa xuuxamuudha.)

“Garaa ishii keessaa dhugaati bifti isaa garagara ta’e, isa keessa namootaaf dawaa ta’etu baha.”

Ilbiisa kanaaf uumama Rabbiin uumeen, hojii Inni tolcheen garaa kanniisaa keessaa dhugaatin dhangalaa'aa ta'e ni baha. Dhugaatin kunis damma.

Hayyooni Baaylojii akka jedhanitti: Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa kanniisaaf garaa addaa nadhii itti guurtu fi damma keessatti hojjattu godhee jira. Yommuu nadhiin kuni inzaayimiin walitti makamuun damma ta'uu afaan keessaa baaste goloota roga jaha qabu keessatti dhangalaasti.

Dhugaatin kuni, “Dammi” bifti isaa garagara kan ta'eedha. Gariin isaa adii, gariin boora, gariin magaala, gariin immoo gurraacha. Garaagarummaan bifaan kuni gosa kanniisaa, umrii fi gosa habaaboo irratti hundaa'a.

Akkuma dammi bifaan garagara ta'u, amalli addaa sooranna fi qorichummaa isaa akkasuma garagara ta'a.¹⁵⁶ fkn, dammii daamu bifti isaa gurraacha yommuu ta'u qorichummaaf garmalee kan barbaadamuudha.

“Dhugumatti namoota xinxallaniif kana keessaa mallattoo jira.” Kana jechuun dhugumatti wanta kanniisni ittiin ibsame kana keessa mallattoolee Rabbii keessa mallattoolee guddaatu jira. Namoonni mallattoolee Rabbiin yuniversii keessa facaasetti xinxallan ykn yommuu mallattoolee kanniin itti himan itti xinxalluuf qophii ta'an itti fayyadamu. Xinxalliin kuni akka Rabbitti amananii fi Isaaf harka kennan isaan taasisa. Yookiin iimaana isaaniitii fi Islaama qabachuu isaaniif dabala.¹⁵⁷

¹⁵⁶ Ma'aariju tafakkuri wa daqaa'iqu tadabbur-13/599-601

¹⁵⁷ Madda olii

Sinbira Halkanii

Sinbirri halkanii balaliitu hoosistuu taate hantuuta fakkaaattudha. Sinbirri halkanii akka allaatti haa balalitu malee akka allaatti killee hin buustu, akkasumas, qaamaa fi koola ishii irraa baallee hin qabdu. Koolli ishii akka gogaati. Fakkii armaan gadii irraa ilaalun ni danda'ama:



Caalatti suuraa sinbira halkanii kana ilaaluf, “Bat bird” jechuun Google irratti barbaadun ni danda’ama.

Sinbirrii tuni halkan tan balalitu yommuu taatu, ijaarsi qaamaa ishii ijaarsa sirnaan ijaarramee fi wal qabate gara Khaaliqa wanta hundaa sirnaan hojjatee fi uumee agarsiisuudha. Sinbira tana ilaachise wanta hayyoonni beelladotaa fi bineensota qorannoona argatan muraasaa isaa haa ilaallu:

★Hoosistoota keessaa balali’uu kan danda’uu sinbira halkanii qofa. Bocaan hantuuta fakkaatti, ilkaan ni qabdi. Dhaluun ilmoo ishii ni hoosifti.

★ Ilbiisota adamsuun nyaatti. Lamaan isaanitu haa balali'anii malee sinbirri halkanii qilleensa irratti ilbiisa qolti. Ariitii ajaa'iba ta'een qilleensa keessa balali'uun ilbisoota qabdi.

★ Koolli ishii gogaa haphii yommuu ta'uu, harkaa fi luka keessatti deebisti. Yoo hin balali'in koolli bullokkoo ta'aaf. Fakkii armaan gadii irraa ilaalun ni danda'ama:



★ Sinbirri halkanii halkan ni hojjatti guyyaa immoo rafaa oolti. Iddoo jirenyaatiif bakka dukkanaa kan akka godaa filatti.

★ Ijji ishii dadhabaadha. Lafa irra gahuun deemu yoo dirqamte, ni shunquuqxii. Ergasiis, hanga caafi wanta tokko irraa geessee qilleensa keessatti of darbitutti balali'uu hin dandeessu. Yommuu qilleensa keessatti of darbitu, qilleensi karaa koola ishii kanaan ishii baadhata.

★ Dhimma ajaa'ibaa sinbira halkanii keessaa inni biroo, ijji ishii dadhabdu sirritti hin arginee fi halkaniin kan balalitu haa taatuyyu malee, dhaaba manaa olka'etti, utubaa dhaabbatetti, haada hidhametti, damee mukaa bubbleen sochoostutti hin buutu. Halkan ariiti guddaan balaliti garuu wantoota dhaabbatan kanniinitii hin buutu (hin gaccaatu).

Qorattooni gariin sinbira halkanii walitti qabuun gola funyoon (tushaan) baay'een diriirfame hidhame keessatti gadi furan. Sinbiroowwan kanniin keessa takkattilleen tushaa diriirfame kanatti hin buune. Ergasii ija ishii haguuganii akka balaliitii taasisan. Ammas, tushaa baay'ee kana keessatti takkattilleen hin buune. Qorattonnis, sinbirri halkanii argituu ijaatin ala meeshaa biraa akka qabdu ni beekan. Meeshaan kuni akka wayitti hin buune ishii eega.

Qorattooni sinbira halkanii tana qorannoo irratti hojjachuuf garmalee hordofanii dhugaa baay'ee nama ajaa'ibsiisu irra gahan. Sinbirri halkanii tuni sagalee akka dhikkisaa akka baastu beekanii jiru. Sagaleen ishiin sakandii takka keessatti deddeebistu gara si'aa 100,000tti dhiyaata. Sagaleen kuni dhageetti namaati oli. Sababni isaas, namni sakandii takka keessatti wanta sagaleen isaa si'a 20,000 deddeebi'uu ol dhagahuu hin danda'u. Yommuu wanta tokko adamsitu sinbirri halkanii dhikkisa sagalee kana ergiti.

Ergasii dhikkisni sagalee gara alaatti gadi furtee fi awwaataa (echo) ishitti deebi'uu wal bira qabuun sammuu fi sirnii dhageetti ishii fakkii wanta naannawa ishii jiruu kaasa. Kuni sinbira halkanii wanta adamsitu san, iddo fi gosaa isaa akka beektu ishii gargaara.

Amma haa gaafannu, sinbira halkanii tana eenyutu sagaleedhaan wanta ishii fuundura jiru akka beektu taasisee? Rabbiin wanta hundaafu boca fi suuraa isaaaf malu kennee ergasii qajeelche, hanqinna hundarraa qulqullaa'e!

﴿قَالَ رَبُّنَا الَّذِي أَعْطَنِي كُلَّ شَيْءٍ خَلْقَهُ وَتُمَّ هَدَىٰ﴾

[Muusaan Fira'awnaan] ni jedhe: “Gooftaan keenya wanta hundaafu uumama isaa Kan kenneef ergasii qajeelchedha.” Suuratu Xaahaa 20:50

Bixriiq (Pengu'in)

Giloobi dachii irratti heemisfeera kibbaati allaattin maqaan isaa bixriiq (pengu'in) jedhamu ni jiraata. Pengu'in allaattidha garuu balali'uu hin danda'u. Bishaan ni daaka garuu qurxummii miti. Luka lamaanin dhaabbate deema garuu namaa miti. Fakkii isaa haala armaan gadiitiin ilaala:



Allaattin kuni ummata ta'anii waliin jiraatu, wal gargaaru. Hawaasni isaanii guddaan iddo jireenyaa addaatti walitti qabamanii qubatu. Iddoo cabbii qorraa ta'ee jiraatu.

Mee hayyoонни waa'ee beelladaa fi bineensotaa qoratan allaatti kana ilaalchise wanta jedhan muraasa isaa haa kaasnu:

♠ Koola lama qaba garuu koolli kuni akka balali'uu isaa hin gargaaru. Kana irra koola lamaan kanniin bishaan keessa daakuuf itti fayyadama. Qurxummiin soorata isaa waan taateef koola lamaan kana fayyadame ariitin bishaan keessa daakun qurxummi adamsa.

♦Iddoo namoonni mana itti ijaarratan irraa fagaachun iddo cabpii keessa jiraata. Naannoo cabbii itti baay'atu heemisfeera kibbaa keessa jiraata.

♦Hawaasni allaatti kanaa bakka bal'aa addaa keessa jiraatu. Bakka kanatti wal hooranii baay'atu. Soorata isaanii bishaan keessatti argatu. Qurxummii caalaa bishaan keessa daaku. Qurxummii caalaa bishaan keessatti gadi lixu. Qurxummi irraa ni nyaatu, ilmoolee isaanitiifis fuudhanii galuun.

♦Hawaasni pengu'in garee gareen ta'anii deemu. Garee tokko keessaa pengu'ini lakkoofsi isaanii kumaatamatti lakkaawamatu jira.

♦Fagoo irraa yommuu ilaaltu pengu'iniin nama xiqqaa akka ta'etti yaadda. Dugda isaa irratti fooxaan gurraacha ofirra buusee jira, qamisiin isaa immoo adii fuunduraan mul'atuudha. (Kana jechuun allaatti kana gara dugdaatin yommuu ilaalan fooxaan gurraacha waan uffate fakkaata. Fuunduraan yommuu ilaalan qamisii adii waan godhate fakkaata.) Wal duraa duubaan miila kaasun tasgabbiin deema.



♦Pengu'inin dhaltuun killee takka ykn lama buusti. Killee tana hammachuun caacutin akka baatu itti gaafatatumummaa kan fudhatu kormaadha. Iddoon jireenyaa

cabbii garmalee qorraa waan ta'eef killee rifeensan haguugun miila isaa irratti hammata. Hanga ji'a lamaa hammachuu itti fufa. Fakkii armaan olii irra ilaali.

♠Yommuu killeen dhootee caacutin haarofti baatu, haati ishii dhufuun bakka abbaa qabattee kunuunsiti.

♠Dhimma ajaa'ibaa allaatti kanaa keessaa tokko, yommuu killee tana hammatee kunuunsu ni dadhaba. Fuundura isaa ollaan killee hin hammannee yoo jiraate, killee isaa itti siksa. Ollaan kunis killee isaa hammatee kunuunsa. Dhugumatti, wal gargaarsa hawaasummaa nama diniisisuudha.

♠Wal gargaaru hawaasummaa wanta agarsiisan keessaa kan bira, peng'in gurguddoon soorata ishii adamsuuf gara galaanaa deemti. Ilmoolee ishii akka eeganiif garee pengu'ini hanga ta'e of duubatti dhiiste deemti. Ilmooleen xiqqoleen tunniinis hiriira galanii tasgabbiin dhaabbatu. Qajeelcha warra isaan too'atu fudhachuuf eegu.

♠Wanti ajaa'ibaa biroo, pengu'inin galaana keessa osoo daakanu yoo danbaliin isaan fageesse bakka fagootti darbe, mana isaanitti osoo karaa hin badin ni deebi'u. Saayintistoonni kuni akkamitti ta'e jedhanii yaada kennuuf ni dhama'an. Dhugumatti, kan akkanatti isaan qajeelchu eenyudhaa? **Rabbiin wanta hundaafu bocaa fi suuraa isaaf maluu kennee ergasii qajeelche, hanqinna hundarrraa qulqullaa'e!**

﴿قَالَ رَبُّنَا الَّذِي أَعْطَنِي كُلَّ شَيْءٍ خَلْقَهُ وَتُمَّ هَذِي﴾

[Muusaan Fira'awnaan] ni jedhe: “**Gootaan keenya wanta hundaafu uumama isaa Kan kenneef ergasii qajeelchedha.**” Suuratu Xaahaa 20:50 (Kana jechuun wanta hundaafu suuraa isaa ni kenne, kutaaalee qaamaa hundaaf boca fi haala isaaf malu ni kenne. Wanta jiru hundaafu uumama ykn amala isaaf adda ta'e ni kenne. Ergasii hojii irraa wanta isaaf uumetti qajeelche.) Mee ilaali suuraa, bocaa fi amala sinbira halkanii fi pengu'in. Suuraan, bocni fi amalli isaan lamaani gargar kan ta'eedha. Kanaafu, suuraa, bocaa fi amala adda addaa irratti Kan uumee ergasii wanta isaan fayyadutti kan qajeelche Rabbii Tokkicha olta'aadha.

Wabii:

Baraa'hiin wa adillatul Iimaaniyyata-fuula 400-404, Abdurahmaan Habanka
<https://www.wikizeroo.org/index.php?q=aHR0cHM6Ly9lbi53aWtpcGVkaWEub3JnL3dpa2kvQmF0> <https://www.britannica.com/animal/penguin>

Qurxummii¹⁵⁸

Waa'ee qurxummii ilaalchisee wantoota ajaa'iba beektonni bineensotaa fi beelladootaa nutti himu. Ajaa'ibni qurxummii keessatti argamu kuni nama xinxallu Khaaliqa Guddaa wanna hundaa sirreesse, uumama isaa kennefi ergasii qajeelcheef akka harka kennuu fi ajajamu isa taasisa.

1-Addunyaa galaanaa kana keessa qurxummii bofa fakkaatutu jira. Qurxummiin bofa fakkaatu kuni jirenya isaa baay'ee bishaan mi'aawaa (laggeen) keessa jiraata. Ergasii wal hormaataaf gara bishaan kuraawaa deema. Bishaan kunis galaana fi garba.

Qurxummiin gosa kanaa Awrooppaa fi Ameerikaa irraa ta'e, bishaan gabra Atlaantik gadi fageenya metira 400-700 keessatti killee buusa. Qurxummiin killee erga buusee fi bilchesesse booda ni du'a. Haala kanaan, ergamni (mission) fi jirenyi isaa ni dhumata.

Killeen tuni yeroo murtaa'en booda dhooyun qurxummiin bofa fakkaattu xixxiqoleen keessaa yaa'u. Akka jirbii xixxiqqoo ija qabduu fakkaatu. Yoosu bishaan keessa socho'uu fi danbalii qaxxaamuru jalqabu. Bakka haati fi abbaan isaanii irraa dhufanitti deebi'uuf socho'u. Qurxumiileen xixxiqoon kunniin humna dhoksaa ta'een jabeefamuun gara bakka abbaa fi haati irraa dhufanitti deebi'uuf imala isaanii jalqabu. Bakki haadha fi abbaan irraa dhufan bishaan mi'aawaa lagaati. Hanga iddo jirenyaa haadhaa fi abbaa isaanii gahanitti imalli isaanii galaanota, iddo dhiphoo, galoo galaanaa fi laggeen galaanatti galan qaxxaamurun kan walitti hidhameedha. Tarii imalli isaanii waggoota sadii fi sani ol fudhachuu danda'a. Imala dheeraa ulfaataa ta'ee kana dogongorani karraa irraa hin badan. Yommuuakkana siin jedhu, abbaa fi haadha waan hordofan sitti fakkaataa? Akkasi miti obboleessoo! Abbaa fi haati qaata du'an. Killee buusanii achumaan nagahatti jedhan. Kanaafu, ilmooleen tunniin akkamitti beekanii bakka abbaa fi haati irraa dhufanitti deebi'uuf imalatti seenan ree? Ajiiib!!!

Imaala dheeraa fi ulfaataa ta'e kana eenyutu ilmoolee haarawa dhalatan kanniin qajeelchaa? Ilmooleen abbaa fi haati isaanii laggeen Awrooppaa irraa ta'e gara laggeen Ameerikaa hin deeman. Ammas, ilmooleen abbaa fi haati isaanii laggeen Ameerikaa irraa ta'an, gara laggeen Awrooppaa hin deebi'an. Haaluma kanaan,

¹⁵⁸ [Baraa'hiin wa adillatul limaaniyyata](#)-fuula 405-407, Abdurahmaan Hasan Habanka,
<https://www.britannica.com/science/migration-animal/Fish>

ilmookeen haadha fi abbaan isaanii laggeen Afrikaa ykn Eeshiyaa irraa ta'an bakka haati fi abbaa isaanii irraa dhufanitti deebi'u hin dogongoran.

Mee itti xinxalli, osoo Rabbiin azza wa jalla amala addaa ilmoolee qurxummii tanaa keessatti uumuu fi isaan qajelchu baate, kana hunda mataa ofiiti hojjachuu danda'uu?

2-Ammas, addunyaa galaanaa kana keessa qurxummiin maqaan isaa Salamon jedhamutu jira. Kuni gosa qurxummii keessaa qurxummii galaana keessa jiraatudha. Garuu yommuu marsaa bilchinnaa wal hormaataaf gahu, wal horuuf jecha gara laggeen bishaan mi'aawaa qabanitti imaluuf qophaa'a. Bishaan mi'aawa kana keessatti qurxummin gosa kanaa dhaltuun killee buusti. Qurxummiin kormaanis dhangala'aa saalaa ishii irratti jiigsa. Ergasii ilmooleen haarofti killee keessaa erga yaa'anii booda, gara waggoota lama bakka dhalootaa (laga kanatti) dabarsu. Ergasii kana booda, akka waan karaa imala isaanii beekanii gara galaanaa imalu (deemu).

Ilmooleen kunniin galaana keessa hanga turan turanii yommuu marsaa bilchinnaa irra gahan, laga keessatti dhalatanitti deebi'uun hojii haadha fi abbaan isaanii duraan hojjatan hojjatu. Kana jechuun killee buusu.

Qorattooni ni jedhu: osoo namni qurxummii gosa Salomon irraa ta'e laga isaa keessaa gara laga biraatti dabarsee, qurxummiin kuni lagni itti dabarfame kuni iddo dhaloota isaa akka hin taane ni beeka. Yeroo kanatti, lagaa isaaf adda ta'eetti humna isaa guutuun deebi'a. Yaa'insi bishaanii isa faallessu bakka dhalatetti deebi'uun irraa isaa hin dhoowwu.

Qurxummii kana karaa isaa eenyutu qajeelchaa?

Bakka inni itti dhalatee fi abbaaf haati itti dhalatanitti eenyutu itti agarsiisaa? Saayintistoonni kanaaf dhama'anii dhaabbatan. Iddoo itti dhalateetti yommuu deebi'u iccitii qajeelinnaa isaa hin beekan. Keessumaayyu, yommuu abbaa fi haati killee dhiisanii deeman, qurxummiin kuni killee keessaa erga bahee haadhas ta'e abbaas ta'ee kan isa hoogganu hin jiru.*

Maaltu akkanatti isa qajeelcha ree? Dhugumatti, Kan akkanatti isa qajeelchu Rabbii olta'aa waan hundaa too'atudha. "**Rabbiin keenya wanta hundaafu uumama isaa Kan kenneef ergasii qajeelchedha.**" Qur'aana keessatti ni jedha:

﴿سَبِّحْ أَسْمَ رَبِّكَ الْأَعْلَى ۚ ۝ الَّذِي خَلَقَ فَسَوَىٰ ۝ وَالَّذِي قَدَرَ فَهَدَىٰ ۝﴾

“Maqaa Gooftaa keeti Ol'aanaa ta'ee qulqulleessi. Kan [waan hundaa] uumee ergasii sirreesse. Kan murteesse qajeelche.” Suuratu Al-A’alaa 87:1-3

“Maqaa Gooftaa keeti Ol'aanaa ta'ee qulqulleessi.” Kana jechuun maqaa Gooftaa keeti dubbachuu Isa qulqulleessi. Akkasumas, maqaa Isaa yaadachuu Rabbii kee qulqulleessi.¹⁵⁹ Tasbiih (Qulqulleessun) kuni qalbiin Isa yaadachuu (zikrii), Isa gabbaruu, Guddinna Isaatiif gadi jechuu, arrabaan maqaalee Isaa gaggaariin Isa faarsu fi wantoota Isaaf hin malle hundarrraa Isa qulqullessuu of keessatti qabata.¹⁶⁰

Namni yommuu “Subhaanallah (Rabbiin qulqulla'e), subhaana Rabbiyal aziim (Gooftaan kiyya Guddaan qulqulla'e)” jedhu, waa lama irraa Rabbiin qulqulleessaa akka jiru haa yaadatu. 1ffaa-Fakkaataa fi shariika irraa Isa qulqulleessu, 2ffaa-hanqinnaa fi wanna Isaaf hin malle irraa Isa qulqulleessu. Rabbiin fakkaataa fi shariika hin qabu. Wanti Isa fakkaatu tokkollee hin jiru. Kanaafu, Inni fakkaataa fi shariika qabaachu irraa qulqulla'e. Ammas, hanqinna akka rafuu, du'uu, nyaachu, dhuguu, dadhabinnaa fi kkf irraa Rabbiin qulqulla'e. Akkasumas, wantoota Isaaf hin malle kan akka ilmaa fi niiti qabaachu irraa Inni qulqulla'e olta'e.

Qulqulleessuun qofti gahaa waan hin taanef amaloota fi maqaalee gaggaariin faarsun barbaachisadha. Kanaafu, Alhamdulillah (Faarun hundi kan Rabbiiti) jechuun amaloota gugguutuu fi maqaalee gaggaariin Isa faarsa.

“Gooftaa keeti” yommuu jedhu akka Isa qulqulleessan wanna nama taasisuutti akeeka. Kunis haajaa namni Gooftaa isaatiif qabuu fi addunya fi Aakhiratti aangoo Isaatiif of gadi qabuudha. Namni jalqaba irraa kaasee hanga dhumaatti, jireenya isaa itti fufsiisuuf Gooftaa isaatti garmalee hajama. Sababni isaas, Rabbiin subhaanahu wanna qaamni nama kanaa irraa ijaarrame hunda kan uumee fi too'atuudha. Ammas, jireenya nama kanaa hunda kan too'atu fi bulchuudha. Haajaan inni Gooftaa Isaatiif qabu haajaa bishaanii fi qilleensaf qabu caala. Kanaafu, yeroo hundaa Isa faarsu fi qulqulleessu barbaachisa.

Wanta Isaaf hin malle irraa akka Isa qulqulleessan erga dubbate booda wantoota Gooftummaa Isaa agarsiisan kaase: **“Kan [waan hundaa] uumee ergasii sirreesse.”**

¹⁵⁹ Bidaa'u Tafsiir-3/293, Imaamu ibn Al-Qayyim

¹⁶⁰ Tafsiiru Sa'dii-1086, Ma'aariju Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabburi-1/443

Uumuun hiika lama qaba: 1ffaa- hamma, safaraa fi boca wanta tokkoo murteessu. 2ffaa-fakkeenya dursaa tokko malee dhabama irraa argamsiisuu. Dhabama irraa wanta tokko Kan argamsisu Rabbii tokkicha qofa. “**Kan [waan hundaa] umee**” jedhu hiika lamaan armaan olii altokkotti agarsiisa.¹⁶¹ Sababni isaas, Rabbiin wanta uumu hamma, boca fi safaraa isaa ni murteesse. Ergasii dhabama irraa ni argamsiisa.

“**ergasii sirreesse.**” Uumamtoota erga uumee booda suutuma suutan kutaalee qaamaa isaaniif sirreessee guute. Tartiiba qabsiisee madaallamaa isaan taasise. Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa uumamtoota yommuu uumuu suuta suutaa fi tartiiban uuma. Fkn, nama yommuu uumu, marsaalee adda addaa keessa dabarsa. Copha bishaan saalaa irraa jalqabuun wanta akka itita dhiigaa uuma. Ergasii itita dhiigaa kanarraa muraa fooni. Muraa fooni kanarraa lafee. Ergasii lafee tana foon uwvisa. San booda suuta suutan kutaalee qaamaa uuma. Dhumarratti nama guutuu godhee sirreessa.

“**Kan murteesse qajeelche.**”

Taqdiir (mуртесен)- addunyaa keessatti hojni wanta tokkoo maal ta’uu akka qabu, kaayyoo kana galmaan gahuuf hammi, bocni, amalli isaa, iddoon isaatii fi jiraachuuf wanta isaaf dhiyefamuu qabu, yoom addunyaatti dhufuu akka qabu, hojii isaa erga xumuree booda yoomi fi akkamitti akka jireenyi isaa xumuramu murteesu of keessatti qabata.¹⁶²

Rabbitiin subhaanahu wa ta’alaa uumamtoota hundaa boca, hamma, suuraa, amaloota isaanii, iddo keessa jiraatanii fi itti du’an, yeroo isaan addunyatti bahanii fi umrii isaanii hunda murteesse jira. Addunyaa tana keessatti wanti tasa uumame tokkollee hin jiru. Samii fi dachiin hammii fi umriin isaanii Rabbitiin biratti kan beekkameedha.

Rabbitiin subhaanahu wa ta’alaa uumamtoota kanniin erga uume, qajeelcha malee akkanumatti hin dhiisne. Kana irra, hojii tokko akka hojjataniif wantoota uume hunda ni qajeelche. Tooftaa hojii san itti hojjatan ni barsiise. Karaa fi mala hordofuu qaban itti agarsiise.

Mata-duree qabannee fi aayaata tannin yommuu wal-qabsiisnu, qurxummii tana killee keessatti Kan uume, ergasii killee keessaa baasee guutuu taasise, san booda gara karaa duraan deemtee hin beeknetti Kan qajeelchu, Rabbii waan hundaa uumee

¹⁶¹ Ma’ariju Tafakkuri wa daqaa’iqu tadabburi- 1/444-446

¹⁶² <https://www.englishtafsir.com/Quran/87/index.html#sdfootnote3sym>

qajeelchudha. Kuni hundi Isatti akka amananii fi Guddinnaa fi aangoo Isaatiif akka of gadi qaban nama taasisa. Eenyullee taanan, aangoo fi too'annaa Isaa jalaa bahuu hin danda'u. Of tuuluun Isaaf ajajamu diduun adabbii Isaatiif of saaxiluudha. Qur'aana keessatti:

﴿إِنَّ الَّذِينَ يَسْتَكْبِرُونَ عَنْ عِبَادَتِي سَيَدُّخُلُونَ جَهَنَّمَ دَاخِرِينَ﴾

"Dhugumatti, isaan Ana gabbaruu irraa boonan, salphattoota ta'anii Jahannam seenuf jiru." Suuratu Ghaafir 40:60

Kana jechuun Ani Gooftaa isaanii qananii adda addaatiin isaan qananiisu ta'ee osoo jiru, namoonni of tuuluu isaanii keessatti lixuun Anaaf of gadi qabuu fi ajajamu didan, Guyyaa Qiyaamaa xiqlaattoota fi salphattoota ta'anii Jahannamiin ni seenu.¹⁶³ Faallaa kanaa, warroonni Rabbii olta'aatti amanan, Isaaf of gadi qabanii fi sodaatan, mindaan isaanii Jannata. Rabbiin subhaanahu wa ta'alaa ni jedha:

﴿إِنَّ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّلَحَاتِ وَأَخْبَتُوا إِلَى رَبِّهِمْ أُولَئِكَ أَصْحَابُ الْجَنَّةِ هُمْ فِيهَا خَالِدُونَ﴾

"Dhugumatti, isaan amanan, hojiwwan gaggaarii hojjatanii fi Gooftaa isaanitiif gadi jedhan, isaan suni warra Jannataati. Isaan achi keessa yeroo hundaa jiraatu." Suuratu Huud 11:23

Namni garee kamiin keessaa ta'uu akka qabu haa filatu. Of tuultoota keessaa moo warra amananii hojji gaggaarii hojjatanii fi Rabbii isaaniitiif of gadi qaban keessaa? Garee lamaanifu jazaan akka jiru haa yaadatu.

¹⁶³ Ma'aariju Tafakkuri wa daqaa'iqu tadabburi -12/403

B-Bu'aa namni maqaa Rabbii olta'aa, "Al-Haadi" jedhutti amanuun argatu¹⁶⁴

Ilmi namaa wantoota uumaman baay'ee caalaa kan kabajameedha. Kanaafu, qajeelchi namni argatu, qajeelcha uumamtoota biroo caala. Kanaafi, caalatti isa qajeelchuuf kitaabban ni buufaman, ergamtoonni ni ergaman, sammuun waa hubatu isaaf ni kennname. Garuu namni qajeelcha isaaf dhufe kana fudhachuu yoo dide, jallachuun umamtoota isaa gadiit wal qixxaata ykn san caalaa badaa ta'a. Mee amma, bu'aa namni maqaa Rabbii olta'aa, "Al-Haadi" jedhutti amanuun argatu muraasa isaa haa ilaallu:

1-Rabbiin irratti hirkachuu fi abdachuu- Rabbiin irratti hirkachuu jechuun wanta namarrraa eeggamu hojjachaa Isaaf harka kenu, wanta abdatan akka namaaf guutuu fi qindeessu Isaaf dhiisudha.¹⁶⁵ Namni Rabbii olta'aa irratti hirkatu, Isaaf harka waan kenneef, wanta Rabbiin isaaf filate fi murteesse gammachuun fudhata. Ammas, hanga danda'e hojjachaa, wanta san akka isaaf guutuu fi galmaan gahuu Gooftaa isaa ni abdata. Kanaafu, namni yommuu Rabbiin irratti hirkatu, wanta isarraa eeggamu hojjachuu qaba. Namni qajeelcha barbaadus, wanta isarraa barbaadamu yoo hojjate, Rabbiin subhaanahu isa qajeelcha. Qajeelcha sirrii argachuuf ulaagaan jalqabaa erga beekanii booda amanuudha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿وَإِنَّ اللَّهَ لَهُدِ الظَّالِمِينَ عَامَنُوا إِلَىٰ صِرَاطِ مُسْتَقِيمٍ﴾

"Dhugumatti, Rabbiin isaan amanan gara karaa sirrii Kan qajeelchudha."

Suuratu Al-Hajj 22:54

Beekumsi fi amanuun (iimaanni) tarkaanfi jalqabaa gara qajeelinnaa nama fudhataniidha. Namni Rabbitti fi wanta Isarraa dhufetti yoo amanee, ergasii caalatti beekumsa yoo barbaade fi wanta beeke hojii irra oolche, suutuma suuta qajeelinni isaaf dabalamaa adeemun daandii bal'aa fi sirrii ta'etti baha. Jirenya dukkanaa keessaa gara ifaatti, dhiphinna keessaa gara bal'innaatti, yaaddoo fi gadda keessaa gara tasgabbii fi gammachuutti baha. Rabbiin subhaanahu wa ta'aala ni jedha:

¹⁶⁴ Hanga ta'e Walillahi asmaa'u'l Husnaa fad'uuhu bihaa– lakk.65; AbdulAziz bin Naasir Jalil irraa fayyadame

¹⁶⁵ Ma'aariju tafakkuri wa daqaa'iqu tadabburi 8/722

﴿فَاتَّقُوا اللَّهَ يَأْوِلِي الْأَلَبِبِ الَّذِينَ ءَامَنُوا قَدْ أَنْزَلَ اللَّهُ إِلَيْكُمْ ذِكْرًا ۚ رَسُولًا ۝ يَتَلَوُ عَلَيْكُمْ ءَايَاتِ اللَّهِ مُبِينَ ۖ لَيُخْرِجَ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّلِحَاتِ مِنَ الظُّلُمَتِ إِلَى النُّورِ ۖ وَمَن يُؤْمِن بِاللَّهِ وَيَعْمَل صَلِحًا يُدْخِلُهُ جَنَّتٍ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَرُ ۖ خَلِيلِينَ فِيهَا أَبَدًا ۚ قَدْ أَحْسَنَ اللَّهُ لَهُ رِزْقًا ۝﴾

“Yaa warra sammuu qabdan kanneen amantan! Rabbiin sodaadhaa. Dhugumatti, Rabbiin gara keessaniitti Zikrii buusee jira. Warroota amanaii fi hojii gaggaarii hojjatan dukkana keessaa gara ifaatti baasuuf Ergamaa keeyyattoota Rabbii ifa ta'an isin irratti dubbisu [ergee jira]. Namni Rabbitti amanee fi hojii gaarii hojjate, Inni (Rabbiti) Jannata jala ishii laggeen yaa'an kan yeroo hundaa achi keessatti abadii hafan isa seensisa. Dhugumatti Rabbiti isaaaf rizqii bareechisee jira.” Suuratu Ax-Xalaaq 65:10-11

Rabbiti subhaanahu wa ta'aalaa aayaata tannin dura waa'ee namoota Isa faallessanii fi ajaja Isaatti bulu didanii ergasii adabbii cimaan isaan adabe ilaachise dubbata. Kanaafi, itti aansun akkana jedhe, “**Yaa warra sammuu qabdan kanneen amantan! Rabbiti sodaadhaa.**” Yaa warra sammuu qajeeltu waa hubattuu qabdanii fi amantan, “**Rabbiti sodaadhaa.**” Kana jechuun wanta dirqama isin irratti godhamee hojjachuu fi wanta dhoowwaman dhiisun dallansuu fi adabbii Isaa irraa of eegaa.

“Dhugumatti, Rabbiti gara keessaniitti Zikrii buusee jira.” Asitti Zikriin (yaadannoona)- Qur'aana. Rabbiti subhaanahu Qur'aana yaadannoo (zikrii) jechuun ibse. Qur'aanni wanta gabroota irraa barbaadamuu fi jazaa isaanii kan of keessatti qabateedha. Kanaafu, dirqamni gabroota irra jiru Qur'aana kana fudhachuu, jechaa fi keeyyattoota isaa hundaaf gurraa fi qalbii itti kennu fi hiika isaa hubachuudha. Amantii fi addunyaa isaanitiin wanta wal qabate Qur'aana irraa ni yaadatu. Ammas, Qur'aanni ummatoota darban irraa namoota dachii irraa xuruuraman (badan), sababa maalitiin akka badan nama yaadachiisa. Kanaafu, akka isaanii hin ta'inaa jechuun nama gorsa. Akkasumas, namoota gaggaarii fi badhaasa isaanii nama yaadachiisa. Gara fuunduraattis mindaa namoota gaggaarii fi adabbii namoota badii hojjatanii ni ibsa. Kanaafu, Qur'aanni namootaaf yaadannoo fi gorsa ta'a. Gabaabumatti, namoonni jirenya keessatti hojii hojjatamu qabu, hojii

dhiifamu qabu, mindaa hojii gaarrii fi adabbii hojii badaa ammaa amma Qur'aana irraa yaadachuu fi yaadachisuun hojii irra oolchuf carraaqu qabu.

Itti aanse, “**Warroota amananii fi hojii gaggaarii hojjatan dukkana keessaa gara ifaatti baasuuf Ergamaa keeyyattoota Rabbii ifa ta’an isin irratti dubbisu [ergee jira].**” Kana jechuun warroota dhugaan Rabbitti amanan, Ergamaa Isaatti fi hundeeawan iimaanaa birootti amananii hojii gaggaarii hojjatan, dukkana kufrii, shirkii fi wallaalummaa keessaa gara ifa iimaanaa fi beekumsaa baasuuf Ergamaa ergo jira. Ergamaan kuni Nabii Muhammad (SAW) yommuu ta’uu, keeyyattootaa Qur'aanaa ifa ta’an isin irratti dubbisa.¹⁶⁶

Nabiyyiin (SAW) Qur'aana Rabbiin irraa namootatti erga geessanii booda haa du'aniyyuu malee, Qur'aanni hanga Guyyaa Qiyaamaatti jijiramuu fi baduu irraa ni eeggama. Kanaafu, yeroo fi bakka kamittu Qur'aanni namootaaif ibsaa dukkana keessaa gara ifaatti ittiin bahan ta'a.

Ergasii itti aanse mindaa nama amanee fi hojii gaggaarii hojjatu dubbata: **Namni Rabbitti amanee fi hojii gaarii hojjate, Inni (Rabbiin) Jannata jala ishii laggeen yaa'an kan yeroo hundaa achi keessatti abadii hafan isa seensisa. Dhugumatti Rabbiin isaaf rizqii bareechisee jira.**"

“Dhugumatti Rabbiin isaaf rizqii bareechisee jira.” Jannata keessatti rizqii isaaf bal’isa. Rizqiin kunis qananii nyaatamu, dhugamu fi qananii biroo warroota Isatti amananii fi sodaatanaiif qopheessedha.

Gabaabumatti, namni dhugaan yoo amane, hojii gaggaarii hojjatee fi hojii badaa dhiise, dukkana keessaa gara ifaatti baha. Daandii sirriitti qajeela. Dhugaa fi soba waan addaan baafatuuf jirenya keessatti hin dhama'u. Qur'aana keessatti,

﴿يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا إِن تَتَّقُوا اللَّهَ يَجْعَل لَكُمْ فُرُقًا نَا وَيُكَفِّرُ عَنْكُمْ سَيِّاتِكُمْ وَيَغْفِرُ لَكُمْ وَاللَّهُ ذُو الْفَضْلَ الْعَظِيمُ﴾ ﴿٢٩﴾

“Yaa warra amantan! Rabbiin yoo sodaattan, Inni furqaan isiniif godha. Badii keessan isin irraa harcaasa. Isiniif ni araaramas. Rabbiin abbaa tola guddaati.” Suuratu Al-Anfaal 8:29

¹⁶⁶ Tafsiiru Xaharii-23/75-76

Furqaan jechuun dhugaa fi soba kan addaan baasu. Yaa warra Rabbii fi Ergamaa Isaa dhugoomsitan! Isaaf ajajamuun, dirqamoota Inni isin irra godhee hojjachuu fi Isa faallessuu irraa fagaachuu Rabbiin yoo sodaattan, furqaan dhugaa fi soba, qajeelinnaa fi jallinna, haraamaa fi halaala ittiin adda baastan isiniif godha. Amma wal haa gaafannu, “Wanti dhugaa fi soba, qajeelinna fi jallinna, haraamaa fi halaala addaan baasu (furqaan) kuni maalidhaa?” Deebiin isaa “Beekumsaa fi qajeelcha”¹⁶⁷

Namni Rabbii olta’aa irraa beekumsaa fi qajeelcha yoo argate, dhugaa fi soba, halaala fi haraama, qajeelinnaa fi jallinna, hojii gaarii fi badaa addaan baasa. Kanaafu, jirenya keessatti dukkana keessaa bahuun ifa keessa jiraata. Keeyyatoota armaan oliiti fi mata-duree keenya yommuu wal qabsiisnu, namni hundeeewan iimaanatti amanuun, hojii gaggaarii hojjachuu fi hojii badaa irraa fagaachun Rabbiin olta’aan akka isa qajeelchu yoo abdate, karaa sirriitti ni qajeelfama.

2-Qajeelcha Isarraa barbaadu- namni tattaafachuu waliin akka Rabbiin isa qajeelchu yoo abdate, qajeelinna argachuuf Isa kadhachuu qabaa miti ree? Jireenyi tuni iddo qormaataan guuttamte waan taateef tarkaanfi hunda keessatti qajeelcha nama barbaachisa. Namni qajeelcha kana yoo hin argatin dukkana jireenyaa keessatti kufee bada. Qajeelinni sadarkaa qaba. Haala wali galaatin wanta tokkotti qajeelu. Ergasii, wanta walii galaa fi dimshaashaa ta'e kana keessatti dhimmoota tokkoon tokkoonitti qajeelu. Fkn, Namni yommuu Islaamatti seenu haala wali galaatin iimaanni arkaana jaha akka qabu fi Islaamni arkaana shan akka qabu ni beeka. Kuni qajeelcha jalqabaatin.

Arkaana iimaananaa jahan kanniin takka takkaan itti lixanii beekuun karaa sirrii qabachuun qajeelinna kan duraa caaludha. Ammas, boqonnaa iimaananaa keessatti wantoota dhokatoo namoonni baay’een hin beekne fi hojjachuu isaanitti ulfaatu beekanii hojii irra oolchun qajeelinna guddadha. Fkn, hojii qalbii kan akka ikhlaasa, obsa, of gadi qabuu, tawakkula fi kkf. Kanaafi, yeroo hundaa salaata keessatti, “**Karaa sirrii nu qajeelchi**” jechuun kadhanna. Namni haala wali galaatin Islaamatti haa qajeelu malee, sadarkaa tokko irra gara sadarkaa ol’aanutti darbuuf qajeelinna isa barbaachisa. Namni barataa irraa gara sadarkaa aalimatti darbuuf qajeelcha isa barbaachisa. Ammas, muttaqoonni gara sadarka abraarotatti, abraaronnis gara sadarkaa muhsintootatti darbuuf qajeelcha guddaa isaan barbaachisa. Muhsintoonnis karaa qajeela itti fufanii Jannata gahuuf qajeelcha isaan barbaachisa.

¹⁶⁷ Tafsiiru Sa’dii-362, Tafsiiru Xabarii-11/127

Muttaqoota jechuun warra amanee wanta Rabbiin itti ajaje hojjatanii fi wanta Inni dhoowwe dhiisaniidha. Abraaronnis warra amanee wanta Rabbiin itti ajaje hojjatanii fi wanta Inni dhoowwe dhiisaniidha. Garuu hojii gaggaarii baay'ee hojjachuu fi wantoota makruh (jibbamaa) dhiisun sadarkaan isaanii muttaqoota ol ta'a. Muhsinoonnis warra amanee wanta Rabbiin itti ajaje hojjatanii fi wanta Inni dhoowwe dhiisaniidha. Garuu Rabbiin osoo arguu baataniyyu akka waan Isa arganiitti gabbaruun sadarkaan isaanii sadarkaa abraarotaa fi muttaqootaa ol ta'a. Muhsinoonni sadarkaa ol'aanaa irratti argamu.

Ammas, waa'ee amantii ilaachise namoonni wal dhabu. Yaanni fi amantiin isaanii garagara. Haala kana keessatti, namni tokko "Isaan keessaa eenyutu karaa qajeelaa irra jiraa?" jechuun ni dhama'a. Kamiin hordofuu akka qabu hin beeku. Yeroo kanatti qajeelcha isa barbaachisa miti ree? Kanaafu, Rabbiin karaa qajeelatti akka isa qajeelchu kadhachuu qaba. Haati manaa Nabiyyii (SAW) Aa'ishaan (radiyallahu anhaa) akkana jetti: Nabiyyiin (SAW) halkan yommuu ka'an, du'aayi tanaan salaata banu:

اللَّهُمَّ رَبَّ جَبْرِيلَ وَمِيكَائِيلَ وَإِسْرَافِيلَ فَاطِرِ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ عَالَمِ الْغَيْبِ
وَالشَّهَادَةِ أَنْتَ تَحْكُمُ بَيْنَ عِبَادِكَ فِيمَا كَانُوا فِيهِ يَخْتَلِفُونَ اللَّهُمَّ اهْدِنِي لِمَا أَحْبَبْتَ
فِيهِ مِنَ الْحَقِّ إِنَّكَ تَهْدِي مَنْ شَاءَ إِلَى صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ

"Yaa Rabbi! Gooftaa Jibriil, Mikaa'iili fi Israafiil, Uumaa samiwwanii fi dachii, Beekaa wanta hin mul'anne fi mul'atu [taate]; wanta isaan keessatti wal dhabaa turan ilaachise gabroota Kee jidduutti Ati ni murteessita. Yaa Rabbi! Wanta isaan irratti wal-dhaban irraa gara haqaa na qajeelchi. Dhugumatti, Ati nama feete gara daandii sirriitti qajeelchita." [Sunan Nisaa'i 1625](#), [Sahih Muslim 770](#)

Gabaabumatti namni, dhimmoota ifaa fi gurguddaa irraa kaasee hanga dhimmoota dhokatoo fi xixxiqotti kan nama qajeelchu Rabbiin ta'uu yoo beeke, akka isa qajeelchuuf garmalee qajeelinna Isa kadhata. Yoo Rabbiin nama hin qajeelchin eenyullee nama qajeelchu hin danda'u. Sababni isaas, qalbii kan harkaa qabu Rabbii tokkicha. Yoo fedhe ni qajeelcha, yoo fedhe immoo ni dabsa. Beekumsi namaa hanquudha. Namni dhimmoota hunda keessatti mataa ofii qofaan qajeelu hin danda'u.

Du'aayi gabaabaa namni hundi itti fayyadamu danda'u tanaan mata-duree kana haa


xumurru:

اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ الْهَدَى وَالثُّقَارَ وَالْعَفَافَ وَالْغَيْبَ.

Hiika jechootaa: Allaahumma-Yaa Rabbii, innii-dhugumatti ani, as'aluka-Si kadha, hudaa-qajeelinna, tuqaa-badii irraa eeggamu, afaafa-wanta hin hayyamamne fi hin bareenne irraa of qusachu (fkn, zinaa irraa of qusachu, maallaqa namoota kadhachuu irraa of qusachu), ghinaa-durummaa, namootatti hajamuu irraa bilisa ta'u. (wa-fi)

Hiika himaa: Yaa Rabbii! Dhugumatti ani qajeelinna, badii irraa eeggamu, afaafa fi durummaa Si kadha.

Guduunfaa



Qajeelinna
-Dukkana keessaa gara ifaatti, dhiphinna keessaa gara bal'innatti bahuu
-Dhugaa fi soba, qajeelinnaa fi jallinna, halaalaa fi haraama, hojii gaarii fi badaa addaan baafachuu

Alhamdulillah Rabbil aalamiin. Gargaarsa ibsi maqaalee fi sifaataa Rabbii Rabbiit (subhaanahu wa ta'alaa) jildii 1ffaa asirratti xumurame jira. In sha Allah yoo yeroon nu gahe jiildi 2ffaa itti fufna.

Waakhiru da'awaanaa anilhamdulillahi Rabbil aalamiin.

Qunnamtiif:

Website: www.sammubani.com

Wordpress: <https://sammubani.wordpress.com/>

Facebook: <https://www.facebook.com/jireenyabadhaatu/>

Email: sammubani@hotmail.com